



**NAAMUSA OGUMMAA ABAA SEERUMMAA FI ABAA ALANGUMMAA:  
SEERAATI FI HOJIMAATA**

Moojulii Sagantaa Leenjii Hojii Duraaf Fooyya'ee Qophaa'e

*Qopheessitooni: Shaambal Hordofaa*

*Baacaa Taayyee*

*Fooyyeessitooni:- Leensee Singee  
Gammachuu Niguse*

*Gulaaltonni: ObbooAddaamuu Dhufearaa  
ObbooDhaabaa Dirribaa  
ObbooShambal Hordofaa*

*Onkololeessa 2012*

*ILQSO, Adaamaa*

## **Seensa waliigala:**

Biyya tokko keessatti olaantummaan seeraa kallattii hundaan mirkanaa'ee, misoomaa fi nageenyi walitti fufinsa qabu akka jiraatu gochuuf sirna haqaa cimaa ta'e ijaaruun dhimma murteessaa dha. Sirna haqaa cimaa ta'e ijaaruun kan danda'amu immoo ogeessotni sirlicha keessaa hojjetaan naamusa ogummichi barbaadu gonfatani kan argaman yoo ta'e qofaadha. Akka addunyaattis ta'e sadarkaa biyyaatti, keessattuu biyya keenya keessatti rakkoon bulchiinsa gaarii yeroodhaa yerootti hawwaasa rakkisaa jiru, maddi isaa inni guddaan ogeessotni sadarkaa adda addaatti jiran akka waliigalaatti, akka addaatti immoo ogeessotni qaamolee haqaa naamusa ogummaa ogummaan isaanii isaan irraa barbaadu gonfatani hojjechuu dhabuu irraa kan maddu akka ta'e qabatama jiru irraa hubachuun ni danda'ama. Kanaaf, sadarkaa addunyaattis ta'e akka biyyaatti naamusa ogummaa ogeessota qaamolee haqaatiif iddo guddaan kan kennameefiidha. Kanneen keessaas Abbootiin Seeraa fi Abbootiin Alangaa ogeessota adda duree yommuu ta'an, Naamusa ogummaan isaanii irraa barbaadu gonfatani argamurratti hanqina guddaan jiraachuu isaa kallattii garaagaraan hubatamaa jira. Kunis kan ittiin mirkanaa'u, qajeeltowwan naamusa ogummaa abbaa seerummaa fi kan abbootii alangaa xiyyeffannoonttu itti kennamee qophaa'uun hojiirra kan oolan ta'uun isaatiinidha. Akka naannoo keenyaattis dhimmi kun seenaa yeroo dheeraa kan hin qabne yoo ta'el ee yeroo dhihoo asitti xiyyeffannoonttu addaa kennameefii, koodii naamusa abbootii seeraa danbii naamusaa waliin, fiqajeeltowwan naamusaa abbootii alangaan ittiin hogganaman qophaa'ni hojiirra oolaniiru. Haa ta'u malee, qabatama naannoo keenya yeroo ilaallu, rakkoon naamusaa hedduun ogeessota qaamolee haqaa keenya biratti kan mul'atu ta'uun isaa fi maddi rakkoo kanaas dhimma kana irratti hubannoonttu jiru laafaa ta'uun fi sababoota biro akka ta'e qorannoo Inistiitiyuutiin keenya kun bara 2008 geggesse irraa hubachuun ni danda'ama. Ogeessonni Abbaa seerummaanis ta'e Abbaa Alangummaan hojjetaan bu'a ogummaa isaanii irraa eegamu argasiisuu kan danda'an naamusa ogummaan isaanii barbaadu eeganii yoo hojjetaan qofa.

Kanaafis qaamni abbaa seerummaas ta'e abbaa alangummaa kun bu'a qabeessa ta'ee sadarkaa barbaadamuu amantaa ummataa horachuu akka danda'u haal-dureewwan guutamuufii qaban keessaa inni tokko fi inni murteessan Naamusa gaarii hojiin ogummaan kun irraa barbaadu

horatanii argamuu yammuu ta'u *naamusni kallattii kanaan barbaadamus akkuma hojichaa naamusa Ol'aanaa ta'uun isaa kan haalan hubatamuu qabuudha*. *Abbaa naamusa Ol'aanaa kanaa ta'uun ammo waan galgala tokkoon ykn angoo abbaa seerummaa ykn aangoo abbaa alangummaa gonfachuu qofaan dhunfatamuu miti.* *Abbaa naamusa kanaa ta'uu dhaaf haal-dureewan hedduun guutamanii argamu qabu.* Sadarkaa addunyaattis ta'e akka biyyaatti naamusa ogummaa abbaa seerummaa fi abbaa alangummaatiif iddo guddaa kennuun qajeeltowwan naamusa ogummaa ogeessotni kunniin ittiin qajeelfaman qopha'anii hojiirra oolaniiru. Fakkeenyaaaf, sadarkaa addunyaatti kan abbootii seeraan walqabatee qajeeltowwan naamusa abbaa seerummaa Baangiloor, kan abbootii alangaa ilaachisee, Istaandardii Itti gaafatamummaa ogummaa fi dirqama hojii fi mirga abbootii alangaa, qopha'anii hojiirra akka oolan taasifameera. Sadarkaa biyya keenyaattis qajeeltowwan naamusa ogummaa 'Fitha Negest' irraa jalqabee kan ture yoo ta'u, haaluma jijjiirama siyaasaa tureen yeroodhaa gara yerootti fooyya'aa kan turedha.

Akka naannoo keenyaattis dhimmi kun seenaa yeroo dheeraa kan hin qabne yoo ta'elée yeroo dhihoo asitti xiyyeffannoon addaa kennameefii, koodii naamusa abbootii seeraa danbii naamusaa waliin fi qajeeltowwan naamusa abbootiin alangaa ittiin hogganaman qopha'anii hojiirra akka oolan taasifameera. Haa ta'u malee, qabatama yeroo ammaa kana naannoo Oromiyaa keessa jiru yeroo ilaallu, abbootiin seeraa fi abbootiin alangaa keenya qajeeltowwan naamusa ogummaa qophaa'ee jiru kana hordofanii hojii isaanii geggeessuu keessatti rakkoo guddaan akka jiruu fi rakkoon naamusa hedduun ogeessota kana biratti kan mul'atu ta'uu isaa qorannoo Inistiitiyuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaa bara 2008 haala qabatama naamusa ogeessota qaamolee haqaa naannoo Oromiyaa ilaachisee geggeesse<sup>1</sup> akkasumas qorannoo Manni Murtii Waliigala Oromiyaa bara 2007 keessa naamusa hawaasa manneen murtii Oromiyaa ilaachisee geggeesse<sup>2</sup> keessatti addaan bahee jira. Rakkooleen naamusa keessattuu qorannoo bara 2008 Inistiitiyuutiin Leenjii Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromiyaatiin geggeeffameen adda bahanis aangootti seeraan ala fayyadamuu, faayidaan hojjechuu, seera ifaan jiru cabsuu, abbaa dhimmaa arrabsuu, beellama lafarra harkisuu, falmii laaffisuu, ajaja fudhachuu diduu, fi kkf akka ta'e qorannichi ni agarsiisa. kanarraa ka'amee

<sup>1</sup>. Milkii Makuri'aa, Sulxaan Abdoo, Fayyeeraa Haayiluu fi Zarihuun Ayyaanaa: Naamusaa Ogeessota Qaamolee Haqaa: Sakatta'a Haala Qabatama Naannoo Oromiyaa, 2008, ILQSO, Adaamaa

<sup>2</sup>. Jamaal Kadir, Fayyeeraa Haayiluu fi Dirribaa Fayyeeraa: Sababoota Badiwwan Naamusaa Hojii Abbaa Seerummaa: Haala Qabatama Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, 2007, Finfinnee ORomiyaa

dhimmi naamusa ogummaa abbaa seerummaa fi abbaa alangummaa kunis xiyyeffannoonguddaa itti kennamee akka irratti hojjetamuuf, fooyya'insi seerotaa fi qajeelfamoota kanaan walqabatan gaggeeffamee kan jirudha. Kuins Bilisummaa fi itti-gaafatatummaa Abbaa Seerummaa Heera Federaalaa fi kan Naannoo oromiyatiin tumame cimsuu fi bifa madaalawaa ta'een hojiirra oolchuudhaan Manneen Murtii tajaajila Abbaa Seerummaa loogii fi gartummaa tokko malee akka kennan dandeessisuun waan barbaachiseef Labsii Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa, Lakk. 216/2011, Sirni naamusa abbaa seerummaa cimaa ta'e Manneen Murtii Naannichaa keessatti akka diriiru, akkasumas adeemsi bulchiinsa dhimma naamusaa irra caalaa si'aawaa, bu'aa-qabeessa fi dhaqqabamaa akka ta'uf, gurmaa'ina Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa irra deebiidhaan sirreessuun waan barbaachiseef labsii Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Naannoo Oromiyaa Lak. 217/2011 bahee hojiirra ooleera. kanaan kan walqabates, Koodiin Naamusa Abbaa Seerummaa, Dambiin Naamusaa Abbaa Seerummaa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Gumii lakk 2/2001 fi Dambiin Sirna Qorannoo Fi Falmii Hanqina Naamusaa lakk 3/2001 hanga yeroo dhiyootti hojii irra ture fooyya'uun Koodii Naamusaa, Dambii lakk 1/2011, Dambii Naamusa Abbootii Seeraa Oromiyaa lakk 2/2011 fi Dambii Sirna Itti Gaafatatummaa lakk 3/2011n bakka bu'ee jira. karaa birotiin dhimmi naamusa ogummaa abbaa seerummaa kanaan dura xiyyeffannoonguddaa kan itti kenname ta'uu kan agarsiisudha. Gama mana hojii abbaa alangaatiinis, Tajaajila ogummaa abbaa alangummaa iftoominaafi itti gaafatatummaa qabu kennuuf Mana hojii Abbaa Alangaa bu'aa qabeessa, amantaa ummataa qabu, akkasumas bilisummaa ogummaafi dhaabbatummaa gonfate hundeessuun barbaachisaa ta'ee waan argamee, akkasumas naannicha keessatti sirni heeraafi seeraa akka kabajamuufi ol'aantummaan seeraa akka mirkanaa'u, akkasumas, mirgootaafi bilisummaawan bu'uuraa lammilee heeraafi seeraan eegaman kabajamuu isaanii mirkaneessuuf, Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Lak. 214/2011 ta'e baasee hojiirra oolcheera. Kanaaf leenjifamtoota leenjii hojiin duraa gara inistitiyuutii leenjii ogeessota qaamolee haqaa fi qo'annoo Seeraa Oromiyaa seenaniif mata duree kana irratti moojulii qophaa'ee jiru fooyessuun leenjii hubannoo uumuu kennuun barbaachisaa ta'ee argameera. Moojuliin kun boqonnaa sadiitti goodamee dhihaateera. Boqonnaa 1<sup>ffaa</sup>n naamusa ogummaa abbaaseerummaa fi abbaa alangummaa ilaalcissee dhimmoota waliigalaa jechuun maalummaa fi barbaachisummaa naamusa ogummaa, naamusa ogummaa abbaa seerummaa fi

abbaa alangummaan walqabatee muuxannoon sadarkaa addunyaa, akka biyyaa fi naannoo keenyaatti jiru kan keessatti ibsamedha. Boqonnaa 2<sup>ffaa</sup>n immoo handhuura moojulii kanaa yoo ta'u, duudhaalee fi qajeeltowwan naamusa ogummaa abbootiin seeraa fi abbootiin alangaa hordofuu fi kabajuu qaban bal'inaan kan keessatti xiinxalamedha. Boqonnaa 3<sup>ffaa</sup> keessatti naamusa ogummaa abbaa seerummaa fi abbaa alangummaa cabsuun itti gaafatamummaa akkamii hordofsiisa kan jedhu keessattuu gosoota badii naamusaa fi gosoota adabbii akkasumas adeemsa qorannoo fi falmii himannaan naamusaa kan keessatti xiinxalamedha.

Bu'uuruma kanaan leenjii kana booda leenjifamtootni:-

- Maalummaa fi barbaachisummaa naamusa ogummaa irratti hubannoo ni gonfatu;
- Naamusa ogummaa abbaa seerummaa fi abbaa alangummaa ilaachisee muuxannoo akka addunyaa, biyyaa fi naannootti jiru irratti hubannoo ni argatu;
- Duudhaalee fi qajeeltowwan naamusa ogummaa abbootiin seeraa fi abbootiin alangaa hordofuu fi kabajuu qaban irratti hubannoo gahaa argachuun ni dhaqneeffatu; qajeeltowwan naamusaa kana hojiirra oolchuufis jijiirama ilaalchaa ni horatu,
- Naamusin ogummaa gaafatamummaa hordofsiisu addaan baafatanii hubachuudhaan hojirra ni oolchu;
- Adeemsa qorannoo fi falmii himannaan naamusaa irratti hubannoo ni argatu, bu'uuruma sanaan hojiirra oolmaa isaatiif ni hojjetu jedhameetu eegama.

## **BOQONNAA TOKKO**

### **1. NAAMUSA OGUMMAA ABAA SEERUMMAA FI ABAA ALANGUMMAA:- DHIMMOOTA WALIIGALAA**

**Seensa:**

Akka waliigalaatti ilmi nama hundi hanga lubbuun addunyaa kana irra jiraatutti jirenya isaa mo'achuuf guyyaa guyyaatti sammuu addaa uumaan kenneef fayyadamuun murtii adda addaa murteessaa oola. Murtii inni dabarsu kun jirenya isaa irratti miidhaa akka hin hordofsiisnetti qajeeltoowwan sirrii ta'an galtee godhachuuf tattaaffii hedduu kan godhuu dha. Qajeeltowwan kana keessaa naamusni waliigalaa (general ethics) isa tokkoo fi olaanaa dha. Kunis naamusni namni kamiyyuu murtii tokko dabarsuuf yeroo jedhu gocha isa kamtu sirriidha ykn sirrii miti kan jedhu addaan baafachuun murtii sirrii ta'e kennuu kan isa dandeessisu dha jechuun ni danda'ama. Haala addaatiin immoo ogeessi tokko hojii ogummaa isaa yeroo hojjetu guyyaa guyyaati murtii adda addaa kennaa kan ooluu dha. Murtii kanas yeroo dabarsu ogummichaan walqabatee dhimmoota jiran hundumaa sakatta'ee qajeeltowwanii fi sona sirrii ta'e hordofuun kan hin murteessine yoo ta'e ogummaan isaa isaafis ta'e hawaasaaf faayidaa argamsiisu hin qabu. Inumaayyuu, miidhaa inni qaqqabsiisutu caala. Qajeeltowwanii fi sona sirrii ogeessi tokko hordofuu qabu kana keessaa naamusni ogummaa isa tokkoo fi iddo olaanaa qabuu dha.

Boqonnaa kana keessattis maalummaa fi achii as dhufaatii naamusaa, gocha ykn yaada tokkoon sirrii ykn dogoggora jedhanii addaan baasuuf safartuulee fayyadan, maalummaa ogummaa fi naamusa ogummaa, barbaachisummaa naamusa ogummaa akkasumas naamusa ogummaa abbaa seerummaa fi abbaa alangummaa ilaachisee muuxannoowwan sadarkaa addunyaa, biyyaa fi naannoo keenyaatti jiran kan keessatti ilaallu ta'a. Bu'uruma kanaan leenjifamtootnii leenjii boqonnaa kana yeroo xumuran:

- Maalummaa fi seenaa dhufaatii naamusaa irratti hubannoo ni argatu;
- Gocha ykn yaada tokkoon sirrii ykn sirrii miti jechuudhaaf safartuu bu'uuraa ilaalamuu qaban irratti hubannoo isaanii gabbifachuudhaan hojiirra ni oolchu,
- Barbaachisummaa naamusa ogummaa sirnaan addaan baafachuudhaandandeettii naamusa ogummaatiin hogganamuu ni gabbifatau
- Qajeeltoowwan namusa ogummaa abbaa seerummaa fi abbaa alangummaa akka idil-addunyaa fi biyooleessatti hojirra ooluu qaban addaan baasanii hubachuudhaan hojiirra ni oolchu.

### 1.1. Maalummaa Naamusaa

Naamusa ogummaa osoo hin ilaalin dura naamusaa fi hiikaa isaa ilaaluun barbaachisaadha. Seenaa dhufaatii isaa yeroo ilaallu, jechi afaan Ingiliziitiin ‘Ethics’ jedhu jecha Giriikii ‘Ethos’ jedhu irraa kan dhufe yoo ta'u, hiikkaan isaas bakka namoonni waliin jiraatan ta'ee adeemsa keessa garuuakkuma sammuun ilma namaa guddachaa dhufeen hiikkaawwan muuxannoo, amala, yaadaa fi haala haasaa kan hammate ta'uu hayyoonni toora kanaan qorannoo geggeessan ni ibsu.<sup>3</sup> Roomaa durii keessatti jechi afaan Giriikiitiin ‘ethos’ jedhu jecha afaan Laatinii “mos” jedhuun bakka kan bu'e yoo ta'u, hiikkaan isaas ‘ethos’ waliin tokkuma ta'ee garuu dabalataan seera, danbii, sirna uffannaa, fi kkf hiikkaawwan jedhan of keessatti kan qabatee dha. Jechi afaan Ingiliziin ‘morality’ jedhus kan dhufe jechuma Laatinii ‘mos’ jedhu kana irraa akka ta'e oggeessotni ni ibsu.<sup>4</sup> Kunis jechi ‘naamusa/Ethics/’ jedhuu fi jechi ‘safuu/morality/’ jedhu yaada walfakkaataa kan ibsan ta'uu isaanii agarsiisa.

<sup>3</sup>. Steven Mintz: Ethics Sage, What is Ethics?: <http://www.ethicssage.com/2010/12/what-is-ethics.html>, accessed on 25/9/2017

<sup>4</sup>. (Vicent Barty, Philosophy a text with Reading(2nd,1983),p. 95): Moojilii naamusa abbootii seeraa Oromiyaa jedhu, ILQSOTTI Nagga Garbaabaa fi Biraanuu Raggaasaatii qophaa'e keessatti kan ibsame.

Achii as dhufaatii isaa hanga kana yoo jenne, naamusa jechuun maal jechuudha kan jedhu immoo akka itti aanutti ilaaluuf yaalla. Yaad-rimee ‘Naamusa’ jedhu kitaabotni fi ogeessotni adda addaa hiikaa walitti dhihaataa ta’e yeroo kennaniif mul’ata. Kanneen keessaa muraasa akka itti aanutti haa ilaallu:-

Kitaabni barnoota falaasamaa(Text Book of Philosophy) tokko yaad-rimee naamusa jedhu akka itti aanutti hiikeera: “*Ethics is the branch of philosophy that studies what constitutes good or bad human conduct, including related activities and values.*”<sup>5</sup> Hiikaa kitaaba kanaan kenname kana yeroo ilaallu, naamusni damee saayinsii falaasamaa ta’ee, gochaawwanii fi duudhaalee dabalatee waa’ee amala namaa isa gaarii fi gadhee kan qoratuu dha. Guuboon jechoota seeraa hiikuun beekamu,’Black Law’ immoo haala itti aanuun hiikeera:

“...[of] or relating to moral obligations that one person owe to another.”<sup>6</sup> jechuudhaan ibsee argama.Hiikaa kitaaba kanaan kenname yeroo ilaallus, ‘naamusni dirqama hamilee namni tokko nama kan biraaf qabuudha jechuun ni danda’ama.

Guuboon Jechoota “Oxford” immoo akkaataa itti aanuun hiikeera: “*Ethics is a moral principle that controls or infuluence a person's behavior. A system of moral principles or rules of behaviour connected with beliefs and principles of what is right and wrong.*”<sup>7</sup> jedheera.Hiikkaan kunis naamusniqajeeltowwan hamilee amalli nama tokkoo ittiin geggeeffamu,akkasumas qajeeltoowwan hamilee amantaa sirrii fi sirrii hin taane kan tumu akka ta’eedha.

Walumaagalatti hiikkawan olitti kennaman bakka tokkotti cuunfinee yeroo ilaallu, naamusa jechuun qajeeltoo safuu amalli namaa ittiin hogganamu, yaada ykn gochi tokko sirrii ta’uu fi dhiisuu ykn gaarii ta’uu fi dhiisuu isaa adda baasuuf sona kallattii kaa’uu fi dirqama namni tokko nama biraatiif qabu kan tumuudha jechuun ni danda’ama. Kunis naamusni adda durummaan amala namaa wajjin kan walqabatu ta’uu isaa agarsiisa. Sababni isaas, naamusa nama tokkoo yeroo jennu, amala namni tokko irra deddeebiin hojjechuun ittiin beekamu ykn gaarii fi yaraa kan ittiin filatu ykn gaarii fi yaraa irratti ilaalchaa fi amantaa namni tokko qabu ilaalchisee

<sup>5</sup>. Akkuma miiljalee 5<sup>ffaa</sup> olii

<sup>6</sup>. Blacks Law Dictionary, Ninth Edition

<sup>7</sup>. Oxford Learner’s Dictionary: kan argamu

[http://www.oxfordlearnersdictionaries.com/definition/english/ethic\\_4](http://www.oxfordlearnersdictionaries.com/definition/english/ethic_4), accessed on 25/9/2017

gochawwan namicha bakka bu'uu danda'an ta'uu isaa hiikoo olitti ibsame kana irraa hubachuun nama hin rakkisu.

### **Gaaffii Marii**

- 1) Garaagarummaan ‘naamusaa’ fi ‘seera’ gidduu jiru maal jettanii yaaddu? Bal’inaan kaasuun irratti mari’adhaa.
- 2) Garaagarummaan ‘safuu’ fi ‘naamusa’ gidduu jiruhoo maal jettanii yaaddu?

#### **1.2. Gocha tokkoon sirrii ykn dogoggora jechuuf safartuulee gargaaran**

Gocha tokkoon sirrii ykn dogoggora jechuuf safartuun isaa maali? Gaaffii kanaaf hayyooni dhimma kana qoratan deebii kennuuf kan yaalan yoo ta’ellee, hangammaatti deebii wal fakkaataa kennuu hin dandeenye. Hayyooni hedduun akka irratti waliigalanitti, yaadni kun bakka gurguddaa lamatti qoodameera.<sup>8</sup> Isaanis:

**A) Gocha tokkoon gaarii ykn badaa jechuuf bu’aa isaa ilaaluu qabna kan jedhan:** Hayyooni yaada kana deggeran, gocha tokkoon gaariidha ykn badaadha jechuuf bu’aa gochichi hordofsiisu ilaaluu qabna kanneen jedhaniidha. Bu’aa gochi sun hordofsiisu gaarii yoo ta’e gochi sun sirrii/naamusawaa/ dha. Bu’aan isaa gaarii miti yoo ta’e garuu gocha badaa/naamusawaan hin taanee/ dha jedhu. kutaa kana keessa yaadota lamatu jira. Isaanis:-

**i) Eedooniizim (Edonism theory):** Akka yaadama kanaatti galmi naamusaa inni dhumaa namichuma gocha naamusaa raawwatu sanaaf gammachuu argamsiisuudha. Gochi tokko naamusawaadha jedhamee kan fudhatamus nama raawwate sana gammachiisuu yoo danda’e qofaadha jedha.

---

<sup>8</sup>. (Vicent Barry, Philosophy a Text with Reading): Moojulii Leenjii Naamusa Ogummaa Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa: Wiirtuu Leenjii federalaatiin Makaashaa Abarraa fi Urgeessaa Ganamootiin kan qophaa’e keessatti kan ibsame.

**ii) Yuutiliitariyaaniizim (Utilitarianism theory):** “*The Greatest Happiness Of The Greatest Number.*” irraa kan dhufeedha.<sup>9</sup> Akka yaadama kanaatti hojiin tokko gaarii jedhamuu kan danda’u faayidaa waan qabuuf qofa osoo hin taane, *hanga danda’ametti namoota hedduu fayyaduu yoo danda’eedha jedha*. Akka falaasama kanaatti, hojiin tokko nama tokko qofa gammachiisee kan biraa kan miidhu/gaddisiisu/ yoo ta’e hojii gaarii (gocha naamusaawaa) hin jedhamu.

**B) Gochaan tokko gaarii ykn badaa jedhamuuf bu’aan isaa ilaalamuu hin qabu kanneen jedhan:** Akka ogeessota yaada kana deggeraniitti, gochi tokko gaariidha ykn badaadha jennee addaan baasuuf bu’aa inni hordofsiisu qofa ilaaluun sirrii miti. Yaadni sammuu nama gocha sana raawwatee fi seerri uumaa ilaalamuu qaba jedhu. Isaan kana keessas yaadama adda addaa lamatu jira. Isaanis:

**i) Bu’aan gochichaa gaariis haa ta’u badaa wanta fedha uumaa/seerri uumamaa ajaju/ raawwannee jennaan gochichi naamusaawaadha kanneen jedhaniidha.** Akka hayyoota yaada kana tarkaanfachiisanotti gochi tokko gaariidha ykn badaadha jechuun murteessuuf safartuun isaa ‘seeraa uumaa ykn fedhii uumaa’ giddu galeessa godhachuu qabna jedhu. Gochi raawwatame seera uumaatiin kan deggeramu yoo ta’e naamusaawaadha; gochichi seera uumamaatiin kan hin deggeramne yoo ta’e immoo naamusaawaa miti jedhu. Yaadni kun amantaan kan walqabatu fakkaata.

**ii) Bu’aan argamu gaariis ta’u badaa namni gocha sana raawwatu fedha guutuun ykn yaada tolaan yoo raawwate gochi sun naamusaawaadha kanneen jedhaniidha.** Akka hayyoota ejjennoo kana hordofaniitti, gochatokkoon gaariidha ykn badaadha jennee murteessuuf safartuun keenya ‘fedha ykn yaada tolaa goch-raawwataa’ ilaaluu qabna jedhu. Kunis Goch-raawwataan fedha guutuun ykn yaada qajeelaan gocha tokko hanga raawwatee jirutti bu’aan isaa badaa yoo ta’el ee gochichi sirrii/naamusaawaadha/jedhu. Fakkeenyaaaf ogeessi fayyaa tokko nama dhukkubsataa tokko hanga beekumsa isaa fedhii guutuun osoo yaaluu harkatti yoo du’e gochaa badaadha jedhamuu hin qabu ejjennoo jedhu qabu.

---

<sup>9</sup> . (“Jermey Bentham)

## Gaaffii Marii

Gocha tokkoon gaariidha ykn badaadha jennee murteessuuf safartuulee nu gargaaran ilaachisee yaadamoota olitti ibsaman keessaa isa kamtu sirriidha jettanii yaaddu? Bu'aa fi miidhaa yaadamootni kun qaban tokko tokkoon kaasuun irratti mari'adhaa!

### **1.3. Maalummaa fi Barbaachisummaa Naamusa Ogummaa**

Naamusni ogummaa, ogummaa irratti kan rarra'u waan ta'eef maalummaa naamusa ogummaa ilaaluun dura ogummaa jechuun maal jechuudha kan jedhu gabaabinaan ilaaluun barbaachisaadha. Yaad-rimee ogummaa jedhu kitaabotnii fi guuboon jechootaa adda addaa hiikoo adda addaa garuu walitti dhihaataa ta'e yeroo kennaniif mul'ata. Kaayyoo moojulii kanaa waliin yeroo ilaallu kitaabota adda addaan hiikkoo ogummaaf kennname hunda asitti kaasuun xiinxaluun barbaachisaa miti. Kanaaf, hiikoo hunda hammataa qofa kaasuun gaariidha.

Barreessaan “Robert Martin” jedhamu kitaaba isaa “*The Role of Professionals in the humans Life*” jedhu keessatti “ogummaa(profession)” yeroo hiiku: “*A profession refers to an occupation that requires specialized education, knowledge, training and ethics for the purpose to render a service*”<sup>10</sup> jechuun ibsa. Hiikkoo kana yeroo ilaallu, ogummaan hojii kaayyoo tajaajila kennuuf hojjetamu, barumsa, beekumsa, leenjii fi naamusa of danda'ee ittiin geggeeffamu kan barbaadu ta'uu isaati. Ogeessotni hedduun gama kanaan qorannoo geggeessan ogummaan amala adda isa taasisu afur of keessaa kan qabu ta'uu isaa irratti waliigalu.<sup>11</sup>

Kana irraa ka'uudhaan akkuma “Robert martin” hiiketti, ogummaan, beekumsaa fi dandeettii leenjii fi barumsa addaa fi olaanaa ta'e irraa argameen hojii geggeeffamu fi tajaajila hawaasaaf kan oolu ta'ee, qajeeltoo ogummichi ittiin qajeelfamu sona ykn danbii naamusa of danda'ee kan qabuudha jechuun ni danda'ama. Kunis beekumsa ykn dandeettiin tokko ogummaadha jedhamuu kan danda'u, faayidaa hawaasaaf kan oolu yoo ta'ee fi hojii sana geggeessuuf danbii naamusa kan qabu yoo ta'e qofaa ta'uu isaa agarsiisa.

Hiikkoo naamusa fi ogummaaf kennname irraa kaanee maalummaa naamusa ogummaa yeroo ilaallu, naamusa ogummaa (Professional Ethics) jechuun *sirna ykn danbii ogeeyyiin abbootii*

---

<sup>10</sup>. (Robert Martin: The Role of Professionals in Human Life): Moojulii Leenjii Naamusa Ogummaa Abbootii Seeraa: Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'anno Seeraa Oromiyaatti Nagga Garbaa fi Biraanuu Ragaasaatiin qophaa'e keessatti kan ibsame.

<sup>11</sup>. Akkuma miiljalee 9<sup>faa</sup> olii

*ogummaa ta'an galma dhuma ogummichi barbaadu milkeessuuf ykn ogummichi kaayyoo hin barbaachifne birof akka hin oolleef jecha gochaawan ykn dubbiawan abbootii ogeeyyiitiin raawwatamuu qabanii fi raawwatamuu hin qabne adda baasee kan tumuudha jechuun ni danda'ama. Kunis akka waliigalaatti naamusni ogummaa kan barbaachiseef, abbootiin ogummaa ogummaa isaanii faayidaa mataa isaaniitiif ykn kaayyoo hin barbaachifne birof akka hin oolchinee fi faayidaa hawaasaa qofaaf akka oolchan ittiin to'achuu fi hogganuuf akka ta'e kan namatti agarsiisuudha. Haala addaan qaamolee haqaan walqabsiifnee yeroo ilaallu immoo, akkuma seensa waliigalaa moojulii kanaa keessatti ibsame kaayyo(galmi dhuma) ogummaa qaamolee haqaa mirgi lammilee kallattii hundaan kabajamee olaantummaan seeraa mirkanaa'ee nagaa fi tasgabbiin akka jiraatu taasisuudha. Qaamoleen haqaa ogeessota naamusa gaarii qabaniin kan hin gurmoofne yoo ta'e tajaajila loogii irraa bilisa ta'ee fi haqa qabeessa ta'e kennuu hin danda'an. Osuma kan danda'an ta'eellee, amantaa uummataa horachuun hin danda'an. Amantaa uummataa hin horatan taanan immoo faayidaa hin qabu. Sababiinsaas, "Haqni kennamuun qofti gahaa osoo hin taanee haqni kennamuun isaas mul'achuu qaba. Galma kana milkeessuuf immoo qajeeltoo naamusaa ogeessotni kun ittiin qajeelfamanii fi hogganaman qabaachuun baayyee murteessaadha. Barbaachisummaan naamusa ogummaa ogeessota qaamolee haqaa inni guddaanis isuma kanaadha.*

Akka waliigalatti yeroo ilaallu, kaayyo naamusa ogummaa inni guddaan abbootiin ogummaa ogummaa isaanii faayidaa mataa isaaniif ykn faayidaa nama biraaf akka hin oolchine gochuun galma dhuma ogummichi yaadamee kalaqameef (fayyadamummaa hawaasaa) mirkaneessuu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

### **1.3.1. Qajeeltowan Naamusa Ogummaa Abbaa seerummaa fi Abbaa alangummaa Qopheessuu Ilaalchisee Muuxannoo Addunya fi Biyya keenyaa**

Akkuma kutaa seensa keessatti ibsame ogummaan ogeessota qaamolee haqaa keessattuu abbootii seeraa fi abbootii alangaa kun kallatiidhaan mirga lammilee waliin kan walqabatu waan ta'eef dhimma xiyyeffannoo addaa barbaaduudha. Kanuma bu'uura godhachuun sadarkaa addunyaattis ta'e akka biyyaa fi naannoo keenyaatti xiyyeffanno addaa kennameefii aangoo qaamolee kanaaf kennametti luugama kaa'uun barbaachisaa waan ta'eef qajeeltowan naamusa ogummaa ogeessotni kun ittiin qajeelfamanii fi hogganaman qaamolee kanneen hundaaf qofa qofaatti qopha'anii hojiirra olaa turaniir; ammas hojiirra jiru. Qajeeltoowwanii fi danbii

naamusaa ogeessonni qaamolee haqaa ittiin geggeeffaman bocuu ilaachisee guddinni isaa maal akka fakkaatu ilaaluu fi xiinxaluun yeroo dheeraa fi qorannoo kan gaafatu waan ta'eef moojuuliin kun qajeeltowwanii fi danbiwwan naamusaa sadarkaa Addunyaatti jiran murteessuuf yaaliiwwan taasifamanii fi sadarkaa irra gahan akkasumas sadarkaa biyyaa fi naannoo keenyaatti gama danbii naamusaa qopheessuutiin hojiiwwan hojjetaman qofa gabaabinaan kan ilaallu ta'a.

**a) Naamusa Ogummaa Abbaa Seerummaa ilaachisee:**

Qaama abbaa seerummaa bilisaa fi cimaa ta'e akka jiraatuuf, bilisummaa dhaabbatichaa mirkaneessuu ilaachisee qajeeltoowwan akka addunyaatti fudhatamummaa qaban hundeessuuf yeroo adda addaatti yaaliiin godhameera. Bara 1981 A.L.A sanadni Qajeeltowwan Seeraakuuzaa jedhamu *Bilisummaa Manneen Murtii* ilaachisee wixineen kan dhihaatee fi sanadichis manneen murtiif bilisummaa mirkaneessuun barbaachisaa ta'uu isaa tumeera.<sup>12</sup> Sanadni kunis kan qophaa'e: Waldaa Seera Yakkaa Addunyaa, Waldaa qo'attoota Seeraa Addunyaa (International Association of Jurists), fi Wiirtuu Bilisummaa Abbootii Seeraa fi Ogeessota Seeraa (Center for Independence of Judges and Lawyers) qaamolee jedhamanii dha.

Bara 1982 A.L.A tti Waldaan Ogeessota Seeraa Addunyaa (International Bar Association) Istaandardii Isa xiqqaa Bilisummaa Abbaa Seerummaa (Minimum Standards of judicial Independence) jedhamu danbii bilisummaa abbaa seerummaa raggaasisseera. Bara 1985 A.I.A immoo Mootummooni Gamtooman walghaali Waliigalaa taasiseen sanada Qajeeltoowwan Bu'uuraa Bilisummaa Abbaa Seerummaa raggaasisuun sana irratti hundaa'uun biyyootni bilisummaa manneen murtiif wabii seeraa akka kennan, bilisummaa abbaa seerummaa akka kabajanii fi akka eegsisan yaadachiiseera.<sup>13</sup> Sanadni kun abbootiin seeraa lubbuu, bilisummaa, mirga, dirqama fi qabeenyaa irratti murtii dhumaan kenuuf aangoon kan kennaeef waan ta'eef, hojii isaanii bilisummaa guutuun hojjechuun dhimma filanno hin qabne ta'uu ibsuun abbootiin seeraa dhimma dhihaatan kamiyyuu yommuu qoratan dhiibbaa, sossobbaa, sodaachisaa fi jiddu lixummaa kallattiinis ta'e al kallattiin itti dhufu dandamachuun daangaa tokko malee ijoo dubbii fi seera jiru qofa irratti hundaa'uun murtii kenuu akka qaban kan hubachiisuudha<sup>14</sup>

<sup>12</sup>. Moojulii Leenjii Naamusa Ogummaa Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa: Leenjii Hojiirraa Yeroo dheeraaf Wiirtuu Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Federaalaatiin qophaa'e(kan hin maxxanfamne)

<sup>13</sup>. Akkuma miiljalee olii

<sup>14</sup>. Seensaa fi keewwata 1, Sanada Qajeeltowwan Bu'uuraa Abbaa Seerummaa Walghaali Waliigalaa Mootummoota Gamtoomaniin bara1985 ragga'e ilaalaa!

Bitootessa bara 2000tti Mootummooni Gamtooman walgalii 10<sup>ffaa</sup> Veenaa Ostiryaatti geggeesseen sadarkaa addunyaatti qajeeltoowwan naamusaa abbootiin seeraa ittiin qajeelfaman baasuun barbaachisaa akka ta'e itti amanuun kanaafis sanada qabiyyeen isaa addunyaaleessa ta'e qoratee akka dhiheessuuf garee judiishaal inteeegiritii (*Judicial Integrity Group*) jedhamu hundeessuun itti gaafatamummaa kenneef. Qajeeltowwan addunyaaleessa ta'an akka qophaa'aniif sababa kan ta'es biyyoota adda addaa keessatti sababa malaammaltummaa fi loogiin hojjechuu irraa kan ka'een amantaa uummanni manneen murtii irraa qabu yeroo gara yerootti xiqqaachaa akka deeme qorannoon waan mirkanaa'eef ture.<sup>15</sup> Gareen Judiishaal Inteeegiriitii wixinee danbii dhihaate erga qorateen booda duudhaalee fi qajeeltoowwan gadi fageenyaan kaa'uun guraandhala bara 2001tti walgalii biyya Hindii, Baangilooritti taa'een wixinee danbii naamusa abbootii seeraa Baangloor mirkaneesseera. Sana boodas bara 2002 A.A tti walgalii Gamtaa Awurooppaa irratti dhihaatee mariidhaan gabbateera. Baruma kana hoggantoonni manneen murtii biyyoota sirna seera Siivilii hordofan kanneen akka Braazil, Cheek Ripaabliik, Gibxii, Faransaay, Meeksiikoo, Moozaambiik, Hoolaand, Noorweey fi Filiippiins) bakka argamanitti mariin irratti taasifameera. Marii kanaanis qabxiilee muraasa biyyoota sirna seeraa 'common law' fi 'Civil law' hordofan gidduutti garaagarummaa muraasa uumameen alatti waliigaltee irra gahaniiru.

Bara 2003 (A.L.A)'tti sanadnikun dhaabbata mootummoota gamtoomanitti komishiini mirga dhala namaatiif dhihaatee dhaabbiileen garaagaraa wixinee dhihaate akka ilaalan taasifameera. Bara 2006(A.L.A)'tti immoo dhaabbata mootummoota gamtoomaniitti komishiini ittisaa fi bulchiinsa yakkaa akkasumas biyyoonni miseensa kaawunsilii dhimmoota hawaasummaa fi dinagdee ta'an danbii naamusa abbaa seerummaa isaanii akkaataa kanaan akka irra deebi'anii baasan kan ibsame yoo ta'u, bu'uuruma kanaan bara 2006 A.L.A tti Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanitti kaawunsiliin dhimmoota dinagdee fi hawaasummaa duudhaalee naamusa abbaa seerummaa Baangaloor murtii lakk.ECOSOC 2006/23 ta'een mirkaneesseera.<sup>16</sup>

Sochiiwwan akka idil-addunyaatti kallattii garaagaraatiin taasifamaa turan Kun qajeeltoowwan bu'uuraa naamusa abbaa seerummaa har'a biyyoota hedduutti hojiitti hiikamanii fi hiikamaa

---

<sup>15</sup>. Seensaa fi keewwata 1, Sanada Qajeeltoowwan Bu'uuraa Abbaa Seerummaa Walgalaa Mootummoota Gamtoomaniin bara1985 ragga'e ilaala!, akkuma miiljalee olii

<sup>16</sup> . Akkuma miiljalee olii

jiraniif ka'umsa ta'uu danda'aniiru. Akka waliigalaatti sadarkaa idil addunyaatti sanadoonni duudhaaleen naamusaa abbaa seerummaa keessatti hammataman hedduu ta'anis sanadni Baangaaloor kunguddina duudhaalee naamusa hojii abbaa seerummaa keessatti gahee olaanaa taphateera. Duudhaaleen naamusa hojii abbaa seerummaa sadarkaa addunyaatti fudhatama argatan kunis: Bilisummaa abbaa seerummaa(judicial independence), Al-loogummaa(impartiality), Amala mudaa hin qabne(integrity), Fayyaalummaa (propriety), walqixxummaa (equality), Gahumsa(competence), Miira tajaajiltummaa fi kaka'umsa hojii (deligence)<sup>17</sup> kanneen jedhanii dha.

Sadarkaa biyya keenyaatti deebinee yeroo ilaallu immoo, Sanadoota durii Itoophiyaa keessaa waa'ee naamusa abbaa seerummaa kan qabatee jiru '*Fiitihaa Nagastii*' dha.<sup>18</sup> Qajeeltowwan naamusa ogummaa sanadni kun qabatee jiru keessas muraasni:namni tokko abbaa seeraa ta'ee muudamuuf barumsa qabaachuu;hubataa fi qalbi qabeessa ta'uu;Murtii ajaja irraa, ajaja murtii irraa adda baasee kan beeku; beekumsa gahaa kan qabu; wallaalummaa irraa kan fagaate; gocha saalfachiisu irraa walaba ta'uu, yeroo ariittii kan obsuu fi kkf hammatamaanii jiru.

Sirni seeraa jabanaa biyya kana keessatti erga jalqabee walakkaa jaarraa ol kan lakkofsise yoo ta'elée, qophii danbii naamusaa ilaalchisee hanga bara 1981 tti sanadni of danda'e kan hin jirree fi tumaaleen naamusa ogummaa ilaallatan seerota adda addaa keessa bittina'anii kan jiraniidha.Danbiin naamusa abbootii seeraa yeroo jalqabatiif bifaa qinda'aa ta'een bakka tokkotti kan bahe bara 1981 dha.<sup>19</sup> Bara 1983 asitti biyyi keenya sirna federaalizimiin buluu waan jalqabdeef, manneen murtii sadarkaa federaalaa fi naannootti gurmaa'anii bu'uuruma sanaan danbii naamusaa mataa mataa isaanii qopheeffataniiru. Sadarkaa federaalaatti danbiin naamusaa abbootii seeraa Federaalaa Amajjii 16, bara 1993 tti bahee hojiirra akka oolu taasifameera.

Sadarkaa naannootti yeroo ilaallu immoo, Oromiyaa keessatti manneen murtii labsii lakk.3/1985 tiin kan hundeffaman yoo ta'elée hanga bara 1994 tti dambii naamusa abbootii seeraa hin turre. Bara 1994tti Gumiin Bulchiinsa Abbootii Seeraa Oromiyaa erga hundeffamee booda Dambii Raawwanna Hojii fi Naamusa Abbaa Seerummaa Naannoo Oromiyaa lakk.1/94

<sup>17</sup>. Commentary on The Bangalore Principles of Judicial Conduct: The Judicial Integrity Group, March 2007

<sup>18</sup>. Moojulii Leenjii Naamusa Ogummaa Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa: Leenjii Hojiirraa Yeroo dheeraaf Wiirtuu Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Federaalaatiin qophaa'e(kan hin maxxanfamne), fuula 32-33

<sup>19</sup>. Moojulii Leenjii Naamusa Ogummaa Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa: Leenjii Hojiirraa Yeroo dheeraaf Wiirtuu Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Federaalaatiin qophaa'e(kan hin maxxanfamne), fuula 33

baaseera.Dambii kanas Bara 1995tti lakk.1/95 taasisee fooyyeessuun itti fayyadamaa turee jira.Bara 2000tti immoo Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Labsii Lakk.141/2000 tiin akkasumas gumiin bulchiinsa abbootii seeraa Oromiya labsii lakk.142/2000 tiin irra deebiidhaan hundeffamaniiru. Labsii lakk.142/2000 keewwata 8(6) jalatti aangoon dambii naamusaa baasuu gumiif kan kenname yoo ta'u, gumichis kanuma bu'uura godhachuun Koodii Naamusaa Abbootii seeraa fi muudamtoota gumii Oromiyaa, Dambii naamusaa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii Oromiyaa Lakk. 2/2001, fi Dambii sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusaa hawaasa manneen murtii Oromiyaa Lakk. 3/2001 baasee hojiirra akka oolu taasiseera. Koodiin naamusaa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii kunis duudhaalee fi qajeeltowwan naamusaa ogummaa abbootiin seeraa hordofuu qaban kanneen akka bilisummaa, alloogummaa, amala mudaa hin qabne, fayyaalumaa, walqixxummaa, gahumsa fi miira tajaajiltummaa kan hammate ta'us hanqinna waan qabuuf Mata duree kana jalatti duudhaalee naamusaa Koodii Naamusaa Abbaa Seerummaa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Dambii Lakk . 01/ 2011 jalatti gooreffamanii fi qajeeltoowwan isaa kan sakkata'aman ta'a. Bifuma Kanaan koodiin kun kutaa lammaffaa jalatti duudhaalee naamusaa abbaa seerummaa kan tarreessu yemmuu ta'u dudhaaleen kunniinis lakkofsaan torba yoo ta'an isaanis; bilisummaa fi itti gaafatamummaa, gartu-maleessummaa yookiin al-loogummaa, sochii siyaasaa irraa of qoqqobuu, ejjennoo qabaachuu, walqixxummaan tajaajiluu ,kaka'umsa fi jabinaan hojjachuu fi gahuumsa hojii Abbaa seerummaa ta'anii gorefamanii jiru.<sup>20</sup>Akkasumas bu'uura labsii gumii bulchiinsa abbootii seeraa irra deebiin hundeessuuf bahe labsii lakk.217/2011 keewwata 8(1) fi labsii lakk.216/2011 keewwata 34(4) tiin dambiin naamusaa abbootii seeraa manneen murtii oromiyaa fooya'ee bahee lakk.02/2011 hojii irra oolee jira.Bal'inaan boqonnaa itti aanu keessatti kan ilaallu ta'a.

### **b) Naamusa Ogummaa Abbaa Alangummaa ilaalchisee**

Caaseffamnii fi gahee abbootiin alangaa bulchiinsa sirna haqaa keessatti qaban biyyaa biyyatti garaagarummaa waan qabuuf yeroo dheeraaf qajeeltoo naamusaa amala addunyaawaa qabu qopheessuun rakkisaa akka ture barreffamoonni ni agarsiisu. Haa ta'u malee, yeroo dhihoo asitti danbiin naamusaa abbootii alangaa amala addunyaawaa qabu akka qophaa'uuf sababoонни adda

---

<sup>20</sup> .moojulii naamusa ogummaa abbootii seeraa mana murtii waliigala oromiyatiin bara 2011 barra'a'e fuula 51.

addaa dhiibbaa godhaniiru.<sup>21</sup> Sababoota kana keessaa lama akka itti aanutti gabaabsinee haa ilaallu:

**i) Biyyootni addunyaa hedduun waliigalteewan mirga namoomaa adda addaa mallatteessuu isaanii:**

Biyyoonni addunyaa hedduun waliigalteewan mirga namoomaa kabachiisuuf sadarkaa addunyaatti raawwatamanii fi humna dirqisiisummaa qaban kanneen akka Chaarterii Mootummoota Gamtoomanii (UN), Ibsa Waliigalaa Mirgoota Namoomaa (UDHR), Waliigaltee addunyaa Mirgoota Siivilii fi Siyaasaa(ICCPR), Waliigalteewan gochaawwan al-namoomaa hambisuuf ba'an, Waliigalteewwa mirgoota daa'immanii fi kkf kan mallatteessan yoo ta'u, waliigalteewan kunis bal'inaan qabinsa mirga namoomaaf faayidaa kan qabanii fi mirga namoota murtiin dura qabamanii fi himatamanii kan tumanii dha. Fakkeenyaaaf, mirga ariitiin murtii argachuu (ICCPR kwt.9/3), mirga of irraa ittisuu fi mirga murtii haqa qabeessa ta'e argachuu (ICCPR kwt.14) fi kkf kaasuun ni danda'ama. Abbaan alangaa qaama loogii malee hojjetu waan ta'eef adeemsa qorannoo yakkaa keessatti mirgi namoota to'anno jala oolanii yeroo cabu qaamni qorannoo geggeessu sirreessuu akka qabu tarkaanfii barbaachisaa fudhachuu akka danda'u sanadootni kun ni tumu.<sup>22</sup> Kunis mirgootni waliigalteewan kana keessatti tumaman biyyoota hunda biratti bifa walfakkaataa ta'een hojiirra akka oolaniif abbaan alangaa shoora olaanaa kan qabu ta'uu isaa agarsiisa. Dirqama irratti gatame kana bifa walfakkaataa ta'een bahachuuf immoo qajeeltowwan naamusaa ittiin qajeelfaman addunyaaleessa ta'e barbaachiseera.

**Yakkoonni daangaa biyyaa qaxxaamuran (*extra- territorial crimes*) babal'achaa dhufuu:**

Yakkootni daangaa biyyaa qaxxaamuran yeroo yerootti dabalaa kan dhufan yoo ta'u, yakkoota kana ittisuu akkasumas to'achuuf immoo gargaarsa abbootii alangaa biyyoota adda addaa barbaada. Hojii gama kanaan hojjetamu bu'a qabeessa taasisuuf danbii naamusa ogummaa abbootii alangaa waliin qopheeffachuuun dirqama taasiseera.

Sababoota kana irraa ka'uun, gamtaan Awurooppaa seera gahee fi naamusa Abbaa Alangaa ibsu "*Recommendation on the Role of Public Prosecution in the Criminal Justice system*" baasee jira.

---

<sup>21</sup>. Akkuma miiljalee olii

<sup>22</sup>. ICCPR kwt.6(1) fi 7; UDHR kwt.3 fi 5; Waliigaltee gochaawwan al-namoomaa ta'an dhorku, kwt.15 ilaaluun ni danda'ama.

Akkasumas bara 1999 Waldaan Abbootii Alangaa Addunyaa, qajeelfama "Standards of Professional Responsibility and Statement of the Essential Duties and Rights of Prosecutors" jedhu baaseera. Qajeelfamoonni kunis abbootiin alangaa hojii isaanii yeroo hojjetaan alloogummaa, haqummaa, madaalamummaa, bilisummaa fi itti gaafatamummaan raawwachuu akka qaban kan dirqisiisanii dha.

Sadarkaa biyya keenyaatti qajeeltowwan naamusa abbootii alangaa ilaallatan yeroo ilaallu guddina qajeeltowwan naamusa ogummaa abbaa seerummaa olitti ibsame waliin kan walfakkaatu dha.<sup>23</sup> Tumaaleen qajeeltowwan naamusa ilaallatan tokko tokko labsiwwanii fi danbiwwan adda addaa keessatti tumamanii kan jiran yoo ta'el ee sadarkaa federaalaatti bakka tokkotti qindaa'ee danbii naamusatiin kan qophaa'e bara 1991 danbii lakk.44/91 keessattii dha.

Sadarkaa naannoo Oromiyaatti yeroo ilaallu immoo mootummaan naannoolee erga hundeffamanii asitti keessattuu hanga bara 1986 manni hojii abbaa alangaa labsii lakk.6/1986 tiin of danda'ee hundeffamutti abbaan alangaa qaama raawwachiiftuu jalatti gurmaa'ee hojjechaa akka ture labsiileen adda addaa ni agarsiisu.<sup>24</sup> Heerri mootummaa bara 1987 erga mirkanaa'ee asitti immoo manni hojii abbaa alangaa kan jedhu hafee yeroo adda addaatti labsii adda addaatiin qaama raawwachiiftuu jalatti gurmaa'ee hojjechaa akka jiru hubachuun ni danda'ama.<sup>25</sup> Qaamni kun haala kanaan hundaa'ee hojii hojjechaa kan ture yoo ta'es, qajeeltowwan naamusa ogummaa bifa danbiitiin of danda'ee kan qophaa'e bara 1995tti akka ta'e danbii ittiin bulmaata abbaa alangaa lakk.31/95 irraa kan hubatamuudha. Danbiin kun danbii lakk.161/2005 tiin kan fooyya'e yoo ta'u, qajeeltowwan naamusa ogummaa abbaa alangummaa of keessatti hammatee jira.Danbiikanahojiirra oolchuudhaafis qajeelfamni naamusa ogummaa abbaa alangummaa naannoo Oromiyalakk.8/2006 bahee hojiirra akka oolu taasifamee jira. Dabalataan,Qajeelfama Naamusaa Itti gaafatamtoota Hojii fi Hojjatoota Biirroo Haqaa Oromiyaa lakk.9/2006danbii fi qajeelfamni naamusaa kanneenis abbaan alangaa bilisummaa ogummaa isaa kabachiisuu, ejjennoo cimaa qabaachuun, alloogummaan, amanamummaan fi kkf hordofuun hojii ogummaa isaa raawwachuu akka qabu kan dirqisiisanii dha.Yeroo ammaa kanatti

<sup>23</sup> . Moojili Leenjii Naamusa Ogummaa Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa: Leenjii Hojiirraa Yeroo dheeraaf Wiirtuu Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa Federaalaatin qophaa'e(kan hin maxxanfamne)

<sup>24</sup> . Labsii hundeessaa Bulchiinsota Naannoo Yeroo Ce'umsaa lakk.7/84, Labsii Caffee Oromiyaatiin bahe lakk.2/85 kew.54., akkasumas Labsii lakk.5/86 ilaaluun ni danda'ama.

<sup>25</sup> . Labsiilee Qaama Raawwachiiftuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa yeroo adda addaatti hundeessuuf Caffee Oromiyaatiin bahan labsii lakk.7/88, 87/97, 105/98, 132/200, 163/2003, ilaaluun hubachuun ni danda'ama.

immoo,hojii Abbaa Alangummaa qaamolee adda addaatiin bifa faffaca'een hojjatamaa ture walitti qindeessuun hojii abbaa alangummaa si'ataa, qulqulluufi dhaqqabamaa ta'e kenuun olaantummaa seeraa mirkaneessuuf,tajaajila ogummaa abbaa alangummaa iftoominaafi itti gaafatamummaa qabu, akkasumas hirmaachisaa ta'e kenuuf Mana hojii Abbaa Alangaa bu'aa qabeessa, amantaa ummataa qabu, akkasumas bilisummaa ogummaafi dhaabbatummaa gonfate hundeessuuf,naannicha keessatti sirni heeraafi seeraa akka kabajamuufi ol'aantummaan seeraa akka mirkanaa'u, akkasumas, mirgootaafi bilisummaawwan bu'uuraa lammilee heeraafi seeraan eegaman kabajamuu isaanii mirkaneessuuf mana hojii Abbaa Alangaa waliigalaa bu'uura labsii lakk.214/2011tiin hundaa'eera.Kanuma irraa ka'uun dambiin ittiin bulmaata Abbootii Alangaa hojiirra jiru Abbootii Alangaa biiroo haqaa Oromiyaa qofa hubannoo keessa galchee kan bahee fi yeroo ammaa immoo manni hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa hundaa'ee hojiin Abbaa Alangummaa iddo adda addaatti faffaca'ee ture iddo tokkotti waan deebi'eef,Abbootiin Alangaa naannichaa wabummaa hojii qabaatanii, mirgi isaanii kabajamee, dirqamaa fi naamusa ogummaa Abbaa Alangummaa kabajanii hojii isaanii bilisa ta'anii itti gaafatamummaan hojjachuun hawaasa haqaan akka tajaajilan gochuuf dambii gurmaa'ina haaraa kana hoogganuu danda'u wixineen dambii bulchiinsaa fi naamusa Abbootii Alangaa naannoo Oromiyaa qophiirra jira.Balinaan boqonnaa itti aanu keessatti ilaalla.

## **BOQONNAA LAMA**

### **DUUDHAALEE FI QAJEELTOWWAN NAAMUSA OGUMMAA ABBAA SEERUMMAA FI ABBOOTIIN ALANGAA OROMIYAA ITTIIN HOGGANAMAN**

#### **Seensa**

Barbaachisummaan naamusa ogummaa Abbaa seerummaa fi abbaa alangummaa akka waliigalaatti haqa mirkaneessuu akka ta'e boqonnaa darbe keessatti ilaalleerra. Galma dhumaa kana milkeessuufis qajeeltowwan naamusa ogummaa oggeessotni kun ittiin geggeeffaman sadarkaa addunyaa, biyyaa fi naannoo keenyaatti bifa danbii fi qajeelfamaatiin qopha'aanii hojiirra oolaa akka jiranis ilaalleerra. Boqonnaa kana keessatti immoo duudhaalee fi qajeeltowwan naamusa ogummaa abbaa seerummaa fi abbaa alangummaa naannoo keenyaa kanneen maal fa'aa akka ta'an dambii fi qajeelfama naamusa qaamolee kanaa tokko tokkoon kaasuun bal'inaan kan keessatti xiinxalamu ta'a.

Bu'uruma kanaan leenjifamtootni leenjii boqonnaa kanaa booda:-

- Dudhaalee fi qajeeltowwan ogummaa abbaa alangummaa fi abbaa seerummaatiif barbaachisan adda baasanii ni hubatu.
- Dudhaalee fi qajeeltowwan abbaan alangaa fi abbaan seeraa itrtiin hoogganaman addaan baasanii hubachuudhaan hojiirra ni oolchu;

#### **2.1. Duudhaalee fi Qajeeltowwan Naamusa Ogummaa Abbaa Seerummaa**

Biyya tokko keessatti ol'aantummaa seeraa mirkaneessuun nagaa fi tasgabbiin akkasumas guddinni dinagdee walitti fufinsa qabu akka jiraatu taasisuu keessatti abbootiin seeraa shoora olaanaa kan qabanii dha. Shoora ol'aanaa qaban kana milkeessuun amantaa uummataa horachuu kan danda'an immoo kenninsa tajaajila abbaa seerummaa haqa qabeessa, si'ataa, dhaqqabamaa fi

baasii xiqqaan kennuu yoo danda'an qofaa dha. Tajaajila fooyya'aa kana hawaasaaf kennuu kan danda'an immoo duudhaalee naamusaa ogummichi barbaadu hordofanii yoo hojjetanii dha. Kanuma irraa ka'uun Manni Murtii Waliigala Oromiyaa Koodii fi Dambii naamusaa Abbootiin Seeraa fi Muudamtootni Gumii ittiin hogganaman bara 2001 qopheessuun ittiin hojjataa turee jira. Haa ta'u malee yeroo ammaa kodii fi dambii kana fooyyeessuun Koodii Naamusaa Abbaa Seerummaa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Dambii Lakk. 01/ 2011 bahee hojii irra oolee jira.Koodiin kun kutaa lammaffaa jalatti duudhaalee naamusaa abbaa seerummaa torba ta'an isaanis: - bilisummaa fi itti gaafatamummaa, gartu-maleessummaa yookiin al-loogummaa, sochii siyaasaa irraa of qoqqobuu, ejjennoo qabaachuu, walqixxummaan tajaajiluu, kaka'umsa fi jabinaan hojjachuu fi gahuumsa hojii Abbaa seerummaa ta'anii tarreesee jira.Kunis naamusa abbootii seeraa Manneen Murtii Naannichaa qajeelchuuf duudhaaleewan naamusaa duraan turan fooyyeesee jira.Duudhaaleen kun sirnaan akka hubatamaniif qajeeltowan bu'uuraa koodichaan addaan bahan tokko tokkoon kan keessatti ilaallu ta'a.

### **2.1.1. Bilisummaa fi Itti gaafatamummaa abbaa seerummaa**

Manneen murtii keessatti adeemsi falmii madaalawaa ta'e akka jiraatu akkasumas murtiin haqa qabeessa ta'e akka kennamu gochuun akka biyyaattis ta'e naannootti olaantummaa seeraa mirkaneessuuf bilisummaan abbaa seerummaa haala dureewwan barbaachisan keessaa isa tokko qofa osoo hin taane wabii bu'uuraati.Bilisummaa fi itti gaafatamummaan abbaa seerummaa walitti hidhata qabu.Ittigaafatamummaan yoo jiraate malee bilisummaan qofti miidhaa qaba.

Bilisummaa fi itti gaafatamummaabbaa seerummaa Koodii Naamusaa Abbaa Seerummaa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa Dambii Lakk.01/ 2011 keessattiduudhaa naamusaa ta'uun walitti hidhamee akka armaan gadii kanatti kaayamee jira.

Amanamummaan hojii abbaa seerummaa bilisummaa fi itti gaafatamummaa qaamni abbaa seerummaa qabu irraatti rarra'a.Kun ammoo hojii ol'aantummaa seeraa kabachiisuu fi haqaa mirkanneessuuf akka haal-duree isa duraati ilaalam.Abbaan Seeraa hojii isaa bilisummaa guutuu fi naamusa ol'aanaadhaan kan hin hojjanne yoo ta'e galmi hojii abbaa seerummaa milkaa'uu hin danda'u. Kanaaf abbaan seeraa hojii abbaa seerummaa dhiibbaa fi jiddulixummaa kallattii kamirraa iyyuu maddu irraa bilisa ta'ee seeraa fi seera qofaan qajeelfamee hojjachuu qaba.Abbaan Seeraa bilisummaa, kabajaa fi naamusa ol'aanaa abbaa seerummaa ol qabuu fi tiksuummaa dirqamaa qaba.

Kanaafuu hojiin abbaa seerummaa yommuu hojjatamu bisummaa qofaan osoo hin taane ittigaafatamummaa waliinis akka ta'e beekkamuu qaba.Duudhaan **Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaa** qajeeltoowwan armaan gadii of keessatti kan qabu waan ta'eef yeroo hiikamus, haala bilisummaa fi kabaja abbaa seerummaa eegeen ta'uu qaba.Abbaan Seeraa dhiibbaa, sodaachisa, jiddu-lixummaa fi sossobbii madda kamiirraa dhufu irraa bilisa ta'ee seeraa qofaan qajeelfamuudhaan hojii abbaa seerummaa qixa barbaadamuun hojjachuu qaba,Abbaan Seeraa dhiibbaa qaamolee mootummaa, miti-mootummaa fi hawaasa bal'aa, garee siyaasaa, akkasumas kan qaama fi nama kamirraa iyyuu aggaamamu irraa bilisa ta'ee hojii isaa hojjachuuf dirqama qaba,Abbaan Seeraa dhiibbaa hawaasummaa bal'aa, miidiyaa fi gareefalmitoota irraa bilisa ta'ee hojjachuu qaba,Abbaan Seeraa kamiyyuu bilisummaadhaan hojjachuu qofaa osoo hin taane, bilisummaa Mana Murtii fi abbaa seeraa kabajuu fi kabachiisuuf dirqama qaba,Abbaan Seeraa itti gaafatamummaa ol'aanaan hojii isaa hojjachuu qaba,Abbaan Seeraa hojii abbaa seerummaa hojjatuuf itti gaafatamummaa seeraa, naamusaa fi uummataa qaba,Abbaan Seeraa hojii isaa bilisummaa guutuun, naamusa ol'aanaadhaan fi seeraaf amanamaa ta'ee kan raawwatu ta'a,Abbaan Seeraa kabajaa fi maqaa gaarii Mana Murtii fi ogummaa abbaa seerummaa tiksuu fi eeguuf dirqama qaba.

#### **2.1.1.1. Bilisummaa Abbaa Seerummaa.**

Duudhaan kun manneen murtii giddu seentummaa ykn dhiibbaa qaama alaa kamiraayyu bilisa ta'uun firii dubbii, ragaa fi seera qofa bu'uureffachuun murtii kennuu wabii dandeessisuudha. Kunis bilisummaan abbaa seerummaa mirga ykn dantaa addaa abbootii seeraatiif kennname osoo hin taane, abbootiin seeraa dhimma dhihaateef dhiibbaa kamirrayyu bilisa ta'anii murtii haqa qabeessa ta'e akka kennaniif dirqama irratti gatame ta'uu isaa kan agarsiisuudha.<sup>26</sup> Ogeessotni muraasni bilisummaa abbaa seerummaa bakka saditti kan qoodan yoo ta'ellee,<sup>27</sup> ogeessotni hedduun bilisummaan abbaa seerummaa bifa lama kan qabu ta'uu isaa ibsu. Isaanis bilisummaa dhaabbataa fi bilisummaa dhuunfaati. Bilisummaa dhaabbataa (institutional independence) jechuun bilisummaa qaamni abbaa seerummaa qaamolee mootummaa fi abbootii taayitaa

---

<sup>26</sup> . Commentary on The Bangalore Principles of Judicial Conduct: The Judicial Integrity Group, March 2007, fu. 35

<sup>27</sup> . Fakkeenyaaaf, ‘prof.Shimon Sheetrit bilisummaa abbaa seerummaa, bilisummaa abbootii seeraa, bilisummaa keessaa fi bilisummaa dhaabbattummaa jechuun bakka saditti qooda’(Moojulii Qajeeltowwan Bu’uraa Manneen Murtii ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftoomina jedhu ILQSO tti, Alamaayyoo Taganeen barreffame keessatti kan ibsame)

kanneen biro irraa qabu kan ibsu yoo ta'u, bilisummaan dhuunfaa immoo bilisummaa abbootiin seeraa dhimma dhihaateef dhiibbaa kamirraayyuu bilisa ta'uun ilaaluuf qaban kan ilaallatuudha.

Bilisummaan abbaa seerummaa, kan dhaabbataas ta'e kan dhuunfaa, sadarkaa biyyaattis ta'e naannoo keenyaatti haguuggii/wabii/ heeraa kan qabuudha.<sup>28</sup> Yaad-rimeen bilisummaa abbaa seerummaa bal'aa yoo ta'u, moojuliin kun waa'ee naamusa ogummaa qofa irratti kan xiyyeffatu waan ta'eef dhimma naamusaa irraan kan hafe dhimma hundaa asitti kaasuun barbaachisaa ta'ee hin argamne.

Abbootiin seeraa dhimma isaaniif dhihaate ilaalani yeroo murteessan dhiibbaa qaama kamirraayyuu isaanitti dhufu dandamachuun bilisa ta'anii firii dubbii isaaniif dhihaate, ragaa dhihaatee fi seera dhimmichaaf rogummaa qabu qofa bu'uura godhachuun murtii kennuu akka qaban kan dirqisiisuu dha. Abbaan seeraa sammuun isaa bilisa hin taanee fi sodaa adda addaa jala jiru falmitoota fuula isaa duratti dhihaatan ija walqixa ta'een ni ilaala jechuun hin danda'amu. Falmitoota ija walqixa ta'een ilaaluu hin danda'u yoo ta'e immoo murtii madaalawaa fi haqa qabeessa ta'e kennuu hin danda'u. Abbaan seeraa sodaachuun ykn galata argachuuf osoo hin taane, seera tumamee jiru firii dubbii dhihaateef waliin wal simsiisee uummata biratti jaallatames jaallatamuu baates murtii kennuu qaba. Bilisummaa abbaa seerummaa kana balaa irra buusuu kan danda'anis dhiibbaa, hacuuccaa, sodaachisuu, sossobbii fi kkf qaama adda addaa irraa dhufan ta'uu danda'a.

Abbaan seeraa hojii abbaa seerummaa isaa yeroo geggeessu hawaasa bal'aa fi garee walfalmitootaa dhimma isaanii ilaaluu irraa bilisa ta'uun hojjechuu akka qabu kan dirqisiisuu dha. Akkuma beekamu abbaan seeraa hojii abbaa seerummaa guyaa jalqabe irraa kaasee jireenyi dhuunfaa isaa kan namoota biro irra baayyee daanga'aa dha. Akkas yeroo jedhamu garuu abbaan seeraa hawaasa keessaa ba'ee qofaa jiraachuu qaba jechuu akka hin taane hubatamuu qaba. Abbaan seeraa waldhabdee namoota gidduutti uumamu yeroo hiiku haala duudhaa fi safuu hawaasichaa calaqqisiisaniin, akkasumas dhugaa hawaasicha keessa jiru haala ibsuu danda'uun ta'uu qaba. Duudhaa, safuu fi dhugaa hawaasa keessa jiru immoo hawaasa keessa jiraatu irraa adda of baasee argachuu hin danda'u.<sup>29</sup> Kanaaf, hawaasa keessa jiraatu waliin

<sup>28</sup>Heera Mootummaa RDFI kwt.78 & 79, fi Heera Fooyya'aa Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt.61 ilaalaa.

<sup>29</sup>. Commentary on The Bangalore Principles of Judicial Conduct: The Judicial Integrity Group, March 2007fuula 40 ilaalaa

walitti dhufeenya uumuun barbaachisaa dha. Haa ta'u malee, walitti dhufeenyi abbaan seeraa hawaasa waliin uumu kun haala kamiiniyyuu bilisummaa abbaa seerummaa gaaffii keessa kan galchu ta'uu hin qabu. Fakkeenyaaaf, abbaan seeraa waltajjii adda addaa irratti akka hirmaatuuf qaamota adda addaan yeroo afeeramu, waltajjii kana irratti utuu hin hirmaatin dura kaayyoon waltajjii sanaa maal akka ta'e addaan baasee beekuu qaba.<sup>30</sup> Sababni isaas, ajandaan waltajjii sana irratti dhihaatu adeemsa keessa gara mana murtiitti dhihaachuu kan danda'u yoo ta'e abbaan seeraa dhimma sana bilisa ta'ee ilaala jechuun hin danda'amu waan ta'eef.

Abbaan seeraa akka dhuunfaatti bilisa ta'ee hojii isaa akka hojjetuuf bilisummaa dhuunfaa qofa osoo hin taane bilisummaan dhaabbataa (mana murtii) baayyee murteessaa dha. Sababni isaas bilisummaan dhaabbataa bakka hin jirretti abbaan seeraa hojii abbaa seerummaa bilisaan hojjeta jedhanii yaaduun hin danda'amu. Qaamoleen mootummaa sadan aangoo fi gahee hojii adda addaa isaaniif kennname qabu. Manni Murtii immoo qaamoleen mootummaa kanneen biron hojii isaanii hangam bu'uura seeraan hoijjetan kan jedhu mirkaneessuu keessatti shoora olaanaa qaba. Dirqama irratti gatame kana sirnaan bahachuuf immoo manni murtii qaamolee kana waliin walitti dhufeenya hin malle uumuu irraa of quisachuu akka qabu qajeeltoon kun kallattii kan agarsiisuu dha. Fakkeenyaaaf, manni murtii haala seerri tokko ittiin hiikamuu qabu irratti deggersa akka godhaniif qaama seera baaftuu kan gaafatu yoo ta'e, hawaasni manni murtii dhiibbaa qaama seera baaftuu irraa bilisa jedhee amanuu hin danda'u.

Abbaan seeraa bilisummaa abbaa seerummaa eeguuf dirqama kan qabuu fi hawaasni waa'ee bilisummaa abbaa seerummaa akka beekuuf hojjechuu akka qabuu dha. Gama tokkoon abbaan seeraa bilisumma abbaa seerummaa eeguu irratti qaama kamiiniyyuu caalaa itti gaafatatummaa guddaa kan qabuu dha.<sup>31</sup> Sababni isaas, abbaan seeraa bilisummaa isaa hin kabachiisu yoo ta'e, qaamni biraan bilisummaa kana ni kabachiisaaf jedhanii yaaduun hin danda'amu. Dhimma kanaan walqabtee mammaaksi Oromoo “**Loon abbaan gaanfa cabse ollaan ija jaamsa**” jechuun mammaakamu baayyee rogummaa kan qabuudha. Gochi bilisummaa abbaa seerummaa dhiibu yeroo raawwatamutti abbaan seeraa of irraa faccisuuf adda durummaan hiriiruu qaba. Haa ta'u malee, jijiiramootni adda addaa kenninsa tajaajila abbaa seerummaa saffisiisan mana murtii irratti yeroo taasifaman akka bilisummaa mana murtii dhiibanitti fudhachuu hin qabu. Gama

<sup>30</sup>. Akkuma miiljalee olii

<sup>31</sup>. Commentary on The Bangalore Principles of Judicial Conduct: The Judicial Integrity Group, March 2007 fuula 48 ilaalaa

biraan immoo hawaasni hundi maalummaa fi faayidaa bilisummaa mana murtii ni beeka jechuun hin danda'amu. Kanaaf, amantaa uummataa horachuuf abbootiin seeraa carraa argatan hundatti gargaaramuu maalummaa fi faayidaa bilisummaa abbaa seerummaa hawaasa bal'aa barsiisuu qabu. Abbaan seeraa hojii isaa keessattis ta'e jirenya dhuunfaa isaa keessatti naamusa olaanaa hin agarsiisu yoo ta'e manni murtii bilisa kan jedhu hawaasni amantaa horachuu hin danda'u.

### **2.1.1.2. Ittigaafatamummaa Abbaa Seerummaa.**

Sirna dimokraasii tokko keessatti qaamni mootummaa kamiiyyuu aangoo kennameef seeran ala akka itti hin fayyadamneef jecha sirn ittigafatamummaa jiraachuu akka qabu bu'uura heeraa Kan qabu ta'uu Heera mootummaa Federaalawa dimookraatawa rippabilika Itiyoophiyaa Kew 12 irraa hubachuun nidanda'ama. Manni murtiis akka qama mootummaa tokkootti aangoo seeraan kennameef faayyidaa uomataaf oolichuu qaba. Abbootiin seeraas qaamolee mootummaa keessa tokko waan ta'anii hojii isaanii itti gaafatamummaa ol'aanaa ta'een raawwachuu qabu. Dabalataan, Abboonni seeraa adeemsa keniinsa tajajila haqaa dhugoomsuu fi ol'aantummaa seeraa mirkaneessuuf itti gaafatamummaa naamusaa ol'aanaa qabaachuu akka qaban dhimma hubatamuu qabuudha.<sup>32</sup>

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Haati manaa ykn abbaan manaa abbaa seeraa hogganaa dhaaba siyaasaa tokkoo yoo taate/ta'e/ abbaa seerichaa irraa maaltu eegama jettanii yaaddu? Bilisummaa abbaa seerummaa waliin yeroo ilaalamu of eeggannoo isheen /inni/ gochuu qabdu/qabu/ tarreessuun irratti mari'adhaa!
- 2) Qeqni hojii abbaa seerummaa irratti ka'u hundi bilisummaa abbaa seerummaa balaa irra buusa jedhanii gudunfuun ni danda'ama jettuu? Daangaan isaa hoo? Duudhaa dimokiraasii waliin walqabsiisuun irratti mari'adhaa!
- 3) Abbaan seeraa mana murtii aanaa tokko irraa hojjetaan baayyee nama naamusaa fi dandeettii qabaniidha. Abbaan seeraa kun abbootii seeraa mana murtii aanaa sanarra jiran keessaa waggoota walitti aanaan shaniif galmee hedduu qulqullinaan murteessuun hawaasa biratti jaallatamummaa argataniiru. Bulchiinsi aanaa sanaa abbaan seeraa kun galmee hedduu qulqullinaan murteessuun komii hawaasa aanichaa waan cabseef, badhaasuu qabna jechuun

---

<sup>32</sup>.Moojulii Naamusa abbootii seeraa mana murtii waliigala oromiyatiin qophaaye irraakan fudhatame.

kaabinee aanichaan erga murteessanii booda **warqee waqeeta lama** qopheessuun sagantaa badhaasaa irratti abbaa seeraa kana waamanii jiru. Abbaan seeraa kun badhaasa dhihaateef kana fudhachuu qaba jettuu? Maaliif? Bilisummaa abbaa seerummaa waliin akkamitti ilaalam?

- 4) Abbaan seeraa tokko gara hojii abbaa seerummaatti utuu hin dhufin dura hogganaa dhaaba siyaasaa tokkoo yoo turan, bilisummaa abbaa seerummaa irratti dhiibbaa fidu qaba jettanii yaadduu? Maaliif?
- 5) Abbaan seeraa amantaa uummataa bu'uura bilisummaa abbaa seerummaa qabu akka horatuuf “**naamusaa olaanaa**” qabaachuu akka qabu ibsameera. Naamusa olaanaa qabaachuun abbaa seeraa kun maaliin ibsama? Agarsiiftuwwan naamusa olaanaa qabaachuun tokko tokkoon kaasuun irratti mari'adhaa!
- 6) Tajaajila abbaa seerummaa mana murtiitti kennamu hogganuu irraa kan ka'ee fi murtii kennamu si'ataa akka ta'u yeroo dhimmi tokko xumura itti argatu kaa'uu fi abbootiin dhimmaa yeroo komii dhiheesan hoggansi manni murtii dhimmi abbaa seeraa harka jiru kan harkifate ta'uu ibsuun yeroo murtaa'e keessatti akka xumuramu qajeelfama kenuun isaa akka giddu lixxummaatti ilaalamuu danda'a?
- 7) Abbaan seeraa tokko galmees ilaalee murteesse irratti hogganaan isaa ykn hogganaan isaan ol jiru ibsa akka kenuuf yoo gaafate waa'ee galmees sanaa ibsa kenuuf dirqama qaba jettanii yaadduu? Maaliif? Ibsa kan kenu yoo ta'e bilisummaa abbaa seerummaa irratti dhiibbaa fidu qabaa?
- 8) Tekinooolojiitti fayyadamuun hojii abbaan seeraa hojetu pirezidaantiin yoo ilaale, bilisummaa abbaa seeraatti akka bu'etti ilaalam jettuu? Maaliif?

### **2.1.2. Gartu maleessummaa ykn Alloogummaa (Impartiality)**

Amantaa uummataa horachuuf duudhaalee naamusa ogummaa abbootiin seeraa hojii isaanii keessatti yeroo hundumaa mirkaneessuu qaban keessaa Gartu maleessummaa ykn alloogummaan isa tokkoo fi iddo olaanaa kan qabuu dha. Alloogummaa jechuun loogii irraa bilisa ta'uu jechuudha. Loogii jechuun immoo gara tokkotti jallachuu (inclination), yaadaan gara tokkotti luucca'uu, ykn dursa murtii tokko irra ga'uudha. Kunis hojii abbaa seerummaa keessatti loogiin uumameera jechuu kan dandeenyu, abbaan seeraa dhimma dhihaateef tokko sammuu qulqulluudhaan ilaaluu kan hin dandeenye yoo ta'ee dha. Manni murtii ofii isaatii loogmaleessa ta'uu isaa mirkaneessuu qofa osoo hin taane loogmaleessummaan isaas hawaasa biratti

qabatamaan mul'achuu qaba. Sababni isaas, abbaan seeraa alloogessa ta'ee hojii isaa kan hojjetu yoo ta'ellee, gocha abbaan seerichaa guyyaa guyyaatti raawwatu ilaalee hawaasni abbaan seerichaa alloogessa miti jechuun kan amanee jiru yoo ta'e amantaa uummataa horachuun hin danda'amu.

Duudhaan kun duudhaa bilisummaa waliin walitti hidhatinsa guddaa kan qabuu dha. Bilisummaan abbaa seerummaa alloogummaa abbaa seerummaatiif akka haalduree bu'uuraatti kan ilaalamuu dha.<sup>33</sup> Sabaabni isaas, abbaan seeraa bilisa hin taane alloogummaadhaan hojjeta jedhamee hin yaadamu waan ta'eefiidha. Gartu maleessummaa yookiin al-loogummaan duudhaa naamusaa lammaffaa ta'ee qajeeltoowwan isaa waliin koodicha keessatti akka armaan gadii kanaatti kaayamee jira.<sup>34</sup>

*Abbaan Seeraa hojii abbaa seerummaa gartummaa fi loogii bifa kamiinuu irraa iyyuu walaba of godhee hojii isaa hojjachuuf dirqama qaba. Gartummaa yookiin loogummaa kamirraaiyyuu walaba ta'uun isaas gochaa fi amala isaa irraa mul'achuu qaba. Abbaan Seeraa hojii isaa loogii tokko malee madaallii seeraa fi haqaa eegee hojjachuutu irraa eegama. Dhimma dantaa keessaa qabu ilaaluu irraa of qoqqobuu qaba.*

Haa ta'u malee, abbaan seeraa sababoota adda addaatiin loogii raawwachuu waan danda'uuf waanuma bilisa ta'eef qofa alloogummaan hojjeta jedhanii gudunfuunis hin danda'amu. Koodii naamusaa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii Oromiyaa lakk.1/2011 jalatti duudhaan kun qajeeltoowwan gurguddaa afuritti qoodameera. Qajeeltoowwan kana gabaabinaan akka itti aanutti ilaaluuf yaalla.

Qajeeltoo 1<sup>ffaa</sup>n, “*Abbaan Seeraa hojii abbaa seerummaa gartummaa fi loogii bifa kamiinuu irraa iyyuu walaba of godhee hojii isaa hojjachuuf dirqama qaba.*”<sup>35</sup>kan jedhuudha. Adeemsa kenninsa tajaajila abbaa seerummaa keessatti dirqamni abbaan seeraa qabu inni guddaan dhaddacha sirnaan qajeelchuu(hogganuu) dha. Adeemsa dhaddacha hogganuu kana keessatti abbaan seeraa gochoota ija nama dhama qabeessaatiin(reasonable observer) yeroo ilaalamu loogii agarsiisan raawwachuu irraa of eeggachuu qaba.

---

<sup>33</sup>. Commentary on The Bangalore Principles of Judicial Conduct: The Judicial Integrity Group, March 2007, akkuma miiljalee olii

<sup>34</sup> Koodii naamusaa Abbootii seeraa oromiyaa lakk.1/2011

<sup>35</sup> . Koodii naamusaa Abbootii seeraa oromiyaa lakk.1/2011

Qajeeltoo 2<sup>ffaa</sup>n, “*Gartummaa yookiin loogummaa kamirraaiyyuu walaba ta’uun isaas gochaa fi amala isaa irraa mul’achuu qaba*”<sup>36</sup>kan jedhuu dha.

Akka qajeeltoo kanaatti abbaan seeraa yeroo hojii Abbaa seerummaa hojjatuus ta’ee, iddo birotti gochaa fi amala gartummaa fi loogummaa argisiisuu irraa bilisa ta’uu qaba. Abbaan seeraa mana murtiin alatti gocha inni raawwatu ija nama dhama qabeessaatiin yeroo ilaalamu kan loogii agarsiisan ta’uun irra hin jiraatu. Sababni isaas, ija nama dhama qabeessaatiin yeroo ilaalamu gochootni loogii agarsiisan dhaddacha qajeelchuu keessatti akkasumas dhaddachaan alatti abbaa seeraa irratti kan mul’atan yoo ta’e amantaa uummataa horachuun hin danda’amu. Sanadni duudhaalee naamusa Baangaaloor irratti barreeffame gochoota loogii agarsiisuu danda’anii fi abbaa seeraatiin raawwatamuu hin qabne hedduu tarreessee jira.<sup>37</sup> Isaanis:- Adeemsa falmii keessatti yeroo hunda gidduu galuu(constant interference),Abbootii dhimmaa fuulduratti mormii dhimma tokkoof qabu battalatti agarsiisuu (reprimand), Abbootii dhimmaa fi ragoolee arrabsuu fi yaada hin taane irratti kennuu, aarii fi jarjartii baayisuu,Abbootii dhimmaa qofa qofaatti dubbisuu, tokko dubbisanii tokko dhiisuu,Deggersa dhaabbiilee siyaasaaf kennuu ykn yaadota deggersa agarsiisan raawwachuu fi kkf dha.

Bu’uura qajeeltoo kanaatiin abbootiin seeraa kenninsa tajaajila abbaa seerummaa yeroo raawwatan mana murtii keessatti, akkasumas jirenya dhuunfaa isaanii hawaasa keessa yeroo jiraatanitti gochoota olitti ibsamanii fi kanneen biro loogii agarsiisuu danda’an irraa of quachuu akka qaban hubatamuu qaba.

Qajeeltoo 3<sup>ffaa</sup>n, “*Abbaan Seeraa hojii isaa loogii tokko malee madaallii seeraa fi haqaa eegee hojjachuutu irraa eegama*.Akka qajeeltootti abbaan seeraa dhimma mana murtiitti dhihaatu hundumaa ilaalee murteessuuf dirqama qaba.Hojii Abbaa seerummaa hojjatuus madaallii seeraa fi haqaa eegee hojjachuu qaba. Haa ta’u malee, haala addaatiin abbaan seeraa tokko dhimma dhihaate tokko ilaalee yeroo murteessu mirga walfalmitootaa kan miidhu yoo ta’e dhimmicha ilaaluu hin qabu.<sup>38</sup> Kana jechuun immoo dhimmichi abbaa seeraa sana irraa ka’ee abbaa seeraa kan biraan ilaalamuu akka qabu agarsiisa.

Qajeeltoo 4<sup>ffaa</sup>n, “*Dhimma dantaa keessaa qabu ilaaluu irraa of qoqqobuu qaba*.Akka qajeeltoo waliigalaatti namni tokko dhimma ofii isaa irratti abbaa murtii ta’uu hin danda’u. Qajeeltoon

<sup>36</sup> . Koodii naamusa Abbootii seeraa oromiyyaa lakk.1/2011

<sup>37</sup> . Commentary on The Bangalore Principles of Judicial Conduct: The Judicial Integrity Group, March 2007 fuula 57-58 ilaalaa

<sup>38</sup> . Commentary on The Bangalore Principles of Judicial Conduct: The Judicial Integrity Group, March 2007 fuula 59

duudhaa kana jalatti tumames achuma irraa kan fudhatame akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Qajeeltoo kana karaa lamaan ilaaluun ni danda'ama. Gama tokkoon abbaan seeraa dhimma dhihaateef tokko irraa dantaa dinagdummaa kan qabu yoo ta'e loogii irraa bilisa ta'ee murteessuu waan hin dandeenyeef dhimmicha ilaaluu hin qabu. Karaa biraan immoo abbaan seeraa dhimma dhihaate irraa ofii isaatii dantaa hin qabu yoo ta'elée, dhimmicha loogii malee ilaaluu hin danda'u haalotni jechisiisan kanneen akka abbaa dhimmaa irraa jibba qabaachuu, duraan dursee dhimmicha irratti abukaatoo ta'ee yoo jiraate, ragummaan yoo hirmaatee jiraate, miseensi maatii isaa bu'aa dhimma falmiif hundee ta'e irraa dantaa dinagdee kan qaban yoo ta'e, loogii irraa bilisa ta'ee dhimmicha ni ilaala jechuun waan hin danda'amneef dhaddacha irraa ka'uu qaba.

Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojji Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Lak. 216 /2011 keewwata37jalattis, haalota abbaan seeraa tokko dhaddacha irraa kaasuu danda'anii fi adeemsa abbaan seeraa dhaddacha irraa ittiin ka'u bal'inaan tumameera. Haalotni kunneenis, gareen walfalmitootaa yookiin abukaatoo waliin akka seerri dhimmi ilaalu ajajutti firooma dhiigaa yookiin gaa'ilaa kan qabu yoo ta'e, yookiin garee walfalmitootaa keessaa haadha manaa yookiin abbaa manaa yookiin haadha(abbaa) manaa inni hiike, yookiin guddiftuu, yookiin dhimma bakka bu'aa seeraa yookiin dubbii fixaa, yookiin abukaatoo seeraa ta'e irratti falmiin kan ka'e yoo ta'e; dhimma falmiin irratti ka'e isaan dura beellama yerootiin, gaaffii mirga waabii, gaaffii hayyamsiisaa, jijiirraa dhaddachaa yookiin dhimmoota walfakkaatan biro osoo hin dabalatin, Abbaa Seeraa yookiin jaarsa yookiin araarsaa ta'ee kan ilaale yoo ta'e, yookiin dhimma sana keessatti haala kamiinuu dantaa dhuunfaa yookiin dantaa maatii qabaachuu isaatiin murtii haqa qabeessa kennuu kan hin dandeenye yoo ta'e; garee wal falmitootaa keessaa tokko waliin falmii yoo qabaateyookiin lola yoo qabaate; Sababoota armaan olitti tarreeffamaniin alatti illee Abbaan Seerichaa murtii haqaa kennuu kan isa daangessu yookiin loogummaan yookiin gartummaan ala ta'ee murteessuuf kan isa rakkisu sababiin biro yoo jiraate jechuun tarreeffameera. Haalotni kun yeroo mudatanitti abbaan seeraa ofuma isaati beekee dhaddacha irraa ka'uu akka qabu, ofiin beekee hin ka'u yoo ta'e immoo iyyata abbaan dhimmaa dhiheeffatuun dhaddacha irraa ka'uu akka qabu tumameera.Qabxii murteessaan asitti hubatumuu qabu, haalotni dhimma tokko alloogummaan akka hin ilaalle isa taasisan wayita argamutti walfalmitootni gaafatanis gaafachuu baatanis abbaan seeraa kaka'umsa mataa isaatiin dhaddacha irraa ka'uu qaba.Sababni isaas, dhimmi dhaddacha irraa ka'uu dhimma

fedhii dhuunfaa walfalmitootaa osoo hin taane dhimma haqaa fi dantaa hawaasa bal'aa of keessaa qabuu waan ta'ee fi kaka'uumsa abbaa seeraa loogidhaan ala ta'uudhaan dhimma kennamuuf hojjechuudhaaf qabus kan agarsiisudha.

### **Xiinxala dhimma 1<sup>ffaa</sup>**

Dhimmi kun falmii Garee Inispeekshinii Naannoo Mana murtii waliigala oromiyaa fi abbaa seeraa gidduutti geggeeffamaa turee gal mee lakk.00342 ta'e irratti murtii argateedha. Gareen inispeekshinii naannoo himanna himatamaa irratti dhiheesseen himatamaan kun abbaa seeraa mana murtii aanaa Amiinyaa ta'anii yeroo hojjechaa turanitti dambii naamusa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii Oromiyaa lakk.2/2001 keewwata 48 irra darbuun gal mee siivilii lakk.07451 ta'e irratti meeshaaleen adda addaa mana keessaa akka hojjetamuuf namoota waliin kennatanii waan hin hojjetamneef dhimma kana namoota kana wajjin manuma murtii keessaa hojjetanitti himanna dhiheeffatanii ofuma isaaniitii moggaafamuun guyyuma sana ilaalanii ofiifis ta'e namoota waliin iyyata dhiheessaniif waan murteessaniif dhimma dantaa keessaa qaban ilaalaniiru jechuun himateera. Himatamaan waraqaan waamichaa yoo qaqqabes deebii waan hin kennineef bira darbameera.

Gareen gumii naannoos dhimma kana erga qoratee booda, ragaan barreeffamaa dhihaate himatamaan gaafa 3/1/2006 namoota waliin iyyata erga dhiheeffatanii booda guyyuma sana ofuma isaatii gal mee kana irratti moggaafamee ofiif akkasumas namoota waliin iyyataniif kan murteesse ta'uun isaa mirkaneessee jira. Bu'uura labsii manneen murtii Oromiyaa irra deebiin hundeessuuf ba'e lakk.141/2000 keewwata 18 jalatti immoo abbaan seeraa tokko dhimma mataa isaa haa hafuutii walfalmitoota keessaa garee tokko waliin walitti dhufeenyaa kan qabuu fi dhimma duraan kallattii adda addaatiin beekullee ilaaluu akka hin dandeenye tumameera. Kanaaf, himatamaan dhimma akka hin ilaalle seeraan dhorkame ilaaluun waan murteesseef dambii naamusaa keewwata 48 jalatti balleessaa raawwateera jechuun erga murteessee booda miindaa ji'a lamaaf walakkaa(2 ½) tiin adabeera.

## **Gaaffiilee Marii**

- 1) Gocha abbaan seeraa kun raawwate duudhaa alloogummaa waliin yeroo ilaalamu akkamiin madaaltu?
- 2) Dhimma kana irratti tilmaama abbaan seeraa kun gal mee kana loogii irraa bilisa ta'ee dhugaa jiru murteesse jennee yoo kaane, abbaan seeraa kun dhimma kana ilaaluu hin qabu jechuun naamusaan himachuun barbaachisaa dha jettanii yaadduu? Maaliif?

## **Xiinxala dhimma 2<sup>ffaa</sup>**

Dhimmi kun falmii Garee Inispeakshinii Naannoo MMWO fi himatamaa abbaa seeraa mana murtii Aanaa gidduutti geggeeffamaa turee gal mee lakk. 245/05 ta'e irratti gaafa 29/6/2006 murtii argatee dha. Gareen inispeakshinii himanna himatamaa irratti dhiheesseen, himatamaan abbaa seeraa mana murtii aanaa Dirree ta'ee yeroo hojjechaa turetti, dambii naamusa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii Oromiyaa lakk. 2/2001 kwt.50 irra darbuun, ta'e jedhee himattuu gargaaruuf, himatamaa immoo miidhuuf, gal mee siivilii falmii quoddii qabeenya dhirsaa fi niitii lakk. 02678 ta'e irratti dhaddacha gaafa 26/10/2004 ooleen ragaa namaa erga dhagahee booda, jecha ragaa dhagahame fuula 13<sup>ffaa</sup> sarara 16 irratti ilmoolee kudhan kan duraan hin jirre itti dabaluun, fuula 15<sup>ffaa</sup> sarara 10 irratti goromsa loonii 30 kan ture haquun gara 20 tti barreessuun, sarara 11 irratti raadaalee 4 kan ture haquun raadaalee 10 bakka buusuun, sarara 15 irratti korommii laallessa 2 kan jedhu haquun 10 bakka buusuun, sararumma kana irratti gorommii 14 kan jedhu haquun 22 bakka buusuun, fuula 16<sup>ffaa</sup> sarara 17 irratti re'oota 100 kan jedhu haquun 60 bakka buusuun, fuula 17<sup>ffaa</sup> irratti loowwan 14 kan jedhu haquun 16 bakka buusee barreessuun, jecha ragaa jijiireera kan jedhuudha.

Himatamaan deebii kenneen, akka aadaa Booranaatti abbaan manaa fi haati manaa yeroo wal hiikan, dubartiin qabeenya quoddattee ba'uun akka salphinaatti kan ilaalamu dha. Himattuu fi himatamaan kun immoo wagga dheeraa waliin jiraachuun maatii fi qabeenya hedduu waliin horataniii kan jiran yoo ta'u, sababa diiggaa gaa'ilaaatiin himatamaan himattuu ijoollee durbaa ishee waliin ari'ee karaa irratti baatee shonkooraan kan gurgurtuu fi daa'imman ishee karaa irratti yeroo kadhatan ija kootiin waanan argeef, himatamaan ragaa himattuu sodaachisuun dhufanii ragaa akka hin baane taasiseera. Ofii isaatii immoo ragaa sobaa qindeessee fiduun qabeenyaan kan dhuunfaa isaa qofa akka ta'e waan raggaasiseef, himattuu qabeenya horatte keessaa harka

qullaa akka hin baaneef akka heera mootummaa keewwata 35(3)tiin himattuu qabeenyaa kana keessaa akka qooddattu godheen jira jechuun deebiseera.

Gareen gumii naannoos gal mee erga qoratee booda, himatamaan himattuu gargaaruuf gocha kana kan raawwate ta'uu isaa yoo ibse iyyuu, ragaa dhiheeffachuu dhimma kana mirkaneessuu hin dandeenye. Abbaan seeraa dhimma tokko yeroo murteessu ragaa bitaa fi mirgi dhiheeffatan bu'uura godhachuu osoo qabuu, yeroo ragaan sobaa rakkoo guddaa uumaa jiru kanatti, himatamaan ofuma isaatii qabeenyaa ragaan akka jiran ibse irraa hir'issee, kan hin jirre immoo itti dabalee ragaa sobaa mana murtii keessaa burqisiisuun aangoo garmalee fayyadamuun mirga walfalmitootaa dhiibeera jechuun kwt.50 jalatti balleessaa taasisuun hojii abbaa seerummaa irraa akka geggeeffamu murteesseera.Dhimma kana irratti hundaa'udhaan gaaffillee itti aanan deebisaa.

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Gocha abbaan seeraa kun raawwate duudhaa alloogummaa abbaa seerummaa waliin akkamitti ilaaltu?
- 2) Deebii himatamaan dhimma kana irratti mirga dubartootaa kabachiisuufan gocha kana raawwadhe jechuun kaase akkamitti ilaaltu?

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Dhimma gubbaatti ibsame kana irraatti hundaa'udhaan dudhaaleen naamusaa abbaa seeraa kanaan hojiirra ooluu qaban, garuu osoo hin oolle hafan isaan kam akka ta'an adda baasuun ibsaa? Isin bakka abbaa seeraa kana osoo taatanii tarkanfiin isin fudhattan maal ture? Maliif ?
- 2) Murtiin kennname barsiisadha jettuu? Akkamitti? Dhimmi kun danbii haaraa amma hojiirra jiruun osoo ni ilaallama ta'e bu'aan isaa maal ta'uu danda'a?
- 3) Haalota abbaan seeraa dhaddacha irraa akka ka'u dirqisiisan kan labsii 216/2011 kwt.37 jalatti tarreeffamaniin ala jiran maal fa'i jettanii yaaddu? Fakkeenyaaaf abbaan seeraa tokko waldaa aksiyonaa tokko keessaa sheerii(share) afur yoo qabaate, waldichi nama dhuunfaa waliin waliigaltee raawwachuu dhabuu irratti waldhabee himanna yoo dhiheeffate abbaan seeraa kun

dhimma kana ilaaluu danda'a jettanii yaadduu? Maaliif? Falmiin dhihaate waa'ee diigaminsa waldichaa yoo ta'e hoo garaagarummaa fidu qabaa?

4) Dhimma dhihaatef tokko keessaa abbaan seeraa dantaa dhuunfaa kan qabu yoo ta'ee fi walfalmitootni fedhii isaanitiin abbaan seeraa kun dhimmicha nuuf haa ilaalu jechuun yoo waliigalan, abbaan seeraa kun dhimma kana ilaalu qaba jettanii yaadduu? Maaliif?

5) Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Lak. 216 /2011 keewwata 37(6)jalatti "**dhimmi dhihaate dhimma ariifachiisaadha**" yoo ta'e qajeeltoon dhaddacha irraa ka'uu raawwatamummaa akka hin qabne tumameera. "**Dhimma ariifachiisaa**" jechuun maal jechuudha? Maaliin ibsama?

### 2.1.3. **Sochii Siyaasaa Irraa of Qoqqobuu**

Biyyoota sirni dimookiraasii isaanii cimaa hin taanee fi tasgabbiin siyaasaa hin jirree keessatti dhibbaan siyaasin manneen murtii irratti qabu salphatti kan lakkayamuu miti.Dhibbaa siyaasi mana murtii irratti qabu kallatti lamaan ilaaluu dandeenyaa.Tokkoffaa dhibbaa qaama alaa irraa dhufu.Kana jechuun qaamoleen mootummaa biro keessatti qaamni raawwachiiiftuun fedhii siyaasaa isaan galmaan gahuuf jecha mana murtii irrattis ta'ee,dhuunfaa Abbaa seeraa irratti kallattiin yookiin al-kallattiin dhiibbaa uumuu danda'u.Lammaffaa abbaan seeraa fedhii fi hawwii siyaasaa isaa gara mana murtiitti fiduun hojii Abbaa seerummaa irratti mul'isuu danda'a.Haala lamaan kanaan hojii Abbaa seerummaa irratti siyaasin dhibbaa godhuun haqa murteessuu fi amantaa ummataa horachuu irratti rakkoo guddaadha.Kanaaf mana murtiis ta'ee Abbaa seeraa irratti qaama alaanis ta'ee ,keessattiin dhibbaan godhamuu akka hin qabneefii manni murtii bilisummaa Abbaa seerummaa eeggachuun hojjachuu qaba seeraan eegumsi kan godhameef.Haa ta'u malee abbootii seeraa tokko tokko dirqamaa seeraa fi amala hojii Abbaa seerummaatiin isaan irra kaayame moggatti dhiisuun sochii siyaasaa keessatti hirmaachuun miira isaanii haala adda addaattiin yeroo calaqisiisan ni mul'atu.Keessattu bara amma keessa jiruu yeroo itti fayyadamni midiyyaa hawaasaa bay'ee babal'atee jiruu kanaatti abbootiin seeraa midiyyaa hawaasaa kan akka feesibuukii,tiwuutarii,yuutubii,teelegiraamii fi kanneen biro irratti dhabbilee siyaasaa,hoggantoota siyaasaa fi rogeeyyi ejjanno siyaasaa qaban deeggaruun yeroo yaada deeggarsaa kennanii fi qeeqa qaban dhiyeessan bal'innaan mul'atu.Haalli akkanaa kun immoo abbootii seeraa hojii Abbaa seerummaa hojjataan seeraa fi heera qofa irra dhabbachuu hojjataan jechuun kan rakkisu ta'uu qofa osoo hin taane dhabbileen siyaasaa,qaamoleen

hawaasaa garagaraa fi hawaasni bal'aan mana murtii irratti amantaa akka hin horranne waan godhuuf abbaan seeraa sochii siyaasaa kamuu irraa of qoqqobuu qaba.Koodiin naamusaa kunis abbaan seeraa sochii siyaasaa irraa of-quqqobuu akka duudhaa sadaffaatti lafa ni kaaya. Duudhaan kun hundaa olitti kan barbaachiseef bilisummaa abbaa seerummaa kan dhuunfaas ta'e kan dhaabbatummaa eegsisuu fi qajeeltoo qoqodamniisa aangoo (separation of power) Mootummaa eeguuf akka ta'e koodicha irraa hubachuun ni danda'ama.Abbaan seeraa yeroo hojii abbaa seerummaa irra jirutti, bakka hojiittis ta'ee iddo hojiin alatti, sochii fi gochaa siyaasaa kami irraa iyyuu of qoqqobuu akka qabu duudhaa kana irraa hubachuun ni danda'ama.Duudhaan kunis qajeeltoowwan adda addaa waan qabuuf abbaan seeraa tokkoo hanga dalgaan isaa hojii Abbaa seerummaa ta'eetti gochoota armaan gadii kana irraa of eeguu qaba.Isaanis:-

Miseensummaan dhaaba siyaasaa ta'u yookiin dhaaba siyaasaa bakka bu'un hojjachuu, yookiin filannoof dhiyaachuu; Dhaaba siyaasaa tokko deggaranii yookiin mormanii haasaa taasisuu yookiin midiya hawaasaa irratti illee dabalatee barreessuu dhorkaadha; Rogeessa dhimmaa siyaasaa ta'uun hojjachuu;Nama kaadhimamaa filannoof dorgomu tokko ifatti deeggaruu yookiin mormuu;Dhaaba siyaasaaf, yookiin hojii siyaasaaf jecha nama miseensaa dhaabaa siyaasaa ta'eef, deeggarsa maallaqaa godhuu ykn buusii yookiin deeggarsa walitti qabuu; Kora, yaa'ii yookiin waltajjii dhaabni siyaasaa yaame irratti argamuu, yookiin hiriira dhimma siyaasaa irratti hirmaanna taasisuukanneen jedhamaniidha.

Gochoota armaan ol kana keessatti abbaan seeraa hirmaachuun dhoorkaa jechuun kodii keessatti kan tarreffaman yoo ta'e malee gochoonni kun duguugamanii kan kaayamanii miti. Abbaan seeraa gochoota biro sammuu nama dhama qabeessatiin yeroo ilaalamaa gocha siyaasaa ta'u mul'isuu irraa of qu sachuu qaba.Abbaan seeraa ilaalcha siyaasaa mataa isaa qabaachuun dhoorkaa miti.Garuu ilaalcha siyaasaa isaa baasee calanqisiisuun dhoorkaa ta'u isaa kodii irraa ni hubatama.Duudhaan kun mirga filachuu abbaan seeraa qabu kan hin dhoorkinee fi hojii ogummaa seeraa guddisuu yemmuu raawwate akka sochii siyaasatti ilaalamuu akka hin qabne ni agarsiisa.

#### **2.1.4. Fayyaalummaa**

Duudhaan kun sanada Baangaaloor keessattis bal'inaan hammatamee kan jiru yoo ta'u, koodii naamusaa abbaa seerummaa abboota seeraa Oromiyaa keessaatti kan tumame yemmuu ta'u haala itti aanuun ibsameera.

Abbaan Seeraa fayyaalummaa qabaachuu fi fayyalessa ta'ee mul'achuu qaba.

Duudhaa kana irraa hubachuun akka danda'amutti abbaan seeraa itti gaafatamummaa seeraan irratti gatame sirnaan bahachuuf fayyaalummaa qabaachuu qofa osoo hin taane hawaasa birattis fayyalessa ta'ee argamuu qaba. Kunis fayyaalummaan maaliin madaalama kan jedhu gaaffii namatti kaasuun isaa hin oolu. Gaaffii kana ilaachisee yaadni qajeeltoowwan naamusa abbaa seerumaa Baangaaloor irratti barreeffame akka itti aanutti ibseera:

*"The test for impropriety is whether the conduct compromises the ability of the judge to carry out judicial responsibilities with integrity, impartiality, independence and competence, or is likely to create in the mind of a responsible observer, a perception that the judge's ability to carry out judicial responsibilities in that manner is impaired."*<sup>39</sup> Jedheera.

Ibsa kana irraa akka hubatamutti, duudhaan kun duudhaalee gurguddoo kanneen akka bilisummaa, alloogummaa, amala mudaa hin qabnee fi gahumsa of keessatti kan hammate ta'uu isaa kan agarsiisuudha. Kunis abbaan seeraa hojiisaa bilisummaan, alloogummaan, haqummaa fi gahumsaan akka hin hojenne gochawan taasisan ykn duudhaalee kana kabajee hin hojjetu shakkiwwan jechisiisuu danda'an irraa of eeguu akka qabu kan qajeelchuudha. Gama biraan immoo fayyaalummaan abbaa seerummaa kan madaalamu gochi abbaan seeraa itti gaafatamummaa irratti gatame bahachuuf raawwatu hunduu ija nama dhama qabeessa ta'een(nama bilchina qabuun) yeroo madaalamu fayyalessa ta'uu abbaa seerichaa ni agarsiisamoo miti kallattii jedhuun kan ilaalamuu dha. Gochi abbaan seeraa raawwatu ilaalcha nama bilchina qabuutiin fayyalessummaa abbaa seeraa kan hin agarsiifne yoo ta'e abbaan seeraa gocha sana raawwachuu irraa of qu sachuu akka qabu kan akeekuu dha.

Duudhaan kun koodii naamusa abbootii seeraa Oromiyaa dambii lakk.1/2011 jalatti qajeeltowwan kudha kan qabu yoo ta'u, qajeeltowwan kana gabaabsinee akka itti aanutti ilaaluuf yaalla.

Qajeeltoo 1<sup>ffaan</sup>, "Abbaan Seeraa kamyuu sochii isaa keessatti haalaa fi amala daba qabu dhabamsiisuu qaba.kan jedhuu dha.Qajeeltoon kana irraa akka hubatamutti, abbaan seeraa sochii jirenya isaa hunda keessatti, kenninsa tajaajila abbaa seerummaa keessattis ta'e jirenya dhuunfaa isaa keessatti, haalaa fi amala badaa irraa bilisa ta'uu qofa osoo hin taane gochaalee

<sup>39</sup>. Commentary on The Bangalore Principles of Judicial Conduct: The Judicial Integrity Group, March 2007 fuula 80

haalaa fi amala badaa calaqisiisuu danda'an irraa of qusachuu qaba. Kunis akkuma olitti ibsame abbaan seeraa ofii isaatti fayyalessummaan hojjechuu qofa osoo hin taane ilaalcha nama bilchina qabuutiin yeroo ilaalamu gocha abbaan seeraa raawwatu faayyalessummaa isaa kan mirkaneessu ta'uu qaba.

Qajeeltoo 2<sup>ffaa</sup>n, “*Jirenya dhuunfaa fi hawaasummaa isaa akkaataa kabajaa hojii abbaa seerummaatiin wal simsiisee gaggeessuu qaba. Jirenyi dhuunfaa hojii abbaa seerummaa kan lammilee kaanii irra daanga'uutu irra jiraatakan jedhoo dha.* Akkuma beekamu ogummaan abbaa seerummaa dhimma mirga lammilee irratti murteessuu waan ta'eef dirqama olaanaa abbootii seeraa irratti kan gatuu dha. Kanuma bu'uura godhachuun gochaa fi amala abbaan seeraa yeroo hojii isaattis ta'e jirenya dhuunfaa isaa keessatti agarsiisuun qeeqni irratti dhihaachuu danda'a. Qeeqni kun kallattii hin malleen akka irratti hin dhihaanneef abbaan seeraa jirenya dhuunfaa isaa yeroo geggeeffatu akka lammilee kaaniitti osoo hin taane of daangessee jiraachuu akka qabu qajeeltoon kun ni agarsiisa. Kun immoo hojiin abbaa seerummaa aarsaa guddaa kan nama kaffalchiisu ta'uu isaa mul'isa. Kana hin godhu taanaan hawaasni abbaa seeraa irratti amantaa horachuu hin danda'u; haqummaa abbaa seerichaa irratti amantaa hin qabu yoo ta'e immoo mana murtii irrattis amantaa horachuus hin danda'u. Abbaan seeraa gara ogummaa abbaa seerummaatti yeroo dhufu fedhii isaatiin jirenyi dhuunfaa isaa kan lammilee kaanii caalaa daanga'aa ta'uu isaa amanee fudhachuun aarsaa kana kaffaluufis qophaa'aa ta'uu qaba.

Fakkeenyaaaf, abbootiin seeraa gara manneen dhugaatii, manneen taphaa fi kkf deemuu danda'u. Haa ta'u malee, bakkeewwan kana utuu hin deemin dura gaaffiwwan itti aanan kanneen kaasuun xiinxaluu qabu:- bakkichi maqaa akkamii qaba? gochaawwan seeraan alaa ta'an bakka itti raawwatamaniidhaa? bakkichatti namoonni baayyinaan fayyadaman eenu fa'i? asitti argamuu koottii maaliifan saaxilama? namni biraa asitti yoo na arge waa'ee mana murtii maal hubachuu danda'a? kanneen jedhan of eeggannoon kaasuun argamuu ykn argamuu dhiisuu murteessuu qabu. Ija nama sababa qabeessa ta'een yeroo ilaalamu abbaan seeraa bakkeewwan kana deemuu fayyaalummaa isaa gaaffii keessa kan galchuudha yoo ta'e deemuu hin qabu.

Qajeeltoo 3<sup>ffaa</sup>n, “*Abbaan seeraa kamiyyuu Ogeessota seeraa deddeebi'anii dhaddacha inni hojjatu irratti falmii gaggeessan waliin quunnamtiin inni qabu loogiin kan hojjatu ta'uu kan isa fakkeessu yoo ta'e irraa of qusachuu qabakan jedhoo dha.* Qajeeltoo kana irraa akka hubatamutti, akka qajeeltoo waliigalaatti abbaan seeraa jirenya dhuunfaa isaa keessatti ogeessota seeraa

dhaddacha isaa irratti falmii qabaachuun deddeebi'an waliin walitti dhufeenya qabaachuu hin dhorkine. Haa ta'u malee, haala addaatiin walitti dhufeenya abbaan seeraa ogeessota seeraa kan biro waliin qabu kun ija nama sababa qabeessa ta'een yeroo madaalamu abbaan seeraa loogummaan kan hojjetu ta'e akka mul'atu carraa kan uuman yoo ta'ee irraa of qusachuu akka qabu kan agarsiisuu dha. Kanaaf abbaan seeraa daangaa kana eeguudhaan walitti dhufeenya ogeessota seeraa biro waliin qabaachuun rakkoo miti.

Qajeeltoo 4<sup>ffa</sup>n, “*Dhimma maatii isaa yookiin dhimma haala kamiinuu wal quunnamtii waliin qabu fuudhee ilaaluu hin qabaatukan jedhuu dha.* Qajeeltoon kun abbaan seeraa dhimma falmii miseensi maatii isaa bakka bu'ummaan dhiheessu ykn dhimmicha waliin haala kamiiniyyuu quunnamtii kan qabu yoo ta'e ilaalee murteessuu akka hin qabnee fi dhaddacha irraa ka'uu kan isa dirqisiisuu dha. Sababni duuba isaa jirus abbaan seeraa dhimma miseensi maatii isaa bakka bu'ee dhiheessus ta'e dhimma ofii isatii dantaa keessaa qabu ofitti fuudhee ilaalee kan murteessu yoo ta'e, alloogummaan murteessuu ni danda'a jedhamee waan hin yaadamneefi dha.

Qajeeltoo 5<sup>ffa</sup>n, “*Abbaan seeraa kamyuu Mana jirenyaa isaas ta'ee mana daldaalaa isaa keesaatti miseensa hawaasa ogummaa seeraa qabaniitiif maamiltoota isaanii akka itti keessummeesan hayyamuu hin qabaatukan jedhuu dha.* Bu'uura qajeeltoo kanaatiin abbaan seeraa mana jirenya isaa ykn kan daldalasaa keessatti ogeessotni seeraa biron maamiltoota isaanii waliin akka walquunnaman hayyamuu hin qabu. Akkasumas sarara quunnamtii isaa kanneen akka bilbilaa, imeelii, faaksii fi kkf ogeessotni seeraa kan biron maamiltoota isaanii akka ittiin wal-qunnaman hayyamuu irraa of-eeggachuu qaba. Sababni isaas, gochoonni kun alloogummaa abbaa seerummaa irratti dhiibbaa uumuu danda'u waan ta'eef.

Qajeeltoo 6<sup>ffa</sup>n, “*Abbaan seeraa kamyuu akkuma lammilee kaanii Mirgi yaada ofii bilisaan kennachuu fi amantii fedhan hordofuu akkuma jirutti ta'ee mirgoota isaa kanatti yemmuu fayyadamu kabajaa abbaa seerummaa tuquu hin qabu.* *Duudhaalee wal-qixxummaa fi al-loogummaa karaa hin cabsineen ta'uu qaba.* ”kan jedhuu dha. Qajeeltoon kun akka qajeelchutti abbaan seeraa akkuma lammii kamyuu mirga yaada isaa bilisaan ibsachu, amantii fedhe hordofuu, gurmaa'uu fi walghaai geggeessuu kan qabu yoo ta'eliee yeroo mirga kanatti fayyadamu qixa kabaja ogummaa isaa eegsisuun akkasumas al-loogummaa fi bilisumaa abbaa seerummaa mirkaneessuun raawwachuu akka qabu kan dirqisiisuu dha. Kun immoo abbaan seeraa akkuma lammilee kanneen biro mirga yoo qabaates, dirqama irratti gatamee jiru irraan

kan ka'e mirgi isaa daanga'aa ta'uu agarsiisa. Kana immoo abbaan seeraa gara ogummaa kanaatti gaafa dhufu itti amanee fedhii isaatiin murteessee itti seenuu akka qabu qajeeltoo lammaffaa jalatti ilaalleerra.

Abbaan seeraa tokko mirgoota qajeeltoo kana jalatti ibsaman fayyadamuun dura dhimmoota akkamii yaada keessa galchuu qaba kan jedhu ilaalcissee yaadni qajeeltoo naamusa ogummaa abbaa seerummaa Baangaaloor irratti barrefffame abbaan seeraa mirgoota kanatti fayyadamuun isaa alloogummaan hojii isaa hin hoijetu tilmaama jedhu ni uuma moo miti, dhiibbaa qaama siyaasaa irraa dhufuuf kan isa saaxilu moo, miti ykn kabaja ogummaa isaa kan salphisu moo miti kanneen jedhan xinxaluun murteessuu akka qabu kaa'eera.<sup>40</sup> Kunis abbaan seeraa akka nama tokkootti mirgoota kanatti fayyadamuuf mirga kan qabu yoo ta'elée, mirga kanatti fayyadamuun isaa alloogummaa fi bilisummaa abbaa seerummaa irratti shakkii kan uumu yoo ta'e akkasumas kabaja ogummaa isaa kan salphisu yoo ta'e, itti fayyadamuu akka hin qabne kan agarsiisuu dha. Fakkeenyaaaf, abbootiin seeraa waltajjiwwan uummataa falmisiisoo ta'an irratti falmuu fi yaada kenuun mirga isaanii yoo ta'es, falmuu fi yaada kenuurraa yoo of qustan filatamaa dha. Sababni isaas, yaada mootummaa mormuu fi qeequ ykn yaada uummataa mormuu fi qeequ yoo dhiheessan falmii mootummaan ykn uummatni garee itti ta'e irratti loogii malee murteessuu danda'u shakkii jedhu uumuu danda'a waan ta'eef.

Qajeeltoo 7<sup>ffaa</sup>n, “*Abbaan seeraa kamyuu Galiiwan dhuunfaa isafii fayidaawan mallaqaa bakka bu'ummaan bulchu hordofuu fi kan miseensota maatii isaa baruutu irra jiraata.*” kan jedhuu dha. Qajeeltoo kana irraa akka hubatamuttis abbaan seeraa utuu hin beekin walitti bu'insi fedhii(conflict of interest) hojii keessatti uumamee fayyaalummaa isaa shakkii keessa akka hin galchineef dursee galiiwan dhuunfaa isaa fi faayidaawan maallaqaa kan bakka bu'ummaan bulchu, hordofuu fi hubannoo isaa qabaachuu, fi kan maatii isaa immoo hordofuudhaan beekuudhaaf tattaaffii gahaa gochu akka qabuu dha.

Qajeeltoo 8<sup>ffaa</sup>n, “*Abbaan Seeraa quunnamtii inni jirenya hawaasummaa keessatti qabu hojii isaa irratti dhiibbaa qaqqabiisuu hin qabu; aangoo isaa faayidaa dhuunfaa isaatii fi maatii isaf oolchuu hin qabu.*” kan jedhuu dha. Qajeeltoo kana irraa akka hubatamutti walitti dhufeenyi dhuunfaa abbaan seeraa hawaasa waliin qabu akkasumas maatiin isaa hawaasa waliin qaban

<sup>40</sup>. Commentary on The Bangalore Principles of Judicial Conduct: The Judicial Integrity Group, March 2007 fuula 89-91

amala hojii ogummichi barbaadu mirkaneessuu fi murtii kennuu irratti dhiibbaa akka hin uumneef of-eeggannoo cimaa gochuu akka qabu kan agarsiisuu dha. Yeroo tokko tokko maatiin ykn hiriyyootni abbaa seeraa abbaan seerichaa dhimma ilaalee murteessu irratti deggersa hin malle akka isaaniif ykn namoota birof godhu gaafachuu danda'u. Haalotni kun yeroo mudatan abbaan seeraa keessummeessuuf carraa uumuu hin qabu. Kana malees, yaadni qajeeltowwan naamusa abbootii seeraa Baangaaloor irratti barreffame akka ibsutti, abbaan seeraa murtii haqa qabeessa ta'e kennuuf dhiibbaa hawaasaa irraa bilisa ta'uu qofa osoo hin taane, dhiibbaa keessoo isaa irraa dhufu irraas bilisa ta'uu akka qabu agarsiisa.<sup>41</sup> Qajeeltoon kun qabxii gurguddaa lama qabatee kan jiru yoo ta'u, gama tokkoon abbaan seeraa tokko fayyaalummaa qaba jechuun kan danda'amu aangoo abbaa seerummaa isaaf kenname faayidaa dhuunfaa isaaf ykn maatii isaatiif akkasumas namoota birof osoo hin taane faayidaa uummataaf kan oolchu yoo ta'eedha. Gama biraan immoo abbaan seeraa dirqama hojii abbaa seerummaa isaa yeroo bahutti namni biraan dhiibbaa kan isa irratti qaqqabiisan ykn qaqqabiisuu danda'an ta'anii namoota biro biratti akka mul'atan gochawwan taasisan ofii isaatii raawwachuu dhiisuu qofa osoo hin taane namoonni kanneen biron illee akka raawwatan hayyamuu akka hin qabnee dha.

Qajeeltoo 9<sup>ffaa</sup>n, “*Abbaan Seeraa icitiwwan adeemsa hojii keessatti harka isaa galanyookiin sababa hojiitiin beeke qaama sadaffaa karaa kamiinuu dabarsee himuu yookiin kennuu hin qabu.*”kan jedhuu dha. Qajeeltoo kana irraa kan hubatamu, akka qajeeltootti abbaan seeraa odeeffannoowwan sababa hojii isaatiin argate iccitummaan qabuuf dirqama kan qabu akkasumas dhimma dhuunfaa isaaf itti fayyadamuu akka hin qabnee dha.

Qajeeltoo 10<sup>ffaa</sup>n, “*Abbaan seeraa kamiyyuu Yeroo hojii irra jirutti ogummaa seeraatiin tajaajila kamuu kennuu hin qabaatu, dirqama hojii isaa raawwachuu waliin wal-qabatee liqii fi fayidaa gara garaa gaafachuuus ta'ee fudhachuu hin qabu.*”kan jedhuudha.Qajeeltoo kana irraa dirqamni abbaan seeraa irratti gatamee jiru abbaan seeraa ogummaa seeraatiin hojii Abbaa seerummaa malee hojii biro kamuu hojjachuu kan hin dandeenne ta'uu isaati. Abbaan seeraa sa'atii hojiin alatti barsiisuu ni danda'amoo, hin danda'u kan jedhu falmii ta'uun yeroo ka'u mul'ata. Qabxii kana leenjifamtootni mariin kan gabbisan ta'a.

---

<sup>41</sup> . Commentary on The Bangalore Principles of Judicial Conduct: The Judicial Integrity Group, March 2007, fuula 93

Qajeeltoo kanaan wal qabatee qabxiileen ilaalamuu qaban,gama tokkoon abbaan seeraa hojii abbaa seerummaa hojjetuun ykn akka hin hojenne barbaadamuu walqabatee kennaa, liqa ykn faayidaa kan biro gaafachuus ta'e fudhachuu akka hin qabne kan tumu yoo ta'u; gama biraan immoo miseensi maatii abbaa seerichaas hojii abbaan seerichaa hojjetuuf ykn akka hin hojenne barbaadamuuuf kennaa, liqa ykn faayidaa biraa gaafachuus ta'e fudhachuu akka hin qabne kan tumuu dha. Kun immoo abbaan seeraa ofii isaatii faayidaan hojjechuu irraa of quachuu qofa osoo hin taane, miseensi maatii isaallee hojii abbaan seerichaa hojjetuun faayidaa kan hin arganne ta'uu isaanii dirqama to'achuu fi hordofuu kan qabu ta'uu isaa agarsiisa.

### **Xiinxala dhimma 3<sup>ffaa</sup>**

Dhimmi kun falmii Garee Inispeakshinii Naannoo MMWO fi himatamaa abbaa seeraa mana murtii aanaa gidduutti geggeeffamaa turee galmeek lakk.00291 ta'e irratti gaafa 5/9/2007 murtii argatee dha. Gareen Inispeakshinii naannoo himanaa himatamaa irratti dhiheesseen, himatamaan abbaa seeraa mana murtii aanaa Meettaa Roobii ta'ee yeroo hojjechaa turetti, dambii naamusaa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii Oromiyaa lakk.2/2001 kwt.49 irra darbuun galmeek lakk.20485 ta'e giddu seentuun Hataatuu Gadaa jedhamtu falmii keessa seentee falmachaa osoo jirtu obboleessa ishee Alamuu Gadaa jedhamu harkaa gaafa 19/2/2006 qarshii kuma sadiif dhibba saddet(3800.00) waan fudhateef, badii naamusaa matta'aa fudhachuu raawwateera kan jedhuu dha. Himatamaan gocha ittiin himatame haalee deebii kenneera.

Gareen gumii naannoos dhimma kana ragaan erga qulqulleessee booda, ragaan garee inispeakshiniin dhihaatan himatamaan gocha ittiin himatame raawwachuu isaa waan mirkaneessaniif, ragaan himatamaa immoo waan irraa hin ittifneef, keewwatuma ittiin himatame jalatti murtii balleessummaa kennuun hojii irraa akka geggeeffamu murteesseera.Gumiin Waliigalaas dhimma kana ol-iyyannoona ilaaLEE murtii garee gumii naannoo cimseera.

### **Xiinxala dhimma 4<sup>ffaa</sup>**

Dhimmi kun falmii Garee Inispeakshinii Naannoo MMWO fi Himatamaa Abbaa seeraa mana murtii Aanaa gidduutti geggeeffamaa turee, galmeek lakk.217/2005 gaafa 24/3/2006 murtaa'ee dha. Gareen Inispeakshinii Naannoo himanna himatamaa kana irratti dhiheesseen, himatamaan kun abbaa seeraa Mana Murtii Aanaa Begii ta'uun yeroo hojjechaa turetti, dambii naamusaa lakk.2/2001 keewwata 49 irra darbuun, galmeek siivilii lakk.10776 ta'e irratti ji'a sadaasaa bara

2005 keessa himatamtoota Tamiimaa Abduufaatiin matta'aa naaf kennitan malee mucaan keessan raawwii waan gufachiiseef baatii ja'an adaba jedhee doorsisuun nama Kamaal Bariisoo jedhamu irraa qarshii kuma lama(2000.00) matta'aa fudhateera kan jedhuu dha. Himatamaanis gocha ittiin himatame kana akka hin raawwanne ibsuun deebii kennee jira.

Gareen gumii naannoos ragaa bitaa fi mirgaa erga dhaga'ee booda, ragaan garee Inispeekshiniin dhihaate himatamaan gocha ittiin himatame kana raawwachuu isaa waan mirkaneessaniif, gama biraan immoo himatamaan gal mee lakk.215/2005 irratti keewwata 49 irra darbuun abbaa dhimmaa waliin quunnamtii saalaa raawwachuuuf yaaluun, kwt.43 irra darbuun seera ifaan jiru cabsee gal mee moggaafamee akka hin ilaalle murtaa'e fuudhee ilaaluun, gal mee lakk.218/2005 irratti kwt.49 irra darbuun matta'aa qarshii kuma sadii gaafachuun, gal mee lakk.219/2005 irratti kwt.45(2) irra darbuun nama arrabsuun, dambii kana keewwata 50 irra darbuun aangoo garmalee fayyadamuun iyyata yakkaa ulaagaa hin guunne ofumaaf himataa ta'ee, hojjetaa mana murtii himatamaa gochuun, hojjetaan gal mee banuu didnaan poolisiin akka to'ataman ajajee, durgoo poolisii isaan to'atuuf qarshii dhibba ja'a(600.00) miindaa isaanii irraa akka citu ajajuun himatamee balleessaa jedhamuu isaa ilaalcha keessa galchuun balleessaa taasisuun hojji irraa akka geggeeffamu murteesseera.

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Dhimma 5<sup>ffaa</sup> fi 6<sup>ffaa</sup> olitti ibsaman irratti gocha abbootiin seeraa kun raawwatan duudhaa fayyaalummaa waliin akkamitti ilaaltu?
- 2) Qajeeltoo alloogummaa waliin hoo walitti dhufeenyaa qaba jettanii yaadduu? Maaliif

### **Xiinxala dhimma 5<sup>ffaa</sup>**

Dhimmi kun falmii Garee Inispeekshinii Naannoo MMWO fi abbaa seeraa gidduutti geggeeffamaa turee gal mee lakk.00327 ta'e irratti murtii argatee dha. Gareen Inispeekshinii naannoo himanna himatamaa irratti dhiheesseen, himatamaan abbaa seeraa aanaa Faantaallee ta'anii yeroo hojjetanitti gal mee yakkaa lakk.01141 ta'e irratti falmii abbaa alangaa fi himatamaa Leencoo Mahaammad gidduu tureen kan abbaan alangaa seera yakkaa keewwata 27(1) fi 620(1) jalatti himanna dhiheesse irratti moggaafamanii dhimmicha ilaala osoo jiranii dhaddacha gaafa 19/2/2006 oole irratti himatamaan yakka ittiin himatame raawwadheera jedhee amanuu isaa erga galmeessanii booda, amanus ragaa dhaga'uun murtii haqaa kennuuf gargaara jedhanii ajajuun

ragoonti abbaa alangaas jecha isaanii yoo kennan haaluma himannaa abbaa alangaatiin mirkaneessanii osoo jiranii, himatamaan garuu dhaddacha gaafa 28/2/2006 oole irratti murtii kennaniin himatamaan yakka itti himatame hin raawwanne jedhee waakkateera, ragoonti abbaa alangaas jecha kennaniin himatamaan miidhamtuu yoo tumu malee gudeeduuf yaalii yoo godhu hin argine, garuu dhahuu isaa argineera jedhanii waan irratti mirkaneessaniif SDFY keewwata 133(2) tiin gocha himatamaan raawwate seera yakkaa keewwata 556(1) jalatti kuffisuun hidhaa ji'a ja'an waan adabeef badii naamusaa ta'e jedhanii seera dabsuu raawwateera kan jedhuu dha.

Himatamaan deebii kenneen, himannaa narratti dhihaateen walqabatee komii tokkollee hin qabu.Haa ta'u malee, akka himannaa irratti dhihaateen garee tokko gargaaruuf kanaan raawwadhe osoo hin taane dogoggora hojii keessatti uumameedha. Kan hin dogoggore nama ta'aa oolu qofaadha; baayyina hojii iddo kanaa irraa ka'een dogoggore. Ragaa faccisaa dhiheeffadhus hin qabu jedheera.

Gareen gumii naannoos falmii bitaa fi mirgaa erga dhaga'ee booda, gal mee yakkaa lakk.01141 ta'e irratti himatamaan leencoo jedhamu jecha amantaa fi waakkii yeroo kenu, yakka ittiin himatame guutumaan guutuutti raawwachuu isaa amanee jira.Ragaan abbaa alangaa dhihaatanis himatamaan yakka yaalii gudeedii miidhamtuu irratti raawwachuuf yaalii gochuu isaa bu'uruma himannaa abbaa alangaatiin mirkaneessanii jiru. Himatamaan kun garuu murtii kenne keessatti jecha amantaa himatamaan gal mee yakkaa kana irratti kenne, waakkateera jechuun jijiiree akkasumas jecha ragoota abbaa alangaa akka waan miidhaa qaamaa salphaa mirkaneessaniitti jijiiruun murtii keessatti ibsee keewwata jijiiruun adabbii kenuun isaa gal mee irraa qulqullaa'eera. Hojiin abbaa seerummaa hanga fedhe yoo baayyates abbaan seeraa haqa baasuuf akkasumas haqaaf hojjechuuf dhaabbate tokko jecha amantaa kennamee fi jecha ragootni kennan jijiiruun waan haaraa galmeessa jedhamee gonkumaa hin tilmaamamu. Adabbiin yaalii gudeeddiif tumamee jiru cimaa waan ta'eef himatamaan ta'e jedhee nama yakka raawwate gargaaruuf seera ifaan tumamee jiru jallisee jira jechuun keewwata 43 jalatti balleessaa taasisuun miindaa ji'a lamaaf walakkaan (2 ½) adabeera.Dhimma kana irratti hundaa'udhaan gaaffilee itti aanan irratti mar'adha.

## **Gaaffilee Marii**

- 1) Gocha raawwatame kana xiinxaltanii yeroo ilaaltan abbaan seeraa kun fayyalessa jechuun ni danda'amaa? Maaliif?
- 2) Gocha abbaan seeraa kun raawwate ulaagaa ta'e jedhanii seera dabsuu ni guuta jettanii yaadduu? Maaliif?

## Gaaffiilee Marii

- 1) Duudhaa Fayyaalummaa qajeeltoo 4<sup>ffaa</sup> jalatti gaaleen “*haala kamiinuu dhimmichaa wajjin quunnamtii qabu*” jedhu dhimmoota akkam akkamii hammata jettanii yaaddu? Bal’inaan kaasuun irratti mari’adhaa!
- 2) Abbaan seeraa obbo “A” jedhaman mana murtii aanaa magaalaa Adaamaatti abbaa seeraa ta’anii hojjechaa jiru. Abbaan seeraa kun haadha manaa “C” jedhamtuu fi dubbi fixaa bulchiinsa magaalaa Adaamaa ta’uun hojjechaa jiran qabu. Haati manaa isaa kun falmii bulchiinsa magaalaa waliin walqabatan qabattee gara mana murtii dhufte haa jennu. Abbaan seeraa kun dhimma isheen qabattee dhufte kana ofitti fuudhee ilaaluu danda’a jettanii yaadduu? Maaliif? Kallattii dantaa ogummaatiin akkamitti ilaalam?
- 3) Abbaan seeraa ofii isaatii maatii isaa bakka bu’ee mana murtiitti falmii dhiheessuu ni danda’a jettanii yaadduu? Kallattii kanaan koodii naamusa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii Oromiyaa irraa maaltu hubatama?
- 4) Qajeeltoo abbaan seeraa hojii abbaa seerummaa hojjechuun cinatti, ‘guddinaa fi dagaaginni sirna seeraa fi bulchiinsa haqaa akka dhufu gochuu keessatti tattaaffii olaanaa gochuun’ akka irraa eegamu tumamameera. Gama biraan immoo duudhaa kana qajeeltoo ‘abbaan seeraa yeroo hojii abbaa seerummaa hojjetutti tajaajila ogummaa seeraa kamiyyuu kennuu akka hin dandeenye’ ibsameera. Fakkeenyaaaf, abbaan seeraa sa’atii hojiin alatti barsiisuu danda’amoo, hin danda’u kan jedhu ilaachisee falmiin jira. Falmii kana akkamitti ilaaltu? Qajeeltoon kun lamaan walitti hin bu’u jettanii yaadduu? Garaagarummaan isaanii maaliin ibsama?
- 5) Qajeeltoo 10<sup>ffaa</sup> jalatti abbaan seeraa “***kennaa ykn badhaasa ykn faayidaa xiqashuu***” isaaf dhihaatu fudhachuu kan danda’u kennaan ykn badhaasni ykn faayidaan dhihaateef hojii abbaa seerummaa irratti dhiibbaa uumuuf kan hin taane yoo ta’ee ykn loogiidhaan hojjechuu abbaa seerichaa kan hin agarsiifne yoo ta’eedha. Gama kanaan, abbaan seeraa “***kennaa ykn badhaasa ykn faayidaa guddaa***” isaaf dhihaatu kan hojii abbaa seerummaa isaa irratti dhiibbaa uumuuf hin dandeenye fudhachuu danda’a jettanii yaadduu? Maaliif? “***Kennaa ykn badhaasa ykn faayidaa xiqashuu***” jechuun maal jechuudha? Maaliin ibsama? Bal’inaan kaasuun irratti mari’adhaa!

### **2.1.5. Walqixxummaan Tajaajiluu**

Duudhaan kun sadarkaa addunyaatti, qajeeltowwan naamusa abbootii seeraa Baangaaloor keessatti, akkasumas sadarkaa naannoo keenyaatti koodii naamusa abbootii seeraa Oromiyaa lakk.1/2011 jalatti duudhaalee naamusa ogummaa abbootiin seeraa kabajuu qaban keessaa isa tokko ta'ee tumamee jira. Akkaataa duudhaa kanaatti abbaan seeraa dirqama irratti gatame sirnaan bahachuu kan danda'u falmitoota isa duratti dhihaatan sababa kamiiniyyuu utuu wal hin caalchisin walqixxummaan keessummeessuu yoo danda'e qofaa dha. Sababni isaas, abbaan seeraa falmitoota walqixxummaan hin keessummeessine murtii haqa qabeessa ta'e ni kenna jedhanii yaaduun hin danda'amu.Qajeeltoon kun koodii naamusa abbaa seerummaa abboota seeraa Oromiyaa keessatti haala itti aanuun tumameera.

*Abbaan Seeraa ilaalcha walqixxummaa qabaachuun hojii abbaa seerummaaf murteessaadha.Nama kamiinuu, garee walfalaman dabalatee, ija qixaan ilaaluu qaba.Abbaan Seeraa umurii, bifa, koornayaa, sanyii, ilaalcha siyaasaa, amantaa, bakka dhalootaa, haala fayyaa fi qaama, gosa hojii yookiin ogummaa qabaachuun fi dhabuu irratti hundaa'ee loogii fi garaagarummaa uumuun hin qabu.*

Duudhaan kun qajeeltowwan afur of jalaa kan qabu yoo ta'u, akka itti aanuti gabaabsinee haa ilaallu.

Qajeeltoo 1<sup>ffaa</sup>n fi 2<sup>ffaa</sup>n,, “*Abbaan Seeraa nama kamuu walqixxummaa fi loogii malee ilaaluu fi keessummeessuu qaba. Kanneen akka umurii, bifa, koornayaa, sanyii, ilaalcha siyaasaa, amantaa, bakka dhalootaa, haala fayyaa fi qaama, gosa hojii yookiin ogummaa qabaachuun fi dhabuu ilaalee nama irratti qoeddii yookiin loogii raawwachuu hin qabu.*”kan jedhuu fi *Abbaan Seeraa yeroo kamuu jechaanis ta'ee gochaan loogii calaqqisiisuu hin qabu.*”kan jedhuu dha. Akkaataa qajeeltoo kanaatti abbaan seeraa yeroo hojii abbaa seerummaa hojjetutti sababoota rogummaa hin qabne kamiiniyyuu bu'uura godhachuun jechaanis ta'e gochaan loogii calaqqisiisuu irraa of qu sachuu akka qabuu dha.Jechaan yookiin gochaan haala kamiin loogiin raawwatamuu danda'a?kan jedhu gaaffii marii leenjifamtootaatiin gabbatuudha.

Qajeeltoo 3<sup>ffaa</sup>n, “*Abbaan seeraa Hojjattoota Mana Murtii fi kannneen isa jala jiran yookiin waliin hojjatan loogii malee keessummeessuu yookiin ilaaluu qaba.Isaanis akka namoota jidduutti garaagarummaa uuman eeyyamuu hin qabu.*”kan jedhuu dha. Mana murtii keessatti

kenninsi tajaajila abbaa seerummaa abbaa seeraa qofaan kan raawwatu osoo hin taane hojjetootni mana murtii keessa jiran ga'ee mataa isaanii qabu. Hojjetootni kun dirqama isaanii yeroo bahatan sababoota rogummaa hin qabne bu'uura godhachuun tajaajilamtoota gidduutti garaagarummaa uumuu danda'u. Qajeeltoon kunis abbaan seeraa hojjetootni to'annoo isaa jala jiran ykn hojjetootni mana murtii sababa rogummaa hin qabne kamiyyuu bu'uura godhachuun namoota gidduutti garaagarummaa akka hin uumneef to'annoo fi hordoffii gochuu akka qabu kan dirqisiisuu dha.

Qajeeltoo 4<sup>ffaa</sup>n, “*Abbaan seeraa Abukaatonni illee falmii keessatti haalaa fi amala loogii ibsu irraa akka of qusatan to'achuu qaba.*” Kan jedhuu dha. Adeemsa falmii keessatti abukaatootni sababoota rogummaa hin qabne bu'uura godhachuun jechaanis ta'e gochaan loogii ibsuu danda'u. Kun immoo madaalamummaa adeemsa falmii irratti dhiibbaa kan qabuu fi alloogummaa mana murtii gaaffii keessa kan galchuu dha. Kanaaf, bu'uura qajeeltoo kanaatiin abukaattootni gocha akkasii raawwachuu irraa akka of qusatan abbootiin seeraa shoora olaanaa taphachuu qabu. Abbaan seeraa yommu hojii abbaa seerummaa isaa gaggeesu amantaa, sanyii, siyaasaa, dhaloota, sadarkaa, saalaa fi haala biro irratti hundaa'uun abbootii dhimmaa jiddutti garaagarummaa uumu hin qabu. Abbaan seeraa namoota mana murtiitti dhihatan hundaa (walfalmitoota, ragaalee, hojjataa mana murtii, abbaa seeraa) walqixxummaan keessummeesuuf dirqama qaba.<sup>42</sup>

---

<sup>42</sup> .moojulii naamusaa mana murtii waliigala oromiyaatiin bara 2011 barreeffame.

## Xiinxala dhimma 6<sup>ffaa</sup>

Dhimmi kun falmii Garee Inispeekshinii Naannoo MMWO fi himatamaa abbaa seeraa mana murtii aanaa Suudee gidduutti geggeeffamaa turee gal mee lakk.00350 ta'e irratti murtii argateedha. Gareen inispeekshinii naannoo himanna himatamaa irratti dhiheesseen, himatamaan abbaa seeraa mana murtii aanaa Suudee ta'ee yeroo hojjechaa turetti dambii naamusa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii lakk.2/2001 keewwata 43 irra darbuun gal mee yakkaa lakk.11706 ta'e irratti labsii bosonaa Oromiyaa lakk.72/95 keewwata 15(5) jalatti murtii balleessummaa kennanii adabbii ka'umsaa waggaa shan erga qabatanii booda seera ifaan tumamee jiru jallisuudhaan gadi bu'ee hidhaa baati sadiin waan adabeef, akkasumas gal mee yakkaa lakk.12844 ta'e irratti nama yakka dhoksaan himatamee irratti mirkanaa'e tumaad huma kana jalatti murtii balleessummaa erga kennee booda adabbiin keewwaticha jalatti tumamee jiru hidhaa ta'ee osoo jiruu maallaqatti jijiiranii waan adabaniif seera ifaan tumamee jiru cabsuun badii naamusaa raawwateera kan jedhuudha. Himatamaanis deebii kenneen, lakk.gal mee 11706 irratti labsiin bosonaa seera addaa yoo ta'el ee gara seera waliigala seera yakkaatti jijiiruun ni danda'ama. Bu'uura seera yakkaa keewwata 179(c) tiin adabbii cimaa waggaa shanii hanga waggaa kudhanii ga'u gara waggaa tokkoo hanga waggaa shaniitti jijiiruun akka danda'amu seerri ifatti kaa'ee jira. Adabbii ka'umsa waggaa tokkoo irraa gadi bu'ee ji'a sadiin adabuun koo dogoggora miti. Gal mee lakk.12844 ilaachisee seera yakkaa keewwata 682(1) adabbiin isaa hidhaa qofaa akka ta'e ifaan tumamee jira.Haa ta'u malee, bu'uura qajeelfama adabbii lakk.2/2006 adabbiin hidhaa salphaa gulantaa 1<sup>ffaa</sup> - 5<sup>ffaa</sup>tti jiru qarshiin adabuun akka danda'amu ka'aamee jira.Kanaaf, bu'uura seera yakkaa 179(f) tiin hidhaa salphaa gara maallaqaatti jijiiruun akka danda'amu tumamee waan jiruuf seeran jallise hin qabu jechuun deebiseera.

Gareen gumii naannoos falmii bitaa fi mirgaa erga dhaga'ee booda, himatamaan haala himannaan irratti dhihaateen galmewan kana irratti murtii kennuu isaa hin haalle. Garuu haala kanaan murteessuuf seeratu na deggera jechuun seera yakkaa keewwata 179(c fi f) bu'uura godhatee kan falmuudha. Bu'uura keewwata kanaatiin adabbii hir'isuun kan danda'amu sababni gahaan yoo jiraatee dha. Himatamaan bu'uura kanaan adabbii hir'isuuf sababa gahaa isa dandeessise hin ibsine. Himanna 1<sup>ffaa</sup> ilaachisee adabbiin ka'umsaa labsii jalatti tumame waggaa shan ta'ee osoo jiruu ji'a sadiin adabuun isaa seera ifaan jiru cabsuu dha. Himanna 2<sup>ffaa</sup> ilaachisees adabbiin seerichaan tumame hidhaa qofa ta'ee osoo jiruu, yakkichis ta'e jedhamee

yakka raawwatamu ta'uu isaa osoo beekuu sababa maaliif garaa laafuufiin akka barbaachise gumii kanaaf ifa miti. Kanaaf galmee lamaan irrattiyyuu ta'e jedhee yaaduun himatamtoota gargaaruuf jedhee seera ifaan jiru cabseera jechuun keewwata 43 jalatti balleessaa taasisee miindaa ji'a lamaaf walakkaan(2 ½) adabeera.

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Gocha abbaan seeraa kun raawwate 'duudhaa walqixxummaa' waliin akkamitti ilaaltu?
- 2) Falmii himatamaan seera yakcaa 179(c fi f) ibsuun kaase gareen gumii naannoo kufaa gochuun isaa sirriidha jettuu? Abbaan seeraa kun ta'e jedhee seera cabseera jechuun ni danda'amaa? Xiinxala gareen gumii naannoo taasise akkamitti ilaaltu?
- 3) Duudhaa walqixxummaa qajeeltoo 1<sup>ffaa</sup> jalatti '**abbaan seeraa yeroo hojii abbaa seerummaa geggeessu nama kamirrattuu jechaanis ta'e gochaan loogii calaqqisiisuu**' irraa of quachuu akka qabu tumameera. Jecha ykn gocha akkamiitu loogii agarsiisuu danda'a jettanii yaaddu? Yaad-rimee loogii duudhaa alloogummaa jalatti ibsame waliin garaagarummaa qaba jettuu? Garaagarummaa hin qabu yoo ta'e duudhaa kana jalatti tumuun maaliif barbaachise?

#### **2.1.6. Gahumsa Hojii Abbaa Seerummaa.**

Hojiin abbaa seerummaa mirgaa fi lubbuu namaa irratti murteessuun kan walqabatu waan ta'eef gahumsa olaanaa ogummichi barbaadu kan gaafatuu dha. Gahumsa ol'aanaa ogummichi barbaadu kana qabaachuun duudhaa naamusa ogummaa abbootiii seeraa ta'ee qajeeltoo naamusa ogummaa abbaa seerummaa Baangaaloor keessattis ta'e koodii naamusa abbootii seeraa naannoo keenyaa keessatti tumamee jira.Haaluma Kanaan koodiin naamusa abbaa seerummaa manneen murtii Naannoo Oromiyaa lakk.1/2011 duudhaa kana haala itti aanuun kaayeera;

*Abbaan Seeraa hojii abbaa seerummaa faaraan hojjachuudhaaf beekumsaan, qaamaanii fi xiinsammuudhaan gahumsa barbaachisu qabatee argamuu qaba.Gahumsa isaas yeroo gara yerootti fooyeffachuudhaaf tattaaffii cimaa gochuutu irraa eegama.Duudhaa kana jalatti kanneen armaan gadii ni haamatamu.*

Duudhaa kana irraa hubachuun akka danda'amutti abbaan seeraa hojii abbaa seerummaa haala guutuu ta'een hojjechuuf qaamaanis ta'e yaadaan nama gahumsa qabu ta'uu akka qabuu dha. Kunis beekumsaa fi dandeettii seeraa qabaachu, qophaa'ina hojii qabaachu, muuxannoo fi beekumsa qabu guddifachuuf tattaafachuu, amalli inni uumamaan qabu gahumsa isaa irratti

dhiibbaa akka hin qaqqabsiisne of-eeggannoo cimaa gochuu fi kkf kan dabalatuu dha. Duudhaan kun qajeeltowwan shan kan qabu yoo ta'u, gabaabinaan akka itti aanutti haa ilaallu.

Qajeeltoo 1<sup>ffaa</sup>n, “*Abbaan Seeraa hojii abbaa seerummaa gahumsa ol'aanaadhaan hojjachuu qaba.*” kan jedhuu dha. Akka waliigalaatti hojiin abbaa seerummaa dhimma dhihaate tokko firii dubbii dhimmichaa, ragaa fi seera dhimmichaaf rogummaa qabuun wal bira qabanii xiinxaluun murtii kennuu dha. Abbaan seeraas gara ogummaa kanaatti yeroo dhufu hojiin isaa inni ijoon kenninsa tajaajila abbaa seerummaa raawwachuu dha. Kanaaf, abbaan seeraa hojii Abbaa seerummaa xiyyeffannoo addaa itti kennee gahuumsa ol'aanaadhaanhhojjachuu kka qabu qajeeltoon kun ni dirqisiisa.

Qajeeltoo 2<sup>ffaa</sup>n, “*Abbaan Seeraa beekumsa, dandeettii fi cimina dhuunfaa hojiin abbaa seerummaa faaraan hojjachuu isa dandeessu qabaachuu qaba.*” kan jedhuu dha. Qajeeltoon kun dirqamni abbaa seeraa irratti gatamee jiru dhimma dhihaateef ilaalee murteessuu qofa osoo hin taane dhimmicha ilaalee haala bu'a qabeessa ta'eenii fi gahuumsa qabuun hojjachuuf beekumsa, dandeettii fi cimina dhuunfaa hojiin Abbaa seerummaa gaafatu qabaachuu akka qabu dirqisiisa.

Qajeeltoo 3<sup>ffaa</sup>n, “*Abbaan seeraa gahumsa isaa yeroodha gara yerootti gabbifachuu fi fooyeffachuuuf dhuunfaa isaatiin tattaaffii gochuutu irraa eegama. Leenjii fi haalawwan Manni Murtii isaaf mijeessetti qixa sirriidhaan itti dhimma bahuu qaba.*” Kan jedhuu dha. Akkuma olitti ibsame hojiin abbaa seerummaa gahumsa olaanaa Kan gaafatuu dha. Kanaaf, abbaan seeraa hojii abbaa seerummaa isaa sirnaan geggeessuuuf beekumsa, dandeettii fi cimina dhuunfaa isaa dagaagsuuf carraa leenjii fi barnootaa waajirri isaa isaaf mijeessu dabalataan ofii isaafillee gahumsa isaa cimsachuuf tarkaanfii barbaachisaa fudhachuu akka qabu qajeeltoon kun ni dirqisiisa.

Qajeeltoo 4<sup>ffaa</sup>n, “*Abbaan Seeraan guddina fi jijiiramaa seeraa fi sirna seeraa yeroo yerootti taasifamu duukaa bu'ee beekuu fi beekumsaan of cimsuu qaba.*” Kan jedhuu dha. Qajeeltoon kun abbaan seeraa yeroo irraa gara yerootti jijiraa seeraa fi sirna keessa jiru duukaa bu'uun of haaromsaa deemuu akka qabu dirqisiisa.

Qajeeltoo 5<sup>ffaa</sup>n, “*Abbaan Seeraa beekumsa qabu waahellan isaa fi hawaasa Mana Murtii darbees hawaasa ogummaa seeraaf gooduuf hojjachuu qaba.*” Kan jedhuudha. Akkataa qajeeltoo

kanaatti abbaan seeraa beekumsa seeraa isaa hawaasa waliin hojjatuuf qooduu danda'uu akka qabuudha.

### **Xiinxala dhimma 7<sup>ffaa</sup>**

Dhimmi kun falmii garee inispeakshinii naannoo MMWO fi himatamaa abbaa seeraa gidduutti geggeeffamaa turee gal mee lakk.232/2005 ta'e irratti murtii argatee dha. Gareen inispeakshinii naannoo himanna himatamaa irratti dhiheesseen himatamaan kun pirezidaantii mana murtii aanaa Faantaallee ta'anii yeroo hojjetanitti dambii naamusaa keewwata 43 irra darbuun galme lakk.00503 ta'e falmii abbaa alangaa fi himatamtoota Roobaa Dhaddachoo fa(N-2) gidduu ture irratti dhaddacha gaafa 29/2/2005 ooleen moggaafamee himatamtoota balleessaa taasisee adabbii hidhaa erga irratti dabarsee booda qarshiin wabummaaf qabame abbaa qabsiiseef akka deebi'u ajajuun gal mee kan cufe yoo ta'u, gaafa 12/3/2005 immoo abbaan alangaa qarshiin wabummaaf qabame mootummaaf galii akka ta'u nuuf haa ajajamu waan jedheef qofa galmicha baasuun utuu gal mee hin moggaasin ajaja dabalataa jechuun gaafa 29/2/2005 kan hojjete fakkeessuun qarshiin wabummaaf qabame mootummaaf galii haa ta'u jechuudhaan ta'e jedhee garee tokko miidhuuf seera ifaan jiru cabseera kan jedhuudha. Himatamaanis waraqaan waamichaa qaqqabee deebii isaa osoo hin kennatin beellama irraa waan hafeef bakka inni hin jirretti falmiin geggeeffameera.

Gareen gumii naannoos falmii himataa dhaga'ee gal mee erga qoratee booda, ragaan barreefamaa dhihaate himatamaan dhaddacha gaafa 29/2/2005 ooleen qarshiin wabummaaf qabame abbaa qabsiiseef haa deebi'u jechuun gal mee kan cufee fi gaafa 12/3/2005 immoo iyyata abbaan alangaa dhiheeffate bu'uura godhachuuun mata duree ajaja dabalataa jedhu jalatti qarshiin wabummaaf qabsiifame mootummaaf galii haa ta'u jechuun ajaja duraan kenne diiguu isaa kan mirkaneessuu dha. Kana gochuu kan isa dandeessisu garuu deggersa seeraa hin qabu. Gal mee murtii ykn ajaja dhumaatiin cufame ilaalee murtii ykn ajajicha diiguuf aangoo kan qabu mana murtii ol-iyyannoo dhaga'u malee abbaan seeraa murtii ofiif kenne diiguuf aangoo hin qabu. Kun seera ifaan jiru cabsuudha jechuun balleessaa taasisee miindaa ji'a lamaan adabeera.

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Gocha abbaan seeraa kun raawwate duudhaa alloogummaa kan ilaallatuudhamoo, duudhaa gahumsaan walqabatuudha jettanii yaaddu? Maaliif?

- 2) Gocha himatamaan raawwate kun ulaagaa ta'e jedhanii seera ifaan jiru cabsuu danbicha jalatti tumame ni guuta jettanii yaadduu? Falmii yakkaa keessatti dogoggora adeemsaa uumamu haalli itti sirreessan jira jettanii yaadduu? Gama kanaan xiinxala gareen gumii naannoo taasise akkamitti ilaaltu?

### **2.1.7. Kaka'umsa fi Jabinaan Hojjachuu**

Koodiin naamusa abbaa seerummaa abboota seeraa manee murtii Oromiyaas duudhaa kana haala itti aanuun ibseera; *Abbaan Seeraa hojii isaa miira tajaajiltummaa guutuudhaan fi kaka'umsa ol'aanaadhaan raawwachuu qaba.* *Abbaan Seeraa hojii abbaa seerummaaf dursa kennee jabinaan hojjachuu qaba.* *Hojii kamuu dura hojii abbaa seerummaaf dursa kennuu qaba.* *Hojii biro hojii abbaa seerummaatti aansee sadarkaa lammaffaa irratii ilaaluu qaba* jedha. Duudhaan kun qajeeltoowwan armaan gadii ni haammata.

1. *Abbaan Seeraa hojii isaa miiraa gaariin, kaka'umsaa fi jabinaan hojjachuu qaba.*  
*Kaka'umsa fi jabina isaatiin fakkeenyaa ta'ee mul'achuu qaba.*
2. *Abbaan Seeraa ogummaa fi yeroo isaa duguugee hojii abbaa seerummaaf oolchuu qaba.*
3. *Abbaan Seeraa hojii abbaa seerummaaf dursa kennee jabinaa cimaadhaan hojjachuu qaba.* *Hojii abbaa seerummaan alattis hojii geggeessummaa fi bulchiinsaa itti kennamu illee amanamummaa fi jabina bahachuu qaba.*
4. *Abbaan Seeraa kamuu abbootii dhimmaa kabajaa ol'aanaan simachuu fi miira gaariidhaan keessummeessuu qaba.*
5. *Abbaan Seeraa hojii isaa miira tajaajiltummaa fi kaka'umsa ol'aanaadhaan raawwachuu qaba.*
6. *Abbaan Seeraa tasgabbii fi obsaan nama dhaggeeffachuu qaba.* *Garee walfalman obsaan ficiisiisee dhaggeeffachuu qaba.*
7. *Abbaan Seeraa sirna dhaddacha dammaqinaan to'achuu fi kabachiisuu qaba.* *Garee walfalmanis obsaan, walqixxummaa fi tasgabbiin keessummeessuu fi to'achuutu irraa eegama.*
8. *Abbaan Seeraa gaafatama fi aarsaa hojiin abbaa seerummaa gaafatu soda fi raafama tokko malee fudhachuu qaba.*

*Milkaa'ina fi fooyya'ina hojii Mana Murtii fi bulchiinsa haqaaf karaa danada'ame hundaan gumaacha gochuu qaba*

Akkuma mata durewwan darban jalatti tuquuf yaalle hojiin abbaa seerummaa dhimma mirgaa fi lubbuu namaar irratti murteessuu waan ta'eef, abbaan seeraa miira tajaajiltummaa fi kaka'umsa hojii olaanaadhaan dirqama irratti gatame kana akka raawwatu barbaadama.Haala kanaan hin raawwatu yoo ta'e galma barbaadame bira ga'uun hin danda'amu.Duudhaan kunis hojiin abbaa seerummaa galma barbaadame bira akka ga'uuf abbootiin seeraa hojii isaanii miira tajaajiltummaa fi kaka'umsa hojii olaanaa qabaachuun raawwachuu akka qaban dirqisiisa. Duudhaan kun koodii naamusa abbootii seeraa Oromiyaa jalatti qajeeltowwan sagal kan qabu yoo ta'u, qajeeltowwan kanneen cuunfinee yemmuu ilaalu;

Abbaan seeraa miira tajaajiltummaa olaanaan hojii abbaa seerummaa geggeessuu qaba yeroo jedhamu abbaa dhimmaa kabaja olaanaan simachuu fi keessummeessuu, arrabsoo ykn gocha kabaja namaar tuqu irraa of quachuu, tasgabbi fi obsaan abbaa dhimmaa dhaggeeffachuu, dhaddacha kabachiisuu qofa osoo hin taane ofii isaatiifis dhaddacha kabajuu, dhimma dhihaateef si'aayinaan murteessuu fi iyyannoo abbaa dhimmaa irraa dhihaatu battalumatti deebii itti kennuu kanneen jedhaniin kan ibsamu akka ta'e,akkasumas kenninsa tajaajila abbaa seerummaa keessatti kaka'umsa hojii qabaachuun abbaa seeraa maaliin ibsama/madaalam/ kan jedhu ilaachisee koodichi deebii kennee jira. Bu'uruma kanaan abbaan seeraa hojii abbaa seerummaa keessatti kaka'umsa hojii olaanaa qaba jechuun kan danda'amu, yeroo hunda haala hojii gaarii mijoeffachuu fi hojiidhaafis qophii ta'ee kan argamu yoo ta'e, aarsaa hojiin abbaa seerummaa gaafatu kaffaluuf qophii yoo ta'e(akkuma haala isaatti, sa'atii dabalataa, guyyaa ayyaanaa fi sanbataa hojjechuun, milkaa'ina hojii mana murtichaatiif karaa danda'ame hundaan gumaacha gochuu fi kkf ni dabalata), dabalataanis milkaa'ina sagantawan fooyya'insa manneen murtii keessatti geggeeffamaniif aarsaa barbaachisu hunda kaffaluuf qophii ta'uudhaan jijiirama mana murtii keessatti akka dhgufu barbaaddamuuf dursaan of qopheessudhaan, of jijiiruudhaan, gahumsa barbaachisaa fi kaka'umsa hojii horachuudhaan, kutannoo fi naamusa ogummaa ol'aanadhaan gahee isaa bahachuun akka irraa eegamu kan hubachiisuudha.

### **Xiinxala dhimma 8<sup>ffaa</sup>**

Dhimmi kun falmii Garee Inispeekshinii Naannoo MMWO fi himatamaa abbaa seeraa gidduutti geggeeffamaa turee galmeed Lakk. 14/2002 ta'e irratti murtii argatee dha. Gareen inispeekshinii naannoo himanna himatamaa irratti dhiheesseen himatamaan kun abbaa seeraa mana murtii aanaa ta'anii yeroo hojjetanitti dambii naamusa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii

lakk.2/2001 keewwata 25 irra darbuun falmii yakkaa galmee lakk. 06244 fi 06248 ta'e irratti geggeeffamaa turee fi ragaa bitaa fi mirgaa dhagahuuf beellamame irratti moggaafamuun sababa "poolisiin ajaja fudhachuu dideef" jedhuun galmee dhuunfaa isaanii kan biro irratti ajaja kennan poolisiin raawwatamuu dhabuu isaa gara galmee dhimmicha harkaa qaban waliitti dhufeeny tokkollee hin qabneetti fiduun sababa gahaa malee ragaan bitaa fi mirgaa dhihaatee otoo jiruu beellama jijiiruun dhimmichi akka harkifatu godhaniiru kan jedhuu dha.

Himatamaanis deebii kenneen beellama jijiiruun isaa ossoo hin haalin, garuu immoo beellama kan jijiire sababa bakka bu'aa mana murtii aanichaa wajjin waldhabdee qabuuf iyyata mana murtii ol'aanaati dhiheeffatee deebii eeggachaa kan ture waan ta'eef, dhiibbaa kana keessa taa'ee galmee hojjechuuf waan isa rakkiseef akka ta'e ibsuun balleesaa hin qabu jechuun falmateera.

Gareen gumii naannoos ragaa fi deebii dhihaate madaaluun ragaan barreeffamaa himataan dhiheesse galmeen ragaan bitaa fi mirgaa dhihaatee osoo jiruu sababa "poolisiin ajaja fudhachuu dideef" jedhuun kan beellamame ta'uut akkaatuma himanna dhihaateen kan raggaasisu ta'uut ibsuun ragaa bitaa fi mirgaa dhaga'uuf galmeen bakka beellamamee dhihaatee jirutti, sababa poolisiin galmee kan biraa irratti ajaja raawwachuu dideef galmee harka jiru beellamuun sirrii akka hin taane ibsuun utuma rakkoon jiraatees qaama ilaallatu wajjin dubbachuu sirreessuun osoo danda'amuu abbootii dhimmaa poolisii ajaja raawwachuu dide wajjin qunnamtii hin qabne waliin walitti hidhee beellama jijiiruun xaarsuun isaa badii naamusaa akka ta'e ibseera. Falmii himatamaan dhiheesse sababa "waldhabdee bakka bu'aa mana murtii wajjin qabuun iyyata mana murtii ol'aanaatti dhiheeffadhee deebii akka naaf kennamu eegaa waanan tureef beellame" jedhu galmee irratti sababa beellamni itti jijiirame ta'ee kan hin ka'amne waan ta'eef jechuun kufaa godhee himatamaan balleessaa raawwateera jechuun murteesseera.

### **Dhimma kana irratti hundaa'udhaan gaaffilee itti aanan irratti mar'adha.**

- 1) Gocha abbaan seeraa kun raawwate duudhaa naamusa ogummaa abbaa seerummaa keessaa 'miira tajaajiltummaa fi kaka'umsa hojji qabaachuu' jechuun dambii lakk.2/2011 jalatti tumame waliin akkamitti ilaaltu?
- 2) Gumiin xiinxala taasise keessatti himatamaan **sababa 'bakka bu'aa mana murtii waliin waldhabdee qabuuf beellama jijiire'**kan jedhu yoo ta'ellee, sababni kun galmee keessatti waan hin ibsamneef fudhatama hin qabu jedheera. Sababa kana himatamaan

galmee irratti osoo ibseera ta'ee beellama jijiiruuf sababa gahaa ta'uu danda'a jettuu?  
Maaliif?

- 3) Sababa gahaa malee yeroo tokkoof beellama jijiiruun akkaataa dambii naamusaa tiin dhimma lafarra harkisuu jedhamuu danda'a jettuu?
- 4) Duudhaalee naamusa ogummaa abbootiin seeraa hordofuu qaban kutaa kana keessatti ibsaman walitti dhufeenyaa akkamii qabu jettanii yaaddu? Isa tokko isa kaan irraa addaan baasanii ilaaluun ni danda'ama jettuu?

## **2.2. Duudhaalee fi Qajeeltowwan Naamusa Ogummaa Abbaa Alangummaa**

Mata duree kana jalatti duudhaalee fi qajeeltowwan naamusaa Abbootiin Alangaa ittiin qajeelfamuu qaban danbii lakk.161/2005 fi qajelfama lakk.9/2006 keessatti faffaca'anii argaman duudhalee kanneen akka ejjennoo gaarii, amanamummaa, bilisummaa, alloogummaa, iccitii eeguu fi gahumsa ogummaa fi kkf jalatti akka itti aanutti xinxalamanii dhiyaatanii jiru.

### **2.2.1. Ejjennoo Cimaa qabaachuu**

Ejjennoo gaariin duudhaa Abbaan Alangaa kabajuu qabu keessa isa tokko dha. Abbaan Alangaa yeroo hunda bakka hojiitti fi hawaasa keessatti ejjennoo daraan ol'aanaa (highest standard of integrity) qabaachuu fi agarsiisuu akka qabu Qajeelfamni fi Istandardiin Naamusa Mootummoota Gamtoomanii fi Waldaa Abbootii Alangaa Addunyaan bahan ni agarsiisu.<sup>43</sup> Haaluma walfakkaatuun, danbii fi qajeelfamni naamusaa Abbootii Alangaa Oromiyaa ejjennoo itti gaafatamtootaa fi Abbootii Alangaa irraa eegamu tumanii jiru. Danbiin lakk.161/2005 Abbaan Alangaa tokko mana hojii keessattii fi alatti yeroo kamiyyuu haala fi naamusa gaarii qabaachuu, naamusa ogummaa Abbaa Alangaa egisiisuu (kwt. 63), kennaawwan gaafachuu ykn fudhachuu akka hin qabne (kwt. 68) fi meeshaa mana hojichaa hojiif qofa oolchuu (kwt. 70) akka qabu ni ibsa. Dabalataan, qajeelfamni lakk.9/2006 Abbaan Alangaa tokko gocha naamusa ogummaa Abbaa Alangaa miidhu ykn miidhuu danda'uu raawwachuu dhiisuu (kwt. 19/3), kabaja ogummaaf amanamuu, ejjennoon dhaabbachuu (19/4), bilisummaa ogummaa Abbaa Alangaa, naamusa qabeessummaa fi maqaa gaarii kabaja ogummaa eeguu (kwt. 19/5), araada irra bilisa ta'uu (kwt. 24), namoota sababa hojiittin qunnaman kamiyyuu irraa maallaqa liqeeffachuu dhiisuu kwt. 23/1), tajajilamootni yeroo isa komatan of-to'achuu fi miira tasgaba'aa agarsiisuu (kwt. 23/2), hojin ala ta'e jedhanii abbootii dhimmaa, abukaatoo isaanii ykn firoota isaanii dhimma raawwachiftoota isaanii waliin walqunnamuu dhiisuu (kwt. 23/3) akka qabu ibsee jira.Qajeelfamni kun dabalataan ejjennoo gaarii itti gaafatamtoota Biirroo Haqaa Oromiyaa sadarkaa sadarkaan jiran irraa eegamu akka waliigalatti kwt.7 jalatti tarreesee jira.Fakkeenyaaaf, imaammata mootummaa hojiira oolchuu, hojii gahumsaan, naamusa ol'aanaan, akkasumas of-eegannoo fi si'aayinaan raawwachuu, seeraan ala hojjechuu, gocha sirrii hin taanee fi naamusa badaa irraa of qu sachuu akka qaban tumee jira.Akka waliigalaatti qabiyyeen

---

<sup>43</sup> .Standards of professional Responsibility and Statement of the Essential Duties and Rights of Prosecutors, adopted by International Association of Prosecutors, 1999 and UN guidelines on the Role of Prosecutors 1990.

duudhaa kanaa duudhaalee akka haqummaa, amanamummaa, fi kkf Kan hammatuu ta'uu fi naamusa daraan ol'aanaa bakka hojiittis ta'e bakka hojiin alatti abbootii alangaa irraa eegamu ta'uu isaa namatti agarsiisa.

### **Xiinxala dhimma 9<sup>ffaa</sup>**

Dhimmi kun falmii Garee Inispeekishii Naannoo BHO fi himatamaa Abbaa Alangaa Aanaa ta'ee giddutti gaggeeffamaa ture gaafa 11/6/2006 Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa Waliigalaatiin kan murtaa'ee dha. Garee Inispeekishii Naannoo himanna himatamaa irratti dhiheesseen 1<sup>ffaa</sup>, Abbaan Alangaa kun danbii ittiin bulmaata Abbootii Alangaa lakk. 31/1995 kwt. 55(1)( F, K fi P) cabsuun gal mee qorannoon xumuramee himanni akka banamu qabatee jiru, himata dhiheessuu osoo qabuu waan dhiheessuu dhabeef sababa gahaa hin taaneen hojii tursiisuudhaan abbaan dhimmaa akka deddeebi'u taasisuun, galmeema kana ilaachisee itti gaafatamaan isaa ragaa fi himatamaan waan dhihaataniif mana murtiitti himata akka dhiyeessu qajeelfama yemmuu kennuuf, didee arrabsuun waajjira keessatti jeequmsa waan kaaseef ajaja itti gaafatamaa isaa irraa kennamuuf fudhachuu diduu fi bakka hojiitti jeequmsa kaasuun , 2<sup>ffaa</sup>, danbii lakk 31/ 95 kwt. 55(1)(I fi J) cabsuun dhugaatii dhugee machaa'ee namoonni baadhatanii gara mana isaa kan galchan ta'uu fi yeroo dhugaatii dhugus teessoo akkasumas dubartii baadhatee shubbisuudhaan naamusa kabaja ogummichaa fi mana hojichaa salphisuun, yeroo hojii kabajee iddo hojiitti argamu dhabuu, yeroo argamus daqiqa muraasa qofa taa'ee bahee kan deemuu fi hojii isaaf kennames yeroon raawwachuu dhabuun, 3<sup>ffaa</sup>, danbii lakk. 31/95 kwt. 55(1)(R) cabsuun, gal mee himatamaa tokko himata mana murtiitti dhiheessee ture beellamaa gaafa 27/06/2005 dhaddacha irratti argamee falmuu fi dhimmicha hordofuu osoo qabu guyyaa beellamaa dhaddachaa irraa hafee sababa kanaan galmeen akka cufamu waan taasiiseef guyyaa beellamaa hayyama malee dhaddacha irraa hafeen balleessaa naamusaa cimaa raawwateen himatee jira. Himatamaanis himanna irratti dhihaate waakkachuun deebii kennee jira.

Gumiin Bulchiinsa Abbootii Alangaa Waliigala falmii bitaa mirga erga dhagahee booda himatamaan himanna isaa irratti dhihaatee kan offirraa hin ittisnee ta'uu fi gochi kanneen kan A/Alangaa tokko irra hin eegamne ta'uu ibsuun himatamaan Bitootessa 1/2006 irraa eegalee Godina Jimmaa irraa gara Godina Horroo Guduruu Wallaggaatti jijiiramee A/Alangaa Aanaa

ta'ee akka hojjetuun fi bu'uura Dambii lakk.31/1995 kwt. 56(2-E) tiin sadarkaa miindaa fi hojii irraa akka gadi bu'uu murteessee jira. Bu'uruma kanaan himatamaan A/Alangaa sadarkaa 3<sup>ffaa</sup> ta'uudhaan miindaa amma argachaa jiru Qr.2968 (kuma lamaa fi dhibba sagaliif jahatamii saddeet) irraa gadi bu'ee , Bitootessa 1/2006 irraa eegalee Qr. 2639(kuma lamaa fi dhibba jahaaf soddomii sagal) argachaa A/Alangaa sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> ta'ee akka hojjetu murteessee jira.

### **Gaaffilee Marii**

- 1) Balleessawan naamusaa Abbaa Alangaa Kun raawwate duudhaa ejjennoo cimaa fi amanamummaa waliin akkamitti madaaltu?
- 2) Abbaa Alangaa badii naamusaa raawwate tokko Godina ykn Aanaa tokko irraa gara Godina ykn Aanaa biraatti jijiiruun duudhaa naamusa ogummaa abbaa alangummaa mirkaneessuun ni danda'ama jettanii yaadduu? Kun adabbiidha jechuu dandeenyaa?

### **Xiinxala dhimma 10<sup>ffaa</sup>**

Dhimmi Kun falmii Garee Inspeekishii Naannoo BHO fi Abbaa Alangaa gidduutti geggeeffamaa turee gaafa 2/10/2000 Gumii Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa naannootiin murtaa'ee dha. Gareen Inispeekshinii Naannoo himannaata duree gal mee qorannaayakkaa jedhu jalatti himatamaa kana irratti dhiheesseen, himatamaan kun Abbaa Alangaa Itti Gaafatamaa Waajjira Haqaa Godinaa Horro Guduruu Wallaggaa ta'anii yommu hojjechaa turaniitti 1<sup>ffaa</sup>, gal mee yakka namni tokko ittiin himatame, miidhamaa dhuunfaa irraa qarshii 10,000 (kuma kudhan) fudhatee, kan hafe 4,000 (kuma afur) kennuu didnaan gal mee kana bu'uura S/D/F/Y kwt.42/Atiin cufuun gal mee kana waajjiruma isaa keessa dhoksee tursiisuun akka galmeen hin geenyee gabaasaa turuun, 2<sup>ffaa</sup> gal mee yaalii ajjeechaa cimaa, saamichaa fi jeequmsaan namoonni itti himataman gal mee araaraan hin kaane maallaqa itti nyaachuun himataa kaasuuf xalayaa lakk.87/2000 guyyaa 27/05/2000 mana murtiif barreessuun sababa A/Alangaa dhaddacha dideef manni murtii himata osoo hin kaasin hafuu isaa, 3<sup>ffaa</sup>, gal mee namoonni yakka ajjeechaan ittiin himataman himata ajjeechaa cimaadhaan erga ittiin himateen booda guyyaa kudhan keessatti himata kaasee gal mee qorannoo poolisii waajjira abbaa alangaa keessa teechisuun, 4<sup>ffaa</sup> gal mee nama yaalii

ajjeechaatiin himatame irratti himatamaan akka bilisa bahuuf guyaa yakki raawwatame jijjiiruun, ragaa miseensi poolisii bakka yakkaatti argame jecha isaa kenne keessaa hambisuun akkasumas ragaa Hospitaala Amboo irraa kennname keessa waan gateef, 5<sup>ffaa</sup>, galmee namootni afur yakka ajjeechaa lubbuutiin ittiin himataman abbaa alangaa galmeen qoodameef himannaq erga hundeessee booda marii paanaalii tokko malee osoo abbaa alangaa himata hundeesse hin beeksisin galmee kana bu'uura SDFY kwt. 42/A tiin cufuun, 6<sup>ffaa</sup>, galmee konkolaachisaan tokko konkolaataadhaan namoota 24 ajjeese mirga wabiitiin akka bahu dhiibbaa adda addaa gochaa turuudhaan abbaan alangaa godinaa yoo didu karaa aanaa akka mirga wabiitiin bahu haala mijeessuun, 7<sup>ffaa</sup>, galmee namootni 3 yaalii ajjeechaatiin himataman himatamtoota gargaaruuf himannaq kaasuun, 8<sup>ffaa</sup>, galmee buna seeraan ala geejibsiiifame tokko irratti ajaja seeraan alaa kenuudhaan bunni nama isaf hin malleef akka deebi'u gochuun badii naamusaa raawwateera kan jedhuu dha.

Lammaffaa, gareen Inispeakshinii naannoo mata duree hojimaata naamusaa jedhu jalatti himatamaan gocha kashalabboota waliin ooluu, dhugee halkan sa'atii malee deemuu, maalaammaltummaa hamaa keessa galuudhaan maallaqa abbootii dhimmaa irraa guurrachuun, abbootii alangaa fi hojjettoota ifachuu, gabaasa waa'ee naamusaa abbaa alangaa akka godinaatti qulqulla'e irratti qabxiwwan qaboo yaa'ii akka kaabineetti qabame irra kan hin jirre itti dabalee biiroof gabaasuu, mana jirenya ganda irraa fudhatee erga balbala itti hojjechiisee booda nama birotiif dabarsee kireeessee ofii isatiif nama dhuunfaa irraa kireeffatee jiraachuu fi abbaa alangaa aanaa irra jiran irraa faayidaa adda addaa gaafachuun fudhachuu raawwate jechuun himannaq dhiheessee jira.

Sadaffaa, gareen Inispeakshinii hojimaata waajjiraatiin walqabatee himannaq dhiheesseen 1<sup>ffaa</sup>hojiin BPR akka godinaatti kan hin jirree fi hojiittis kan hin galamne ta'uu, 2<sup>ffaa</sup>, hojimaanni gumii kan hin jirree fi hojjiwwan gumiidhaan hojjetamuu qaban itti gaafatamaa qofaan hojjechuu isaa fi 3<sup>ffaa</sup> miseensota gumii namootuma waan inni jedhe fudhatanii fi walitti hidhaminsa faayidaa qabaniin akka guutamee gochuun isaa ibsuun himatee jira. Himatamaan gocha ittiin himatame kana haalee jira.

Gumiin Waliigalaas falmii bitaa mirgaa dhaga'ee ragaadhaan erga qilqulleessee booda gochi himaatamaan raawwate ragaan irratti waan mirkanaa'eef, himatamaa hojii abbaa alangummaa irraa geggeessuun adabeera.

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Dhimma olitti dhihaate kana irratti balleessaawan naamusaa abbaa alangaa kanaan raawwataman tarreessaa.
- 2) Balleessaa naamusaa abbaa alangaa kanaan raawwatame duudhaalee naamusaa abbaan alangaa ittiin hogganamu keessaa isa kam jalatti akka kufu sababa rogummaa qabuun deeggaruun irratti mari'adhaa.

#### **2.2.2. Amanamummaa**

Amanamummaan duudhaalee Abbaan Alangaa tokko ittiin geggeeffamuu qabuu fi ulaagaa Abbaa Alangaa ta'uu nama dandeessisuu keessa tokkoo dha. Danbiin ittiin bulmaata Abbootii Alangaa lakk.161/2005 namni Abbaa Alangaa ta'ee muudamu hojii jalqabuun dura Gumii Waliigalaa fuulduratti dhiyaate kakuu yeroo raawwatu biyyaa fi naannoof amanamaa ta'uu isaa, heeraa fi seerota Federaalaa fi naannichaa raawwaachiisuuf, ol'aantummaan seeraa akka dhugoomu gochuuf, itti gaafatamummaa hojii itti kennname akkaataa seeraa qofaan raawwachuuf, kabaja namummaa fi mirgoota namoomaa eegsiisuuf amanamummaadhaan, dhugaadhaan, raawwachuu isa ibsuudhaan waadaa akka seenu ni ibsa (kwt.9). Kana malees danbiin Kun kwt.62 jalatti Abbaan Alangaa humnaa fi dandeettii qabuun amanamummaadhaan mootummaa fi uummata tajaajiluu akka qabu dirqama irra kaa'a.Dabalataan, qajeelfama Lakk.9/2006 kwt. 8 jalatti itti gafatamtoonnii fi hojjetootnni Biirichaa Abbaa Alangaa dabalatee heera federaalaa fi naannichaaf amanamaa ta'uu, hojii seeraa fi qajeelfama Biirichi baasu bu'uura godhachuun raawwachuu, qabeenya mootummaa fi sa'atii hojii haalaan hojjirra oolchuu fi faayidaa dhuunfaatiif oolchuu dhiisuu, gocha seeraan alaa geggeessaa hojii dhiyootiif ykn kutaa hojii dhimmichi ilaallatuuf ykn hogganaa ol'aanaaf ibsuuf dirqama akka qaban ni ibsa. Kanaaf Abbaan Alangaa yeroo hojii isaa hojettu duudhaa kana hojiira oolchuu fi ittiin qajeelfamuuf dirqama qaba.Dambiin bulchiinsa naamusa abbaa alangaa naanno oromiyaa wixineerra jirus qajeeltoowwan abbaan alangaa ittiin gaggeeffamu keessaa amanamummaa isa jalqabaa gochuun

Kan tume yommuu ta'u, sababa bilisummaa ogummaa hojii isaatiin amaanaa isatti kenname eeguu akka qabu dabalataan hammateera.

### **Xiinxala dhimma 11<sup>ffaa</sup>**

Dhimmi kufalmii Garee Inispeekishii Naannoo BHO fi **himatamaa** Abbaa Alangaagidduutti geggeeffamaa turee gaafa 12/10/99 murtaa'eedha. Gareen Inispeekshinii Naannoo himanna himatamaa irratti dhiheesseen,himatamaan abbaa alangaa aanaa ta'ee yeroo hojjechaa turetti, abbaa dhimma dedeebisuudhaan, falmii dhaddachaa laaffisuun abbaan dhimmaa haqa akka dhabu gochuun, himata dhihaate dhaddacha irratti argamee falmii geggessee ragaa barreeffamaa fi suura himannichaaf dhihaate mana murtiif osoo hin dhiheessin hafuun, waajjira haqaa Aanaa hojjetanitti hojjettoota waliin hojjetan waliin waliigaluudhan hojjechuu dhabuu, bilbila kutaa hogganaaf gale humnaan gara kutaa isaaniitti dabarsuudhaan furtuu isaa cabsuun qabeenya mootummaa irratti miidhaa geessisuu, qajeelfamaa fi ajaja seera qabeessa kennamu fudhachuu diduun hojii irratti miidhaa geessisuu, galme ol'iyyannoo abbaa dhimmaa jalaa dhoksuu, ragaa galme poolisii keessatti galmaa'ee hin dhihaanne kan biraa itti dabaluun himannichi bu'aa akka hin arganne gochuun himateera.

Himatamaanis gocha ittiin himatame waan waakkateef, gumiin ragaan erga qulqulleessee booda, gocha kana raawwachuun isaa waan mirkanaa'eef, himatamaanis ofirraa ittisuun waan hin dandeenyeef, hojiirraa akka geggeeffamu murteessee jira.

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Gochoota Abbaan Alangaa kun raawwate duudhaa amanamummaa waliin akkamitti madaaltu? Bal'inaan kaasuun irratti mari'adhaa!
- 2) Garaagarummaan duudhaa ejjennoo gaarii fi amanamummaa maaliin ibsama?
- 3) Abbaan Alangaa tokko heeraa fi seeraaf amanamaa ta'u isaa haala kamiin mirkaneessuun danda'ama jettanii yaaddu?

#### **2.2.3. Bilisummaa Ogummaa**

Bilisummaan Ogummaa Abbaan Alangaa duudhaa Abbootiin Alangaa yommuu hojii isaanii hojjetan ittiin qajeelfamanii fi hogganamuu qaban keessaa isaa tokko yoo ta'u, duudhaan kun waliigalteewwan idila addunya, labsii waajjira Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa

hundeesseen, qajeelfama naamusaa itti gaafatamtoota hojii fi hojjatoota biiroo haqaa Oromiyaa wabii akka argatu ta'ee jira. Keeyyata itti aanu jalatti maalummaa bilisummaa ogummaa Abbaa Alangaa fi dirqama Abbaa Alangaairraa eegamuu Kan ilaallu ta'a.

Maalummaa bilisummaa ogummaa Abbaa Alangummaa ilaachisee Qajeelfamni Naamusa Abbootii Alangaa Mootummoota Gamtoomaniin bahe keeyyata arfaffaa jalatti Abbootiin Alangaa hojii isaanii sodaa, dhiibbaa, hacuuccaa fi giddu-lixummaa hin malle irraa bilisa ta'anii hojjechuu akka qaban yoo tumu; Waldaan Abbootii Alangaa Addunyaa immoo Abbootiin Alangaa hojii isaanii dhiibbaa fi gidduu-lixxummaa hin malle irraa bilisa ta'anii hojjechuu akka qaban kwt. 6 jalatti ifatti kaa'e jira. Waldaan kun Istaandardii baase kwt. 2 jalatti waa'ee aangoo Abbaa Alangaa sammuu dhuunfaa fayyadamuudhaan bilisa ta'anii murteessuu "the use of prosecutorial discretion..." kan tume yoo ta'u, aangoon Abbaan Alangaa haala sammuu bilisa ta'een hojiirra ooluu akka qabuu fi gidduu-lixummaa siyaasaa irraa bilisa ta'uun hojiira oolu akka qabu tumee jira.

Bifuma walfakkaatuun, labsiin Waajjira Abbaa Alangaa Waliigala Federaalaa hundeessuuf bahe lakk.943/2003 seenaa sirna haqaa biyyaa keenyaa keessatti yeroo jalqabaaf bilisummaan ogummaa abbaa alangummaa haguuggii seeraa cimaa akka argatu taasisee jira. Labsiin kun qajeeltoowan bulchiinsi Abbootii Alangaa bu'uura godhachuu qabu keessaa tokko bilisummaa ogummaa ta'uu akka qabu (kwt. 11/3/h) jalatti tumee jira. Abbaan Alangaa waliigalaa bu'uura aangoo fi gahee hojii seeraan kennameen hojii isaa yemmuu hojjetu gidduu lixummaa kamiyyuu irraa bilisa ta'ee seera bu'uura godhachuudhaan hojjechuu akka qabu fi aangoo fi gahee hojii seeraan kennameef bu'uura godhachuudhaan hojii hojjetaniin miidhaa qaqqabuuf itti gaafatamummaa akka hin qabne(kwt. 16/1,2,3) ibsameera. Dabalataan namni ykn qaamni hoji isaanii bilisaan akka hin hojenne giddu-lixu hidhaa cimaa wagga tokko hanga wagga shaniin adabamuu akka danda'u tumee jira.<sup>44</sup>

Sadarkaa naannoo Oromiyaatti yeroo ilaallus, bilisummaa ogummaa Abbaa Alangaa ilaachisee dirqamni Abbaa Alangaa irraa eegamu maal ta'uu qaba Kan jedhu haguuggii seeraa akka argatu gochuuf yaalamee jira. Labsiin mana hojii Abbaa Alangaa waliigalaa Oromiyaa Lak.214/2011 kewt.17 jalatti haala kanatti aanu kanaan bilisummaa ogummaa abbaa alangummaa kaa'eera. Manni Hojichaa aangoofi hojii isaa jiddulixummaa nama yookiin qaama kamirraayyuu

---

<sup>44</sup>. Federal Attorney General Establishmet proclamation No. 943/2016, article 24

bilisa ta'ee akkaataa seeraatiin ni raawwata;Qajeelfamni hojimaataa Gumiin Waliigalaa baasuakkuma jirutti ta'ee, Abbootiin Alangaa hojii isaanii seera qofa irratti hundaa'uun bilisa ta'anii ni raawwatu;Itti gaafatamummaan labsii kana yookiin seera biraatiin qaban akkuma jirutti ta'ee, Abbaan Alangaa Waliigalaafi Abbaan Alangaa aangoofi hojii bu'uura seeraatiin kennameefraawwachuu isaaniitiif miidhaa gahuuf itti gaafatamummaa seeraa hin qaban;Abbaan Alangaa kamiyyuu yakka hidhaa cimaan adabsisu harkaaf harkatti raawwatee yoo argame malee beekkamtii Abbaa Alangaa Waliigalaatiin ala to'atamuu yookiin hidhamuu hin danda'u. Jechuudhaan tumee jira.Labsii kana keewwata 25 jalattis dabalataan seera birootiin caalmatti kanadabsisu yoo ta'e malee namni abbaan alangaa waliigalaa yookiin abbaan alangaa hojii isaanii bilisummaan akka hin raawwanne gidduu seene kamiyyuu adabbii hidhaa cimaa wagga tokkogadi hin taanee fi wagga shan hin caalleen ni adabama jechuun tumee jira.Tumaalee kana irraa akka hubatamutti bilisummaan abbaa alangaa qaama kamiinuu akka hin sarbamneef eegumseeraa kan godhame ta'uu isaati.

Gama biraatiin, Wixineen dambii bulchiinsa naamusa abbootii alangaa naannoo oromiyaa qophiirra kan jiru yommuu ta'u, bilisummaa abbaa alangaan walqabatee haala kanatti aanuunkaa'a.Giddulixxummaa qaama yookiin nama kamiirraayyu irraa bilisa ta'ee hojii isaa naamusa olaanaan ni hojjata; seeraan malee haala biraa kamiinuu hin qajeelfamu;Seeraa fi hojmaata seericha hojiirra oolchuuf bahe bu'uura godhachuun yoo ta'e malee haala kamiinuu hojii Abbaa Alangummaa irraa hin kaafaman;Itti gaafatamummaan seeraan qaban akkuma jirutti ta'ee, aangoofi hojii bu'uura seeraatiin kennameef raawwachuu isaaniitiif miidhaa gahuuf itti gaafatamummaa seeraa hin qaban jechuudhaan ka'ee jira.

Kanaafuu, tuma labsii hundeffama fi wixinee danbii bulchiinsa naamusa abbootii alangaa mana hojii abbaa alangaa waliigala waliigala oromiyaa irraa akka hubatamutti abbootiin alangaa hojii isaanii keessatti giddu lixummaa wqaamolee adda addaa irraa bilisa ta'uudhaan hojii ogummaa isaanii bilisummaadhaan akka hojjetan kan isaan dandeessisu fi duudha ogummaa kanas sirnaan bahachuudhaaf itti gaafatamummaa guddaa kan qaban ta'uu isaanii hubachuun ni danda'ama.

Bu'uruma kanaan qajeelfamni lakk.9/2006 kwt.19 (5) Abbaan Alangaa kamiyyuu hojii isaa yeroo raawwatu bilisummaa ogummaa Abbaa Alangaa eeguu akka qabu tumee jira. Dirqamni kunis abbaan alangaa qorattoota, Manneen Murtii fi nama biraa kamiyyuu gammachiisuuf jecha bilisummaa ogummaa Abbootii Alangaa irraan miidhaan akka hin geeny'e of eeganno gochuu

akka qabuu fi gidduu lixummaa qaama kamiitiiniyyuu ykn dhiibbaan himata tilmamamaa hin taane hundeessuu dhiisuu fi murtii kennuu dhiisuu akka qabu ifatti tumee jira.<sup>45</sup> Kunis akka waliigalaatti yeroo ilaallu, abbaan alangaa hojii abbaa alangummaa yeroo hojjetutti bilisummaa ogummaa isaa kabachiisuuf dirqama kan qabu ta'uu isaa agarsiisa.

### **Gaaffiilee Marii**

1. Kaayyoon bilisummaa ogummaa Abbaa Alangaa maal akka ta'e tokko tokkoon kaasuun irratti mari'adhaa.
2. Daangaan bilisummaa ogummaa abbaa alangummaa hanga eessaatti jettanii yaaddu?
3. Akka naannoo Oromiyaatti bilisummaa ogummaa Abbaa Alangaatiif eegumsi seeraan gahaan taasifamee jira jettanii yaadduu? Maaliif? labsii lakk.214/2011 waliin ilaalaa.
4. Duudhaan Bilisummaa Ogummaa Abbaa Alangaa Abbaan Alangaa aangoo fi gahee hojii seeraan kennameef bu'uura godhachuun dhimma yakkaa dhihaateef seeraa fi ragaa irratti hundaa'ee murteessuu akka qabu ni ibsa. Haa ta'u malee, imaammatni yakkaa biyya keenyaa seerri cabee fi ragaan gahaan jiraatu illee faayidaa uummaataaf jecha qajeelfamni Abbaa Alangaa waliigalaatiin yoo kennameef Abbaan Alangaa himannaahundeessuu dhiisuu ykn himannaadeemsa falmii irra jiru kaasuu akka danda'u kaa'e jira. Yaada kana duudhaa bilisummaa ogummaa Abbaa Alangummaa waliin akkamitti madaltuu?

#### **2.2.4. Qajeelfama fudhachuu**

Qajeelfama fudhachuu duudhaa Abbaan Alangaa hojii isaa yommuu raawwatu ittiin qajeelfamuu qabu keessa isa tokkoo dha. Gaaffiileen dhimma kanaan walqabatee ka'uu Malan Abbaan Alangaa qajeelfama eenyurraa fudhata? Hojii isa kam irratti qajeelfama fudhachuu qaba? Itti gaafatamaan olii ajaja akkamii dabarsuu qaba? Qajeelfama akkamii fudhachuu qaba? Kanneen jedhanii dha. Gaaffiilee kanneen deebisuuf danbii ittiin bulmaata fi qajeelfama naamusa Abbootii Alangaa Oromiyaa ilaaluun murteessaa dha. Qabxii kana gadi fageenyaan hubachuuf akka gargaarutti tumaaleen seerota kanaa akka itti aanutti dhihaatanii jiru.

#### **Danbii Lakk.161/2005, Kwt. 64. Qajeelfama Fudhachuu:**

- 1) *Abbaan alangaa kamiyyuu hojii idilee irratti ramadames ta'ee hojii biro kennamuuf dandeetti fi beekumsa qabuun raawwachuuuf dirqama qaba.*

---

<sup>45</sup>. Qajeelfama Naamusa Itti gaafatamtoota Hojii fi Hojjettoota Biiroo Haqaa Oromiyaa lakk.9/2006, kwt.24(4) fi 22(5)

- 2) *Qajeelfamni ifaan seeraan ala yoo ta'e malee abbaan alangichaa itti gaafatamaa olii-irraa qajeelfama kennamuuf raawwachuu qaba; itti gaafatamaan olii seerummaa qajeelfamicha haala kamiiniyyuu kennuuf itti gaafatamummaa ni qabaata.*

***Qajeelfama lakk.9/2006, Kwt. 16. Seera kabajuu:***

*Itti gaafatamtoonni fi hojjettoonni Biirichaa kamiyyuu:*

- 1) *Heera fi seera kabajuu fi labsiwwan, dambiiwwan, qajeelfama hojii isaanii raawwachuuf barbaachisan hordofuu fi kabajuu qabu.*
- 2) *Hojjettoonni qajeelfama ykn ajaja aangoo seera qabeessaan darbeef raawwachuuf itti gaafatamummaa qabu; ta'us itti gaafatamtoonni qajeelfama ykn ajaja seeraan alaa dabarsuu hin qaban.*
- 3) *Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa (2) tiin qajeelfamni ykn ajajni kenname seeraan alaa ykn barbaachisaa yoo hin taane, qajeelfamicha ykn ajajicha itti gaafatamaa kenneefitti beeksisuu qabu.*

Tumaalee kanneen irraa abbaan alangaa qajeelfama enyu irraa fudhachuu qaba gaaffii jedhuuf itti gaafatamaa olii irraa akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Abbaan Alangaa hojii isa kam irratti ajaja fudhachuu qaba gaaffii jedhu ilaachisee immoo tumaan olitti ibsame akka agarsiisutti, hojii idilee fi hojii biro dabalataan kennamuuf irratti akka ta'e ni hubatama. Kunis hojii seeraan waajjira Abbaa Alangaaf kenname, fakkeenyaaaf, galmee qorannaa yakkaa cufuu, himannaahundeessuu, falmii geggeessuu, barbaachisaa yoo ta'e himannaah kaasuu, ol-iyyannoo gaafachuu, ragaa bakka bu'uummaa galmeessuu, fi hojiilee biro kanneen akka hojii bulchiinsa waajjirichaan walqabatanii fi kkf ta'uu ni danda'a. Qajeelfamni itti gaafatamaa oliin kennamu kan akkamii ta'uu qaba kan jedhu ilaachisees, qajeelfamni kennamu ifaa fi seera qabeessa ta'uuakka qabuu fi bilisummaa abbaa alangummaa irratti kan dhiibbaa uumu ta'uuakka hin qabne tumaa oliitti ibsaman irraa ni hubatama. Kunis itti gaafatamaan olii ajaja seeraan ala ta'e kan kennu yoo ta'e, abbaan alangaa fudhachuuuf dirqama kan hin qabne ta'uu isaa agarsiisa.

Akka waliigalaatti, itti gaafatamaan olii qajeelfama yeroo kennuu seeraa qabeessummaa isaa mirkanneeffachuuuf dirqama kan qabu yoo ta'u, Abbaan Alangaa immoo ajaja seeraa qabeessa ta'e fudhachuuun hojjirra oolchuuf dirqama kan qabu ta'ee, garuu ajajni kenname seeraan ala yoo

ta'e ykn barbaachisaa miti yoo ta'e, ajajicha utuu hin raawwatin qaama ajaja kennetti beeksisuuf dirqama kan qabu ta'uu isaa duudhaa kana irraa ni hubatama.

## **Xiinxala dhimma 12<sup>ffa</sup>**

Dimmi kun falmii garee Inispeekshinii Naannoo BHO fi Abbaa Alangaa gidduutti geggeffamaa turee gaafa 03/10/2007 Gumii Waliigalaatiin murtaa'ee dha. Gareen Inispeekshinii naannoo himanna himatamaa irratti dhiheesseen, himatamaan Abbaa Alangaa Aanaa Gobbuu Sayyoo ta'anii yeroo hojjetaa turetti gaafa 14/11/2006 galme qorannoo yakka dhoksaatiin shakkamtoota lama irratti qulqullaa'e Lakk. G/A/A 01941 ta'e Abbaan Adeemsaa Qoranna Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisutiin akka hojjetu qajeelfameef galmicha fuudhee ilaale ka'e hin hojjedhu jedhee yoo darbatu, itti gaafatamaan waajjirichaas deebisanii akka inni hojjetu yoo ajajan sababii tokko malee hojjechuwaan dideef,danbii lakk.161/2005 kew-78/1)(P) darbuun badii naamusaa hojii ykn qajeelfama ifaa fi seera qabeessa ta'e itti gaafatamaa isaa olii irraa kennameef sababa gahaa malee fudhachuu dhiisuu ykn hojii irra oolchu dhabuu raawwaateera jechuun himatee jira.

Himatamaan deebii kenneen shakkamtootni hirmaanna yakkicha keessatti qaban hundi hin dhihaanne, sababa shakkamtoonni hafan sun dhihaachuu hin dandenyeef ibsi teessoo ganda isaanii irraa dhihaate galmeen walqabatee waan hin jirreef, poolisiif ajaja dabarseen jira waan ta'eef, qajeelfama ifa ta'e raawwachuuf hin didne jechuun deebiseera.

Gumiin Waliigala falmii bitaa fi mirgaa erga dhaga'ee booda ragaan Abbaa Alangaa garee inspeekshiniin dhihaate, Abbaan Adeemsaa Garee Qoranna Yakkaa fi Murtii Haqaa Kennisiisuu himatamaan himanna akka banu gara isaa galme qajeelchus, dabalataan itti gaafatamaan waajjiricha himata akka hundeessu qajeelfama dabarsaniis, qajeelfama kenname raawwachuu diduu mirkaneessaniiru. Himata himatamaan banuu dide itti gaafatamaan waajjiiricha hundeessee himatamtoota irratti murtiin adabbii hidhaa darbuun isaa yeroo ilaalamu, falmiin himatamaan kaase amanamummaa akka hin qabaanne kan mul'isudha jechuun keewwata ittiin himatame jalatti balleessaa taasisuun miindaa ji'a tokkoon adabee jira.

## **Gaaffiilee Marii**

- 1) Gocha Abbaan Alangaa kun raawwate duudhaa naamusa Abbaan Alangaa qajeelfama fudhachuu qaba jedhu waliin akkamitti madaaltu?
- 2) Bu'uura danbii lakk.161/2005 tiin abbaan alangaa ajaja ifaa fi seera qabeessa ta'e itti gaafatamaa olii irraa kennamuuf fudhachuuf dirqama akka qabu tumamee jira. Itti gaafatamaa olii jechuun maal jechuu dha? Eenyu fa'i? Fakkeenyaaaf, abbootii alangaa sadarkaan jiran irraa ajaja kennamu ni dabalata jettuu?, kaabinee sadarkaa adda addaatti jiran irraa hoo? Maaliif?, Hojimaata jiru kaasuun bal'inaan irratti mari'adhaa!
- 3) Qajeelfamni itti gaafatamaa oliin kennamu tokko seeraa qabeessa ykn seeraan ala jennee addaan baasuuf safartuu akkamii fayyadamna jettu? Garaagarummaa hojimaata qabatamaan jiruu fi seeraa kaasuun irratti mari'adhaa!
- 4) Dirqama qajeelfama fudhachuu qabaachuun abbaa alangaa, bilisummaa ogummaa abbaa alangummaa hin cabsu jettanii yaadduu? Maaliif? Qajeeltoowwan kana lamaan haala kamiin walsimsiisuun hojiirra oolchuun danda'ama jettu?

## **2.2.5. Alloogummaa**

Alloogummaan duudhaalee naamusa ogummaa abbootiin alangaa ittiin qajeelfamuu qaban keessaa isa tokkoo fi olaaanaa dha. Sababni isaas, hojii abbaa alangummaa keessatti alloogummaan abbaa alangaa hin mirkanaa'u yoo ta'e, kenninsa tajaajila abbaa alangummaa irratti amantaa uummataa horachuun hin danda'amu. Duudhaa kana mirkaneessuudhaaf abbootiin Alangaa hojii isaanii yommuu hojjetan loogii irraa bilisa ta'uu akka qaban koodiin naamusaa sadarkaa idila addunyaatti jiran, dambii fi qajeelfamni naamusa Abbootii Alangaa Oromiyaa ni ibsu. Fakkeenyaaaf, Istandardiin Naamusa Abbootii Alangaa Addunyaa kwt. 3 fi 4 jalatti Abbootiin Alangaa hojii isaanii loogii irraa bilisa ta'anii hojjechuu akka qaban; dhiibbaa fedhii namoota dhuunfaa ykn garee tokkoo fi uummataa ykn dhiibbaa miidiyaadandamachuun fedhii fi faayidaa uummataa (public interest) qofa giddu galeessa godhachuun hojjechuu akka qaban; shakkamaa fayyaduu fayyaduu baatus haalota rogummaa qabaniif xiyyeffannaa kennuu; akka seerri jedhutti ykn akka uulagaan dhagaha madaalawaa ajajutti gaaffiilee dhama qabeessa ta'an gaafatamuu isaanii fi bu'aan isaanii ifa ta'uu (himatamaan balleessaa ykn qulqulluu ta'uu) mirkaneeffachuu; yeroo hunda dhugaa barbaaduu, manni murtii akka dhugaa irra gahu fi hawaasa, miidhamaa fi himatamaa gidduutti akkaataa seeraa fi haqaatti, haqaan hojjechuu akka danda'u deggeruu akka qabu ni ibsa.

Dabalataan, qajeelfamni Mootummoota Gamtoomaniin bahes Abbootiin Alangaa hojii isaanii loogii irraa bilisa ta'un fi gochaawan loogii agarsiisan kan akka siyaasa, hawaasummaa, amantaa, sanyii, aadaa, saalaa fi haalota biro giddu galeessa godhachuun hojjechuu akka hin qabne, faayidaa uummaataaf dhaabbachuu, haala madaalawaa ta'een hojjechuu; haalota rogummaa qabaniif xiyyeffannaa kennuu, ejjennoo shakkamaa fi miidhamaa sirrii ta'e fudhachuu, fedhiin dhuunfaa miidhamaa yeroo tuqamu yaada miidhamaa ilaaluu fi mirga seeraan taa'eef hubachuu isaa mirkaneeffachuu, qoranna loogii irratti hundaa'e irratti hundaa'uun himanna banuu ykn itti fufuu ykn dhagahi dhimmaa yeroof akka dhaabbatu tattaaffii gochuu akka hin qabne, ragaa gahaan, rogummaa qabu fi fudhatumummaa qabu yoo hin jirre himanna itti fufuu akka hin qabne akkasumas namoota shakkamaa dirqisiisuun fi mirga namoomaa isaa midhuun ragaa irraa fuudhaan seeraatti dhiheessuu, ragichi fudhatama akka hin qabne mana murtiif ibsuu akka qabu keeyyata 13<sup>ffaa</sup> fi 14<sup>ffaa</sup> fi 16<sup>ffaa</sup> jalatti kaa'ee jira.

Akka naannoo Oromiyaatti, itti gaafatamtoonni fi Abbootiin Alangaa haala loogii hin qabneen murtii barbaachisaa fi haqa qabeessa kennuu, bifaan, sanyiin, sabaan fi sab-lammiin, saalaan, afaniin, amantiin, miidhaa qaamaatiin, ilaalcha siyaasaatiin ykn ejennoo biron garaagarummaa osoo hin uumin hojii isaanii seera qofa bu'uura godhachuun hojjechuu akka qaban dirqama kaa'ee jira.<sup>46</sup> Dabalataan, qajeelfamni kun naamusa addaa Abbootiin Alangaa irraa eegamu addatti kan tume yoo ta'u, Abbaan Alangaa kamiyyuu hojii isaa yeroo raawwatu seeroota biyyatti sodaa fi daba tokko malee ykn loogii tokko malee raawwachiisuun mirgoota namoomaa fi dimookiraasii kabajuu fi kabachiisuu akka qabu( kwt.19/2), qajeeltoowwan seera duratti walqixa ilaalamuu, akka nama qulqulluutti tilmaamamuu, bilisa fi gartummaan ala ta'anii argamuu kabajuun akka irraa eegamu(kwt.19/4), adeemsaa dhaddachaa ilaachisee qabxiwwan qabatamaan himata isaa mirkaneessan mara eeruun miira gartummaa irraa fagaateen ilaalcha madaalawaa ta'e gonfatee ragaalee isaa dhiheessuu(kwt. 25/1), yeroo hojii isaa raawwatu mirgoonni miidhamtoota dhuunfaa, eeruu kennitoota fi ragaaleen kabajamuu isaa mirkaneeffachuuf(kwt. 25/5) dirqama akka qabu ifatti tumee jira. Kana malees, duudhaan alloogummaa kun walitti bu'insa faayidaa itti gaafatamaa dhihootiif beeksisuu (Danbii lakk.161/2005 kwt. 69) akkasumas akka S/D/F/Y kwt.136/1 ajajutti himanna fi ragaa haala loogii irraa bilisa ta'een ibsuu dabalachuu akka danda'u yaada tumaalee kana irraa hubachuun ni danda'ama.

### **Xiinxala dhimma 13<sup>ffaa</sup>**

Dhimmi kun falmii Garee Inispeakshinii Naannoo BHO fi himatamaa abbaa alangaa Aanaa ta'e gidduutti geggeeffamaa turee gaafa 23/5/2007 murtaa'ee dha. Gareen Inispeakshinii Naannoo himanna himatamaa irratti dhiheesseen, himatamaan Abbaan Alangaa Aanaa Muneessaa ta'ee yeroo hojjechaa turetti danbii lakk.161/2005 kwt.78(1)(S,F,D,E fi P) irra darbuun 1<sup>ffaa</sup>, galmee yakkaa miidhaa qaama L/G/A/A-02103 ta'e irratti, miidhaa qaamaa qaqqabe ragaan mana yaala yeroo ibsu, "*leensiin ijaa ilaalu hir'ate jira, lafeen buqgee mataa cabee jira*" osoo jedhuu kwt.32/1(A) fi 555/B jalatti himanna dhiheessuu osoo qabuu kwt.32/1-A fi 556(2)(A) jalatti himanna hundeessuun, 2<sup>ffaa</sup>, L/G/A/A 02007 ta'een himatamaan miidhamtuu ulee Kazaraatiin luka mirgaa jilbaa gadii fi harkaan tuttumatee gurra mirgaas rukutuun miidhaa geessise keewwata 556(2)(A) jalatti himatame ragaan irratti mirkaneessee, ofirraa haa ittisu erga jedhame booda dhaddacha irratti yoo araaraman mormii hin qabu jechuun yaada isaa mana murtiif ibsee,

---

<sup>46</sup> . Qajeelfama Naamusa Itti Gaafatamoota Hojii fi Hojjetoota Biirro Haqaa Oromiyaa lakk.9/2006, kwt.15

manni murtiis jecha A/Alangaa kana irratti hundaa'uun himata araaraan ka'uu hin qabne akka ka'u gochuun , 3<sup>ffaa</sup> , gal mee yakkaa miidhaa qaamaa geessisuu lakk. gal mee A/A-01994 ta'een, gaafa 19/11/2005 keewwata 32(3) fi 555(B) jalati himatamanii mana murtii Aanaa Muneessaatti dhiheessee erga ragaan A/A dhageessifamee himatamtoonni akka of-irra ittisan ajajni kennameen booda dhaddacha gaafa 13/01/2005 oole irratti xalayaa lakk-33/121/2006 ta'e gaafa 13/01/06 barreesseen midhamaa dhuunfaa fi himatamaan jaarsa biyyaatiin waan araaramaniif himata kaasneerra jechuudhaan himata ka'uu hin qabne kaasuun badii naamusaa cimaa raawwateera jechuun himateera.

Himatamaanis gocha ittiin himatame gamisaan Kan amane yoo ta'u, gamisaan garuu haalee jira.Gumiin waliigalaas, dhimmicha ragaan erga qulqulleessee booda himanna hundumaa jalatti balleessaa taasisuun, sadarkaa miindaa fi hojii irraa gadi buusuun akkasumas gara godina Baaleetti jijiiramee akka hojjetu murteessee jira.

### **Gaaffiilee Marii**

Gocha abbaan alangaa kun raawwate duudhaa alloogummaa, abbaan alangaa seerota biyyattii loogii tokko malee raawwachiisuun mirgoota namoomaa fi dimokiraasii akka kabajamu taasisuuf dirqama qaba jechuun qajeelfama lakk.9/2006 kwt.19 (2) jalatti tumame, waliin akkamitti ilaaltu?

#### **2.2.6. Iccitii Eeguu**

Iccitii eeguuun duudhaa Abbaan Alangaa hojii isaa yeroo raawwatu ittiin qajeelfamuu qabu keessaa isaa tokkoo dha.Akka hiika qajeelfama lakk.9/2006 kwt. 2(17) irraa hubatamutti iccitii jechuun bu'uura seeraatiin eegamuu kan qabu ragaa ykn odeeffannoo faayidaa uummataa, mootummaa fi nama dhuunfaa beekamaa ta'e qabatee dha. Abbaan Alangaa odeeffannoo sababa hojii isaatiin ykn haala biraatiin argate, odeeffannichi akka salphaatti kan ilaalamu ykn uummata biratti kan beekame yoo ta'e ykn hojii idilee isaa karaa seeraan raawwachuuf yoo barbaachisaa ta'ee ykn itti gaafatamaa aangoo qabuun qixa ta'uu maluun yoo ajajame malee odeeffannoowwaan haala hojiitiin icciitii jedhaman, dhimmoota iccitii ta'an hunda nama dhimmicha beekuun kan hayyamameef yoo ta'e malee nama biraa kamiifuu ibsuu akka hin qabne danbii ittiin bulmaata abbootii alangaa Oromiyaa jalatti tumamee jira.<sup>47</sup>Dabalataan,

<sup>47</sup> . Danbii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Oromiyaa lakk.161/2005, kwt. 66 ilaalaa

qajeelfamni lakk.9/2006 kwt. 20 jalatti waa'ee ibsa sab-quunnamtiif kennamuu kan tume yoo ta'u, Abbaan Alangaa dhimma qorannaan ykn himannaan isaa hin xumuramin fi adeemsa dhaddachaa gaarii ta'e waan gufachiisuu danda'uu irratti dhaabbiilee sab-quunnamtiif ibsa kennuu ykn maxxansuun baasuu akka hin qabne dhorkee jira. Qajeelfamni kun itti gaafatamtoonni fi hojjetoonni Biirroo Haqaa sadarkaa sadarkaan jiranis iccitiwwan sababa hojiitiin beekan eeguu akka qaban kwt.10 jalatti tumee jira. Duudhaa kana cabsuun itti gaafatamummaa naamusaa cimaa kan hordofsiisuu ta'uu isaas qajeelfama kana kwt.6 fi 7 irraa ni hubatama.

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Abbaan Alangaa falmii yakkaa keessatti ragaa himatamaa fayyadu yoo arge himatamaaf dabarsee kennuuf dirqama seeraa fi naamusaa ogummaa qaba jettanii yaadduu? Dirqama kana qaba kan jennu yoo ta'e, duudhaa iccitii eeguu jedhu waliin akkamitti ilaalama?
- 2) Gama tokkoon Abbaan alangaa kenninsa tajaajila abbaa alangummaa keessatti qajeeltoo iftoominaa heera mootummaan tumame kabajuuf dirqama qaba. Gama biraan immoo hojii hojjetuun walqabatee iccitii dhimmootaa eeguuf dirqamni naamusaa ogummaa irratti gatameera. Dhimmoota kana lamaan haala kamiin wal simsiisuun hojiirra oolchuun danda'ama jettu?

## **2.2.7. Gahumsa Ogummaa**

Abbaan Alangaa ergama heeraa fi seeraan mana hojii isaaf kennname galmaan gahuuf gahumsa ogumma ol'aanaa qabaachuu qaba.Namni tokko gara hojii abbaa alangummaatti osoo hin seenin dura gahumsa ogummicha barbaadu gonfatee argamuu qaba.Gara hojii abbaa alangummaatti erga makamees gahumsa ogummaa isaa yeroo yerootti gabbifachaa deemuuf dirqama qaba.Kunis seerota biyyatti yeroo yeroon bahaan hordofuu, beekuu, hubannoo uummataa yeroo yeroon guddataa deemuu fi fooyya'insa hojimaataa hordofun yeroo mara beekumsa isaa gabbifachuu, leenjii irratti hirmaachuun gahumsa isaa yeroo yeroon fooyyeffachuu hojjirra olchuu akka ta'e duudhaan Kun dirqama irra kaa'ee jira.<sup>48</sup>

## **Xiinxala dhimma 14<sup>ffaa</sup>**

Dhimmi Kun falmii Garee Inispeakshinii Naannoo fi himatamaa abbaa alangaa Aanaa gidduutti geggeeffamaa turee gaafa 21/02/2010 murtii argatee dha. Gareen Inispeakshinii Naannoo himanna himatamaa irratti dhiheesseen, himatamaan Abbaa Alangaa Aanaa Dugdaa ta'ee yeroo hojjechaa turetti, danbii lakk.161/2005 kwt.78(1)(f) irra darbuun himatamtoota gargaaruuf jecha galmee 02235 ta'e irratti shakkamtootni sadii dubartii tokko irratti raawwataan seera yakkaa kwt. 620/1/D jalatti himachuu osoo qabuu, seera yakkaa kwt. 620/1 jalatti waan himateef ragaa fi ijoon dubbii ifa ta'e osoo jiruu keewwata hin madaalleen himata hundeesseera jechuun himateera.

Himatamaanis deebii kenneen 1<sup>ffaa</sup>, umuriin miidhamtuu waggaa 18 ol ta'uu ragaan hospitaala irraa dhihaate waan ibsuuf, 2<sup>ffaa</sup>, ragoonni dhihaatanii jecha yeroo kennan himatamaa tokko qofaan miidhamtuu kan gudeedee fi himatamtootni kanneen biron bira jiraachuu malee gocha akka hin raawwanne waan ibsaniif, 3<sup>ffaa</sup>, galmee kana irratti ol-iyyannoон dhihaatee manni murtii olaanaa Shawaa Bahaa, murtii mana murtii jalaa haqee qabxiin waan gadi deebiseef, himanna kana bu'uura SDFY kwt.119 tiin gara seera yakkaa kwt.620(2)(D) jalatti fooyyeffadhee falmii irra osoon jiruu naamusaan himatamuun koo sirii miti jechuun deebiseera.

Gumiin waliigalaas dhimmicha erga qoratee booda, yakkichi gareedhaan dubartii tokko irratti kan raawwatame ta'uu isaa ragaan mirkaneessee osoo jiruu, kwt.620(2)(D) jalatti himachuu osoo qabuu, sababa umuriin miidhamtuu waggaa 18 ol jedhuun kwt.620(1) jalatti himachuun isaa

<sup>48</sup>. QajeelfamaNaamusaa Itti gaafatamtoota Hojii fi Hojjetoota Biiroo Haqaa Oromiyaa lakk.9/2006 kwt.21

bu'uura seeraa hin qabu. Akkasumas himannaa gara kwt. 620(2)(D) tti fooyeffadheera kan jedhu yoo ta'es, manni murtii olaanaa qabxiin kan gadi deebise mirgi himatamaa hin eegamneef kan jedhu waan ta'eef, abbaan alangaa kun keewwata ol-kaasee himannaa akka fooyeffatuuf kan isa aangessu miti. Utuma murtiin balleessummaa keewwata kana jalatti kennamees ol-iyataaf sababa ta'uu irraan kan hafe bu'aa hin qabu. Kunis yakkoota dubartoota irratti raawwatamuuf xiyyeffanna kennuu dhabuun kan raawwatame waan ta'eef jechuun balleessaa taasisuun himatamaan miindaa fi sadarkaa irraa gadi bu'ee akka hojjetu murteesseera.

### **Gaaffilee Marii**

- 1) Gocha abbaan alangaa kun raawwate duudhaa gahumsa ogummaa Abbaa Alangummaa waliin madaalaa.
- 2) Abbaan Alangaa kun akka gareen inispeekshinii fi gumiin waliigalaa jedhanitti himatamtoota gargaaruuf jecha gocha kana kan raawwateedhamoo? Rakkoo gahumsaa irraan kan ka'eedha jettanii yaaddu?
- 3) Falmii himatamaan dhimmichi ol-iyannoob deemee qabxiin erga gadi deebi'ee booda dhimmichaaf keewwata rogummaa qabutti fooyeffadheera jechuun kaase akkamitti ilaaltu? Xiinxala gumiin gama kanaan taasise hoo akkamitti madaaltu?

#### **2.2.8. Qindoomina (Co-operation)**

Madaalamummaa fi bu'aa qabeessummaa hojii abbaa alangummaa dhugoomsuuf abbootiin alangaa, Poolisii, Manneen Murtii, ogeeyyii seeraa, Abukaatoo ittisaa, dhaabbilee mootummaa biro biyya keessaa fi biyya ala waliin akkaataa seeraan waliin atoomuu fi qindoominaan hojjechuu akka qaban sanadoonni idila addunyaa naamusa abbootii alangaa irratti tumaman ni addeessu.<sup>49</sup> Bifuma walfakkaatuun qajeelfamni Itti gaafatamtoota Hojii fi Hojjettoota Biirroo Haqaa Oromiyaa lakk.9/2006 walitti dhufeenyi hojii abbootiin alangaa qaamota biro waliin qabaachuu qaban maal ta'uu akka qabu tarreessee jira.<sup>50</sup> Bu'uruma kanaan abbaan alangaa seera irratti hundaa'uudhaan qaamolee haqaa waliin hojjechuu, odeeffannoo Manneen Murtii fi dhaabbiilee biro dogoggorsuu danda'u ykn odeeffannoo sirrii hin taane ta'e jechuun ykn dagannoodhaan kennuu, abbaa alangaa biro ykn qorataa irraa dhimma seeraa irratti gaaffii

<sup>49</sup>. Standards of professional Responsibility and Statement of the Essential Duties and Rights of Prosecutors, adopted by International Association of Prosecutors, 1999 and UN guidelines on the Role of Prosecutors 1990.

<sup>50</sup> . Qajeelfama Naamusaa Itti gaafatamtoota fi Hojjettoota Biirroo Haqaa Oromiyaa lakk.9/2006 kwt.22 ilaalaa

dhihaatuuf of eeggannoodhaan yaada qulqulluu itti kennuu; qorattoota, manneen murtii fi nama biraan kamiyyuu gammachiisuuf jecha bilisummaa ogummaa abbootii alangaa irra miidhaan akka hin geenyey of eegganno gochuu akka qabu kan dabalatuu dha. Walumaagalatti, abbaan alangaa bilisummaa ogummaa isaa eeggachuun daangaa seeraan taa'e keessatti qaamolee mootummaa kanneen biro waliin qindoomuun hojii isaa hojjechuuf dirqama naamusa ogummaa akka qabu duudhaan kun ni agarsiisa.

### **Gaaffii Marii**

Gama tokkoon abbaan alangaa hojii ogummaa isaa yeroo hojjetu alloogummaa isaa mirkaneessuu akka qabu dirqama naamusaa ogummaa qaba. Gama biraan immoo dirqama hojii isaa sirnaan bahachuuf qaamolee mootummaa kanneen biro waliin atoomuu akka qabu dirqama qaba. Duudhaalee kana lamaan haala kamiin walsimsiisuun hojiirra oolchuu danda'a jettanii yaaddu?

## **BOQONNAA SADII**

### **ITTI GAAFATAMUMMAA NAAMUSA OGUMMAA ABAA SEERUMMAA FI ABAA ALANGUMMAA CABSUUN DHUFU**

#### **Seensa**

Akkaataa qajeeltoo waliigalaatti dirqamni naamusni ogummaa gaafatu ogeessichi qajeeltowwan naamusaa ogummaan isaa barbaadu ofumaan amanee fudhachuun hojiirra oolchuu qaba. Ogeessi tokko ogummaa isaatiin bu'a qabeessa ta'uu kan danda'us itti gaafatamummaa naamusaa dhufu sodaatee qajeeltowwan naamusaa ogummaa isaa kan kabaju osoo hin taane barbaachisummaa naamusaa ogummaa amanee fudhachuun dhaqneeffatee hojiirra oolchuu yoo danda'eedha. Kanaaf, ogeessa irraa adda durummaan kan eegamu naamusaa ogummaan isaa barbaadu beekee kanumas dhaqneeffatee ittiin hojjechuudha. Kana jechuun garuu, naamusni ogummaa haala kanaan yeroo hundumaa ni kabajama jechuu akka hin taane hubatamuu qaba. Ogeessi tokko sababa adda addaatiin naamusaa ogummaan isaa barbaadu cabsuu danda'a. Isaan keessaa naamusaa ogummaa beekuuf fedhii dhabuu fi utuu beekanii hojiirra oolchuu dhabuu akka fakkeenyatti kaasuun ni danda'ama.

Boqonnaawwan darban keessatti galmi dhumaan naamusaa ogummaa galma ogummichi qabate milkeessuu akka ta'e ilaalleerra. Duudhaalee fi qajeeltowwan naamusaa ogummaa hin kabajamin kan hafan yoo ta'e immoo galma ogummichi qabate milkeessuun hin danda'amu. Galmi ogummichi qabate hin milkofne taanaan immoo itti gaafatamummaa hordofsiisuu qaba. Kunis bu'uura heeraa kan qabu akka ta'e heera mootummaa federaalaa Itoophiyaa keewwata 12 fi kan naannoo Oromiyaa keewwata 12 irraa hubachuun ni danda'ama. Itti gaafatamummaan kunis kan yakkaa, siivilii ykn tarkaanfii naamusaa ta'uu danda'a. Moojuliin kun dhimma naamusaa kan walqabatu waan ta'eef itti gaafatamummaa siivilii fi yakkaa kan hammatu miti. Bu'uuruma kanaan boqonnaa kana keessatti itti gaafatamummaa naamusaa ogummaa ogeessota qaamolee haqaa cabsuun dhufu, tarkaanfii naamusaa keessattuu gosoota badii naamusaa fi adabbii badii

naamusaa, sirna qoranna fi falmii himannaa naamusaa kan keessatti xiinxalaman ta'a. Bu'uuruma kanaan leenjifamtootni leenjii boqonnaa kanaa booda:-

- Tarkaanfii naamusaa naamusaa ogummaa cabsuun dhufu keessattuu gosoota badii naamusaa fi adabbii badiin naamusaa hordofsiisu irratti hubannoo qaban ni gabbifatu,
- Adeemsa Sirna qorannoo fi falmii himannaa naamusaa keessatti dandeettii isaan barbaachisu ni gonfatu,
- Hojii isaanii gara fuulduraa danbii naamusaa kabajuun ni raawwatu jedhamee eegama.

### **3.1. Tarkaanfii Naamusaa**

Tarkaanfin naamusaa abbaa seerummaa fi abbaa alangummaa waajjira hojjetaan keessatti akka ogeessaatti gara fuulduraatti hojiisaanii itti fufanii hojjechuu fi addaan kutuu isaanii adeemsa ittiin murtaa'u akka ta'e danbii fi qajeelfamoota naamusaa abbaa seerummaa fi abbaa alangummaa keenya irraa kan hubatamuu dha. Kunis abbootiin seeraa fi abbootiin alangaa badiiwan naamusaa raawwataniif hojiirra osoo jiranii adabamuu ykn hojiirraa geggeeffamuu kan dabalatuu dha. Akkuma boqonnaa <sup>1<sup>ffa</sup></sup>keessatti ibsame abbootiin seeraa fi abbootiin alangaa keenya akkaataa qabatama hojii isaaniitti danbii fi qajeelfamoota naamusaa mataa mataa isaanii kan qabaniidha. Seeronni naamusaa kun immoo badiiwan naamusaa fi adabbiowan adda addaa hammatanii kan jiran waan ta'eef qofa qofaatti haala itti aanuun kan ilaallu ta'a.

#### **3.1.1. Tarkaanfii Naamusaa, Naamusa Ogummaa Abbaa Seerummaa Cabsuun Dhufu**

Tarkaanfii naamusaa abbootii seeraa irratti fudhatamu ilaachisee heera mootummaa Federaala Itoophiyaa fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa jalatti abbaan seeraa kamiyyuu fedhii isaatiin ala yeroon soorama isaa osoo hin ga'in hojii abbaa seerummaa irraa ka'uu kan danda'u gumiin bulchiinsa abbootii seeraa bu'uura dambii naamusatiin badii raawwateera ykn hanqina dandeettii fi si'oomina cimaa agarsiiseera jedhee yoo murteesse ykn sababa dhukkubaatiin hojiisaa haala barbaachisuun hojjechuu hin danda'u jedhee yoo murteesse; fi murtiin kunis bakka bu'oota uummataatti dhihaatee sagalee caalmaan yoo mirkanaa'ee dha.<sup>51</sup>

Kanuma bu'uura godhachuun gumiin bulchiinsa abbootii seeraa sadarkaa naannoo Oromiyaatti Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra

<sup>51</sup> . Heera Mootummaa RDFI kwt.79(4) fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt.62(4) ilaala.

Deebiin Murteessuuf Bahe, Lak.216 /2011 tiin irra deebiin erga hundeeffamee booda koodii naamusa abbootii seeraa Oromiyaa dambii lakk.2/2011 baasuun hojiirra oolcheera. Akkuma boqonnaa 2<sup>ffaa</sup> keessatti ilaalle koodiin naamusaa duudhaalee fi qajeeltowwan naamusaa ogummaa abbaa seerummaa kabajamuu qaban kan tarreessu malee abbaan seeraa duudhaalee fi qajeeltowwan kana yoo cabse bu'aa maalii hordofsiisa kan jedhu hin tumne. Kanaaf, duudhaalee fi qajeeltowwan kana hojiitti hiikuuf dambiin naamusaa abbaa seerummaa olitti ibsame ba'eera. Kaayyoon dambii kanaas bilisummaan abbaa seerummaa heera mootummaan eegumsa argate akka mirkanaa'u gochuu fi amantaa uummataa horachuu akka ta'e seensa danbichaa keessatti ibsameera. Dambiin kunis badii naamusaa adda addaa fi adabbii isaan hordofsiisan bal'inaan hammatee jira. Kutaa kana jalattis gosoota badii naamusaa fi adabbii badii naamusaaf tumaman gabaabinaan kan keessatti ilaallu ta'a.

### **3.1.1.1. Gosoota Badii Naamusaa**

Gosoota badii naamusaa utuu hin ilaalin dura “badii naamusaa” jechuun maal jechuudha kan jedhu ilaaluun gaarii ta'a. Badii naamusaa jechuun maal jechuudha kan jedhu ilaachisee dambii naamusaa lakk.2/2011 ta'e hiikkoo hin kennineef. Haa ta'u malee, dambii sirna qorannoo fi falmii hanqina naamusaa hawaasa manneen murtii Oromiyaa lakk.3/2011 jalatti, “*hanqina naamusaa (badii naamusaa) jechuun dambii naamusaa lakk.2/2011 keessatti badii naamusaa xiqqaa, salphaa fi cimaa jedhamanii tumamanii fi akkasumas labsii hojjetoota mootummaa naannoo Oromiyaa lakk.61/94 keessatti badiiwan naamusaa adabbii cimaa fi salphaan adabsiisan jedhamanii tumaman ni dabalata*”<sup>52</sup> jechuun ibseera.

Labsiin gumii bulchiinsa abbootii seeraa federaalaa lakk.24/88 immoo haala itti aanuun hiikeera:- “*Badii naamusaa jechuun badii dambii naamusaa keessatti agarsiifame yoo ta'u yakkaan himatamee balleessaa ta'uun isaa kan itti mirkanaa'e, matta'aa fi ammaalaajiin kan hojjetu, sanyiin, amantaan, saalaa, fi ilaalcha siyaasaan loogii kan godhu ykn abbaa dhimmaa dhamaasuu dabalata*”<sup>53</sup> jedha. Hiikkoo badii naamusaa olitti kennaman kana yeroo ilaallu, badii naamusaa jechuun koodii naamusaa keessatti duudhaalee fi qajeeltowwan naamusaa ogummaa ogeessi tokko hordofuu qabu ilaachisee kan tumaman bu'uura godhachuun gochoota

<sup>52</sup>. Dambii Sirna Qorannoo fi Falmii Hanqina Naamusaa Manneen Murtii Oromiyaa lakk.3/2011.

<sup>53</sup>. Labsii Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Federaalaa hundeessuuf ba'e lakk.24/88 keewwata 2(1) ilaalaa.

dambii naamusaa keessatti badii jedhamanii tumaman kan ilaallatu akka ta'e hubachuun ni danda'ama.

Dambiin naamusaa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii Oromiyaa lakk.2/2001 ulfaatina isaanii giddu galeessa godhachuun badiiwan naamusaa bakka gurguddaa sadiitti qoodee jira. Isaanis badii xiqqaa, badii salphaa fi badii cimaa dha. Seenaan manneen Murtii Oromiyaa keessatti dambiin naamusaa yeroo adda addaa kan foyya'e yoo ta'u dambii naamusaa lakk.2/2001 ta'e kunnis dambii lakk.02/2011 tiin akka foyya'u taasifameera<sup>54</sup>. Haaluma Kanaan hanqinnoota danbicha duraa kana keessaatti muldhachaa turan keessaa akka fakkeenyatti kan kaasuun danda'amu badiiwan raawwatamaa jiran hunda haguuguu dhabuu fi badiiwan raawwataman akkaataa ulifinna isaanitiin (miidhaa abbaa dhimmaa fi dantaa mootummaa irraan gahuun) adabbii waligitu kaayyuu dhabuu , gochaa fi amala faallaa safuu fi duudhaa hawaasaa miidhuuf adabbii waligitu adabsiisuu dhabuu , kabajaa manneen murtii fi abbaa seerummaa miidhanii argamaniif adabbii wal gitu kaayyuu dhabuu<sup>55</sup> fi kkf akka hanqinna cimaatti kaasuun ni danda'ama.

Dambiin naamusaa abbootii seeraa manneen murtii oromiyaa dambii lakk.02/2011 ulfaatina isaanii giddu galeessa godhachuun badiiwan naamusaa bakka gurguddaa sadiitti qoodee jira. Isaanis badii xiqqaa, badii salphaa fi badii cimaa dha.Qabxiilee kana akka itti aanutti gabaabsinee ilaaluuf yaalla.<sup>56</sup>

### A) Badii Naamusaa Xiqqaa

Dambii naamusaa abbootii seeraa Oromiyaa jalatti badiiwan xiqqaa kanneen jedhaman badiiwan keewwata 8(1-8) jalatti tarreeffamanii jiranii dha.Badiiwan kun uumama isaanitiin hojii guyyaa guyyaa abbootiin seeraa hojjtan keessatti kan raawwataman ta'ee garuu kenninsa tajaajila haqaa irratti miidhaa qaqqabsiisuu kan danda'aniidha. Isaanis:Tajaajila Sirnaan Kennuu Dhabuu, Abbaa Dhimmaa Kabajuu Dhabuu,Barreeffama Dubbifamu Barreessuu Dhabuu, Galmee Irratti Odeeffannoo Guutuu Barreessuu Dhabuu, Ajaja Dhaddachaa Yeroon Bahii Godhuu Dhabuu, Ol'iyyannoo Guutuu Kennuu Dhabuu, Falmitoota To'achuu, Yookiin

<sup>54</sup>.Dambii Naamusaa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa Lakk. 02/ 2011, kew.6

<sup>55</sup>.Miljelee olii seensa irraa.

<sup>56</sup>.Moojulii naamusaa abbootii seeraa mana murtii waliigala oromiyatiin bara 2011 barreeffame.

Obsaan Dhaggeeffachuu Yookiin Dubbii Xumursiisuu Dhabuu, Marii Yookiin Walgahii Irratti Hirmaachuu Dhabuu, Sirna Diriiree Hojiirra Oolchuu Dhabuu Yookiin ode

Haaluma kanaan, badiiwaan naamusaa xiqqaa dambicha keessatti ibsame kana irratti hubannoongahaan akka jiraatuuf tokkoon tokkoon akkataa armaan gadii kanaatti ilaalamaniijiru.

#### ❖ **Tajaajila Sirnaan Kenuu Dhabuu**

Abbaan seeraa yookiin muudamaan mana murtii hojii itti kennamee hojjachuu qofa osoo hin taane sirnaan hojjachuu qaba.Hojiin tokko immoo sirnaan hojjatame kan jedhamu sirna diriiree jiruu fi seerota jiraan bu'uura godhachuudhaan akkataa tajaajilli kennamuuf itti ta'een kan raawwatame yoo ta'e qofaadha.Kanaafuu abbaan seeraa tokko hojii isaa irratti guyyaa fi yeroo manni hojichaa barbaadu keessatti argamuun tajaajila keennuu qaba.Manni murtii yeroo ammatii meeshalee jijjiramaa fi rifoormiiwwan adda addaatti dhimma bahuun tajaajila Abbaa seerummaa keenaa jira.Rifoormiiwwaan kanneen keessa muraasin,bulchiinsa dhaggala'iinsa dhimmaa,chaarterii lammilee fi kkf akka fakkeenyatti kaasuun ni danda'ama. Bu'uura kanaan yeroon turmaata tajaajila keennamuu istaandaardii yeroon adda bahee ta'ee jira.Hojiin Abbaa seerummaa hojjatamu daangaa keessatti hojjatamu qaba.Abbaan seeraa rakkoo isaatiin hojii daangaa sirnaan ta'een keessatti kan hin hojanne yoo ta'e baadi naamusaa xiqqaa raawwate jechuudha.Abbaan seeraa sababa gahaa malee saffisa hojiin barbaadu waliin kan hin deemne ta'uun hojii irratti laafina kan argisiisu yoo ta'ee fi sababa gahaa malee Abbaa dhimmaa deddeebisuun dhimma lafa irra kan harkisu yoo ta'e illee badii naamusaa xiqqaa raawwatee jira jechuudha.

Keennins tajaajila Abbaa seerummaa mirga heera mootummaatiin Abbaa dhimmaaf kennameedha.Abbaan dhimmaa yeroo gabaabaa keessatti furmaata argachuu qaba. Abboonni dhimmaa deddeebiif kan saxilaman yookiin dhimmi isaanii yeroo gabaabaa keessatti furmaata kan hin arganne yoo ta'e manneen murtii fi hojii abbaa seerummaa irraa amantaa argachuu hin danda'an. Si'oominnaan walqabatee afaan ingilifaatiin "justice delayed is justice denied" kan

jedhamus kanuma irraa kan ka'e haqni ture haqa dhoorkame akka ta'etti fudhatamee kan dubatamu akka ta'e ni hubatama.<sup>57</sup>

### ❖ Abbaa Dhimmaa Kabajuu Dhabuu

Abbaan dhimmaa mana murtii dhufu hundinuu kabaja isaaf malu argachuun keessummaa'uu barbaada. Abbaan dhimmaa gara mana murtii dhufe hanguma fedhullee tajaajila Abbaa seerummaa kan argatu yoo ta'e kabajaa fi ulfinni isaa xiqqeffame taanaan tajaajila argatetti quufuu hin danda'u. Ilmi namaa hundi uumama isaatiin xiqqaachuu fi tuffatamuu hin barbaadu. Kanaafuu abbaan dhimmaa mana murtiitti tajaajila argachuuf dhufu hundi kabajaa fi ulfina isaaniif malu argachuun tajaajilamuu qabu. Wa'een kabaja Abbaa dhimmaa kun manneen murtii oromiyaa keessatti madda komii qofa ta'uu osoo hin taane abbootiin dhimmaa tajaajila kennamuutti quufinsa akka dhaban godhaa kan turee fi jiruudha. Itti quufiinsi maamilaa kan dhugoomuu danda'u dhimma murtaa'uufiin qofa osoo hin taane adeemsi keessaa darbamee murtiin kennamutti quufiinsa (gamadaa) yoo ta'e qofaadha.<sup>58</sup> Abbaa dhimmaa kabajuu dhabuun gochaawwan adda addaatiin kan ibsamu akka ta'e kew.8 (2) irraa hubachuun ni danda'ama<sup>59</sup>.

*Abbaa dhimmaa gara Mana Murtii dhufe kabajaa fi ulfinaan keessummeessuu dhabuudhaan ifachuu; Sababa malee bu'uura dabaree isaatiin keessummeessuu dhabuun Haata'u malee, abbaa dhimmaa arabsuun yookiin gochaa biro haamilee isaa tuquu irratti raawwachuu yookiin akka inni lola kaasu kakaasuun badii naamusaa salphaan ni gaafachisa.*

Abbaan seeraa gochoota kabaja Abbaa dhimmaa xiqqeessan kan akka lolaa, akka abbaan dhimmaa lolu kakkasuu, arrabsuu, tuffachuu fi gochaawwan biro hamilee isaa tuqu yookiin miidhu kan irratti raawwatame miidhaan isaa ol'aanaa ta'uun waan beekamuuf adabbiin isaas haaluma ulifinna miidhaa isaatiin akka waligituuf badii xiqaat ta'uun hafee badii salphaatti oli guddachuu akka qabu tumameera.

### ❖ Barreeffama Dubbifamu Barreessuu Dhabuu

<sup>57</sup>.Moojulii naamusaa Abbaa seerummaa mana murtii waliigala oromiyatiin bara 2011 barreeffame.

<sup>58</sup>.Moojulii naamusaa abbootii seeraa mana murtii waliigala oromiyatiin bara 2011 barreeffame irraa kan fudhatame.

<sup>59</sup>.Danbii naamusaa abbaa seeraa Oromiyaa lakk.2/2011 kew. 8(2)

Hojiin keenninsa tajaajila Abbaa seerummaa qulqullinna qabaachuu qaba.Qulqullinni kunis kan ibsamun keessa tokko hojiin hojjatamu kan dubbifamuu fi salphatti namaaf galu yoo ta'eedha.Manneen murtii naannoo keenyaa keessatti abbootiin seeraa fi muudamtoonni gumii barreffama harkaa hin dubbifamne,kan haqqii fi laqqiin itti baay'atuun tajaajila keennaa kan turaan ta'uus yeroo ammaatti sababa itti fayyadama teekinoolojiitiif hanga tokko kan xiqaate ta'uus guutumatti hin hafne.Barreffama harkaa qofa osoo hin taane namoonni kompiyuutara yookiin laaptoppii fayyadamanilee barreffamoota walxaxoo fi xixxiqaa ta'een yeroo barreessan mul'aatu.Haalli akkanaa kun immoo qulqullinna hojii Abbaa seerummaa gadi buusuu qofa osoo hin taaane itti quufinsa Abbaa dhimmaas kan xiqqeessu akka ta'e beekamuu qaba.Dambiin naamusaa abbooti seeraa rakkoo gama Kanaan gahu furuuf abbootiin seeraa fi muudamtoonni barreffama hin dubbifamne yookiin akkaataa ulaagaa barruu taa'een hin barreessine badii naamusaa salphaan akka itti gaafatamuu danda'an ta'eera<sup>60</sup>.Kunis dambii kana keewwata 8(3) jalatti haala itti aanuun ibsamee jira.

*Hojii dhaddachaa yookiin kan dhaddachaan wal qabatu kamuu irratti yoo hojjatu barreffama dubbifamu barreessuu dhabuu yookiin ulaagaa barruu taa'e hordofee barreessuu dhabuu yookiin Barreffama hin dubbifamne yookiin haaqa fi laaqaa qabu yookiin qubeen ittiin barreffame kan hin mul'anne galmeetti qabsiisun ; yookiin ragaaleen barreffamaa galmee keessatti wal qabiisifamanis kan afaan hojii naannichaa, Afaan Oromootiin barreffame yookiinhiiikame ta'u mirkanneessuu dhabuu.*

Manni Murtii Waligalaa barreffamoon hojii abbaa seerummaatiin walqabatanis ta'ee barreffamoon hojii bulchiinsaa haala ulaagaa walifakkaatuun akka barreffamuu ulagaa waligalaa akka istandardii barreffamaati kan qopheesse yoo ta'u ulaagaa kana hordofuun dirqama akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Fkf akkaataa ulaagaa kanaatiin "Font size 12, Font type times new Roman" ta'ee barreffamuu akka qabu ni kaaya.Kanaaf abbaan seeras ta'ee muudamaan kamiyyuu ulagaa kana hordofee barreessuuf dirqama akka qabu danbichi ifatti tumeera.<sup>61</sup>Haala armaan olitti ibsame kanaan barreffamne kan hin hojjatamne yoo ta'e baadii naamusaa akka ta'e beekamuu qaba.

#### ❖ Galmee Irratti Odeeffannoo Guutuu Barreessuu Dhabuu

---

<sup>60</sup> Danbii naamusaa abbaa seerummaa manneen murtii Oromiyaa lakk.2/2011

<sup>61</sup> .isa olii

Galmeen mana murtii keessa jiruu dookumantii dhaloota irraa dhalootatti darbuu danda'u,kan mirgaa fi dirqama namootaa heddu ofi keessaa qabu,kan badii lubbuu nama ofirraa qabu,kan qabeenya namaa irratti mirga kaa'u waaan ta'eef xiyyeffannoон guddaan keennameef ofi eeggannoо fi haala ammayyawaan ta'uu qaba.Turtii waggoota dheeraatii fi baayyinna galmeetiin bade akka hin dhabamneef immoo odeeffannoо gahaa qabaachuu qaba.odeeffannoон galmee irratti guuttamuу danda'u guyyaa baname,maqaa waal falmitootaa,mana murtii itti baname,beellama keennamaa turee fi guyyaa galmeen cufame fa'a ta'uu danda'a.odeeffannoо barbaachisu galmee irratti kan hin guutamne yoo ta'e galmeen akkuma salphatti baduu waan danda'uuf miidhaan inni mirgaa fi dirqama namootaa irraan gahuu danda'u akka salphatti kan ilaalamuu miti.Kanaafu dambiin kun abbootiin seeraas ta'ee muudamtooni odeeffannoо galmeelee of-eegannoо gochuun akka guutan dirqama irratti kan gatu yoo ta'u,dirqama kanas yoo hin raawwanne itti gaafatamaa taasisuuf akka badii naamusaa salphaatti tumeera<sup>62</sup>.Kunis haala itti aanuun dambii kana keewwata 4 jalatti ta'ee jira.

*Ajaja yookiin murtii kenu yookiin hojii dhaddacha hojjatu yookiin hojii biro yoo hojjatu odeeffannoо guutuu kan akka fuula, lakkofsa galmee, guyyaa, maqaa Abbaa Seerichaa, maqaa wal falmitootaa, fi kan barbaachisaa ta'an biro haala guutuu ta'een barreessuu dhabuu; yookiin Fuula hunda irrattis osoo hin mallatteessin hafuu.*

Odeeffannoо galmee irratti guutamuу qaban tokko tokko galmee eeguu qofaaf osoo hin taane yeroma galmeen sochii irra jiruus abbootii dhimmaa dhamaatii fi baasiif saaxiluu malu.Fakkeenyaaaf galmeen fuula hin qabne,tokkoon tokkoo fulaa irratti galmeen mallattoo hin qabne,kan maqaa wal falmitoota hedduu guutumatti hin barreessine abbootiin dhimmaa yeroo ol'iyyataaf deemanis ta'ee yeroo galmee raawwii banachuuf deeman akka dhama'an godha waan ta'eef Abbootiin seeraas ta'ee muudamtooni odeeffannoо galmeelee guutuu ta'e sirnaan guutuu akka qaban hubachuun barbaachisaadha.

#### ❖ Ajaja Dhaddachaa Yeroon Bahii Godhuu Dhabuu

Tajaajilli Abbaa seerummaa si'oominnaan keennamuu qaba yoo jedhamuu hojiin abbaan seeraa dhaddacha irratti hojjatu qofti akkataa sirna diriiree jiruu fi seeraan raawwatamuу qaba jechuu qofa osoo hin taane hojiin dhaddacha irratti hojjatame qaama dhimmi ilaaluun akkataa sirna

<sup>62</sup>.Dambii Naamusaa abbootii seeraa Oromiyaa lakk.2/2011

jiruun dafee Abbaa dhimmaaf kennamuu qaba.Ajajoonni dhaddachaan keennaman ariitii barbaachisaa ta'een Abbaa dhimmaaf kennamuu qabu.Abbaan dhimmaa ajaja fudhachuuf yeroo dheeraa mana murtii keessatti balleessuun irra hin jiraatu.Ajajni dhaddacha irraa keennamu yeroo barbaachisaa keessatti bahii ta'ee Abbaa dhimmaaf kan hin kennamne yoo ta'e itti gaafatamummaa naamusaa kan hordofisiisu ta'uu tumeera<sup>63</sup>.kunis haala itti aauun keewwata 8(5) jalatti *Ajaja dhaddachaa yeroon bahii gochuu dhabuuyookiin bahii godhee abbaa dhimmaaf kennuu dhabuu yookiin bahii ta'uu isaa mirkanneessuu dhabuu jechuun tumee jira.*

#### ❖ Ol'iyyanno Guutuu Kennuu Dhabuu

Erga murtiin xumuraa keennamee booda gareen murtii irraa komii qabu ol'iyyachuuf mirga qaba.Mirga kana immoo gaggaffachuu kan danda'u garagalchi ol'iyyanno gal mee jalaa bifa guutuu ta'een kennameef mana murtii sadarkaa ol'aanutti yoo geeffateedha.Garagalchi ol'iyyanno keennamuu qabu guutuu gal mee akka ta'e beekkamaadha.Galmeenakkataa barbaadamuu guutamee kan hin kennamne yoo ta'uu Abbaa dhimmaa dhamaatii adda addaaf kan saaxiluu ta'uu irra darbee hanga mirga isaallee dhabsiisuutti deemuu danda'a.Yeroo ammaa manneen murtii oromiyaa keessatti ol'iyyanno guutuu kennamuu dhabuun madda komii qofa ta'uu osoo hin taanee ummanni mana murtii irraa abdii kutachaa akka deemu godhaa jira.Dhimmi kun hawaasa mana murtii kessa hojjatan birattis rakkoo naamusaa deddebi'aa ta'aa dhufee jira.Seerri yookiin sirni hojjataa mana murtii rakkooakkanaa uumu ittiin to'atan haala ifa ta'een waan hin jirreef manneen murtii tokko tokko hojjataa ol'iyyata guutuu hin taane kennuu Abbaa dhimmaa baasii fi xaarii hin malleef saaxilu yeroo baasii Abbaa dhimmaa akka kaffalu dirqisiisan mul'atu.Dambiin kunis dhimmi ol'iyyanno guutuu kennuu dhabuu kun rakkoo ta'uu ilaalcha keessa galchuun badii naamusaa itti gaafatamummaa hordofisiisu taasisee tumeera<sup>64</sup>.kunis dambii kana keewwata 8(6) jalatti ; *ol'iyyanni abbaa dhimmaaf kennamu hir'ina kan hin qabaanne ta'uu mirkanneeffachuu dhabuu; yookiin Muudamaan kamuu yemmuu ol'iyyata kennu ol'iyyanno kennamu guutuu ta'uu fi fuula hir'uu yookiin caalmaa ta'e, yookiin fuula chaappaa hin qabne,yookiin fuula citaa yookiin hin dubbifamne, yookiin xalayaa gaggeessituu hir'uu yookiin dogoggorsiisaa ta'e, yookiin maqaa ol'iyyataa yookiin deebii kennaa hin qabne yookiin fuula waljala darbaa, yookiin guyyaa fi lakkofsa gal mee hin qabne yookiin*

<sup>63</sup> .Dambii Naamusaa abbootii seeraa Oromiyaa lakk.2/2011 keewwata

<sup>64</sup> .Dambii Naamusaa abbaa seerummaa lakk.2/2011 kew.8 (6)

*dogoggora qabu, yookiin tarreeffama tartiiba fuula waljala darbee fi itti fufinsa hin qabne kenu yookiin osuu hin sirreessiin hirdhina kan hin qabne ta'uu mirkanoeffachuu dhabuu; jechuun tumee jira.*

Ol'iyyannoo guutuu keennuu dhabuun Abbaa dhimmaa dhamaatii fi baasii hin barbaachifneef Kan saaxilu yoo ta'e badii naamusaa xiqqaa ta'uun hafee badii naamusaa salphaa ta'uun akka danda'uun dambii kana keewwata 8(6) jalatti ifaan tumamee jira.

#### ❖ **Falmitoota To'achu, Yookiin Obsaan Dhaggeeffachuu Yookiin Dubbii Xumursiisuu Dhabuu**

Abbaan dhimmaa mana murtii dhufe kamuu bifaa kabajaa fi ulfina qabuun keessummeeffamuu qaba.Hojjataan mana murtii hundinuu Abbaa dhimmaa dhiyaatee ija wal qixaan keessummeessuu qaba.Kanaaf yeroo abbaan dhimmaa yaada isaa ibsatu, yaadichi dogoggora yoo ta'e illee afaanitti qabuu osuu hin taane obsaan dhageeffatanii,dubbii isaa akka xumuratu gochuun barbaachisaadha.Gama biraatiin immoo abbootiin dhimmaa tokko tokko yaada hin barbaachifne yookiin hamilee hawaasaa fi garee faallaa tuquu danda'u yookiin hojii dhaddachaa irratti miidhaa geessuu danda'u kaasuu waan malaniif to'atamuu qabu.To'annaan gama kanaan godhamu sirnaa fi seera jiru qofa jiddu galeessa godhachuun ta'uun qaba.Bifa hamilee fi ulfina Abbaa dhimmaa miidhuun ta'uun irra hin jiraatu.

Dambii Naamusaa abbootii seeraa lakk.02/2011 kew.8 (7) jalatti haala armaan gadii kanaan ibsamee jira.

*Akkaataa qajeelfamni dhaddachaa yookiin seeroota biro rogummaa qabuutiin gareen walfalaman falmii gaggeessuu isaanii mirkanneessuu dhabuu, yookiin sirna dhaddachaa hordofuu isaanii yookiin, akkaataa ajajamaniin raawwachuu isaanii to'achu dhabuu; Haqummaan yookiin walqixa keessummeessuu dhabuu; yookiin iyyata harkaa fuudhuu diduu yookiin dhagahuu dhabuu,yookiin obsaan dhaggeeffachuu dhabuu; yookiin Yaada yookiin dubbii yookiin falmii isaanii xumursiisu dhabuu yookiin diduu.*

Falmitoota to'achu yookiin obsaan dhaggeeffachuu yookiin, dubbii xumursiisuu dhabuun badii naamusaa xixqaa jalatti ramadama.Akkaataa qajeelfama dhaddachaa yookiin seeroota biro rogummaa qabuun gareen walfalman falmii gaggeessuu isaanii mirkanneessuu dhabuu,yookiin

sirna dhaddachaa hordofuu isaanii yookiinakkataa ajajamaniin raawwachuu isaanii to'achuudhabuun baadii naamusaa xiqaan kan gaafachisuu tauu isaa ifaan tumamee jira.Tumaa kana keessatti "seeroota biro rogummaa qabuun gareen walifalman falmii gaggeessuu mirkaneessuu dhabuu "kan jedhu seeroo rogummaa qaban jechuun seerota kami fa'a? akka dabalatuu fi falmii immoo falmii akkamii akka ta'e adda baasuun barbachisaadha.Badiin naamusaa kun raawwatamuu kan danda'u adeemsa falmii keessatti waan ta'eef seeroonni adeemsa falmii keessatti rogummaa qaban Seeroota Adeemsa falmii kanneen akka SDFHH yookiin SDFY ta'u mala.Kana malees seeroonni muummee tokko tokko adeemsa falmii hammatanii kan jiraan waan ta'eef bu'uura adeemsa falmii seerota san keessa jiranitiin kan hin hoogganamne yoo ta'e badii naamusatiin kan nama gaafachiisuu ta'uun dhimma hubatamuu qabuudha.

Sirnoonni falmii keessatti gaggeeffaman kanneen akka dabaree eeguun dubbachuu, akkaataa SDFS ykn SDFY ajajutti duraa fi duuba gosoota gaafii (gaafii duraa, qaxamuraa fi irra deebii) eeguun ragoota gaafachuu dhabuu kaasuun ni danda'ama.<sup>65</sup>

#### ❖ Marii Yookiin Walgahii Irratti Hirmaachuu Dhabuu

Karaa manneen murtii oromiyaa hojimaata isaanii ittiin gamaggaman,raawwii hojii isaanii kan guyyaa,torbee,ji'aa,kurmaanaa fi waggaa ittiin ilaalan keessa tokko marii yookiin waligahiidhan.Hanqinnoota hojii keessatti mul'atan adda baasuu fi cimna jiru immoo itti fufsiisuuf tooftaa manni hojii fayyadamuu qabu keessa tokko mariilee adda addaa idileessuudhaan akka ta'e beekkamaadha.Kanaafuu Abbaan seeraa fi muudamaan kamiyyuu marii yookiin waligahii akka mana murtichaatti qophaa'u irraatti akka hirmaata yemmuu gaafatamu hirmaachuu akka qabu fi kan hin hirmaanne yoo ta'e immoo badii naamusaa xiqaan gaafatamuu kan danda'u akka ta'e dambiin kun keewwata 8(8) jalatti akka itti aanutti ifaan tumee jira.

*Marii yookiin walgahii yookiin waltajjii hojii akka Mana Murtichaatti qophaa'e kamirrattuu akka itti hirmaatu gaafatamee yookiin osoo beekuu sababa gahaa malee hafuu yookiin hirmaachuu diduu badii xixqaan itti gaafatamummaa kan hordofsiisu ta'uun ni hubatama.*

---

<sup>65</sup> .Moojulii naamsa abbootii seeraa mana murtii waliigala oromiyatiin bara 2011 barraa'e.

Mariin yookiin walgahiin manneen murtii keessatti godhamu ajandaa adda addaa kanneen akka dhimmoota bulchiinsaa bajata fi human namaa mana murtii,haala kenniinsa tajajilaa Abbaa seerummaa ,haala keessummeessa Abbaa dhimmaa , mariiwwan seeroota irratti gaggeeffamuu fi mariiwwaan biro kamuu manni murtii ni barbaachisa jechuun abbaan seeraa yookiin muudamaan gumii akka hirmaatu gaafatame irratti argamuun hirmaachuu qaba.

❖ **Sirna Diriiree Hojiirra Oolchuu Dhabuu Yookiin Odeeffannoo Dhimmoota Sirnaan Galmeessuu Dhabuu**

Manneen murtii yeroo irraa gara yerootti keennisa tajaajilaa fi sirna keessummeessa isaanii ammayyeessuun tajajila si'ataa, qulquluu fi dhaqabamaa kennaa jiru.Kana galmaan gahuufis sirnootaa adda addaa diriiruun,meeshaalee jijiramaa fi teekinoolojii adda addaatti dhimma bahuun kan hojjataa jiran akka ta'e dhugaa lafa jiruudha.Sirna qabiinsa galmee daataa beeziitti jijiiruu,abbaan dhimmaa karaa salphaa fi baasii hir'isuun akka ol'iyatuuf tajajila "E-filing" tiin hojii hojjatamaa jiru kaasuun ni danda'ama.sirna diriiree hojii irra oolchuu dhabuu yookiin odeeffannoo dhimmoottaa sirnaan galmeessuu dhabuun baadii naamusaa xiqqaa ta'uun dambii kana keewwata 8(9)jalatti haala armaan gadii kanaan tumamee jira.

*Sirna odeeffannoo kenniinsa tajaajila abbaa seerummaatiif akka tajaajilu Mana Murtii keessatti diriiree jiru sirnaan hojiirra oolchu dhabuu; yookiin Odeeffannoo guutuu dhimmoottaa daataa beeziitti of-eegannoodhaan galchuu dhabuu; yookiin Kaardii abbaan dhimmaa dhimma isaa ittiin hordofatu sirnaan galmeessee kenu dhabuu akka badii xiqaatti kan itti nama gaafachiisu ta'uun isaaati.*

Badiiwwan naamusaa xixiqaan kun yemmuu raawwataman adeemsa idilee bulchiinsa naamusaa keessa darbuun osoo hin barbaachifinne hooggansuma dhiyootiin tarkaanfiin akka fudhatamu kan taasise ta'u hubachuun ni danda'ama. Ibsa birotiin badiiwwan naamusaa xixiqaawan kun dambii duraa keessatti adeemsa idilee dhimmoonni naamusaa itti dhiyaataniin itti gaafatamtoota Waajjira/Garee Naamusaa fi Inspeekshiniit qulqulaa'ee tarkaanfiin kan fudhatamaa ture yemmuu ta'u amma garuu adeemsi duraa kun osoo hin hordofamne hoogganaan dhiyoo isaa kan qulquleessuun tarkaanfii barbachisaa fudhatu akka ta'e hubatamuu qaba.<sup>66</sup>Haata'u malee gosoонни badiiwwan xixiqaan kunni itti yaaddamee kan raawwatamee fi miidhaa ol'aanaa ta'e

<sup>66</sup> .Moojulii naamsa abbootii seeraa mana murtii waliigala oromiyaatiin bara 2011 barraa'e.

yemmuu dhaqabsiisu akkaatuma haala isaatti adabbii badii salphaa kan hordofsiisu akka ta'e ni hubatama.

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Badiiwan xiqaan kunneen qabatamaan kenninsa tajaajila abbaa seerummaa keessatti haala kamiin calaqqisu? Qabatama beektan yoo jiraate kaasaa irratti mari'aadhaa.
- 2) Odeeffannoo guutuu barreessuu dhabuun badii naamusa xiqaan keessaa isa tokkoodha. Itti fayyadama teekinolojiitiin wal qabatee hanqinni abbaan seeraa tokko qabu badii kana jalatti kufuu ni danda'a jettuu? Maaliif?
- 3) Badiiwan xiqaan jechuun gochawan keewwata 8 jalatti tarreffaman keessaa miidhaa isaan qaqqabsiisuu danda'an giddu galeessa godhannee yeroo ilaallu badii naamusaa salpaa ykn badii cimaa ta'uu kan danda'an hin jiran jettanii yaadduu? Jira yoo jettan tokko tokkoon addaan baasuun irratti mari'adhaa!

### **B) Badiiwan Naamusaa Salphaa**

Danbicha irraa akka hubatamutti badiiwan naamusaa salphaan hojii abbootiin seeraa guyyaan hoijetan keessatti kan raawwatamuu danda'an ta'anii sadarkaan ulfaatinisaanii akka badiiwan xiqaan gad aanaa kan hin taanee fi akka badiiwan ciccimoo immoo ulfaataa kan hin taane, giddu galeessa kan ta'anii fi miidhaan isaan qaqqabsiisanis giddu galeessa kan ta'ee dha. Gosti badii naamusaa akkanaa maqaa Abbaa seeraa fi maqaa mana hojichaas kan balleessu ta'uu bira darbee hawaasin mana murtii irraa abdii akka hin qabannee fi amantaa horataa akka hin deemne godhuun hojii Abbaa seerummaa yeroo irraa gara yerootti gaaffii keessa galchaa kan deemuudha. Dambiin namusa abbootii seeraa oromiyaa lakk.2/2011 kun gosoota badii naamusaa kana jalatti dhimmota harawa dambii duraatiin hin hammatamin badii naamusaa godhuun tumee jira.

Haaluma Kanaan dambiin naamusaa kunnis gosoota badiiwan salphaa kew.9 jalatti kan tarreesse yemmuu ta'u isaanis<sup>67</sup>; waligalani hojjachuu dhabuu; iftominnaan hojii gaggeessuu dhabuu ykn diduu; hojii irratti dhibaawummaa agarsiisuu; dhimmoota filachuu, gochaa amantaa , aadaa , safuu fi duudhaa hawaasaa tuqu ykn faallaa ta'e raawwachuu ; leenjii ykn wal tajjii

<sup>67</sup>. Akuma yaadannoo miiljalee olii kew.9

irratti hirmaachuu dhabuu;galmee sirnaan qabuu dhabuu;naamusa gaarii dhabuu;murtii yaadaan adda bahu sirnaan barreessuu dhabuu;hojii dabalataa ykn qajeelfama fudhachuu diduu;kanfaltii tajajila abbaa seerummaa ykn mallaqa amaanaa akkaataa seeraatiin fuudhoo dhabuu ykn bulchuu dhabuu;ciraa sirnaan bulchuu dhabuu;miidiyaa hawaasummaatti sirnaan fayyadamuu dhabuu akka ta'an gababbinnaan hubachuun ni danda'ama.Gosoonnii badiiwan salphaa kunis danbicha keewwata 9(1-13) jalatti tarreffamanii kan jiraniisdha.Hubannoo gahaa qabachuun akka barbaachisuuf tokkoon tokkoo badii naamusaa salphaa kanneen akka armaan gadii kanaatti ilaallee jirra.

### ➤ **Waliigalteen Hojjechuu Dhabuu**

Keenninsi tajaajila Abbaa seerummaa hojii Abbaa seeraa tokko qofaan yookiin Abbaa seeraa fi muudamaa gumii qofaan yookiin deeggarsa qaama biro malee hojjatamuu miti.Hojiin Abbaa seerummaa uumama isaatiin qaamota heddu kan hirmaachisuufi qindoomina ol'aanaa seera jiddu galeessa godhate uumuun hojii hojjatamuudha.Keenninsa tajaajila Abbaa seerummaa waliigalteen hojjachuu yaadni jedhu kallatti lamaan hubatamuu qaba.Tokkofaa waliigaltee qaamota keessaa kanneen akka Abbaa seeraa biro ,muudamaa gumii,hojjataa deeggarsaa(sivili sarvisii) fi kkf yoo ta'u,inni lamaffaan immoo waliigaltee qaamota alaa kanneen akka poolisii fi Abbaa alangaa fa'a kaasuun ni danda'ama.Manneen murtii oromiyaa keessatti sababa abbaan seeraa waliigalteen hojjachuu dhabuu irraa kan ka'een yeroo abbaan seeraa badii malee hojjatoota mana murtii hidhuun tajaajilli akka hin kennamne godhu darbee darbee ni mul'ata.Akkasumas sababa gahaa malee seeraa fi sirna jiru irraa maquun Abbaa alangaa yookiin poolisii waliin qinda'ee hojjachuu dhiisuun yeroo tajaajila Abbaa seerummaa balaaf saaxilan ni mul'atu.<sup>68</sup>Kun immoo madda komii ta'aa waan dhufef rakkoo kana hambisuuf jecha dambiin naamusaa abbootii seeraa oromiyaa kun keewwata 9(1) jalatti; *akkaataa seeraatiin yookiin duudhaa naamusa Abbaa Seeratiin yookiin amalli hojichaa gaafatuun Nama biro waliin waliigalanii yookiin wal gargaaranii yookiin kabajuudhaan hojjechuu dhabuu badii naamusaa salphaa godhuun tumee jira.*

### ➤ **Iftoominaan Hojii Gaggaassuu Dhabuu Yookiin Diduu**

<sup>68</sup> .Moojulii naamusaa abbaa seerummaa mana murtii waliigala oromiyatiin bara 2011 barra'e.

Keenninsi tajaajila Abbaa seerummaa hojii iftoomina ol'aanaa barbaaduudha.Karaa hawaasni bal'aan hojii mana murtii ittiin madaalu keessa tokko hojin dhaddachaa iftoomina gahaa hawaasaaf haala qabuun yoo hojjatameedha.Iftoomina hojii Abbaa seerummaa yoo jedhamu hojiin hojjatamus ta'ee,iddoon hojiin itti gaggeeffamu haala addaan yoo ta'e malee dhaddacha ummataaf ifa ta'een raawwatamuu qaba.Manneen murtii oromiyaa keessatti iftoomina dhabuun hojii Abbaa seerummaa yeroo irraa gara yerootti dabalaan deemuun isaa hawaasin manneen murtii irraa abdii akka dhabu godhuu irra darbee haala al naamusummaan ittiin gaggeeffamu keessa tokko ta'aa dhufee jira.<sup>69</sup>Rakkoo kana furuuf jecha dambiin kun keewwata 9(2) jalatti iftoominaan hojii gaggeessuu dhabuu yookiin diduu badii naamusaa salphaa godhuun akka armaan gadii kanaatti tumee jira.

*Kutaa hojii keessatti dabalatee sababni addaa yoo jiraate malee hojii isaa iftoominaan hojjachuu dhabuu yookiin haala ifaan nama keessuummeessuu dhabuu; Yoo seeraan dhorkame malee yookiin sababa gahaan ajaja ifatti barreeffamaan kennameen bakka hin dhorkamnetti, dhaddacha ifatti hojii dhaddachaa gaggeessuu dhabuu.*

Hojii dhaddachaa yoo jedhamu kanneen akka falmii abbaa dhimmaa itti gaggeeffamu, ragaan bitaa mirgaa dhagahamu, ajajoonnii fi murtiin yemmuu kennamu fi kkf haala abboota dhimmaaf ifa ta'uu qabuun gaggeeffamuu qaba.Haata'u malee dhimmoon seeraa dhaddacha cufaatti ilaalamuu qaban kanneen akka falmii dhirsaa niitii, dhimmoota nageenya biyyaaf icitiin ilaalamuu qabuu fi kkf yoo ta'e dhaddacha cufaan ilaalamuu waan qabuuf dhimma dambii Kanaan dhaddacha ifatti akka ilaalamu dirqisiisuu miti. Haaluma walfakkaatuun abbaan dhimmaa dhaddachaan alatti keessumeeffamaman haala hawaasa baldhaaf ifa ta'een keessumaa'uu akka qabu ni agarsiisa.<sup>70</sup>

#### ➤ Hojii Irratti Dhibaawummaa Agarsiisu

Hojii kenninsa tajaajila Abbaa seerummaa amala isaatiin dandeeetti,kutannoo,kaka'uumsaa fi miira tajaajiltummaa ol'aanaa gaafata.Abbaan dhimmaa mana murtii kan dhufuuf akkataa Heeraa fi seeraatiin mirgi isaaf kennname namoota gara biraatiin yookiin mootummaatiin haala adda addaan jalaa jidduu kan lixamu yoo ta'e kabachiifachuuf mana murtii kan dhufuudha.Hojii

---

<sup>69</sup>.Qajeelfama sirna dhaddachaa manneen murtii oromiyaa lakk.8/2004.

<sup>70</sup>.Moojulii naamusaa abbootii seeraa mana murtii waliigala oromiyatiin Bara 2011 barraa'e.

Abbaa seerummaa lubbuu,bilisummaa fi qabeenya namaa irratti murtii kennuu waan ta'eef dhibaawummaan kan hojjatamu yoo ta'e miidhaan inni nama dhuunfaa irraan gahus ta'ee hawaasa bal'aa irraan gahu akka salphatti kan ilaalamuu miti.Kanaafu abbaan seerummaa hojii isaa yeroo hojjatu kutannoo fi miira tajaajiltummaa ol'aanaan hojjachuu qaba.Dambiin kun keewwata 9(3) jalatti hojii irratti dhibaawummaa argarsiisuun badii naamusaa salphaa ta'uun akka itti aanutti tumamee jira.*Hojii kenniinsa tajaajila abbaa seerummaa itti ramadame yookiin hojii isaaf goodame yookiin kenname kamuu irratti miira itti gaafatamummaadhaan raawwachuu dhabuu yookiin maal nadhibdeedhaan raawwachuu; yookiin Fedhii yookiin kaka'umsa hojii gaarii agarsiisuu dhabuudhaan yookiin dhibaawummaa guddaa agarsiisuudhaan dhimmoota akka malee lafarra harkisuu yookiin abbaa dhimmaa deddeebisuudhaan baasii hin malleef saaxiluu yookiin hojiirraan miidhaa geessisuu.*

Tumaan kun bu'uura kan godhate rakkoo qulqulinnaa,si'oominnaa fi dhaqabamummaa kana dura maneen murtii naannoo Oromiyaa keessatti madda komii ta'an furuuf si'oominnaan,kaka'umsaa fi miira tajajilitummaatiin dirqama tajajiluu abbootii seeraa irratti kan gatedha.<sup>71</sup>

### **Gaaffii Marii;**

Dimmi tokko si'ominaan akka xumura argatu dambiin kun abbaan seeraa dhimma ilaalaajiru akka malee akka lafa irra hin bunne ni dhorka (kew.9 (3(b).Dhimmi tokko hangam yoo ture akka malee lafa irra harkifate jedhama? beellama dheeressuu ni dabalataa? daangaa dhimmootaaf kaa'amee moo? kamtu ilaalamu? seeras ta'ee qajeelfamni biro yoo jiraate kaasuun mari'adhaa.

#### **➤ Dhimmoota Filachuu**

Abbaan seeraa hojii manni murtii keenneef hojjachuuf dirqama qaba.Dhaddacha manni murtii itti ramade irratti argamuun hojjachuu qaba.Bulchiinsi dhangala'iinsa dhimmoottaa manneen murtii keessatti yeroo ammaa bal'innaan hojii irra kan oolaa jiru waan ta'eef manneen murtii heddu keessatti dhaddachi dhimootaan adda goodamee jira.Haaluma kanaan dhaddacha maatii,Raawwii,qabeenya,beenya,yakkaa,shari'aa fi kkf jechuun qoqqodanii hojjataa jiru.Abootiin seeraa tokko tokko dhaddacha rakkoon naamusaa irratti mul'achuu danda'u malee hin filatan.Kanaaf yeroo bay'ee abbootiin seeraa dhaddacha raawwii irra hojjachuu hin

<sup>71</sup> .moojulii naamusaa abbootiin seeraa mana murtii waliigala oromiyatiin bara 2011 barraa'e.

filatan.Gama biraatiin immoo abbaan adeemsaa yookiin pirezidaantiin namoota rakkoo naamusaa qabaan yeroo dhaddacha al naamusummaa fi kiraasassabdummaaf mijaa'aa ta'e irratti abbootii seeraa isaanitti dhiyeenya qaban kan ramadanis jiru.Akka waliigalaatti abbaan seeraa dhaddacha itti ramadame hojjachuu qaba.Akkasumas hojii mana murtiin isaafi kennamee fi dirqama seeraan isaan irra kaayame itti gaafatamummaa ol'aanaan raawwachuu qabu.Abbootiin seeraa tokko tokko immoo galme Abbaa seeraa birotif kenname fudhachuun yeroo hojjatan ni mul'atu.Haalli akkanaa faayidaa dhuunfaa ofiif yookiin garee biro fayyaduuf kan godhamu yoo ta'e baadii naamusaa ta'a.Dhimma filachuun badii naamusaa salphaa ta'uun kan nama adabsiisu akka ta'e dambii kana keewwata 9(4) jalatti *Sababa quubsaa malee dhimma dhiyaateef ilaaluu diduu yookiin sababa quubsaa hin taane barreesee dhimma ilaaluu diduu dhoorkaa akka ta'e fi* abbaan seeraa dhimma isaaf dhiyaate tokko ilaaluu hin danda'u jechuu kan danda'uu bu'uura labsii lakk.216/2011 keewwata 37 tiin yoo ta'ee fi kanuma galme irratti barreessuun yoo hubachiiseedha.

### **Gaaffi Marii:**

- Abbaan seeraa tokko qaama dhimmi ilaaluun hojiin osoo hin keennamneef kaka'uumsa mataa isaatiin galmee fuudhee yoo hojjatee fi murteesse hojii filate jechuun bu'uura dambii lakk.2/2011 jalatti itti gaafatamuu danda'aa? Tumaa dambii kanaa rogummaa qabu waliin wal bira qabaa mari'aadhaa.

### **➤ Gochaa Amantaa, Aadaa, Duudhaa Fi Safuu Hawaasaa Tuqu Yookiin Faallessu Raawwachuu**

Abbaan seeraa yeroo hojii abbaa seerummaa irra jirutti *Amala yookiin mallattoo yookiin gochaa yookiin barreeffamaa yookiin dubbiisaatiin amantaa, aadaa, duudhaa yookiin safuu yookiin kabaja uummataa yookiin nama dhuunfaa yookiin garee yoo tuqee argame badii salpaadhan ni gaafatama.Haata'u malee gochichi kabaja uummatichaa yookiin nama biro yookiin garee salphise yookiin uummataa yookiin namoota walitti buuse badii naamusaa cimaan ni gaafataama jechuun dambii keewwata 9(5) jalatti tumeet jira.* Abbaan seeraa baroottani hojii Abbaa seerummaa irra jirutti gochaan yookiin jechaan yookiin barreeffamaan yookiin mallattoolee adda addaatiin aadaa hawaasaa, duudhaa fi safuu, akkasumas amantaa fi amantii ummataa fi hamilee hawaasaa waan falleessu godhuu hin qabu.

Gochaan yookiin jechaan aadaa,safuu fi duudhaa hawaasa tokko ni tuqa kan jedhamu gochaawwanii ykn jechaan akkamii akka ta'an dambichi ifatti hin agarsiisu, kun immoo gochaawan abbaa seeraatiin yookiin muudamtootan raawwataman aadaa,safuu yookiin duudhaa hawaasaa ni tuqa moo hin tuqu kan jedhu hiikoof kan saaxiluudha.Akkasuma gochaan yookiin jechi tokko aadaa, safuu fi duudhaa hawaasa iddo tokko jiraatan biratti kan safuu fi duudhaa tuqu ta'ee yemmuu muldhatu hawaasa iddo biro jiraatan biratti immoo yeroo aadaa, safuu fi duudhaa kan hin tuqne yookiin hin miine ta'ee kan muldhatu ta'uun ni hubatama. Kanaaf gochaan tokko aadaa, safuu fi duudhaa hawaasaa ni tuqa yookiin miidha jechuun kan danda'amu akkaataan aadaa, duudhaa fi safuu hawaasa naanna'a sanaatiin ilaaluun barbaachisaadha.<sup>72</sup>

#### ➤ **Lleenjii Yookiin Waltajji Irratti Hirmaachuu Diduu**

Keennisi tajaajila Abbaa seerummaa dandeettii fi gahuumsa ol'aanaa barbaada.Abbaan seeraa keennisa tajaajila Abbaa seerummaa kenu dandeetti isaa yeroo yeroon fooyyeessa dabala deemuu qaba.Karaa dandeettii fi gahuumsi Abbaa seeraa ittiin dabalamu keessa tokko leenjii yookiin marii adda addaa akka ta'e haala qabatama jiru irraa hubachuun ni danda'ama.Hojimaataa fi seeronni haarofni yeroo yeroon kan bahan waan ta'eef abbaan seeraa seerotaa fi hojimaataa haarawa waliin dafee wal baree ittiin hojjachuu danda'uu qaba.Kanaaf immoo leenjii fi mariin murteessaa ta'uun isaa wal nama hin falmisiisu.Kanuma bu'uura godhachuun dambiin naamusaa kunis keewwata 9(6) jalalatti leenjii yookiin waltajji irratti hirmaachuu diduu badii naamusaa salphaa godhuun akka armaan gadii kanaatti kaa'ee jira.

*Leenjii yookiin siminaara yookiin workishooppii yookiin waltajji beekumsa yookiin hubannoo isaa dabaluuf yookiin gumaacha akka godhuuf qophaa'e irratti akka hirmaatu gaafatamee hirmaachuuuf sababa gahaa malee dide yookiin osoo hin hayyamsiisin hafe yookiin addaan kutee deemuun badii salphaan kan gaafachiisu ta'uu muldhisa<sup>73</sup>.*

#### ➤ **Galmee Sirnaan Qabuu Dhabuu**

Abbootiin seeraas ta'ee muudamaan gumii galmee sababa hojiif harka isaanii gale yookiin to'anno isaanii jala jiru sirnaan eeguu fi qabutu irraa eeggama.Manneen murtii keessatti galmee keessaa fuula gatuun yookiin galmee guutuu gatuun,mana ka'achuu,sanduuqa keessatti itti

---

<sup>72</sup>.Moojulii naamusaa abbootii seeraa mana murtii waliigala oromiyatiin Bara 2011 brraa'e.

<sup>73</sup>. Dambii Naamusa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa foyyaa'e bahe lakk.2/2011

cufanii deemuu,yeroon deebisuu dhabuu,ragaalee sirnaan wal qabsiisuu dhabuu,ragaa galmee keessa jiru ciruu fi gatuun rakkoo hammataa ta'aa dhufee jira.Rakkoolee kana hambisuuf jecha dambiin naamusaa kun keewwata 9(7) jalatti badii namusaa taasisuun akka itti aanutti tumee jira.

*Galmee hojiif isa harka gale yookiin to'annaa isaa jala jiru of- eeggannoona qabachuu dhabuuudhaan gate yookiin sanada keessaa gatuu yookiin yeroon deebisuu dhabuu; yookiin Galmee yeroon deebisuu dhabuu isaatiin abbaa dhimmaa dhamaatii hin malleef saaxiluu; yookiin Kun akkuma jirutti ta'ee gochicha ta'e jedhee garee tokko miidhuuf yookiin garee biro fayyaduuf yookiin faayidaa hin malle argachuuf yookiin nama birof argamsiisuuf galmee isaaf qoodame yookiin sanada galmee keessa gatuu yookiin miliqsuu yookiin mancaasuu yookiin ragaa yookiin odeeaffannoo keessaa balleessuu yookiin haquun yookiin jijiiruun badii naamusaa cimaan ni gaafachiisa<sup>74</sup>.*

Galmee sirnaan qabuu dhabuun kan raawwatame ta'e jedhamee garee tokko irraan miidhaa gahuuf yookiin garee tokko fayyaduuf yookiin faayyidaa hin malle argachuuf yookiin nama birof argamsiisuuf yaadamee kan raawwatame yoo ta'e miidhaan isaa ol'aanaa waan ta'eef badii salphaa ta'uun hafee badii cimaadhaan kan itti gaafatamummaa hordofsiisu ta'uu ifatti tumameera.

### ➤ Naamusa Gaarii Dhabuu

Abbaan seeraa *amala agarsiisuun yookiin uffannaadhaan yookiin gochaan yookiin bakka hin taane ooluudhaan kabajaa yookiin maqaa ofii yookiin kan Mana Murtii yookiin kan ogummaa abbaa seerummaa xiqqeessee yoo argame badii naamusaa salphan kan itti gaafatamu akka ta'e dambii kana keewwata 9(8) jalatti tumamee jira.*

### **Gaaffii marii**

Haaluma Kanaan abbaan seeraa ykn muudamaan tokko amala akkamii yoo agarsiise yookiin yoo haala kamiin uffate yookiin yoo maal raawwate? Yookiin yoo eessatti argame yookiin oole?kabajaa ofii isaa ykn ogummaa abbaa seerummaa ykn Mana murtii tuqsiisuu danda'a jettanii amantu?

### ➤ Murtii Yaadaan Addaa Bahuu Sirnaan Barreessuu Dhabuu

<sup>74</sup> Dambii Naamusaa Abboota Seeraa Oromiyaa lakk.2/2011 kew 9 (7,c)

Kenniinsa tajajila abbaa seerummaa keessatti dhimmoon abboota seeraa tokkoo oliin ilaalamuu qaban irratti murtii sagalee xiqaan yookiin yaadaan adda bahuun kennamu dhimmichi akka lafa irra hin harkifanneef yeroo gabaabaa keessatti barreeffamuu qaba. Akkasumas murtii yaadaan adda bahuun barreeffamu keessatti kabaajaan abboota seeraa biro haala hin tuqneen barreeffamuu qaba.<sup>75</sup> Dirqamoota kana kabajuu dhabuun badii naamusaa ta'uun isaa dabmbii kana keewwata 9(9) jalatti *Sababa yaadaan adda bahe yemmuu barreessuu kabaja yookiin haamilee Abbootii Seeraa biro tuquu; Kunakkuma eegametti ta'ee gochichi fayyaalummaa dhabuudhaan kan raawwatame yoo ta'e badii cimaadhaan ni gaafachiisajechuun ibsamee jira.*

➤ **Hojii Dabalataa Hojjechuu Diduu Yookiin Qajeelfama Fudhachuu Diduu**

Abbaan seeraa *Hojii dabalataa hojii isaa waliin rogummaa qabu hoogganaa isaatiin itti kennamee sababa amansiisaa hin taaneen hojjachuu diduu; yookiin qajeelfama seeraa qabeessa ta'e hogganaa isaatiin itti kenname sababa gahaa malee fudhachuu diduu badii naamusaa kan hordofsiisu akka ta'e keewwaata 9(10) jalatti ifaan ta'ee jira.*

Tumaa kana irratti wanti hubatamuu qabu hojiin dabalataa Abbaa seeraatiif kennamu kan hojii Abbaa seerummaa waaliin rogummaa qabuu fi qaama aangoo qabuun keennameef ta'uu qaba. Hojiin dabalataa hojii Abbaa seerummaa waliin rogummaa qabu hojii bulchiinsaa adda addaa ta'uu danda'a.

➤ **Kanfaltii Tajaajila Abbaa Seerummaa Yookiin Maallaqa Amaanaa Akkaataa Seeraatiin Walitti Qabuu Fi Bulchuu Dhabuu**

Dambii kana keewwata 9(11) jalatti Kanfaltiawan tajaajila abbaa seerummaa yookiin maallaqa amaanaa seeraa irratti hundaa'uun kanfalchiisuu dhabuu yookiin sirnaan bulchuu dhabuu; yookiin kun akkuma jirutti ta'ee, maallaqa walitti qabame hir'isuu yookiin qisaasuu yookiin nagahee sobaan walitti qabuu yookiin nagahee sobaa fayyadamee herrega buusuu yookiin sanada walcaalchisuunbadii naamusaa cimaan ni gaafachiisa. Kanfaltii tajaajila abbaa seerummaa yookiin maallaqqa amaanaa sirnaan bulchuu dhabuu jechuun; kanfaltiawan tajaajila abbaa seerummaa yookiin maallaqqa amaanaa of biratti kuusu yookiin yeroo taa'e keessatti qabaa yookiin qabduu maallaqatti yookiin baankitti yookiin Waajjira Maallaqqaa fi Walta'iinsa

---

<sup>75</sup>,moojulii naamusa abbootii seeraa mana murtii waliigala oromiyatiin bara 2011 barraa'e.

Diinagdeetti galii gochuu dhabuu, sanadoota fi nagaheewwan kanaan walqabatan to'achuu fi hojiilee kana fakkaatu raawwachuun kanfaltii tajaajila abbaa seerummaa yookiin maallaqqa amaanaa sirnaan bulchuu jedhamee fudhatamuu ni danda'a<sup>76</sup>.

### **Xiinxala Dhimma 16ffaa**

Himannaa badii naamusaa Waajjira Naamusaa fi Inspeekshinii fi Ofisara Seeraa Aanaa(Godina Hararge Lixaa) gidduutti falmii Garee Gumii Naannootiin lakk.Galmee 00628 irratti gaggeeffamee waligahii gaafa guyyaa 23/05/2011 murtaa'eedha.

**Himannaa:**Waajjira Naamusaa fi Inspeekshinii G.Lakk.01022 ta'e irratti himata gaafa 09/05/2010 qopheessee dhiyesseen deebi kennaan ammaa Ofisara seeraa Mana Murtii Aanaa Bookee tahanii yeroo hojjatanitti aangoo isaanitti gar-malee fayyadamuu fayidaa isaaniif hin malle argachuuf galmee hariiroo hawaasaa baay'inni isaanii 71 tahan irratti nagahee osoo hin murin galii abbaa seerummaa walitti qabaan qarshii 4,054 (kuma afuri fi shantamii afur) fayidaa dhuunfaa isaanitiif waan oolfataniif Dambii Naamusa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Gumii Naanno Oromiyaa lakk.2/2001 kew.50 darbuun himatamanii jiru.

**Deebii:-** Komatamaan kunis deebii gaafa guyyaa 28/5/2010 barreeffameen gababbinaan ani galmeelee kana irratti nagahee itti muree galii ittiin funaantuun galii godheen jira.Sababii hanqinni Ofisara Seeraa jiruuf baay'ina hojii irraa kan ka'e lakkofsa nagahee osoo galmee irratti hin guunne hafeen jira.Kanaaf mallaqa galii abbaa seerummaa funaanee fayidaa dhuunfaa kootiif oolche waan hin jirreef galmeen narraa cufamee bilisaan akkan gaggeeffamu kan jedhudha.

**Murtii Garee Gumiitiin Kenname:**Gareen Gumii Naannoos dhimmicha ooditarri akka qulquleessu taasifamee bu'aan oditii dhiyaaten komatamaan galmeewwan 21 irratti nagahee osoo hin murin galmee kan bananii fi qarshii abbaa seerummaa 1778.00 (kuma tokkoo fi dhibba torbaa fi torbaatamii saddeet) faayidaa dhuunfaa isaanitiif oolfachuu mirkaneessee balleessaadha jedhee booda hojii irraa gaggeesseera.

### **Gaaffiile Marii**

---

<sup>76</sup> Dambii Naamusa Abbootii Seeraa Oromiyaa lakk.2/2011 kew.9(11)

1. Ofisarri seeraa Kun badiin inni raawwateef tumaan dambii rogummaa qabu isa kami? Galii abbaa seerummaa sirnaan bulchuu dhabuu jalatti himatamuu qaba moo aangoo seeraan ala fayyadamuu jalatti himatamuu qaba ture? Gaheen abbaa seeraa badii naamusaa kana to'achuu keessatti qabu maali?
2. Dambii naamusa abbootii seeraa manneen murtii oromiyaa lakk.2/2011 kewwata kam jalatti himatamuu qaba?

### **Xiinxala Dhimma 17<sup>ffaa</sup>**

Pirezidantii Mana Murtii Aanaa tokko galmee raawwii lakk.21587 ta'e irratti walfalmitoota Addee Amaanee Ahimad fi Obboo Ibraahim H/Tunaa fa'a gidduutti gaggeeffamaa ture irraatti qabeenya murtiin irratti kenname manneen magaalaa Gobeessaa keessatti argaman caalbaasiin akka gurguraman ajajanii jiru. Koreen caalbaasii kunis qaamolee adda addaa irraa hundaa'e jira. Haaluma Kanaan koreen hundaa'e kun iddo Mannichaatti argamuun bu'uuruma ajajaatiin caalbaasii gaggeessuun garee caalbaasii injifatan adda erga baasaniin booda warren caalbaasii injifatan walumagalatti QR.kuma soddoma (30,000) akka qabsiisan taasifamee qarshii kana irraa fuudhanii jiru. Koreen kunis qarshii kana qabatanii gara Pirezidantii mana murtichaa galmeec irratti ajajeetti deebi'uun mallaqni kun modeelaan qabaa mallaqaa mana murtichaa biratti akka qabamu akka ajajamuuf yemmuu gaafatan pirezidantiin kunis waajjiruma isaa keessatti furtuu sheelfii ofisaa itti kennee sheelfii keessa kaa'aa jedhee ajajuun miseensonni koree kunis haaluma kanaan qarshicha battalumatti sheelfii isaa keessa gochuun itti cufanii furtuu itti deebsanii jiru. Pirezidantiin kunis qarshii kana warreen caalbaasii injifatan kanaaf osoo hin deeb sine hardha boru osoo jedhu jijiirraan gara Mana Murtii Aanaa birotti jijiiramanii jiru. Haaluma Kanaan erga oolee bule qarshii kuma kudhan(10,000) abbootii dhimmaa kanaaf deeb suun qarshii kuma digdamaa(20,000) waan hardha boru jechuun deeb suuf didaniif, abbootiin dhimmaa kun dhimmichi naamusaa akka ilaalamuuf iyyataniiru. Waajirri Naamusaa fi Inispeekshiniis gochaan pirezidantiin kun raawwatan badii Naamusaa Cimaa ta'us badiin raawwatame kun haguuggii dambii naamusaa yeroo san hojii irra jiru (Dambii lakk.2/2001) waan hin qabneef badii naamusatiin hin himachiisu jedhameera.

### **Gaaffiilee Marii**

1. Badiin naamusaa pirezidantiin Kun raawwatan dambii naamusaa lakk.2/2011 jalatti itti gaafatamummaa hordofsiisuu danda'aa? Sababaan deeggaruun irratti mari'adhaa.
2. Badiin Naamusaa kun dambii duraa fi kan ammaatiin itti gaafatamummaa hordofsiisuu qaba yoo jenne maaliin himatamuu qaba jettu?

➤ **Ciraa Sirnaan Bulchuu Dhabuu**

Ciraa dhiyaate sirnaan galmeessanii qabuu dhabuu yookiin akkaataa ajaja dhaddachatiin bulchuu dhabuun badii naamusaa salphaan kan gaafachiisu ta'a. Kun akkuma jirutti ta'ee ciraaf kunuunsa barbaachisaa ta'e gochuu dhabuudhaan miidhaa irraan gahu yookiin amantaa hir'isuun faayidaa ofif yookiin nama birof oolchuun badii naamusaa cimaadhaan kan gaafachiisu akka ta'e keewwata 9(12) jalatti ifaan tumamee jira.

➤ **Miidiyaa Hawaasummaa Sirnaan Fayyadamuu Dhabuu**

Miidiyaa hawaasaa haala qajeeltowanii fi duudhaawan hojii abbaa seerummaa wajjin wal hin simneen fayyadamuu; yookiin Miidiyaa hawaasaa irratti loogoo yookiin asxaa yookiin maqaa Mana Murtii yookiin mallattoo addaa Mana Murtii faayidaa dhuunfaa hin malle argachuuf yookiin kabajaa yookiin maqaa gaarii Mana Murtii xureessuuf dhimma bahu; Akkasumas miidiyaa hawaasaatti yommuu fayyadamu gochaawan bilisummaa yookiin al -logummaa yookiin maqaa yookiin kabaja Mana Murtii miidhan raawwachuu yookiin gartummaa siyaasaa haala agarsiisuun yoo fayyadame yookiin haala maqaa namaa biro xureessuun yookiin nama walitti buusuun yookiin okkara kaasuun yoo fayyadame badii naamusaa cimaadhaan kan gaafachiisu akka ta'e dambii kana keewwata 9(13) jalatti tumamee jira.

**C) Badiiwan Naamusaa Cimaa**

Badiiwan cimoon badiiwan uumama isaaniitiin ulfaataa ta'anii fi yeroo tokko raawwatomuu isaaniitiin qofa amanta uummatni mana murtii irratti qabu balaa irra buusuun danda'an akka ta'an tumaalee danbichaa irraa ni hubatama.Dambii naamusaa kun hanqinnoota dambii naamusaa abboota seeraa fi muudamtoota Gumii maneen Murtii Oromiyaa lakk.2/2001 keessatti muldhathan haala fureen badiiwan naamusaa cimaa ta'an adda baasuun itti gaafatamummaa cimaa haala hodofsiisuun tumeera.

Badiiwan cimoo dambii naamusaa lakk.2/2011 keewwata 10(1-18) jalatti tarreeffamanii kan jiran yoo ta'u isaanis; Badiiwan cimoo dambii naamusaa lakk.2/2011 keewwata 10(1-18) jalatti tarreeffamanii kan jiran yoo ta'u isaanis; Dhimmoota dhoorkaman ilaalu,Eeruu kennuu dhabuu, Abbaa dhimmaa waliin waliquunamtii hin malle uumuu,Bilisummaa ykn al-loogummaa mana murtii ykn abbaa seerummaa eeguu ykn eegsisuu dhabuu, Hojii irraa dedeobi'anii hafuu ykn dhabamuu,Wal-qunamtii ofi ykn mana murtii ykn ogummaa abbaa seerummaa tufachiisu uumuu, Icciitii hojii eeguu dhabuu,Hojii duudhaa hojii abbaa seerummaatiin walitti bu'u hojjachuu, Seera ifaan jiru dabsuun ykn cabsuun hojjachuu, Abboota dhimmaa walqixa ilaalu dhabuu, lola kaasuu yookiin reebicha raawwachuu,Galii yookiin qabeenya beeksisu dhabuu, Faayidaa hin malle argachuu, Aangoo garmalee yookiin aangoo hin qabnetti fayyadamuu, Ragaa sobaatti fayyadamuu, Sochii siyaasaa keessatti hirmaanaa taasisuu, Heera mootummaaf amanamu ykn kabajuu dhabuun gochaawan badii naamusaa cimaa waan ta'eef itti gaafatamummaa cimaa kan hordofsiisu ta'uun tumameera.Badiiwan naamusaa kana haala hubannoodhaaf toluun akka itti anutti tokko tokkoon kaasudhaan ilaaludhaaf ni yalla.Haaluma kanaan:-

**Dhimmoota Dhorkaman Ilaalu:-**Abbaan seeraa bu'uura Labsiin Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Labsii Lak.216/2011 kew.37 dhimmoota ilaalu hin qabne yookiin dhimmoonni akkasii kan isa muudatan yoo ta'e dhaddacha irraa ka'uu qabu tarreessee jira.

1) Abbaan Seeraa kamiyyuu sababoota armaan gadii keessaa tokko yookiin tokkoo ol yoo mudate dhaddacha irraa ka'u qaba:

(a) Gareen walfalmitootaa yookiin abukaatoo waliin akka seerri dhimmi ilaalu ajajutti firooma dhiigaa yookiin gaa'ilaa kan qabu yoo ta'e, yookiin garee walfalmitootaa keessaa haadha manaa yookiin abbaa manaa yookiin haadha(abbaa) manaa inni hooke, yookiin guddiftuu, yookiin dhimma bakka bu'aa seeraa yookiin dubbii fixaa, yookiin abukaatoo seeraa ta'e irratti falmiin kan ka'e yoo ta'e;

(b) Dhimma falmiin irratti ka'e isaan dura beellama yerootiin, gaaffii mirga waabii, gaaffii hayyamsiisaa, jijiirraa dhaddachaa yookiin dhimmoota walfakkaatan biro osoo hin dablatiin, Abbaa Seeraa yookiin jaarsa yookiin araarsaa ta'ee kan ilaale yoo ta'e, yookiin dhimma sana

keessatti haala kamiinuu dantaa dhuunfaa yookiin dantaa maatii qabaachuu isaatiin murtii haqa qabeessa kennuu kan hin dandeenye yoo ta'e;

(c) Garee wal falmitootaa keessaa tokko waliin falmii yoo qabaate yookiin lola yoo qabaate;

(d) Sababoota armaan olitti Keewwata 1(a) hanga (c) tti jalatti tarreeffamaniin alatti illee Abbaan Seerichaa murtii haqaa kennuu kan isa daangessu yookiin loogummaan yookiin gartummaan ala ta'ee murteessuuf kan isa rakkisu sababiin biro yoo jiraate.

Kanaafuu dhimmoota haala kanaan dhoorkaman abbaan seeraa kan ilaalu yoo ta'e naamusaa kan gaafachiisu ta'uu dambii kana keewwata 10(1) irraa hubachuun ni danda'ama.

### **Gaaffii Marii**

Manni murtii dhimmicha ilaalaajiru abbaa seeraa tokko qofa yoo qabaate dhimma abbaan seeraa irraa ka'uu qabu haala kamiin ilaala.

**Eeruu Kennuu Dhabuu:-**Abbaan seeraa Badiin naamusaa cimaa raawwatamu arge yookiin beeke kanuma qaama dhimmi ilaalutti yookiin hoggansa mana murtiitti eeru kennuu dhabuu; yookiin Badiin naamusaa raawwatame badii naamusaa salphaa ta'ee kanuma eeru kennu yoo dhabe badii naamusa salphaa kan itti gaafatamu ta'a. Kun akkuma jirutti ta'ee abbaan seeraa yookiin muudamaan tokko yaada hammeenyummaan irraa ka'uudhaan yookiin ta'e jedhe maqaa nama biro xureessuuf yaadee eeruu kan kenne akkuma haala raawwii isaatti badii naamusaa salphaan yookiin cimaan ni gaafatama jechuun keewwata 10(2) jalatti tumee jira

**Abbaa Dhimmaa Waliin Walqunnamtii Hin Malle Uumu:-**Dhimma falmiirra jiru yookiin falmiif dhiyaachuuf adeemsa irra jiruun walqabatee abbaa dhimmaa wajjin wal qunnamtii yookiin hariiroo hin malle taasisuu; yookiin abbaa dhimmaa waliin wal qunnamsiisuu yookiin amaalajii ta'ee argamu yookiin amaalajiidhaan hojjechuu itti gaafatamummaa cimaa kan hordofsiisu ta'ee tumeera.

**Bilisummaa yookiin Al-loogummaa Mana Murtii yookiin Abbaa Seeraa Eeguu yookiin Eegsisuu Dhabuu:-**Gochaa bilisummaa yookiin al-logummaa Mana Murtii yookiin Abbaa Seeraa faallessu raawwachuu; yookiin bilisummaa Mana Murtii kabachiisuu dhabuu yookiin bilisummaa yookiin al-logummaan hojjachuu dhabuu; yookiin gochaa bilisummaa yookiin

loogummaa Mana Murtii yookiin Abbaa Seeraa tuqu dhaabsisuu osoo danda'u dhaabsisuu dhabuu, yookiin kan hin dandeenye yoo ta'e gabaasa gochuu dhabuu; yookiin bilisummaa yookiin al-logummaa Abbaa Seeraa biraan yookiin Mana Murtii irratti ofii gocha dhiibbaa geessisu raawwachuu badii naamusaa cimaa akka ta'e keewwata 10(5) irraa hubachuun ni danda'ama.

**Hojiirraa Deddeebii'anii Hafuu Yookiin Dhabamuu :-**Haala seeraan hayyamameen ala hojiirra deddeebi'ee hafuu yookiin deddeebi'ee barfachuu yookiin sa'atii hojii qisaasuu yookiin guyyoota sadiif walitti aansee hojiirraa dhabamuun yookiin ida'amaan baatii tokko keessatti guyyoota sadii hin caalleef hojiirraa yoo hafe badii naamusaa salphaan ni gaafachiisa.Kun akkuma jirutti ta'ee Abbaan Seeraa yookiin muudamaan haala seeraan hayyamameen ala kurmaana tokko keessatti guyyoota sadii fi isaa oliif yookiin baatii jaha keessatti guyyoota sadeetii fi isaa oliif, yookiin wagga keessatti guyyoota digdamaa fi isaa oliif hojiirra yoo hafe 'hojiirraa deddeebii'ee akka hafetti' fudhatamee badii naamusaa cimaan kan gaafatamu ta'a. Tarkaanfii bulchiinsatiin mindaa guyyoota hojiirraa deddeebi'ee hafe yookiin dhabamee akka hin kanfalame gochuun itti gaafatatummaa badii naamusaa kan hin dhorksiifne ta'uun haala ifa ta'een tumameera (kew.10 (6(a).

### **Gaaffii marii:**

Haala seeraan hayyamameen ala yoo jedhu maali jechuudha? Seeraa kamiidha kan hayyamame jechuu barbaadeet? Hayyama, sababbii gahaa fi kanneen akka ragaa mana yaalaa nidabalata? MooKan biroti Kan jedhu irratti mari'adha.

**Walqunnamtii Ofii Isaa yookiin Mana Murtii yookiin Ogummaa Abbaa Seerummaa Tuffachiisu Uumuu:-**Abbaan seeraa yookiin muudamaan kamiyyuu bakka kamittuu nama kamuu waliin wal qunnamtii ofii isaanis ta'ee kabaja Mana Murtii yookiin ogummaa abbaa seerummaa tuffachiisuu yookiin xiqqessuu uumuu; yookiin iddo hin taanetti argamuudhaan haala amantaa ummanni Mana Murtii irratti qabu gaaffii keessa galcheen maqaa fi kabaja Mana Murtii yookiin ogummaa abbaa seerummaa xiqqeessuu" akka badii naamusaa cimaa hordofsiisutti danbichaan ifatti taa'eera.

### **Gaaffii Marii**

1. Abbaan seeraa tokko hojjattuu mana murtii tokko waliin hojjatan waliin hiriyoomaan kan waliin jiraatan yoo ta'e kabajaa abbaa seeraa yookiin mana murtii yookiin hojii abbaa seerummaa ni tuffachiisa jettanii yaadduu? irratti mari'adhaa.
2. Abbaan seeraa tokko iddo hin taanetti argamuu hin qabu yemmuu jedhu iddo akkamiiitu iddo hin taane jedhamuu danda'a?abbaan seeraa tokko mana jimaan itti qama'amutti(harawacamutti) argamee yoo fayyadame kabajaa ofii isaa fi mana murtii yookiin kabajaa hojii abbaa seerummaa ni tuqa jettanii yaadduu?akkaataa aadaa, safuu fi duudhaa hawaasa naannoo keessanii waliin kaasaa mari'adhaa.

**Icciitii Hojii Eeguu Dhabuu:-**Icciitii dhimmaa hojiif harka isaa gale yookiin karaa kamiinuu beeke eeguu dhabuu yookiin karaa kamiinuu baasuu; yookiin icciitii dhimmoota murtii dhuma hin arganee yookiin murtii ifatti hin ibsamnee dursanii ibsuu yookiin eeguu dhabuu; yookiin miidiyaalee hawaasaa irratti dabalatee haala fi mala wal qunnamtii kamiinuu nama yookiin qaama biraatti odeeffanno Mana Murtii darbuu hin malle dabarsuun badii naamusaa kan hordofsiisu ta'uu tumeera<sup>77</sup>.

### **Gaaffii Marii**

Abbaan seeraa icitii falmii abbootii dhimmaa irraa argate yookiin beeke hanga yoomitti eeguuf dirqama? fakkeenyaaaf iccitii daldalaan(trade secrete) walqabatu sirna daldalaan keessatti fayidaa ol'aanaa ta'e akka qabu ni beekama.Kanaaf abbaan seeraa iccitii daldalaan walqabatuu fi bu'aa ol'aanaa qaban kana erga dhimmi falmii xumura argateen booda faayidaa ofii isaa yookiin nama birof akka oolu dabarsee yoo kenne itti gaafatamuu qaba moo hin qabu jettu?irratti mari'adhaa.

**Hojii Duudhaa Hojii Abbaa Seerummaa Waliin Walitti Bu'u Hojjachuu:-**Hojii biro amala, kabaja yookiin duudhaa hojii abbaa seerummaa waliin hin deemne yookiin walitti bu'iinsa faayidaa kaasisu kamiyyuu hojjetee argamu, yookiin hojii abbaa seerummaa isaatti fayyadamee faayidaa dhuunfaa isaaf yookiin maatii isaaf yookiin nama biraaf argamsiisuu yookiin nama biraaf irraan miidhaa geessisuu, yookiin miidhuuf yaaluu akka hin qabne ni tuma.

Dabalataanis hojii amala yookiin kabaja yookiin duudhaa hojii abbaa seerummaan walitti bu'an akka itti aanutti ni tarreessa. Isaanis;hojii abukaatummaa yookiin gorsa seeraa kennuu, dhimma

---

<sup>77</sup>Dambii Abbotii seeraa Manneen Murtii Oromiyaa foyyaa'ee bahe lakk.2/2011

Mana Murtii ilaalu irratti hojii jaarsummaa yookiin araarsaa raawwachuu akka ta'e ni ibsa. Akkasumas, hojiwwan biro walitti bu'iinsa dantaa yookiin faayidaa dhuunfaa yookiin maatii waliin fidan yookiin kan bilisummaa yookiin al-loogummaa yookiin maqaa gaarii Mana Murtii yookiin Abbaa Seerichaa tuqan kamuu raawwachuu akka ta'e ni muldhisa. Kan olitti ibsame akkuma eeggametti ta'ee abbaan seeraa yookiin muudamaan tokko bu'uura seeraatiin dhimma maatii isaa bakka bu'ee falmuu kan dhorku akka hin dabalanne ni agarsiisa.

**Seera Ifaan Jiru Dabsuun Yookiin Cabsuun Hojjachuu:**-Walfalmitoota keessa garee tokko miidhuuf yookiin fayyaduuf yookiin faayidaa hin malle argachuuf yookiin nama biraaf argamsiisuuf yaaduun seera ifaan jiru dabsuun yookiin cabsuun ajaja kennuu yookiin murtii dabarsuu; Ta'e jedhee yookiin maal dhibdeedhaan haala galmee irraa hubatamuun miidhaa qaqqabsiisuuf yookiin faayidaa argamsiisuudhaaf yookiin dhugaa dhoksuun haqa jallisuudhaaf jecha ijoo falmii yookiin ragaa dabsanii galmeessuu yookiin guutummaan galmeessuu dhabuu yookiin keessaa balleessuu yookiin ragaa yookiin dubpii dhimmaa biro murteessoo ta'an galmee yookiin ajaja yookiin murtii keessatti qixaan galmeessuu dhabuu"badii naamusaa akka ta'e kew.10(10) irraa ni hubatama.

### **Gaaffii Marii**

Seera ifaan jiru cabsuun yookiin dabsuun hojjachuun Dambii naamusaa abbootii seeraa fi muudamtoota Gumii maneen Murtii Oromiyaa lakk.2/2001 jalatti itti gaafatamummaa naamusaa kan hordofsiisu *ta'e jedhamee* yemmuu raawwatame qofa akka ta'e kew.43 irraa hubachuun ni danda'ama.Haata'u malee Dambiin Naamusa abbaa seerummaa lakk.02/2011 kew 10(B) jalatti maal na dhibeen abbaan seeraa,seera ifa jiru yemmuu cabse akka itti gaafatamummaa hordofsiisutti tumameera.Maal na dhibdeen seera cabsuu irraa itti gaafatamummaa dhufuun wal qabatee ijjannoon keessan maali?

### **Xiinxala Dhimma 18<sup>ffa</sup>**

Himanna Waajjira Naamusaa fi Inspeekshinii Naannoo fi Abbaa seeraa Mana Murtii Aanaa (Godina Walaggaa Lixaa) ta'e gidduutti Galmee Garee Gumii lakk.00723 irratti gaggeeffaamaa ture.

Himannaan Inspeekshinii abbaan seeraa kun gal mee siiviili lakk.25586 ta'e irratti Himataa Abbaa Taayitaa Galiiwanii Aanaa Gimbi fi Himatamaa Dhaabbata Amawaajii Induustirii Waldaa Itti gaafatamni isaa murtaa'e gidduutti gaggeeffamaa turee dhimmi ka'uumsa falmii qarshii 189,780.28 (kuma dhibba tokko fi saddeetamii sagalii fi dhibba torbaa fi sadeetamaa fi santima digdamii sadeeti ) aangoo mana murtii aanaatii oli ta'e fuudhee ilaaluun dhaddacha gaafa guyyaa 19/06/2010 ooleen waan murteesseef jechuun gal mee Inspeekshinii lakk.01140 irratti D/N/A/S/M/G/N/Oromiyaa lakk.2/2001 kew.43 jalatti himatanii jiru.

Himatamaas waamichi gahee deebii kan hin kennanne waan ta'eef Gareen Gumii Waligalaa bakka abbaan seeraa kun hin jiretti dhimmichi ilaalee keewwatuma dambii jalatti himatame darbeera jedhamee murtiin balleessummaa kennameera.Haaluma Kanaan yaada adabbii erga dhagahameen booda kuusaa balleessummaa tokko waan qabaniif adabbii sadarkaa tokkoon mindaa waliin gad-bu'anii akka hojjatan murteesseera.

### **Gaaffii Marii**

Abbaan seeraa Aanaa kun dhimma hundee dubbii aangoo mana murtii ol'aanaa ta'e kana ilaalee murteessuun isaa dhimma ol'iyataan ilaalamuu? Moo badii naamusaa seeraa ifa jiru cabsuudha jettu? Dambii lakk.2/2011 keewwata dhimmichaaf rogummaa qabu waliin wal bira qabaa irratti mari'aadha.

### **Xiinxala Dhimma 19<sup>ffaa</sup>**

Himanna Waajjira Naamusaa fi Inspeekshinii Naannoo fi Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa (Godina Walaggaa Bahaa)Saasigga gidduutti gal mee Garee Gumii 00748 irratti gaggeeffamaa turee murtii argate akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Waajjirri Naamusaa fi Inspeekshinii gal mee lakk.01169 ta'e irratti komatamaan abbaan seeraa ta'anii yeroo hojjatanitti gal mee yakkaa lakk.18739 ta'e irratti himata abbaa alangaa aanaa himatamaan obboo Mahaameed Duurii Dambii bulchiinsa fi Itti fayyadama Lafa Baadiyyaa Naanoo Oromiyaa lakk.151/2005 kew.35 (1) irra darbuun seeraan ala lafa Mootummaa KM<sup>2</sup> 25\*200=5000 osoo hin kennaminiif daangaa darbee qabatee biqiltuu dhaabeera jechuun himateera.Abbaan seeraa kunis falmii bitaa mirgaa xumuruun himatamaan balleessaa qaba jechuun murtii balleessummaa erga kennameen booda adabbii osoo hin murteessine adabbii

daangeessanii waan argamaniif D/N/A/S/M/G/N/Oromiyaa lakk.2/2001 kew.43 darbuun himatamanii jiru.

Himatamaan (abbaan seeraa) kunis deebii gaafa guyyaa 25/06/2011 dhiyeeffachuuun mormiiwwan adda addaa kanneen akka dambiin abbaan alangaa ittiin himate dogongora waan qabuu, rakkoon nageenyaa waan jiruuf jechi na jalaa harca'e kan jedhu kaasuun falmeera.

Gareen Gumiis gal mee qorachuun murtii balleessummaa kenneera.Yaada adabbii dhiyaateen abbaan seeraa kun kana dura badii naamusaa biro raawwachuuun kuusaa balleessummaa waan qabaniif sadarkaa guddinnaa tokko mindaa waliin akka gad bu'anii hojjatan jechuun murteessanii jiru.

### **Qabxii Marii**

Dambii Bulchiinsaa fi Itti fayyadama lafa Baadiyyaa Naannoo Oromiyaa lakk.151/2005 kew.33(1) fi murtii abbaan seeraa kun gaafa guyyaa 14/10/2010 Gal mee Mana Murtii Aanaa Saasigga lakk.18739 irratti kenname keewwata dambii lakk.2/2011 rogummaa qabuun walitti fidaa mari'aadhaa.

### **Xiinxala Dhimma 20<sup>ffaa</sup>**

Himanna Waajjira Naamusaa fi Inspeekshinii Naannoo fi Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa (Godina Booranaa) giddutti gal mee garee Gumii lakk.00720 irratti gaggeeffaamaa turee murtii argatee akka armaan gadiitti dhiyaateera.

Waajjirri Naamusaa fi Inspeekshinii abbaan seeraa kun yeroo hojii abbaa seerummaa hojjatanitti Himata Abbaan Alangaa Aanaa Himatamaa Daawuud Abduu Hassan fa'a Na.4 lakk.galmee 00334 irratti S.Y kew.527(1b) darbuun himate falmiin bitaa fi mirgaa erga xumuramee keewatuma himanni jalatti hundeffame jalatti murtii balleessummaa kennaniin booda immoo adabbii gad-buusuun himatamtoota mataa mataan hidhaa salphaa ji'a lama erga adabaniin booda adabbii waan daangessaniif seera ifaan jiru cabsuun himatanii jiru.

Abbaan seeraa kunis waamichi gahee waan hin dhiyaanneef bakka hin jiretti akka ilaalamu jedhameera.Haaluma kanaan Gareen Gumii Waligalaas dhimmicha qorachuun himatamaan seera

ifa jiru cabseera jechuun murtii balleessummaa erga kenneen booda adabbii adabbii mindaa ji'a lamaa murteesseera.

### **Qabxii Marii**

Seeraa yakkaa Mootummaa Federaalawa Dimokiraatawa Riippaabiliika Itoophiyaa Bara 1997 bahe kew.527 (1b) fi adabbii abbaan seeraa adabame Kun lakk.galmee 00334 irratti gaafa guyyaa 09/09/2010 kenne erga madaaltaniin booda seerri ifaan tumame kun cabeera jechuun murtii Gumiin kenne dambii lakk.2/2011 waliin xiinxalaa.

**Abbootii Dhimma Wal-qixa Ilaaluu Dhabuu:**-*Abbootii dhimmaa isa fuulduratti dhinyaatan wal-qixa keessummeessuu dhabuu; yookiinamantaan, gosaan, sabummaan, afaaniin, aadaan, ilaalcha siyaasaan, bakkaan (naanno), koornayaan, walitti dhufeenyaaan yookiin faayidaan loogii yookiin garaagarummaa yookiin qooldii hin malle abbaa dhimmaa irratti raawwachuu<sup>78</sup>.*

**Lola Kaasuu Yookiin Reebicha Raawwachuu:**-*Bakka hojitti yookiin mooraa Mana Murtii keessatti nama kamirrattuu lola kaasuu, yookiin rebicha raawwachuu yookiin nama wal-lolsiisuu yookiin jeequmsa kaasuu yookiin kaasisuu yookiin arrabsuu yookiin kabaja namoomaa tuqu kamuu raawwachuu, yookiin tuttuqqii saalaa raawwachuu; yookiin hojii abbaa seerummaa irratti fincila yookiin okkara yookiin mormii kaasuu yookiin hojii dhaabuu, yookiin kaasuuf yookiin dhaabuuuf yaaluu, yookiin namoota biro kakaasuu yookiin kakaasuuf yaaluu, haala kamiinuu gochaa akkanaa keessatti qooda fudhatee yoo argame badii naamusaa cimaan kan gaafatamu ta'a<sup>79</sup>.*

**Galii Yookiin Qabeenya Beeksisu Dhabuu:**-Abbaan seeraa yookiin muudamaan mana murtii tokko qabeenya fi galii ofii yookiin kan maatii isaa akkaataa seera jiruutiin beeksisu dhabuu yookiin diduu yookiin dhoksuu yookiin kana ilaachisee odeeffannoo sobaa yoo kenne yookiin kanneen beeksiseen alatti qabeenya maddi galii isaa hin beekamne horatee kan argame yoo ta'e badii naamusaa cimaadhaan itti gaafatama jechuun kewwata 10(13) jalatti tumee jira.

**Faayidaa Hin Malle Argachuu:**-Dambii kana keewwata 10(14) jalatti abbaan seeraa Hojii abbaa seerummaa hojjatuun walqabsiisee matta'aa fudhachuu yookiin fudhachuuf yaaluu

---

<sup>78</sup>Dambii Naamusaa Abbaa seerummaa Oromiyaa lakk.2/2011

<sup>79</sup> Danbii naamusaa abbaa seerummaa Oromiyaa lakk.2/2011

yookiin Abbaan Seeraa biron akka matta'aa fudhatu jajjabeessuu yookiin dhiibbaa taasisuu; yookiin faayidaa kamiiyyuu argachuu yookiin argachuuf yaaluu yookiin nama biraaf argamsiisuu yookiin argamsiisuuf yaaluu; yookiin qabeenya mootummaatti seeraan ala tajaajilamuu yookiin tajaajila nama birof oolchuu; yookiin durgoo yookiin kanfaltii seeraan ala fudhachuu yookiin namni biraan akka fudhatu taasisuun badii naamusaa cimaa ta'uun tumamee jira.

### **Gaaffiilee marii**

1. Tumaa kana jalatti dhimmoon ilaalamuu qaban abbaan seeraa yookiin muudamaan tokko hojii abbaa seerummaatiin dhimma walqabatu irratti faayidaa kamiiyyuu fudhachuu ykn fudhachuuuf yaaluu ykn abbaan seeraa biro akka fudhatu jajjabeesuun yookiin dhiibbaa taasisuun dhoorkaa akkan ta'e agarsiisa.Kanaaf daangaan hojii abbaa seerummaa eessaa hanga eessaatti akka ta'e beekuun barbaachisaadha.Fakkeenyaaaf hojii abbaa seerummaa yemmuu jedhamu hojii dhaddachaa yookiin hojii galmee banuu irraa hanga murtaa'ee raawwiin xumuramu qofa moo?hojii deegarsaa yookiin hojii bulchiinsaa ni dabalata? Qabeenya mootummaatiin seeraan ala fayyadamuu fi durgoo seeraan ala fudhachuuun wal qabatee tumaan Dambii kanaa dhiphateemoo bal'atee hiikamuu qaba jettu? Fakkeenyota kaasaa maryadhaa.

### **Xiinxala Dhimmaa: 21ffaa**

Waajirri Naamusaa fi Inspeekshinii MMWO lakk. Galme.01127 irratti Abukatoon ittisaa Mana Murtii Godina Arsii Lixaa tokko yeroo abukaatoo ta'anii hojjatanitti galmee yakkaa lakk.32341 irratti yakkaan himatamtoota Tolaa Illikuu ragaa Abbaa Alangaa irraa ittiseen bilisaa baasisa jechuun gaafa guyaa 28/09/2010 QR.kuma sadii (3000) gaafatanii qarshii dhibba shan 500 ob/Iliku Mollaa fi obboleessa isaa ob/ Caalaa Illikuu irraa waajjiruma isaanii keessaatti fudhatanii jiru jechuun himatamanii ragaa waajjira Naamusaa fi Inspeekshiniitiin itti mirkaanaa'ee jira. Himatamaanis of-irraa ittisuu waan hin dandeenyeef Gareen Gumii Naannoo lakk.Galmee 00711 irratti akkaataa D/N/A/S/M/G/N/ Oromiyaa lakk.2/2001 kew.49 jalatti balleessaa qabda jechuun hojii irraa akka gaggeeffaman murteessanii jiru.

### **Xiinxala Dhimma 22<sup>ffaa</sup>**

Waajjirri Naamusaa fi Inspeekshinii Pirezidantii Mana Murtii Ol'aanaa Go/ Harargee Lixaa durgoo seeraan ala fudhatan jechuun kan himate yoo ta'u;

1<sup>ffaa</sup>-Bara 2009 guyyoota 238 Qr.121,200.fudhatanii osoo jiran guyyootuma kana keessaatti durgoo guyyaa jahaa Qr.3000 fudhachuu, osoo dirree hin babin durgoo guyyoota 92 Qr.46,720 kan fudhatan ta'u,

2<sup>ffaa</sup>-Bara bajataa 2010 durgoo guyyoota 208 Qr.110,375 fudhatan keessaa guyyoota walfakkaata keessaatti durgoo oolmaa si'a lama durgoo guyyoota jahaa Qr.3,000 fudhachuu,durgoo guyyoota 79 Qr.39,300 osoo dirree hin babin fudhatanii jiru.

Walumagalatti guyyoota walifakkaataa fi osoo dirree hin babin Qr.92,020 seeraan ala waan fudhatanii argamaniif jedhamanii himatamanii jiru.

Dabalataanis akka himanna 2ffaatti himatamaan kun Adooleessa 15,2008 hanga 15,2009 tti guyyoota 45f dirreeran jira jedhee durgoon kaffalameefii osoo jiru hojii yeroo gannaa galme 4 qofa hojjachuudhaan daangaa yeroo walfakkaataa tokko keessatti kanfalittii si'a lamaa waligalatti Qr.14,560 fudhatanii waan argamaniif jechuun himatamanii jiru.

Himatamaanis badiin naamusaa raawwadhe hin jiru dogongorrooni uummaman yoo jiraate hojii bulchiinsaa keessatti kan raawwatame waan ta'eef badii yoo ta'e naamusaa osoo hin taane dhimma bulchiinsaan ilaalamuu qabuudha jechuun mormii dhiyeessaniiru.

Gareen Gumii Naannoos Galmee lakk.00715 irratti falmii bitaa mirgaa dhagahee ragaa oditaraan dhiyaate irratti hundaa'uun galme lakk.01131 irratti akkaataa D/N/A/S/M/G/N/Oromiyaa lakk.2/2001 kew.50 jalatti balleessaa qaba jedhamee hojii irraa akka gaggeeffamu murtaa'eera.

### **Xiinxala Dhimmaa 23<sup>ffaa</sup>**

Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Xuullo(Godina Harargeer Lixaa) kan ta'an tokko falmii Galmee Siivilii lakk.35549 Himattuu aaddee Nabiyya Aliyyii fi Himatamtuu addee Hawaa Suyyum jidduutti gaggeeffamaa tureen addee Hawaa Suyumiin dhimma kee siifan murteessa jechuun waxabajii bara 2010 irraa eegalee hanga onkololeessaa bara 2011 yeroo addaa addaatti matta'a gaafachuun Qr.10,000 fudhachuu,Akkasumas galme lakk.36117 irratti falmii himataa ob/Aliyyii Haashim fi himatamtoota Mulugetaa Girmaa fa'a Na.7 jidduutti gaggeeffamaa ture

irratti abbaan seeraa kun bilbila fudhatanii bilbilaan Mana Murtii Aanaa Xuullootti waamuun galmeen isaa qorannoof kan bule ta'uu itti himuun qarshii kuma lama gaafataniiru. Walumaagalatti abbaan seeraa kun matta'a fudhachuu fi fudhachuuuf gaafachuun Waajjira Naamusaa fi Inispeekshinii Galmee Inspeekshinii lakk.01156 irratti himanna dhiyeesseera.

Gareen Gumii Naannoos jecha ragoota Waajjira Naamusaa fi Inspeekshinii kan dhagahee yemmuu ragoonni dhiyaatanis kanuma mirkaneessaniiru.

Abbaan seeraa himatamu kunis of-irraa ittisuun waan hin dandeenyef Garee Gumii Waligalaa waligahii gaafa guyyaa 14/06/2011 gaggeesseen lakk.galmee gumii 00736 ta'e irratti himatamaa hojii irraa akka gaggeeffamu murteesseera.

#### **Xiinxala Dhimmaa 24<sup>ffaa</sup>**

Himanna Waajjira Naamusaa fi Inspeekshinii fi Ofisara seeraa Mana Murtii Aanaa Gullisoo (Godina Walaggaa Lixaa) gidduutti Galmee Garee Gumii lakk.00722 ta'e irratti gaggeeffaamaa tureedha.

Himannaan Ofisara Seeraa kun “yeroo hojii ofisarummaatiin hojjatanitti galmee yakkaa lakk.09664 ta'e irratti himataan abbaa alangaa fi himatamtoota Iyyasuu Olumaa fa'a na.2 gidduutti gaggeeffamu dhaddachi araaraan akka xumuramu ajaje Ofisarri Seeraa kun Iyyasuu Olumaatiif bilbilee “abbaan alangaa dhimma keessaan qabate qarshii 1000(kuma tokko) yoo kennameef malee galmee hin cufu waan ta'eef anis qarshii kana ni kennaafii ati immoo qarshii wabummaaf qabsiiftan keessaan naaf kennita jechuun gaafateera” jechuun galmee W/N/I Lakk.01139 irratti D/N/A/S/M/G/N/ Oromiyaa ktw.51 jalatti dallaalummaan himateera.

Himatamaanis deebii gaafa guyyaa 24/03/2011 barreefameen mormii adda addaa kaasuun falmeera.

Gareen Gumii waligalaas ragaa Waajjira Naamusaa fi Inispeekshinii erga dhagaheen booda ofisarri seeraa kun keewwatuma dambii jalatti himatame darbeera jechuun balleessaa qaba jechuun murtii balleessummaa kenneera.Yaada adabbii dhiyaate erga fuudheen booda himatamaan hojii oofisarummaa irraa akka gaggeeffamu jechuun murtii kenneera.

#### **Gaaffiilee Marii**

1. Gochaan oofisarri kun raawwate badii naamusaa amalajummaadha jettuu?  
Amaalajummaa jechuuf ulaagaan guutamuu qabu maalidha jettu?
2. Abbaan seeraa yookiin Muudamaan tokko Dhimmaa mana murtiitti ilaalamaa jiruun walqabatee faayidaa yoo gaafate yookiin fudhate maaliin gaafatamuu qaba jettu?

### **Xiinxala Dhimmaa 25<sup>ffaa</sup>**

Himanna Waajjira Naamusaa fi Inspeekshinii Naannoo fi Abbaa seeraa Mana Murtii Aanaa Boojjii Coqorsoo (Godina Walaggaa Lixaa)gidduutti Galmee Garee Gumii 00721 irratti gaggeeffaamaa tureera akka itti aanutti ilaaluun ni danda'ama.

Waajjirri Naamusaa fi Inspeekshinii komatamaan Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa ta'anii yeroo hojjatanitti falmii siivilii Himataa Luba Mazgabuu Dhufeeraa fi Himatamaa Daani'eel Zawudee gidduutti galmee lakk.08931 irratti gaggeeffamaa tureen dhaddacha guyyaa 02/09/2010 ooleen murteessuun gaafa guyyaa 03/09/2010 abbaan dhimmaa Luba Mazgabuu Dhufeeraa ajajni bahii ta'ee akka kennamuuf gaafachuuf kutaa abbaa seeraa kanaa yoo seenu,abbaan seeraa kunis nama dubbisuu magaalaa Najjoo deemaa jira waan jettan naan jedhaa jechuun qarshii 300 dhibba sadii gaafatee himataa irraa waan fudhateef galmee Inspeekshinii Lakk.01138 irratti D/N/A/S/M/G/N Oromiyaa lakk.2/2001 kew.49 darbuun himatamanii jiru.

Abbaan seeraa kunis deebii gaafa guyyaa 2/5/2011 barreeffameen badii kana hin raawwanne jechuun haalanii jiru.

Gareen Gumii Waligalaa ragaa himataa (Inspeekshinii) dhagahee galmee qorachuun abbaan seeraa kun badii naamusaa kana raawwachuu mirkaneesseera jechuun murtii balleessummaa irratti kennameera.Yaada adabbii dhiyaateen himatamaan kana duras kuusaa balleessummaa qabaachuun dhiyaatee jira.Kanumaan himatamaan hojji irraa akka gaggeeffamu jechuun Gareen Gumii Waligalaa murtii kenneera.

**Aangoon Garmalee Yookiin Aangoo Hin Qabnetti Fayyadamuu:-***Aangoon seeraan kennameeffitti garmalee fayyadamuuun dantaa hin malle argachuu yookiin nama birof argamsiisuu yookiin nama biraa irraan miidhaa geessisu; yookiin aangoo hin qabnetti fayyadamuuun dantaa hin malle argachuuf ofiif yookiin nama birof argamsiisuuuf yaaduun*

*miidhaa qaqqabsiisuu badii naamusaa cimaa itti gaafatamummaa kan hordofsiisu taasisee tumeera<sup>80</sup>.*

## **Xinxala Dhimmaa 26<sup>ffa</sup>**

Himannaas Badii Naamusaa Garee naamusaa fi Inispeekishii Mana murtii ol'aanaa Godina Arsii fi Abbaa seeraa Aanaa mana murtii Balee waliin galmee lakk.00029 irratti gaggeeffameedha.

**Himannaas:**-Gareen inispeekishiin galmee lakk.00192 ta'een gaafa 01/08/2011 dhiyeesseen komatamaan ammaa kun abbaa seeraa mana murtii aanaa Balee ta'anii yeroo hojjatanitti galmees Lakk. 19247 ta'e irratti itti falmii siviili himattoota obbo mitikkuu Jimaa fa'aa fi himatamtoota obbo Tasfaayee Abbabaa fa'a giddutti gaggeeffamaa ture dhaddacha gaafa 07/05/2011 ooleeb obboo mitikkuu jimaal dhaddacha jeeqee jira jechuun akkataa SDFS keewwata 481(1) tiiin guyyaa 15 adabee waarentii wajjira poolisii Aanaa Balee Gasgaaritti ergameen booda aangoo garmalee fayyadamanii Aadabbii keennan kana galmees keessaa baasuun guyyaa sadi(3) jijjiruun adabbii kanallee iyyannoonaan waan dhiyaateef jecha dhaddacha gaafa 09/05/2011 ooleen himataan to'annoo jalaa akka bahu aangoo hin qabnetti fayyadamuudhaan dhimma ol'iyyataan sirraa'u qabu sirreessani waan argamaniif akkataa D/N/A/M/M/Oromiyaa foyya'ee bahe lakk.2/2011 keewwata 10(15(B) irra darbuun himatamanii jiru kan jedhuudha.

**Deebii:-** komatamaan deebii akka dhiyeefatu jedhamee kan beellamameef ta'us waan hin dhiyeefanneef bu'uura dambii lakk.3/2011 keewwata 24(4) tiin bira darbamee jira.Dhaddacha irratti jecha amantaa fi waakkii kenneen komatamaan komii irratti dhiyaate gutumatti amanuun balleessaa qabaachuu isaanii ibsanii jiru.

**Murtii:**-Gareen gumiis dhimmicha erga qulqulleessee booda hojiin dhaddachaa haala himannaas dhiyaatee komatamaanis amane kanaan hojjatamu adeemsa seeraa jiddu galeessa kan godhate osoo hin taane yaadaa fi fedha dhuunfaa abbaa seeraa kana kan giddu galeessa godhateefi aangoo seeraan keennameefin ala bahuun aangoo garmalee fayyadamuun dhimma ol'iyyannoonaan ilaalamuu qabu ofumaa isaanitiif fulaa dhaaddacha gutummaan keessa buqqisuun kan biraa haala har'aan foyyeessuun galmee keessatti hidhanii kun badii naamusaa cimaa ta'uu hubachuun bu'uura ragaa barreeffamaa fi jecha amantaa isaanitiin komatamaan gocha rawwataman kanaaf

---

<sup>80</sup>.Dambii naamusa abbootii seeraa manneen murtii oromiyaa lakk.2/2011 keewwata 10(15)

D/N/A/S/M/M/oromiyaa foyya'ee bahe lakk.2/2011 keewwata 10(15)(B) irra darbuun sagalee guutuun barreessanii jiru.

Gareen gumiis komatamaa balleessaa taasisuun yaada adabbii bitaa fi mirgaa kan dhagayan yoo ta'u gareen inispeekishiin komatamaan kun san dura pirezidaantii mana murtii Aanaa maartii dhaddacha jeeqe jechuudhaan mindaa qarshii 500 adabanii waan argamanif murtiin balleessummaa irratti keennamee mindaa ji'a lamaa adabamee jira.Kana males komatamaan kun abbaa dhimmaa arrabsuun murtiin balleessummaa itti keennamee abbaa seerummaa turan irraa sadarkaa tokko akka gadi bu'an adabamanii turan jechuun kuusaa galmee dhiyeessan.

Komatamaan yaada adabbii yoo kenu wanti raawwatame raawwatee jiraa sirriidha.Hanqina, dadhabina kiyyati.Dogoggoree jira.Fayyalummaa irraa kan ka'e waan kana raawwadhe.Anumatu of balleesse waan ta'eef kan danda'amu yoo ta'e carraan biraajiraates akka naaf ilaaltanii fi fayyalummaa irraa kan raawwadhe ta'uu akka naaf hubatan jechuun ibsee jira.

Gareen gumis yaada adabbii bitaa fi mirgaa ilaalcha keessa galchuun komatamaa hojii irraa gaggeessuun adabee jira.

### **Gaaffii Marii**

Murtii gumii kana akkamitti ilaaltu? Osoo kuusaan galmee adabbii naamusaa kun garee inispeekishiin dhiyaachuu baate gaareen gumii ofii kaasuu danda'aa? Osoo kuusaan kun dhiyaachuu baatee yookiin hin qabu ta'ee haala adabbii komatamaa kana irratti darbu dambii lakk.2/2011 waliin wal bira qabaa irratti mari'aadha.

### **Xiinxala Dhimma 27<sup>ffaa</sup>**

Himanna Badii Naamusaa Waajjira Naamusaa fi Inspeekshinii MMWO fi Pirezidantii Mana Murtii Aanaa tokko Waliin Galmee Gumii Naannoo Lakk.00624 Irratt Gaggeeffame.

**Himanna:-**Adeemsi Hojii Inispeekshinii Naannoo G.Lakk. 01018 ta'e irratti himata gaafa 27/04/2010 qopheessee dhiyeesseen komatamaan ammaa kun pirezidaantii Mana Murtii Aanaa Siree ta'anii yeroo hojjatanitti galme Lakk. 15080 ta'e irratti itti gaafatamaa waajjira Bulchiinsa aanaa Siree kan ta'an obboo Muhammed Juuneyiidi jedhaman sababbii xalayaa gaafa guyyaa 11/03/2010 lakk.115/299/2010 barreeffameen hojjattoota ragaa barnootaa sobaa

qabna jechuun of saaxilan akka iddoofisaaniif malutti ramadaman mana murtii aanaa Sireef waan barreesseef xalayaadhan yaamuudhaan galmee raawwii lakk.15080 ta'e irratti hanga wabii QR.3000 jechaan kuma sad qabsiisuutti ykn yaamutti mana hidhaa to'annoo jala akka turu gochuun akkasumas itti gaafatamaa waajjira pabliik sarviisii kan ta'an obboo Qaasim Fayyisaa sababbii tokko malee akka dhiyaatan jechuun ajajaan dhiyeessanii waan argamaniif dambii naamusaa fi muudamtoota gumii naannoo Oromiyaa lakk.2/2001 kew.50 irra darbuun aangootti gar malee waan fayyadamanii jechuun himatanii jiru

**Deebii:-** Pirezidaantiin kunis deebii gaafa guyyaa 20/06/2010 barreeffameen miidhamaan kun aangoo isaa malee xalayaa kana waan barreesseef dhimma kana qulquleessuuf waame erga dhufeen booda dhaddacha iratti waan dheekamee dhaddacha jeqeef hanga tasgabaayyuuf wabii yaamsiseen jira malee aangoo kootitti gar-malee fayyadamuufii miti kan jedhuudha.

**Murtii Gareen Gumii Naannootiin kennname:** Gareen gumii Naannoos falmii bitaa fi mirgaan dhaggeeffachuun ragoota namaa Waajira Naamusaa fi Inspeekshinii dhagahee waligahii gaafa guyyaa 08/02/2011 gaggeeffameen komatamaan bu'uura dambii naamusaa Abboota Seeraa fi Muudamtoota Gumii Naannoos Oromiyaa lakk.2/2001 kew.50 jalatti murtii balleessummaa kenneera.Yaanni adabbii cimsu hin dhiyaanne.Himatamaan Mana Murtii waggoota hedduuf tajajiluu fi abbaa maatii heddu horatu yookiin bulchu ta'uu akka sababbii adabbii salphisuufitti kaaseera.Gareen Gumii Naannoos waligahii gaafa guyyaa 15/02/2011 gaggesseen. Gareen Gumii Naannoos sababoota komatamaan dhiyeeffate wagga dheeraaf tajajila irra turanitti badii naamusaa biro raawwatani murtii balleessummaa kan hin qabne ta'uu,nama maatii sagal horatuu ta'uu ,miidhamaa hanga wabii dhiyeeffatanitti to'annoo jala akka turu kan ajajan hanga dhimmi isaanii qulqulaa'uuf akka mana murtii dhiyaataniif malee hidhanii tursiisuuf akka hin taane,akkasuma dantaa isaaftahuu hin malle arachuuf ykn nama birof argamsisuuf ykn nama biro irraan miidhaan geessisuuf raawwate waan hin taaneef yemmuu adabbiin mindaa irratti murtaa'e miidhaan isaa fi maatii isaa irra gahuu irrayyuu hamilee hojii isas kan tuqu waan ta'eef jechuun akkeekkachisa barreeffamatiin adabeera.

### **Gaaffilee Marii :**

1. Itti gaafatamaa waajjira Bulchiinsa Aanaa Siree kan ta'an obboo Muhaammad Juuneyiidi, Manni Murtii Aaanaa Siree hojjattoota ragaa barnootaa sobaa qabna jechuun of-saaxilan

akkaatuma qajeelfama Mootummaan baaseen iddoa isaaniif malutti ramadaa jechuun barreessuun kun bilisummaa dhaabbataa(Institutional Independence)Mana Murtii ni sarba jettuu?Qajeelfama Mootummaa waliin akkamitti ilaalama?

2. Gochaan raawwatame kun aangoo gar-malee fayyadamuu jalatti ni kufa ta'e adabbiin kennname sirriidha jettu?

### **Xiinxala Dhimma 27<sup>ffa</sup>**

Abbaan seeraa Mana Murtii Aanaa Martii tokko ergamaa mana murtii kan ta'e ob/Muhaarajir Dadalaa kan jedhamu sababii bubbeen cimaan(obonboleettii) balbala dhaddachaa waan cufeef kutaa dhaddacha itti gaggeessaa turanitti waamuun tilmaaman daqiqaa soddomaaf dhaddacha irra dhaabaa erga turaniin booda hojji Mana Murtii guffachiisanii jiru jechuun galmee lakk.11493 ta'e irratti gaafa guyyaa 30/08/2004 hidhaa baatii lamaa yookiin qaarshii kuma tokko (1000) adabanii jiru.Ergamaan kunis waan hidhameef hojjattooni Mana Murtii saniis qarhii kana walitti qabaniifii hidhaaf baasisuuf yoo jedhan abbaan seeraa kun galmeedhuma kana jalatti adabbi kana gar adabbi hidhaa qofatti jijiiruu akka raawwatamu ajajanii jiru<sup>81</sup>.

Garee Inspeekshinii Godinichaas dhimmicha qulquleessuun abbaan seeraa kun aangoo isaatti gar-malee fayyadamuun ergamaa kana miidhaa irraan gaheera jechuun Waajjira Naamusaa fi Inspeekshinii Naannoof dabarseera.Waajirri Naamusaa fi Inspeekshiniis D/N/A/S/M/G/N Oromiyaa labsii lakk.2/2001 kew 50 jalatti himateera.Gareen Gumii Naannoos falmii bitaa mirgaa gaggeessaa turee waligahii gaafa guyyaa 16/03/2006 ooleen galmee lakk.199/04 ta'e irratti abbaan seeraa kun badii naamusaa cimaa D/N/A/S/M/G/N/ Oromiyaa lakk.2/2001 kew.50 jalatti balleessaa qaba jechuun mindaa ji'a lamaa akka adabaman murteesseera.

### **Xiinxala Dhimma 28<sup>ffa</sup>**

Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Heexosaa kan ta'an galmee lakk.23967 ta'e irratti falmii Himattuu addee Wubee Gurmuu fi Himatamaa ob/Asaffaa Lammaa jidduutti qabiyyee lafa baadiyyaa koo seeran ala na jalaa qabate akka gad naaf dhiisu jechuun dhiyeffatte adeemsa falmii irra osoo jiru alaabaan(oomishin) qabiyyee kana irratti himatamaan oomishe akka dhoorkamu taasifameera.Galmee kana irratti falmiin bitaa mirgaa erga xumurameen booda

<sup>81</sup> Galmee waajjira Naamusaa fi Inspeekshinii MMWO Lakk.11493

himatamaan qabiyyee kana seeraan ala qabate waan ta'eef himattuuf akka gad-lakkisu jechuun gaafa guyyaa 27/03/2009 murtiin kennamee dhoorkaanis ka'eera.Haaluma kanaan galmeen kun murtiin cufamee osoo jiru gaafa guyyaa 03/05/2009 murtii abbaa mirgaa kan taate Aaddee Wubee Gurmuu midhaan yookiin alaabaan qabiyyee naaf murtaa'e irraa oomishamee harka Bulchiinsa gandaa irratti dhoorkame akka gad naaf lakkifamu jechuun iyyatteetti.Ammaan seeraa kunis kanuma galmeessuun midhaan dhoorkame murtii abbaa mirgaatiif akka kennamuuf jechuun ajajuun murtii abbaa mirgaa kan ta'an addee Wubee Gurmuu midhaanicha fudhataniiru.

Himatamaan ob/Asaffaa Lammaa abbaan seera kun dhimmma gaafiin abbaa seerummaa irratti hin dhiyaannee fi wal-hin falminne irraatti ajaja kenuun miidhaa narraa gaheef akka naamusaa naaf gaafatamu jechuun Garee Inspeekshinii Godinatti iyyateera.Gareen inspeekshiniis dhimmicha qulquleessuun badiin naamusaa cimaan raawwatameera jechuun Waajira Naamusaa fi Inspeeshinii Naannoof dabarsee jira.Waajira Naamusaa fi Inspeekshiniis abbaan seeraa kun aangoo abbaa seerummaatti fayyadamee jira jechuun Garee Gumii Naanno irratti himateera.Gareen Gumii Naanno galmee gumii lakk.00588 irratti waligahii gaafa guyyaa 06/09/2010 ooleen abbaan seera kun itti yaadee osoo hin tane dogongoraan badii raawwateedha jechuun bilisaan gaggeessera.

### **Gaaffiilee marii**

- A. Murtiin Garee Gumii Naanno (ammaa Waligalaa) kenname Kun sirriidha jettu?
- B. Abbaan seeraa Kun himatamuun sirriidha yoo jedhame aangoo garmalee gfayyadamuudha?  
Moo seera dabsuun himatamuu qaba ture jettu?

### **Xiinxala Dhimmaa 29<sup>ffaa</sup>**

Himanna Waajjira Naamusaa fi Inspeekshinii Naanno fi Abbaa seeraa Mana Murtii Aanaa Odaa Bultum (Godina Harargee Lixaa) gidduutti galmee Garee Gumii **00673** irratti gaggeeffaamaa ture murtii argate akka itti aanutti dhiyaateera.

Waajjirri Naamusaa fi Inspeekshinii komatamaan kun yeroo Abbaa Seeraa Mana Murtii Aanaa Odaa Bultum ta'anii hojjatanitti sababii kana dura Aadde Immabeet Yifruu Waajjira Naamusaa fi

Inspeekshinii Godinaa irraatti komattee haaloo qabachuun badii tokko malee gaafa guyyaa 19/06/2010 mooraa Mana Murtii keessaa yaamuun dhaddacha jeeqxeera jechuun hidhaa salphaa ji'a lamaa waan adabaniif gal mee Inspeekshinii Lakk. **01084** irratti D/N/A/S/M/G/N Oromiyaa lakk.2/2001 kew.50 jalatti himateera.

Abbaan seeraa kunis waamichi gahee deebii hin dhiyeeffanne.Gareen Gumii Waligalaal ragaa inspeekshinii erga dhagaheen booda gal mee qoratee ragaan waan itti mirkanaa'eef murtii balleessummaa kenneera.Yaada adabbii himataas dhagahee mindaa ji'a lamaatiin adabeera.

### **Xiinxala Dhimmaa 30<sup>ffaa</sup>**

Himanna Waajjira Naamusaa fi Inspeekshinii Naannoo fi Abbaa seeraa Mana Murtii Ol'aanaa Godina Arsii Lixaa gidduutti gal mee garee Gumii 00687irratti gaggeeffamaa ture murtii argate akka itti aanutti dhiyaateera.

Abbaa seeraa Mana Murtii Ol'aanaa Go/Arsii Lixaa ta'uun yeroo hojjatanitti gal mee yakkaa lakk.32055 ta'e irratti ol'iyyattoonni Ayyaantuu Milkeessoo fa'a N-2 fi deebii kennaan Abbaa Alangaa jidduutti gaggeeffamaa ture irratti dhaddacha gaafa guyyaa 07/07/2010 ooleen ol'iyyannoон kun hin dhiyeessisu jechuun bu'uura SDFY kew.195 erga cufaniin boodaa galmeed huma kana dhaddacha guyyaa 10/07/2010 ooleen ni dhiyeessisa waan jedhaniif gal mee Inspeekshinni lakk.01098 D/N/A/S/M/G/N/ Oromiyaa lakk.2/2001 kew.50 jalatti himatamanii jiru.

Himatamaan kunis deebii barreffamaan dhiyeeffataniin gababbinnaan yoo ilaalamu ani dogongoraan kan raawwadhe malee itti yaadee garee tokko fayyad ee garee kaan miidhuuf hin raawan ne jechuun dhiyeefataniii jiru.

Gareen Gumii waligalaan kunis yaada adabbii erga dhagaheen booda himanna 2<sup>ffaa</sup> komatamaan kun gal mee Gumii lakk.00692 irratti balleessa jedhameen walitti dachaasuun adabbii sadarkaa guddinaa tokkoon gad bu'ee akka hojjatu murtaa'eera.

### **Qabxii Marii**

1. Haali abbaan seeraa tokko galmee tokko erga hin dhiyeessisu jechuun cufeen/murteesseen/booda dogongoraan deebi'ee ni dhiyeessisa jedhu uumamuu ni danda'a jettanii yaadduu?
2. Gochaan raawwatame Kun amantaa hawaasni mana murtii irraa qabu ni xiqqeessa jettanii yaadduu? irratti mari'adhaa.

**Ragaa Sobaatti Fayyadamuu:-**Abbaan seeraa yookiin muudamaan tokko ragaa sobaatti fayyadamuu faayidaa hin malle argachuu yookiin argachuuf yaaluu yookiin nama birof argamsiisuu yookan argamsiisuuf yaaluu, yookiin faayidaa hin malle argachuuf yookiin nama birof argamsiisuuf yookiin nama bira miidhuuf jecha ragaa sobaa ta'uu osoo beekuu itti gargaaramuu murtii dabarsuu badii cimaan kan itti gaafachiisu ta'uu ifatti tumeera<sup>82</sup>.

### **Gaaffii Marii**

Ragaa sobaa fayyadamuu yaanni jedhu raga barnootaa ni dabalataa? ni dabalata yookiin hin dabalu yoo jettan sababaan deeggaraa dambii lakk.2/2011 waliin ilaaluun irratti mari'aadha.

**Sochii Siyaasaa Keessatti Hirmaannaa Taasisuu:-**Abbaan Seeraa bara hojii abbaa seerummaatiin hojjatutti ‘sochiin siyaasaa’ keessatti hirmaannaa taasisuun badii naamusatiin kan gaafachiisu ta'a. ‘Sochii siyaasaa’ jechuun gochaawan kanneen akka miseensa dhaaba siyaasaa ta'uu yookiin dhaaba siyaasaa bakka bu'uun hojjachuu, yookiin filannoof dhiyaachuu, ifatti dhaaba siyaasaa tokko deeggaranii yookiin mormanii haasaa taasisuu yookiin miidiyaa hawaasaa irratti dabalatee barreessuu yookiin odeeffannoo tatamsaasuu, rogeessa dhimmaa siyaasaa ta'uun hojjachuu, nama kaadhimamaa filannoof dorgomu tokko ifatti deeggaruu yookiin mormuu, dhaaba siyaasaaf yookiin hojii siyaasaaf jecha nama miseensa dhaabaa siyaasaa ta'eef, deeggarsa maallaqaa godhuu yookiin buusii yookiin deeggarsa walitti qabuu, kora, yaa'ii yookiin waltajjii dhaabni siyaasaa yaame irratti argamuu, yookiin hiriira dhimma siyaasaa irratti hirmaannaa taasisuu fi akka haala isaatti kan biro illee kan dabalu ta'uu ifatti ni tuma<sup>83</sup>.

**Heera Mootummaaf Amanamuu Yookiin Kabajuu Dhabuu:-**Abbaan seeraa yeroo hojii abbaa serummaa irra jirutti heera mootummaa fudhachuu dhabuu yookiin heericha amanuu

---

<sup>82</sup>Dambii Naamusaa Abboota Seeraa Oromiyaa lakk.2/2011

<sup>83</sup>Dambii naamusaa abbaa serummaa Oromiyaa lakk.2/2011

dhabuu yookiin kabajuu fi kabachiisuu dhabuu, yookiin heericha haala ogummaan ala ta'een qeequudhaan namni heericha akka hin fudhanneef yookiin itti hin amannee taasisuun badii naamusaa cimaa taasisee tumeera. Haata'u malee kan olitti ibsame akkuma jirutti ta'ee, sirna ogummaa hordofee dhimma heeraa barreessuu, xiinxaluu, hiika itti kennuu, yaada ogummaa kennuu, walumatti hojii beekumsa gama kanaan jiru babal'isuu kan dhorku akka hin taane ni agarsiisa.

## 3.2 Adabbi Naamusaa

### 3.3.1. Kaayyoo Adabbi

Adabbiin badii naamusaa kaayyoon isaa hin beekamne jirenya hawaasummaa irratti jeequmsa fiduu irraan kan hafe bu'aa hin qabu.Dambiin naamusaa kunis keewwata 11 jalatti *kaayyoon adabbi naamusaa abbootii seeraa fi muudamtoota naamusaa fi amala fakkeenyummaa qabu gonfachiisuu,akkasumas adabamaan badii raawwatetti gaabee akka of sirreessu dandeessisuu fi abbootiin seeraa yookiin muudamtooni kaanis akka irraa baratan taasisuudha. Walumatti hojii Abbaa seerummaa bakka dhugaa fi haqni itti mirkanooftu taasisuudhaan manneen murtii fi abbootii seeraa amantaa ummataa akka horatan gumaachudha.* Adabbiin badii naamusaa haala waligalatiin kan qajeelfamuu qabu badiin naamusaa kan uumamuu haala adda addaa keessatti fi amala adda addaatiin waan ta'eef miidhaan isaan dhaqabsiisan gargar waan ta'uuf adabbiin kennamu haalota kana ilaalcha keessa galchuu akka qabu tumameera (kew12).

### 3.3.2. Gosoota Adabbi Naamusaa

Dambiin naamusaa abbootii seeraa manneen murtii oromiyaa lakk.2/2011 abbootii seeraatiin yookiin muudamaan kan cabu yoo ta'e itti gaaafatatummaa badii naamusaa kan hordofisiisu akka ta'eefi baadiin namusaa kunisakkataa ulfaatina isaatiin kan ta'aan ta'uu isaa ilaallee jira.Haaluma kanaan badiin naamusaa garagaraa yoo raawwatame akkatuma ulfaatinsa isaatiin tarkaaniifiin itti aanan kun fudhatamuun ni danda'ama.Tarkaanifiin kunis *gorsaa afaanii,akeekkachiisa barreeffamaa,adabbi mindaa bultii kudha shanii hanga baatii tokkoo,adabbi mindaa baatii tokko gadi hin taane yookiin baatii lama hin caalle,mindaa fi sadarkaa irraa gad buusu fi hojii irraa gaggeessuu akka ta'e tumaa dambii kanaa irraa ni hubatama* (kew.13(1-6)). Gosooni adabbi kun akkaatuma haala badii naamusaa raawwatameen adabbiin gorsa afaanii badii xiqaaf yoo ta'u adabbiin akeekkachiisa barreeffamaa immoo badii

salphaaf akka tumame hubachuun ni danda'ama. Akkasuma adabbiwwan hafan badii naamusaa cimaaf kan tumame ta'uu danbichi ifatti agarsiisa (13(7)).<sup>84</sup>

Walumagalatti dambiin naamusaa kunni gosoota badii naamusaa raawwataman irratti hundaa'uun adabbii naamusaa iddoo saditti qoodeera (kew.13). Isaanis adabbii badii naamusaa xiqqaa, salphaa fi cimaa waan ta'eef tokkoon tokkoo isaa akka armaan gadiitti ilaaluun ni danda'ama.

### **A.Adabbii Badii Naamusaa Xiqqaa**

Badiin naamusaa xiqqaa kanneen danbicha keewwata 4(1-9) jalatti tumaman kan raawwatame yoo ta'e bu'uura dambii naamusaa keewwata 14(1-5) tti jiraaniin kan ilaalamu ta'a. Haaluma kanaan abbaan seeraa badii naamusaa xiqqaa keessaa badiin tokko yeroo jalqabaatiif yoo raawwatame geggeessaan dhimmaa nama badii raawwate mariisisee gorsa afaanii barruudhaan kenuufii qaba.Kunis dhimmichi bulchiinsaan ilaalamuu ibsuuf qofa kan oolu malee guddinnaa fi haala biro nama adabamee irratti dhibbaa hin qabu.Badiin Naamusaa xiqqaan yeroo lammaffaaf yeroo baatii jahaa keessatti yoo raawwatame badii xiqqaa ta'uun isaa hafee abbaan seeraa yookiin muudamaan badii raawwate argame adeemsa idileetiin badii naamusaa salphaadhan gaafatama. Abbaan seeraa yookiin muudamaan badii naamusaa xiqqaa lamaa fi lamaa oli yeroo tokkotti yookiin yeroo adda addaa keessatti raawwatee yoo aragame akka badii naamusaa salphaa raawwateetti ilaalamee bu'uruma Kanaan kan gaafatamu ta'a.

### **B. Adabbii Naamusaa Salphaa**

Badiiwwan sasalphaa dambicha keewwata 9(1-13) jalatti tarreeffaman Abbaan seeraa yookiin muudamaan yeroo jalqabaatiif badii naamusaa salphaa yoo raawwatee argame akkeekkachiisa barreeffamaatiin akka adabamu dambichi keewwata 15(1-3) jalatti ifatti tumeera.Badiin naamusaa yeroo lammaaffaadhaaf kan raawwatame yoo ta'e badii salphaa ta'uun isaa hafee akka badiin naamusaa cimaan yeroo jalqabaatiif raawwatameetti fudhatamee badii naamusaa cimaan kan adabsiisu akka ta'e ni hubatama. Akkasumas badiin naamusaa salphaan lamaa fi lamaa oli ta'e yeroo tokkotti yookiin yeroo adda addaatti kan raawwatame yoo ta'e badichi badii salphaa ta'uun hafee badii cimaa akka ta'u hubachuun ni danda'ama.

---

<sup>84</sup> .Moojulii naamusa abbootii seeraa mana murtii waliigala oromiyaaatiin bara 2011 barraa'e.

## Xiinxala Dhimmaa 31<sup>ffaa</sup>

Dhimmi kun falmii Garee Inispeekshinii Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee fi himatamaa abbaa seeraa gidduu tureen galmee lakk.3038 ta'e irratti ilaalamee murtii argatee dha. Gareen Inispeekshinii godinaa himatamaan danbii naamusa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii Oromiyaa lakk.2/2001 keewwata 25 irra darbuun galmee mana murtii aanaa Walmaraa lakk.40424 ta'ee fi dhimma daa'imaa ilaallatu akkaataa heeraa fi seeraa fi rifoormii mana murtiin xiyyeffannoo kennee hojjechuu osoo qabuu, kana gochuu dhiisuun gaafa 13/1/2006 irraa eegalee yeroo adda addaa beellamaan deddeebisaa kan turan yoo ta'u, gaafa 23/3/2006, 30/3/2006 fi gaafa 21/4/2006 galmee qorannoof beellamuun osoo hin qoratin hafeera. Gaafa 19/5/2006 dhaddachuma isaaniitiin galmeen qorannoof beellamamee osoo jiruu akka waan abbaan seeraa biraa ilaaluutti, sababa abbaan seeraa galmee qabatan muuxannoof deemanif jechuun galmee osoo hin qoratin gaafa 27/5/2006 tti beellamanii, ammas sababa abbaan seeraa boqonnaa bahan jechuun yeroo saddetaffaaf gaafa 12/7/2006 tti beellamaniiru. Waligalatti galmee kana qorannoof beellama hin malle afurii olii fi dimshaashatti yeroo baatii ja'aa ol tursiisuun badii naamusaa beellama baayisuu raawwataniiru kan jedhuudha.

Himatamaan deebii kenneen, sababoota humnaa olii kanneen akka baayyina hojii, galmeen dhaddacha irratti dhihaachuu, galmeen abbaa seeraatiif osoo hin dhihaatin ofiiseeraan beellamamu, humni namaa dhaddacha dhaabbii Buraayyuu xiqqaa ta'u isaa irraan kan ka'e hojimaata manneen murtii Oromiyaa keessa jiru ibsuun beellamaa turuun kiyya naamusaan kan na himachiisu miti. Himannaan dhihaate sababa himannoo hin qabu jechuun deebiseera.

Gumiin godinaas falmii bitaa fi mirgaa erga dhaga'ee booda 'dhimmi dhihaate ni himachiisamoo? hin himachiisu?' ijoor jedhu qabachuun xiinxala taasisseen, danbii naamusaa lakk.2/2001 keewwata 25 kan jedhu sababa gaha malee haala dhimma lafarra harkisuu danda'uun beellama baayisuu ykn dheeressuudha. Kunis sababa gahaan yoo jiraate beellama dheeressuu ykn baayisuun kan danda'amuu fi naamusaan kan nama hin gaafachiifne ta'u isati. Beellamni jijiiramaa kan ture sababa baayyina hojitiif akka ta'e galmee irratti ibsameera. Iddoowan galmeen itti hedduumatutti baayyinni hojii akka sababa gahaatti kan fudhatamuu fi hojimaata manneen murtii Oromiyaa kan yeroo dheeraa waan ta'eef abbaan seeraa kunis mana murtii galmeen itti baayyatuu fi humni namaa xiqqan jirutti hojjechaa waan tureef, sababa beellama jijiiraniif galmee irratti kan ibsanii fi sababoonni kunis akka sababa gahaatti kan

fudhataman ta'ee, himataan sababoonti kun gahaa akka hin taane wantoota agarsiisuu danda'an waan hin dhiheeffanneef dhimmichi naamusaan hin himachiisu jechuun bilisa geggeesseera.

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Dhimmi dhihaate kun abbaa seeraa kana naamusaan hin himachiisu jettanii yaadduu? Gareen Gumii godinaa bilisa geggeessuun isaa sirrii isinitti fakkaataa? Xiinxala gareen gumii godinaa geggeessee himatamaa kana bilisa ittiin geggesse hangam bu'uura seeraa qaba?
- 2) Manneen murtii hojiin itti heddummatu keessatti beellama baayisuun rakkoo naamusaa akka hin taane gumiin kun xiinxala isaa keessatti ibseera. Abbootiin seeraa ajandaan geggeeffamuu qabumoo, sababa baayyina hojii jedhuun gal mee akkuma barbaadanitti beellama jijjiiruu qabu jettanii yaaddu?
- 3) Badii naamusaa abbaan seeraa kun raawwate jedhamee ittiin himatame duudhaalee naamusaa ogummaa abbaa seerummaa boqonnaa 2<sup>ffaa</sup> keessatti ibsaman keessaa isa kamiin cabse jettu?

### **Xiinxala Dhimmaa 32<sup>ffaa</sup>**

Dhimmi kun falmii garee Inispeakshinii Mana Murtii Olaanaa Shawaa Bahaa fi himatamaa abbaa seeraa giddutti geggeeffamaa turee gal mee lakk.001/09 ta'e irratti murtii argateedha. Gareen inispeakshinii godinaa himanna himatamaa irratti dhiheesseen, himatamaan kun abbaa seeraa mana murtii aanaa Adaamii Tulluu ta'ee yeroo hojjetutti danbii naamusa abbootii seeraa lakk.2/2001 keewwata 33(A) irra darbuun gaafa 13/11/2008 waaree dura sa'atii 4:00 yeroo ta'utti yaada abbaan dhimmaa gal mee yaadaa mana murtii irratti barreesse hojjetaan mana murtichaa akka fiduuf taasisee gal mee yaadaa kana keessaa fuula 9<sup>ffaa</sup> fi 10<sup>ffaa</sup> irratti barreeffame keessaa tarsaasee, tarsa'uun isaa akka hin beekamne fuula itti aanu irratti fakkeessee barreessee abbaa dhimmaa yaada kana barreessee fi hojjetaa odee effanno man a murtichaa gocha kana pirezidaantiitti gabaastan jechuun biiroo isaatti waamee maal oduu oliif gadi oofta, saree ani kana dhiisii kan kanaan oliiyuu hin sodaadhu jechuun arrabsee, mana murtiin alas gaafa 14/11/2008 hordofee biyya kana hin jiraattu jechuun sodaachiseera kan jedhuu dha.

Himatamaanis deebii kenneen gochaa kana raawwachuu isaa haaleera. Gumiin godinaas ragaa bitaa fi mirgaa erga dhaga'ee booda, abbaan seeraa kun yaada abbaan dhimmaa gal mee yaadaa keessatti barreesse fuula lama kan keessaa kutee gate ta'uu isaa fi abbaa dhimmaa kana biyya

kana hin jiraattu jechuun isaa ragaan kan mirkanaa'e ta'u ibsuun ragaan faccisaa waan irraa hin faccifneef keewwata 33(A) jalatti balleessaa taasisuun akeekkachiisa barreeffamaatiin akka adabamu murteesseera.

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Badii naamusaa abbaan seeraa kun raawwate duudhaalee naamusa ogummaa abbaa seerummaa boqonnaa <sup>2<sup>ffa</sup></sup> jalatti ibsaman keessaa isa kamiin cabsuun raawwatame jettu?
- 2) Dhimma kana irratti abbaan seeraa Kun yaada abbaan dhimmaa gal mee yaadaa keessatti barreesse keessaa kutuun isaa fi yeroo biraa abbaa dhimmaan biyya kana keessa hin jiraattu jechuun sodaachisuun isaa ragaadhaan mirkanaa'ee jira. Gochootni kun lamaan badii adda addaa keewwata adda addaa jalatti himachiisaniidhamoo, keewwatuma tokko jalatti kan kufaniidha jettu? Keewwata 33(A) jalatti ni kufu jettanii yaadduu?
- 3) Adabbii gumiin godinaa dhimma kana irratti kenne hangam barsiisaadha jettu?

### **C. Adabbii Badii Naamusaa cimaa**

Akka qajeeltoo waliigalaatti abbaan seeraa ykn muudamaan gumii tokko badiiwan ciccimoo danbicha keewwata 10(1-18) jalatti tumaman keessaa tokko yeroo jalqabaatiif kan raawwate yoo ta'e mindaa bultii tokkoo hanga baatii tokkoo kan adabamu akka ta'e dambicha keewwata 16(1) jalatti kaayamee jira.Badiin naamusaa salphaan tokkoo fi cimaan tokko yeroo tokkotti yookiin yeroo adda addaatti yoo raawwatame adabbiin cimaa mindaa ji'a tokko hanga ji'a lamaa gahuun ni adabiisa.Badiin naamusaa cimaan yeroo lammafaaf yoo raawwatame mindaa fi guddinna sadarkaa tokko irraa buhee akka hojjatu kan adabiisu ta'a jechuudha.Dambii naamusaa lakk.2/2001 keessatti guddinna sadarkaa tokkoon gadi bu'a jedha malee mindaa ni dabalata hin jedhu.Haata'u malee qaamni dhimma naamusaa murteessu adabbii sadarkaa irraa gadi buha jedhu kana hiikoo itti kennuun adabamaan sdadarkaa irraa akka gadi buhee hojjatu jedhamee murtaa'u mindaa waliin sadarkaa irraa gad bu'ee haala adabamuun kan murtaa'uu fi haaluma saniin raawwatamaa turuun kan jiru ta'uun ni hubatama. Haata'u malee dambiin abboota seeraa Manneen Murtii Oromiyaa lakk.2/2011 adabbii guddinnaa sadarkaa foyyeesseera.<sup>85</sup> Haaluma Kanaan dambii lakk.2/2011 kew.16(10) jalatti *sadarkaa fi mindaa irraa bu'uu jechuun*

---

<sup>85</sup>.Moojulii naamusa abbootii seeraa mana murtii waliigala oromiyattiin Bara 2011 barraa'e.

*guddinna sadarkaa olee abbaan seeraa yookiin muudamaan yeroo yeroon mana murtii keessaa hojjatu keessatti dorgomee argatuu fi mindaa sadarkichaaf taa'e irraa bu'uu jechuu ta'ee muudamaan sadarkaa jalqabaa irra jiru mindaa sadarkaa guddina olee isa fuulduuraa jiru irraa shallagamee kan irraa citu jechuudha.Bakka sadarkaa irraa bu'amu hin jirretti gudinna sadarkaa olee muudamaa birotiif taa'e gidduu gargarummaa mindaa shallaguun kan irraa cituudha.sadarkaa fi mindaa irraa bu'uun pirezidaantummaa yookiin gaggeessummaa adeemsa hojii yookiin gaggeessummaa garee yookiin itti gaafatamummaa waajjiraa yookiin Daarikterummaa yookiin Qindeesummaa irraa kaafamuu yookiin bu'uu hin dabalatu.*

Badiin naamusaa cimaan lama yeroo tokkotti yookiin yeroo adda addaatti kan raawwatame yoo ta'e mindaa fi sadarkaa irraa akka gad bu'ee hojjatuuf kan murtaa'u ta'a.Badii naamusaa cimaan yeroo sadaffaadhaaf kan raawwatame yoo ta'e hojii irraa kan gaggeessisu ta'uun ni hubatama.Badiin naamusaa sadi yeroo tokkotti yookiin yeroo adda addaa keessatti kan raawwatame yoo ta'e hojii irraa kan gaggeessisu akka ta'e ifatti tumameera.Abbaan seeraa yookiin muudamaan badii naamusaa salphaan adabamee yeroo lammaffaadhaaf badii naamusaa cimaa yoo raawwate yookiin badii naamusaa cimaan adabamee yeroo lammaffaadhaaf badii naamusaa salphaa yoo raawwate adabbii mindaa baatii tokko gad hin taanee fi baatii lama hin caalleen kan adabsiisu ta'ee, haala Kanaan erga adabameen booda yeroo saddaffaadhaaf badii naamusaa salphaa yookiin cimaa kan raawwate yoo ta'e adabbii mindaa fi sadarkaa irraa gadi bu'uun adabama. Haaluma Kanaan badii naamusaa kamiyyuu yeroo afrappaaf Kan raawwate yoo ta'e hojii irraa gaggeeffamuu akka qabu tumameera.Kan olitti ibasame akkuma jirutti ta'ee abbaan seeraa yookiin muudamaan yeroo jalqabaaf badii naamusaa kamiyyuu badichi yookiin haalli ittiin raawwatame fokkisaa fi jibbisiisa yoo ta'e hojii irraa gaggeeffamuu akka qabu ifatti dambichaan tumameera. Akkaatuma tumaa dambichaa kew.16(8) jalatti ibsametti badichi yookiin haalli badichi naamusaa ittiin raawwatame fokkisaa fi jibbisiisa yoo ta'e badicha raawwatame kan cimsu akka ta'e ni hubatama.Badii naamusaa fokkisaa fi jibbisiisaan sammuu nama dhama qabeessaatiin haala aadaa,safuu fi amantii ummataa naanniinn gocha qaanessaa ummanni mana murtii irraa abdi akka kutatu godhe yoo raawwateedha.Fakkenyaaf mattaa fudhachuu,walqunnamtii saalaa fi kkf godhuu fa'a akka ta'e hubatamuu qaba.

### **Xiinxala Dhimmaa 33<sup>ffaa</sup>**

Himataa Garee inispeekishinii Godina Arsii fi himatamaa Abbaa Seeraa Bashiir Tum'aa jiddutti galmee lakk.00028 ta'e irratti falmii gaggeeffameedha.

Himanna:-HImatamaan kun Abbaa seeraa mana murtii Aanaa Gunaa ta'aanii yeroo hojjataa turanitti falmii dhiirisaa fi nitii galmee lakk.12133 ta'e irratti gaafa 20/05/2011 gaggeeffameen miidhamtuu dhuunfaa Addee Ziiraa Abdushuu badii tokko malee deetee torbaan tokkotti bakka ciistuu poolisiin akka dhiyeessu godhee gaafa 27/05/2011 dhaddacha jeeqxe jechuun guyyaa shan adabee gaafa 30/05/2011 akka baatu waan godheef nama falmii keessa hin jirree aangoo garmalee fayyadamuun adabee.Himanna 2ffaa Barattuu kumee mahammad jedhamtu galmee kana irratti maatii jidduu lixxee jechuun nama flamii keessa hin jirre adabe.Himanna 3ffaa nama Mahammad Abdulhakim jedhamu maatii jidduu lixe jechuun nama falmii keessa hin jirre adabe.Himanna 4ffaa falmii A/A aanaa Gunaa fi himatamaa Fallaqa Katamaa jidduutti gaggeeffamaa jiru irratti miidhamaa dhuunfaa kamaal Juunaa nama jedhamu dhaddacha jeeqe jechuun hidhaa guyyaa,baatii fi waggaan hin beekkamne to'annaa jala haa turuu jechuun hidhee sababa maanguddoon kadhateef beellama cabsee baase.Himanna 5ffaa falmii A/A aanaa Gunaa fi Himatamtoot Dammaqaa Indaashawu fa'a nama 2 jiddutti gaggeeffame irratti murtii balleessummaa erga kennanii booda adabbii daangaa yeroo waggaan tokoon irraa daangessan.Himanna 6ffaa falmii A/A fi himatamaa jiddutti muka gaattiraa(hindheensa) muruun dhoorkaa ta'e kan labsii bosaa lakk.72/1995 keewwata 14(1)(a) fi 15(1,4) irra darbuun himatame ragaan mirkaneessus muka hindheensaa goggogaa bitaachuun jajjabeeffamuu qaba jechuun bilisaan waan gaggeessaniif jechuun gareen naamusaa fi inisipeekishinii godinichaa himatamaa kana himanna 6 himatanii jiru.

Deebii:-Falmii dhiirsaa fi nitii irratti haati manaa gaa'illi keenya sababa maatii isaan diiggamaa jira waan jetteef gaa'illi jidduu lixummaa nama biraatiin diiggamuun hin qabu kan jedhuun miira keessa seene.Akkumas mirga daa'ima eeguuf eeguuf jedheeti malee faayidaa hin mallee argachuuf miti.Miidhamtuun Ziiraa jedhamtu waamamtee yoo gaafatamuun dallantee kabaja mana murtii fi abbaa seeraa tuqxeef adabee daa'ima qabdi jennaan gadi dhiisee.Namoonnis gammadanii dhimma maatii jidduu hin seenu jechuun deeman.sana booda Garagaarsa poolisii fi dhibbaa Abbaa Alangaa kamala Juunaa nama jedhamuun iyyaanaa akka dhiyeefatuu godhan.Galmeen A/A irratti adabame immoo A/A barsiisuuf yaadameeti malee faayidaa argachuuf miti.Adabbii daangeessuun dogoggora kiyya.Muka goggogaan akka bitamu hin

jenne.Himatamaan muka goggogaa namoonni dallaa isaanii keessa buqqisan itti guruguratan yaada jedhuun murtii kenne jechuun deebise.

Gareen gumiiis ragaa bitaa fi mirgaa dhagayee himatamaa kana balleessaa taasisuun hojii irraa akka gaggeeffamuu murteessee jira.

### **Gaaffiii marii**

Murtii garee gumii keenname kana dambii naamusa abbootii seeraa oromiyaa lakk.2/2011 keewwata 10 waliin wal bira qabaa irratti mari'aadhaa.

### **Xiinxala dhimmaa 34<sup>ffaa</sup>**

Himataa Garee inispeekishiinii Godina Shawaa kaabaa fi himatamaa Abbaa Seeraa Isheetuu Tashoomaa jiddutti falmee galme lakk.05/2011 ta'e irratti falmii gaggeeffameedha.

Himanna:-Himatamaan kun abbaa seeraa mana murtii Aanaa warra Jaarsoo ta'ee yeroo tajaajilaa turetti dambii naamusa abbootii seeraa manneen oromiyaa lakk.2/2011 irra darbuun ji'a sadaasaa bara 2011 abbaa dhimmaa obbo Girmaa W/Aragaay irraa dhimma siif murteessaa qarshii 70000(kuma torbaatama) karaa ofisera seeraa obboo Birhaanuu Lammeessaa jedhamuun gaafatee hin qabnu waan jedhaniif qarshii 13,000(kuma kudha sad) ofisera seeraatti kennanii qarshii 3000(kuma sad) ofiseerri seeraa fudhatee qarshii 10000(kuma kudhan) abbaan seeraa fudhatee waan jiruuf jechuun himate.

Komatamaan badii naamusaa kana hin raawwanne jechuun waan wakkateef ragaan dhagayamee komatamaan badii naamusaa kana raawwachuun isaa fi qarshii 10000(kuma kudhan) fudhachuun mirkanaa'ee jira.Gareen gumiiis maalammaltummaan badii naamusaa cimaa fi fokkisaadha jechuun bu'uura dambii ibsame kanaa keewwata 16(8)tiin hojii irraa gaaggeessee jira.

### **Gaaffilee marii**

Himatamaan dhimma kana yeroo jalqabaaf kan raawwate waan ta'eef murtiin itti kennname kun sirridha moo?miti? Badii naamusaa jibbisiisaa fi fokkisaa jechuun dambii kana keessatti kan tumamee maal maal hammachuu qaba?

### Xiinxala dhimmaa 35<sup>ffaa</sup>

Dhimmi kun falmii Garee Inispeakshinii Naannoo MMWO fi himatamaa abbaa seeraa mana murtii aanaa gidduutti galmee lakk.00352 ta'e irratti geggeeffamee murtii argatee dha. Gareen inispeakshinii naannoo himatamaan abbaa seeraa mana murtii aanaa Digaluu fi Xijjoo ta'anii yeroo hojjechaa turanitti danbii naamusa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii Oromiyaa lakk.2/2001 keewwata 50 bira darbuun galmee siivilii lakk.14308 ta'e irratti falmii dhaalaa qabiyyee lafa baadiyyaa fi mana magaalaa Aadde Urgoo Birrii fi obbo Nagaasaa Birrii faa(N-3) gidduutti geggeeffamaa turee dhaddacha gaafa 5/7/2005 ooleen qabiyyee lafa baadiyyaa fi mana magaalaa kana gaheen haadhaa erga keessaa bahee booda gahee du'aa qixa haa qooddatan jechuun murteessanii jiru. Waraabbii murtiis abbaan a fudhatee jira. Himatamaan kun fuula 39<sup>ffaa</sup> keessaa baasuun waraqaa biro bakka buusuun murtii mana magaalaa irratti dursa kennan hambisanii qabiyyee lafa baadiyyaa irratti qofa murteessuun aangoo isaaniitti garmalee fayyadamaniiru kan jedhuu dha.

Himatamaanis deebii kenneen, duraan murtii lafa baadiyyaa fi mana magaalaa irratti kennuun koo sirriidha; garuu murtii duraa keessaa fuula 39<sup>ffaa</sup> keessaa ba'ee kan fuulli bira keessa seene osoo hin taane iyyataan iyyata gaafa 8/8/2005 bu'uura seera deemsa falmii siivilii keewwata 208tiin dhiheeffateen, falmiin mana magaalaa himanna duraa irra malee, himanna bu'uura SDFHH keewwata 91 tiin fooyya'ee dhihaate irra kan hin jirre waan ta'eef seerummaan hin gaafatamne irratti kan murtaa'e waan ta'eef naaf haa sirraa'u jechuun kan dhihaatee fi bu'uruma sanaan kan sirreeffameedha malee aangootti garmalee hin fayadamne jechuun deebiseera.

Gareen gumii naannoos falmii bitaa fi mirgaa erga dhaga'ee booda, himatamaan himanna fooyya'e dhiisee dogoggoraan himanna duraa bu'uureffatee murtii kenne yoo ta'e, dogoggorri bu'uura seera deemsa falmii siivilii keewwata 208 tiin sirreeffamu '*dogoggora barreeffamaa, dogoggora laccofsaa, ykn utuu itti hin yaadne kan irra darbame dogoggora jechaa'*' ti. Dogoggorri galmeec kana irratti raawwatame immoo kanneen olitti ibsaman kana keessatti hin

hammatamu. Akkuma himatamaan jedhu utuu ta'eellee himannaa fooyya'e irratti falmiin manaa utuu hin jiraatin mana irratti murtii kenuun seerummaa hin gaafatamneen ala murteessuudha. Seerummaa hin gaafatamneen ala murtii kenname sirreessuuf aangoo kan qabu immoo mana murtii ol-iyyannoo dhaga'u malee mana murtii murtii kenne miti. Himatamaan bu'uura seera deemsaa 208 tiin dogoggora kan sirreesse yoo ta'e, bu'uura iyyata dhihaateen moggaafamee murtii duraa keessatti dogoggora raawwatame ibsuun, dogoggora kanas bu'uura keewwata kanaan sirreessuu isaa ibsuun hojjechuu qaba malee murtii duraanii keessaa fuula 39<sup>ffaa</sup> baasee haaraan bakka buusuun isaa aangoo isaa garmalee fayyadamuu isaa agarsiisa jechuun balleessaa erga taasisee booda miindaa ji'a lamaan akka adabamu murteesseera.

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Gochi himatamaan raawwate kun duudhaalee naamusa ogummaa abbaa seerummaa boqonnaa 2<sup>ffaa</sup> jalatti ibsaman keessaa isa kamiin cabsuun raawwatame jettu?
- 2) Abbootiin seeraa dogoggora bu'uura seera deemsa falmii siivilii keewwata 208 tiin haala akkamiin sirreessuu danda'u jettanii yaaddu? Falmii himatamaa fi ejjennoo gumii wal bira qabuun irratti mari'adhaa!
- 3) Gochi raawwatame kun ulaagaa aangoon gar malee fayyadamuu danbicha keewwata 50 jalatti tumame guutuu danda'aa jettuu? Maaliif? Ulaagaa keewwaticha jalatti tumame ni guuta yoo jettan adabbiik kenname akkamitti ilaaltu?

## Xiinxala dhimmaa 36<sup>ffaa</sup>

Dhimmi kun falmii Garee Inispeekshinii Naannoo MMWO fi himatamaa abbaa seeraa gidduutti geggeeffamaa turee gal mee Lakk.102/04 ta'e irratti murtii argatee dha.<sup>86</sup> Gareen inispeekshinii naannoo himanna himatamaa irratti dhiheesseen himatamaan kun abbaa seeraa mana murtii aanaa ta'anii hojjechaa yeroo turanitti danbii naamusaa abbaa seerummaa keewwata 43, 48 fi 50 irra darbuun miindaa koo irraa maaliif gargaarsa laga abbayyaatiif cita jechuun gal mee lakk. 06152 ta'e bansifachuun dhimmuma isaanii kana himataa fi abbaa seeraa ta'uun ilaaluun ajaja adda addaa kennun, akkasumas aangoo isaanii seeraan ala fayyadamuun galmeed huma kana irratti itti gaafatamaa waajjira Maallaqaa fi Misooma Dinagdee Aanaa Poolisiidhaan qabamee akka dhihaatuu fi miindaan ajajaa poolisii Aanichaa ji'a Hagayyaa akka hin kaffalamneef ajajaniiru kan jedhuu dha. Himannaan kan biron immoo keewwata 43 irra darbuun gal mee lakk. 06208 ta'e irratti falmii yakkaa geggeeffamaa ture irratti himatamaa irratti ragaan abbaa alangaa waan rageesseeif akka of irraa ittisu abbaa seeraa kan birotiin ajajamee gaafa guyyaa 6/11/03tti beellamamee jiru irratti moggaafamuun himatamaan of irraa ittisi jedhamuun isaa dogoggora jechuun bilisaan akka geggeeffamu ajajuun tumaalee deemsa falmii yakkaa haala faallaa ta'een hojjechuun murtii abbaa seeraa biron kenname diiguun badii naamusaa raawwataniiru kan jedhuu dha.

Himatamaanis deebii fi falmii geggeessaniin himata hundumaa haaluun dhimma koo irratti abbaa seeraa ta'ee ilaaluu seerri ifaan na dhorku hin jiru, gochichi 'sababa miindaan koo na jalaa citeef raawwatamee osoo himannaan jedhu faayidaa biro argachuuf ykn nama biro miidhuuf aangoon garmalee fayyadameera jedhamuun danbii naamusaa kwt.50 jalatti himatamuun koo kan walfaallessuu dha; ajaja abbaa seeraa biraatiin kenname jijiiruun koo dhimmi himatamaan of irraa ittisi itti jedhame dogoggoraan yakka jedhamee dhihaatus dhimmichi garuu hariiroo hawaasaa waan ta'eefiidha. Dogoggora ifa ta'e kana kanan siressee ta'ee osoo jiruu himatamuun koo sirrii miti. Darbees, dhimmichi ol-iyyanni irratti gaafatamee mana murtii ol'aanaatti cimee jira jechuun ibseera.

Gareen gumii naannoos dhimmicha ragaa barreeffamaa himataan dhiheessee fi falmii bitaa fi mirgaa qorachuun, ragaan barreeffamaa dhihaate himatamaan of isaa irratti abbaa seeraa ta'ee

---

<sup>86</sup>. Dhimmi kun moojulii mata duree "naamusa ogummaa abbaa seerummaa" jedhu ILQSO tti Nagga Garbaabaa fi Biraanuu Raggaasaatiin qophaa'e irraa moojulii kanaaf haala mijaa'uun kan fudhatameedha.

of moggaasuun ilaaluu, miindaa ajajaa poolisii akka hin kaffalamnee fi sababni seeraan gaafachiisu osoo hin jiraatiin itti gaafatamaan Waajjira Maallaqaa fi Misooma dinagdee hidhamee akka dhihaatu ajajuu fi jal-murtii abbaa seeraa kan birotiin kennname diiguu isaa kan agarsisuudha. Kunis jecha ragaa namaa kan cimsu ta'uu isaa eeruun deebii fi falmiin himatamaan dhiheesse deggersa seeraa kan hin qabnee fi bifaa kamiiniyyuu irraa ittisuu kan hin dandeenyedha jechuun himannaa hundumaa jalatti balleessaa taasisuun miindaa ji'a lamaan adabeera.

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Falmii abbaan seeraa kun koo ilaaluu seerri ifaan na dhorku hin jiru jechuun dhiheesse akkamitti ilaaltu? Abbootiin seeraa biron waan hin jirreef kan ilaale osoo ta'ee hoo bu'aan isaa maal ta'a jettu?
- 2) Gochootni abbaan seeraa kun raawwate, keessattu, poolisiin ajaja fudhachuu dide jechuun miindaan akka qabamu ajajuun aangoo seeraan ala fayyadamuudha jettuu?
- 3) Falmii yakkaa keessatti, dogoggora uumame haalli ittiin sirreessuun danda'amu seera deemsa falmii yakkaa keenya keessatti tumameera jettanii yaadduu? Gama kanaan falmii himatamaan dhimma kana irratti kaase akkamitti ilaaltu? Dhimmichi yakkaa osoo hin taane kan hariiroo hawaasaa ta'uu, ol-iyannoona mana murtii olaanaa deemee kan cime ta'uu isaa haala kamiin ilaaltu? Dhuguma himatamaan garee tokko gargaaruuf ykn miidhuuf ta'e jedhee seera ifaan jiru dabseera jettanii yaadduu?
- 4) Badiiwan naamusaa raawwataman kunneen duudhaa naamusa ogummaa abbaa seerummaa boqonnaa 2<sup>ffaa</sup> jalatti ibsaman keessaa isa kamiin cabsan jettu?
- 5) Adabbii gumiin naannoo murteesse tumaalee adabbii danbii naamusaa keessatti tumaman waliin yeroo ilaalamu sirriidha jettanii yaadduu? Maaliif?
- 6) Dhimma 8<sup>ffaa</sup> irratti, adabbii kennname danbii naamusaa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii Oromiyaa keewwata 58(III)(1) fi (2) waliin yeroo ilaalamu sirriidha jettuu?
- 7) Danbii naamusa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii lakk.2/2001 keewwata 58(III)(3) jalatti abbaan seeraa tokko badii naamusaa cimaa yeroo jalqabaatiif ykn yeroo 2<sup>ffaa</sup>tiif kan

raawwate yoo ta'elée, haalli raawwii badichaa "fokkataa ykn jibbisiisaa" yoo ta'e, adabbii miindaa ykn sadarkaan gadi buusuun osoo hin barbaachisin kallattiin gumiin bulchiinsa abbootii seeraa hojiiraa geggeessuu akka danda'u tumameera. Haalli raawwii badichaa "fokkataa ykn jibbisiisaa" jechuun maal jechuudha? Maaliin ibsama jettanii yaaddu?

- 8) Heera mootumaa RDFI keewwata 79(4)(a) fi kan Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 62(4)(a) jalatti gumiin bulchiinsa abbootii seeraa bu'uura dambii naamusaatiin abbaan seeraa badii raawwateera ykn hanqina gahumsaa cimaa qaba yoo jedhe murteesee hojiiraa geggeessuu akka danda'u tumameera. Abbaan seeraa tokko 'hanqina gahumsaa' qaba jedhamee sirni hojiiraa ittiin geggeeffamu jira jettanii yaadduu? Danbii naamusa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii Oromiyaa lakk.2/2001 keewwata 58(III)(4) jalatti abbaan seeraa hir'ina dandeettii fi hanqina gahumsaa mul'ise tarkaanfii biro fudhachuun osoo hin barbaachisin hojiiraa geggeeffamuu akka danda'u tumameera. Badiin naamusaa gahumsaan walqabatu tumaalee badii naamusaa tarreessaan jalatti tumameera jettuu? Hin tumamne yoo ta'e gumiin haala kamiin hojiiraa geggeessuu danda'a laata? Biyya keenyatti ulaagaan gahumsa abbaa seeraa tokko ittiin madaallu jira jettanii yaadduu? Hin jiru yoo ta'e gahumsa hin qabu jennee haala kamiin hojiiraa geggeessuu dandeenya?

### **Gaaffii Marii:**

Kew.16(8) "badiin naamusaa kamiyyuu yeroo jalqabaaf kan raawwatame ta'ee badichi yookiin haalli itti raawwatame fokkisaa fi jibbisiisaa yoo ta'e hojiiraa kan gaggeessisu ta'a" jedha. Keewata kana jalatti badiin naamusaaa kamiyyuu yoo jedhu badii naamusaa xiqqaa fi salphaan haala fokkisaa fi jibbisiisaan yoo raawwatame ni dabalataa? ykn tumaa kana jalatti ni kufaa? yoo ni kufa ta'e badii xiqaadhaan ykn salphaadhaan hojii irraa gaggeessisuun ni danda'amaa laata? irratti mari'adhaa.

#### **3.4. Sirna Qorannoo fi Falmii Badii Naamusa Abbaa Seerummaa**

Mata dureen kun dhimmoota gurguddaa lama, sirna qorannoo fi falmii badii naamusaa, kan of keessatti qabate waan ta'eef tokko tokkoon akka itti aanutti ilaaluuf yaalla.

##### **A. Sirna Qorannoo Badii Naamusa Abbaa Seerummaa**

Waa'ee sirna qorannoo hanqina naamusaa yoo ilaallu dhimmi dursee ilaalamuu qabu haala eeruun badii naamusaa ittiin dhihaatu dha. Kunis bifa komiin ittiin dhihaatu, eenyuun akka dhihaatu fi eenyutti akka dhihaatu kan dabalatuu dha.

Namni kamiiyyuu badiin naamusaa raawwatamuu isaa arge, dhagahe yookiin odeeffannoo argate yookiin karaa kamuu beeke, qaamaan dhiyaatee yookiin osoo hin dhiyaatiin, eenyummaa isaa ibsee yookiin osoo hin ibsiin, iyyanna badii naamusaa karaa isaaf danda'amuun dhiyeessuu yookiin beeksisu ni danda'a. Maloonni iyyanni badii naamusaa itti dhiyaatus kallattiidhaan yookiin al kallattiin, afaniin yookiin barreffamaan yookiin bilbilaan yookiin faaksiidhaan yookiin i-meelidhaan yookiin karaa danda'amaa ta'e kamiinuu dhiyaachuu yookiin beeksifamuu ni danda'a. Ta'us garuu yaada hammeenyummaa ykn dabaa irraa ka'uun dhamaatii akka hin qaqqabsiifneef iyyanni badii naamusaa dhiyaatu yoo xiqqate odeeffannoowwan dhimmicha qulqulleessuuf akka ka'umsaatti gargaaran kan of keessatti qabate ta'uu qaba.

### **Gaaffii marii**

Namni maqaan isaa hin beekamne tokko ergaa karaa keessaa teessoo Facebook Mana murtii Waliigala Oromiyaa irratti erge "Abbaan Seeraa Obbo 'X' jedhamu gaafa guyyaa 30/7/11 abbaa dhimmaa Obbo 'Y' jedhamu irraa bakka 'Z' Jedhamutti matta'aa fudhateera." jedha. Ragaan inni kaaye bilbila Ob.'Y' qofaadha. Heeruun Ob.'X' irratti dhiyaate odeeffannoo dhimmicha qulqulleessuuf akka ka'umsaatti gargaaran kan of keessatti qabateera jettanii yaadduu?

#### **3.4.1. Iyyanna keessummeessuu yookiin fuudhuu.**

*Dambii Sirna Itti Gaafatamummaa Naamusa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Dambii Lakk. 03/2011 keewwata 16 irratti hundaa'uun Iyyanni badii naamusaa Manneen Murtii Oromiyaa keessatti raawwatamu haala Shaniin armaan gadii kanaan dhiyaachuu danda'a.*

**Iyyanni badii naamusaa Manneen Murtii Oromiyaa Sadarkaa kamuu keessatti raawwatame:**-Pirezdaantii Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa yookiin; Waajjira Naamusaa fi Inispekshiinii biratti dhiyaachuu yookiin beeksifamuu ni danda'a.

**Iyyanni badii naamusaa miseensota Gumii, miseensota Garee Gumii Waliigalaa, miseensota Waajjira Naamusaa fi Inispeakshinii fi Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaa:-**  
Pirezidaantii Mana Murtii Waliigalaatiif dhiyaachuu yookiin beeksifamuu ni danda'a.

**Iyyanni badii naamusaa Mana Murtii Ol'aanaa keessatti raawwatame:-**Pirezdaantii Mana Murtii Ol'aanaa yookiin garee naamusaa fi inispeakshinii godinichaa biratti dhiyaachuu yookiin beeksifamuu ni danda'a.

**Iyyanni badii naamusaa miseensota Gumii Godinaa yookiin miseensota Garee Naamusaa fi Inispeakshinii yookiin Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa:-**Pirezidaantii Mana Murtii Ol'aanaaf dhiyaachuu yookiin beeksifamuu ni danda'a.

**Iyyanni badii naamusaa mana murtii Aanaa keessatti raawwatame:-**Pirezdaantii Mana Murtii Ol'aanaa yookiin garee naamusaa fi inispeakshiniitti Godinichaa biratti, yookiin Pirezidaantii Mana Murtii Aanaa yookiin Ofiisara Mana Murtii Aanichaa biratti dhiyaachuu yookiin beeksifamuu ni danda'a.

Dambii Sirna Itti Gaafatamummaa Naamusa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Dambii Lakk. 03/2011 keewwata 16 jalatti akka tumametti qaamni iyyannaan badii naamusaa dhiyaateef aangoo yoo hin qabaanne qoratee bu'aa isaa yookiin osoo hin qoratiin qaama aangoo qabuuf dabarsa.

### **Gaaffii marii**

Qaamni aangoo hin qabne iyyannoo aangoo isaa hin taane qoratee ykn otoo hin qoratiin ol dabarsuun fedhii isaa irratti hundaa'a moo qajeelfama qaama ol'aanuu ta'uu qaba?

### **B. Sirna Falmii Himannaa Naamusa Abbaa Seerummaa**

Bu'uura *dambii Sirna Itti Gaafatamummaa Naamusa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Dambii Lakk. 03/2011Keewwata 19* Qaamni iyyannaan badii naamusaa dhiyaateef dhimmichi badii naamusaa kan hin taane yoo ta'e cufuu qaba.Dhimmi badii naamusaa yoo ta'e immoo qorannoo eegaluu yookiin eegalchisuu akka qabu tumamee jira>Nama iyyannaan badii naamusaa dhiyeesse haala irra jiru kana hubachisutu irraa eeggama.

Dambii Sirna Itti Gaafatatumummaa Naamusa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Dambii Lakk. 03/2011Keewwata 19 jalatti akka tumameetti yeroo qorannoongaggeeffamu dhimmichi badii naamusaa ta'uun erga adda bahee booda jecha Abbaa seeraa komiin irratti dhiyaatee fuudhamuu akka qabu in hubatama.Erga dhimmichi badii naamusaa ta'uun adda bahee booda Abbaa seeraa komiin irratti dhiyaate irraa jecha fuudhun kan barbaachiseef xiinsamuu Abbaa seeraa eeguu fi miirri jeequmsaa akka itti hin dhagayamne godhuuf kan yaaddame akka ta'es ni hubatama.Yaadni isaa barreeffamee erga dubbissee ilaaleeyookiin dubbifameefiin booda akka irratti mallatteessuus taasifamuu qaba.Abbaan seeraa yaada isaa kenuuf hayyamamaa yoo ta'uu dhabe yookiin yaada kennee mallatteessuu yoo dide, yaada isaa ofii barreessee mallatteessuudhaan guyyaa kudhan hin caalle keessatti dhiyeessuu danda'a.Guyyoota kana keessatti dhiyeeffachuu yoo dhabe ragaadhuma walitti qabame irratti hundaa'uudhaan murtiin ni kennama yookiin himanni ni dhiyaata.Abbaa seeraa carraa dhagayamuu argatee yaada kenuuf hayyamamaa hin taane qaamni murtii kenuuf aangoo kenu illee bira darbee murtii kenuu ni danda'a.

*Dambii Sirna Itti Gaafatatumummaa Naamusa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Dambii Lakk. 03/2011Keewwata 19/5 jalatti akka tumameetti qaamni dhimma badii naamusaa qoratu ragaa namaa, barruu, gal mee, naannoo, yookiin ragaa kallattiin yookiin al kallattiin dhimmicha waliin qunnamtii qabu kamiyyuu ofi biratti dhiyeessisee,yookiin ajajaan akka dhiyaatu taasissee yookiin qaamaan iddo ragichi argamu deemee qorachuu fi ragaa walitti qabu ni danda'a. Gama biraan dhimma kanaan walqabatee qabxiin osoo hin kaasin bira hin darbine, sadarkaan mirkaneessa ragaa falmii badii naamusaa maal ta'uu qaba kan jedhuu dha.*

### **Gaaffii Marii**

Haalli mirkaneessa ragaa himanna abbaa seeraa irratti dhiyaatee maal ta'uu qaba? Akka dhimma yakkaatti ilaalamuu qaba moo? Akka dhimma Hariiroo Hawaasaatti ilaalamuu qaba?dambii lakk.2/2011 fi 3/2011 waliin ilaala irratti mari'aadhaa.

### **Xiinxala dhimma 37<sup>ffa</sup>**

Dhimmi kun Garee Inispeekshinii Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Bahaatiin galmee lakk.158/08 irratti qoratamaa turee kan cufamee dha. Gal mee kana irratti namni Geetuu Ida'ee jedhamu iyyata gaafa 15/11/2008 garee inispeekshinii godinichaatti dhiheeffateen falmii qarshii

galmee lakk.18566 ta'e irratti mana murtii aanaa Dugdaa irratti qabuun abbaan seeraa galmicha qabatee jiru gaafa 12/11/2008 sa'atii 11:52 irratti lakkoofsa bilbilaa 0920066488 ta'een bilbila koo lakkoofsa 0911701067 ta'e irratti bilbilee dhimmi kee garasitti akka dheeratu barbaaddaa naan jennaan, ani hin barbaadu jennaan, waan adabamtu qabadhuutii mana nyaataa GG tti kottu naan jennaan anis hangam jedhee yeroon gaafadhu kuma lama fidi naan jedhe. Anis qarshii kuma tokko fi kan nyaataaf dhugaatiif kaffalu qabadhee yeroon dhaqu, abbaa seeraa hiriyyaa isaa waliin mana nyaataa kana kan turanii fi foon waaddii lamaa fi wayinii lama fayyadamanii qarshii kuma tokko yoon itti kenu, kana qofaa naan jedhee; anis maalin qaba jennaan erga fudhatee booda galmee koo ragaaf gaafa 25/1/2009 ti na jalaa beellamnaan, maaliif akkas na jalaa goota jechuun yeroon gaafadhu qarshii kee siifan deebisaa namatti hin himin naan jedhe jechuun dhiheeffateera.

Gareen Inispeakshinii godinaas eeruu dhihaate erga galmeessee booda, miidhamaa dhuunfaa kana waamee jecha ragummaa isaa yeroo fuudhu, miidhamaan qabxiilee olitti ibsaman kana tokko tokkoon ibsee jira. Kana booda garichi miidhamaan (komataan) dhimmi kee bara itti aanutti akka si jalaa hin darbine siifin xumura jedhee qarshii kuma tokko(1000.00) narraa fudhateera haa jedhuyyu malee ragaa kana beekuuf kan biraa waan hin qabneef abbaan seeraa kun badii kana raawwachuu isaa ragaadhaan mirkaneessuun hin danda'amne jechuun galmee cufeera.

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Gareen Inispeakshinii abbaan seeraa kun badii kana raawwachuu isaa ragaan hin mirkanoofne waan ta'eef hin himachiisu jedhee galmee cufuun isaa sirriidha jettuu? Maaliif?
- 2) Qorannoo gareen inispeakshinii geggeesse gahaadha jettanii yaadduu? Maaliif? Komataan abbaan seeraa kun bilbila ittiin isAAF bilbilee fi guyyaa fi sa'atii itti bilbileef jecha ragummaa isaa keessatti kennee jira. Galmee kana irraa gareen kun kana qaama dhimmi ilaallatu(teelee) irraa qulqulleeffachuuuf yaalii inni godhe hin jiru. Kana akkamitti ilaaltu?

- 3) Gareen Inispeekshinii godinaa galmee cufuuf akka sababaatti kan dhiheessee komatamaan ragaa biraa kana beekuuf hin qabu kan jedhuudha. Kan ilaalamuu qabu baayyina ragaatimmoo, qulqullina isaati? Namni tokko ragaa ta'uu hin danda'u jettanii yaadduu?
- 4) Gareen inispeekshinii godinaa dhihaate kana ragaan hin mirkanoofne waan ta'eef hin himachiisu jedhee galmee cufuuf aangoo qaba jettanii yaadduu? Maaliif?
- 5) Sadarkaan mirkaneessa ragaa badii naamusaa maal ta'uu qaba jettanii yaaddu?

### **Xiinxala dhimmaa 38<sup>ffaa</sup>**

Dhimmi kun falmii Garee Inispeekshinii Naannoo MMWO fi himatamaa abbaa seeraa gidduutti geggeeffamaa turee galmee lakk.00566 ta'e irratti gaafa 7/10/2009 murtii argateedha. Gareen inispeekshinii naannoo himanna himatamaa irratti dhiheesseen himatamaan kun abbaa seeraa mana murtii aanaa Adaamii Tulluu ta'anii yeroo hojjechaa turanitti danbii naamusaa lakk.2/2001 keewwata 43 irra darbuun falmii raawwii murtiin abbaa mirgaa Huseen Galaashee faa(N-2) fi Murtiin abbaa idaa Waldaa Aksiyona Qopheessaa Farra Ilbiisotaa Adaamii Tulluu gidduutti geggeeffamaa tureen, murtiin abbaa idaa waraqaan waamichaa qaqqabuu isaa osoo hin mirkanoeffatin ykn murtiin abbaan idaa dhihaatee yaada isaa utuu hin gaafatamin baankii daldala Itoophiyaa damee Baatuu irraa laccoofsa herregaa murtiin abbaa idaa irraa qarshii 33,580.16 baasii ta'ee akka kaffalamu waan taasiseef ta'e jedhee seera dabsuun badii naamusaa raawwateera kan jedhoo dha.

Himatamaan deebii kenneen, murtiin abbaan idaa haala murtii galmee muummee keessatti kennameen sababa maaliif akka hin raawwanne akka ibsu waraqaan waamichaa ergameefii waan hin dhihaanneef, bakka bu'aan murtiin abbaa mirgaas dhaddacha irratti dhihaatanii murtiin abbaan idaa waraqaan waamichaa harkaa fuudhoo didee ari'uu isaa waan ibsaniif bu'uura seera deemsa falmii hariiroo hawaasaa keewwata 386(1) fi 392(1,3) tiin murticha raawwachiisuuff sammuu gaariin kanaan ajajeedha. Murtii haadhoonis ol-iyyannoong hanga dhaddacha ijibbaataa deemee cimee kan jiru waan ta'eef naamusaaan nan himachiisu jechuun deebiseera.

Gareen gumii naannoos dhihaate kana erga qoratee booda, xiinxala taasiseen manni murtii waraqaan waamichaa himata raawwii waliin bu'uura SDHH keewwata 386 tiin murtiin abbaa idaan ga'uu akka qabuu fi gahuun yoo mirkanaa'e immoo mirgi deebii kennuu murtiin abbaa

idaa bira darbamee murtiin akka raawwatu manni murtii ajajuu akka danda'u SDHH keewwata 386(3) jalatti kan tumame irraa ni hubatama. Kun akka jirutti ta'ee murtiin raawwatamu maallaqaa wajjin kan walqabatu yoo ta'e immoo murtiin abbaa idaa haalli itti dirqamee dhihaatu akka jiru SDHH keewwata 386(4) jalatti tumameera. Kana jechuun murtii kennname manni murtii raawwachiisuuf dursee murtiin abbaa idaa bu'uura SDHH keewwata 103 fi 105 tiin himanni raawwii isa qaqqabuun dirqama jechuudha. kana irratti himatamaan waraqaa waamichaa murtiin abbaa idaa qaqqabsiisuu isaa wanti agarsiisu hin jiru. Kanaafuu, himatamaan murtiin abbaa idaa qaqqabuu isaa utuu hin mirkaneeffatin murtiin akka raawwatu taasisuun isaa sirna deemsa falmii hariiroo hawaasaa ifaan tumamee jiru cabsuu waan ta'eef seera ifaan jiru cabseera jechuun keewwata 43 jalatti balleessaa taasisuun miindaa ji'a lamaan akka adabamu murteesseera.

### **Gaaffilee Marii**

- 1) Danbii naamusaa keewwata 43 jalatti ta'e jedhanii seera dabsuun naamusaa kan nama gaafachiisu, 'abbootii dhimmaaa keessaa garee tokko miidhuuf ykn gargaaruuf ta'e jedhee yaaduun isaa gal mee dhimmicha ilaalu irra hubatamuu haala danda'uun seera ifaan tumamee jiru dabsuudhaan haqa jallisuu' kan raawwatame yoo ta'eedha. Dhimma olitti ibsame kana keessatti abbaan seeraa kun ta'e jedhee seera dabsuun isaa mirkanaa'eera jettanii yaadduu? Gama kanaan xiinxala gumiin taasise akkamitti ilaaltu? Dhimma kana dambii naamusaa abbootii seeraa manneen murtii oromiyaa lakk.2/2011 waliin hoo akkamitti madaaltu?
- 2) Kaayyoon waraqaa waamichaa himatamaaf ergamuu gal mee haadhoo fi gal mee raawwii irratti qabu garaagarummaa qaba jettanii yaadduu? Maaliif? Raawwiin himatamaan waraqaaan waamichaa qaqqabe yoo dhihaate deebii dhiheeffatu qaba jettanii yaadduu? Gama kanaan xiinxala gumiin taasise akkamitti ilaaltu?

*Dambii Sirna Itti Gaafatamummaa Naamusa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Dambii Lakk. 03/2011Keewwata 19/5 jalatti akka tumameetti ragaan dhagayamuun dura sirni kakuu raawwatamuu qaba.Ragaan jecha ragummaa kenne, jechi isaa barreeffame dubbifameefii irratti mallatteessuu qaba.Abbaan Seeraa komatame ragaa namaa, barruus ta'e kan biro qabu yoo jiraate dhagayamuufii yookiin xiinxalamuufii qaba.*

Qabxii biraan mata duree kana jalatti ilaalamuu qabu qaamni badii naamusaa abbaa seerummaa ilaalee murteessu daangaa yeroo hangamii keessatti murteessuu qaba kan jedhuu dha.Kana

ilaalchisee *dambii Sirna Itti Gaafatamummaa Naamusa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Dambii Lakk. 03/2011 keewwata 18 jalatti akka tumametti* iyyanni badii naamusaa guyyaa badiin naamusaa raawwatame irraa kaasee badii naamusaa ***xiqqaan baatii jaha*** keessatti, ***salphaan waggaa tokko*** keessatti, ***cimaan waggaa lama*** keessatti dhiyaachuu baannaan darbiinsa yerootiin akka ittifamu tumameera.Qaamni iyyanni badii naamusaa biratti dhiyaate yookin beeksifame akkuma daangaan yeroo iyyannoo darbuu beekeen dhimmicha cufuu akka qabuu fi kanuma iyyataatti barreeffamaan ibsuu akka qabus tumameera.

Qaamni naamusaa ilaalee murteessuuf aangoo qabu erga murteessee booda falmitoota keessaa murtii kenname irratti komii kan qabu mirga ol-iyyachuu akka qabu danbii kana keewwata 26 jalatti tumamee jira.Himatamaan badii naamusatiin itti murtaa'e yookiin qaamni himannaa naamusaa dhiyeessee, murtii yookiin adabbii yookiin lamaanuu irratti komii yoo qabaate, guyyaa murtichi kenname irraa eegalee yeroo ***baatii tokkoo*** keessatti qaama ol iyyannoo dhagahuuf aangeffametti dhiyeeffachuu mirga qaba.Gareen ol iyyannoo yeroo taa'e keessatti hin dhiyeeffanne murticha fi adabicha akka fudhatetti lakkaayama.Harkifanna dhimootaa hir'isuuf hayyamsiifni ol iyyannoo haala kamiinuu murtiin kennamee baatii 2 booda dhiyaachuu hin danda'u.Ta'us garuu Gumiin Naannoo murtiwwan ol iyyannoon irratti hin gaafatamiin kamuu ofitti fuudhee ilaaluudhaan murtii yookiin qajeelfama barbaachisu itti kennuu ni danda'a jechuun *dambii Sirna Itti Gaafatamummaa Naamusa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Dambii Lakk. 03/2011 keewwata 28 jalatti tumeet jira.*

Qabxiin dhumaan mata duree kana jalatti ilaallu, waa'ee moggaafamuuti. Moggaafamuut jechuun abbaan seeraa ykn muudamaan gumii badii naamusaa raawwatee adabame tokko daangaa yeroo murtaa'e erga xumuree booda rikordiin isaa haqamee akka nama qulqulluutti ilaalamuu jechuu dha.Abbaan seeraa akkaataa *dambii kanaatiin* badii naamusatiin adabame gaaffii moggaafamuu dhiyeeffachuu ni danda'a.Abbaan Seeraa badii naamusaa cimaa ***matta'aa fudhachuu yookiin faayidaadhaan hojjachuutiin*** adabame gaaffii moggaafamuu dhiyeeffachuu hin danda'u.Gaaffiin moggaafamuu kan dhiyaatu guyyaa murtiin adabbii kenname irraa eegalee badii naamusaa ***salphaan waggaa tokko fi badii naamusaa cimaan waggaa lama*** booda dhiyaachuu qaba.Abbaan seeraa badiiwwan naamusaa addaa addaatiin adabame gaaffii moggaafamuu yoo dhiyeesse,yeroon gaaffii moggaafamuuf dhiyaachuu kan herregamu haala armaan gadiitiin ilaalamee ta'a:Badiiwwan itti adabame badii naamusaa cimaa fi salphaa yoo

ta'e, badii isa cimaatu ilaalamaa,Badiiwan naamusaa gosa addaa addaa yeroo addaa addaatti yoo ta'e,moggaafamaaf yeroo irra caalaa fuulduratti hafutu ilaalamaa,Badiiwan naamusaa addaa addaa garuu ammoo gosa tokkoo yoo ta'e isa yeroo dhihootu ilaalamuu akka qabu *dambii Sirna Itti Gaafatamummaa Naamusa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Dambii Lakk. 03/2011 keewwata 37(1-5) jalatti kan tarreeffaman irraa hubachuun ni danda'ama.*

### **3.6. Tarkaanfii Naamusaa, Naamusa Ogummaa Abbaa Alangummaa Cabsuun Dhufu**

Tarkaanfiin naamusaa sirna itti gaafatamamummaa Abbaa Alangummaa ittiin mirkaneeffamu keessa isa tokkoo dha. Itti gaafatamummaa naamusa Abbaa Alangaa mirkaneessuuf sadarkaa biyyooleessaa fi naannoo Oromiyaatti sirni itti gaafatamummaa naamusaa mirkanneessuu diriiree jira. Fakkeenyaaaf, Abbootiin Alangaa hanqina raawwii hojii fi naamusaa yoo qabataan seeraan kan gaafataman ta'uu labsiin waajjira Abbaa Alangaa waliigala Federaalaa hundeessuuf bahe ifatti kaa'ee jira.<sup>87</sup> Bifuma walfakkaatuun, akka Oromiyaatti Abbootiin Alangaa hanqina naamusaa raawwatan, naamusaan kan gaafataman ta'uu isaanii danbiin lakk.161/2005 fi qajeelfama lakk.9/2006 irraa ni hubatama. Danbii fi qajeelfamni naamusaa kanneen duudhaalee Abbootiin Alangaa ittiin qajeelfaman hojiitti hiikuun itti gaafatamummaa naamusa Abbaa Alangaa mirkaneessuuf gosoota balleessaa fi adabbi naamusaa akkasumas sirna adeemsa qoranna, himanna fi falmii dhimmoonni naamusa ittiin qajeelfaman tumanii jiru. Kutaa kana keessatti qabxiilee kanneen kan ilaallu ta'a.

#### **3.6.1. Gosoota Dadii Naamusaa**

Danbiin lakk.161/2005 fi qajeelfamni lakk.9/2006 ‘badii naamusaa’ jechuun maal jechuu akka ta'e hiikaa hin kennineef. Haa ta'u malee, balleessaawan naamusaa, balleessaawan ciccimoo fi salphaa jechuun bakka gurguddaa lamatti qoodanii jiru.haala kana irraa adda ta'een wixineen dambii bulchiinsa naamusa Abbaa Alangaa Naannoo oromiyaa/WDBNAANO/ immoo badii naamusaa bakka sadiitti qodee jira.kunis badii naamusa salphaa,badii naamusa gidduu galeessa fi badii naamusa cimaa jechuun kan qodeerudha. Mata duree kana jalatti qabxiilee kana kan ilaallu ta'a.

#### **A. Badii naamusaa Salphaa**

<sup>87</sup> . Federal Attorney General Establishmet proclamation No. 943/2016, article 17/3

Gosti badii naamusaa inni jalqabaa badii naamusaa salphaa yoo ta'u, danbii lakk.161/2005 kwt. 78/2(a-h) jalatti tarreeffamanii jiru. Isaanis: hojii dhuunfaa kabaja Abbaa Alangummaa fi mana hojiichaa tuffachiisan hojjechuu, balleessaan naamusaa cimaan raawwatamuu isaa osoo beekuu gabaasa gochuu dhabuu, hojjettoota gidduutti walitti bu'iinsi akka uumamu taasisuu ykn nama waliin hojjetu sobaan yakkuu, walgahii ykn mariin yemmuu geggeeffamu namoota yaada kennan arrabsuu ykn kabaja isaanii tuquu ykn salphisuu ykn waltajjii jeequu ykn dhiisanii bahu, dhaddacha irratti ajaja kennamu fi haala falmii dhaddachaa sirriitti hordofuun barreessuu dhabuu, leenjii ykn seeminaara ykn woorkishooppii manni hojichaa akka irratti hirmaatu erge irratti sababa gahaa malee hirmaachuu diduu ykn dhiisanii deemuu, of- eegannoogochuu dhabuun ykn dagannoodhaan qabeenya mana hojiichaa irratti midhaa dhaqqabsiisuu, fi gochoota ibsaman kanneen waliin kan wal-gitu gocha biro raawwachuu dha.

Dabalataan, qajeelfamni lakk.9/2006 kwt. 26 (1-21) jalatti balleessaawan naamusaa salphaa kanneen akka hojii isaa sirnaan, tattaaffiin, gahumsaa fi karaa bu'a-qabeessa ta'een raawwachuu dhabuu, hayyama malee hafuu, gaaffii Abbootii dhimmaatiif deebii waayitaawaa fi barbaachiisa kenu dhiisuu, hoggantoonni ol'aanaan ykn abbootii adeemsa hojii irraa hojii koree fi garee akka hojjetu ajjni yoo kennamu, sababa gahaa malee hojjechuuf hayyamamaa ta'uu dhiisuu fi kkf tarreessee jira. Kunis, abbaan alangaa badiiwan olitti ibsaman kana raawwatee kan argamu yoo ta'e badii naamusaa salphaan kan itti gaafatamu ta'uu isaa agarsiisa.

Akka qoodinsa wixinne dambii bulchiinsa naamusa Abbaa alangaa naanno oromiyaa bara 2011 qophaa'etti immoo balleessaawan naamusa salphaan jedhaman:-Hojii dhuunfaa kabaja ogummaa Abbaa Alangummaafi Mana Hojichaa tuffachiisan hojjechuu;Miidhaan dhaqqabuu baatus, hojmaata Mana Hojichaa ifatti diriiree jiru cabsuun hojjechuu;Hojii dabalataa kennamu sababa gahaa malee fudhachuun hojjechuu dhabuu;Sababa gahaa malee dhimmoota filachuun hojjechuu;Balleessaan naamuusaa raawwatamuu isaa osoo beekuu gabaasa gochuu dhabuu;Of-eeggannoogochuu dhabuun yookiin dagannoodhaan qabeenya Mana Hojiichaa irratti miidhaa dhaqqabsiisuu;Odeeffanno icciitummaa hin qabne ummataaf kennuuf hayyamamaa ta'uu dhabuu;Hojiiwan raawwataman ilaachisee yeroon qaama dhimmi ilaaluuf gabaasa dhiyeessuu dhabuu;Gochoota armaan olitti ibsaman waliin kan wal-gitu gocha biro raawwachuu jechuun namni balleessaawan kanneen raawwatee argame badii naamusaa salphaa kan raawwate akka ta'e kaa'era.

## **B. Badii naamusaa Ciccimoo**

Gosti balleessaa naamusaa inni lammafaan badii naamusa ciccimoo yoo ta'u, danbii lakk 161/2005 kwt. 78/1 (a-v) jalatti bal'inaan tarreeffamanii jiru. Isaaniis: matta'aa fudhachuu, akka kennamuuf gaafachuu, nama biraatii akka kennamu taasisuu, faayidaa argachuu hin malle ofiif argachuuf ykn nama biraatiif argamsiisuuf yaaduudhaan waa'ilummaadhaan hojjechuu, ykn amaallaajii ta'uu, ykn loogiin hojjechuu, of ykn nama biraa fayyaduudhaaf ragaa barreffamaan kaa'ame ta'e jedhee gara sobaatti jijiiruu ykn ragaa sobaatiin fayyadamuu, falmii yakkaa dhaddacha irratti haala ogummaan irraa eeguun ciminaan falmuu dhabuu, ragaa ykn ijoo dubbii seerummaa qabu ta'e jedhanii ykn dagannoon keessaa hanbisuun ykn dhoksuudhaan haalli murtii akka jallatu gochuu, ragaa fi ijoon dubbii ifa ta'e osoo jiruu keewwata hin madaalleen himata hundeessuu, sababa gahaa fi qabatamaa hin taaneen hojii lafa irra harkisuu ykn abbaa dhimmaa dhamaasuu, namoota dhimma isa biraa qaban irraa maallaqa liqeeffachuu, baala sammuu namaa adoochu ykn araada nama qabsiisutti fayyadamuu ykn iddoowan kabaja ogummaa isaa fi mana hojjichaa salphisuutti argamuu, machaa'anii hojii irratti ykn daandii irratti argamuu ykn mana dhugaatiii keessatti jeequmsa ykn lola kaasuu, sababa gahaa hin taaneen ykn hayyama malee deddeebisanii hojii irraa hafuu, bakka hojiitti gochoota hamilee ykn safuu fi naamusa gaariitiif faallaa ta'an raawwachuu, aangoon seeraan ala fayyadamuu, iccitii mana hojichaa baasuu, ta'e jedhamee qabeenya mana hojichaa irra miidhaa dhaqqabsiisuu, hojii ykn qajeelfama ifaa fi seera qabeessa ta'e itti gaafatamaa isaa olii irraa kennameef sababa gahaa malee fudhachuu dhiisuu ykn hojii irra oolchuu dhabuu, namoota isa wajjin hojjetan waliin waliigalteen hojjechuu dadhabuudhaan hojiirratti miidhaa dhaqqabsiisuu ykn bakka hojiitti jeequmsa kaasuu ykn walreebuu ykn wal arrabsuu ykn abbaa dhimmaa ifachuu, arrabsuu fi kabaja isaanii tuquu, dhaddacha irraa hayyama malee hafuu kanneen jedhanii dha.

Dabalataan, qajeelfama lakk.9/2006 kwt.27(1-26)jalatti balleessa naamusaa ciccimoon tarreeffamee jira. Isaanis: tajaajila ykn qabeenya ykn maallaqa mana hojichaatti garmale fayyadamuu ykn faayidaa dhuunfaatiif oolchuu ykn amantaa hir'isuu, malaammaltummaa raawwachuu, waliin dhahuu, sanada haquu ykn faajjii fi chaappaa Biiriichaa gocha seeraan alaatiif fayyadamuu ykn aangoon ol hojjechuu, ykn aangootti seeraan ala fayyadamuu ykn aangoon daldaluu, qajeelfamoota ykn ajajoota seera qabeesaa ta'an kabajuuf hayamamaa ta'uu diduu ykn hojjettooni biro akka hin kabajne dhiibuu ykn jajjabeessuu kanneen jedhanii dha.

Kunis, abbaan alangaa badiiwan naamusaa olitti tarreeffaman kana raawwatee argame badii cimaan kan itti gaafatamu ta'uu isaa agarsiisa.

### **3.7. Gosoota Adabbii Badii Naamusaa**

Gosoota adabbii badii naamusaa abbaa alangaa xinxaluun dura kaayyoon adabbii naamusaa maali gaaffii jedhu ilaaluun murteessaa dha. Danbii ittiin bulmaata abbaa alangaa jalatti kaayyoon adabbii badii naamusaa, Abbaan Alangichaah balleessaa raawwate irraa akka of-sirreessuu fi gara fuulduraatti hojii isaa haala gaariidhaan hojjechuu akka danda'u gochuun barsiisuu akka ta'e tumamee jira.<sup>88</sup> Haalumakanaandanbiin lakk.161/2005 kwt.79 jalatti gosoota badii naamusaa irratti hundaa'uudhaan adabbii badii naamusaa bakka lamatti qoodee jira. Mata dureewwan itti anaan jalatti dhimmoota kana kan ilaallu ta'a.

#### **A. Adabbii Badii Naamusaa Salphaa**

Abbaan Alangaa hir'ina naamusaa salphaan himatame balleessaa yoo jedhame, of-eeggannoo afaanii fi of-eegganoo barreeffamaatiin akka adabamu danbicha kwt.79 (1)(a fi b) irraa ni hubatama. Fakkeenyaaf, Abbaan Alangaa dhaddacha irratti ajaja kennamu fi haala falmii dhaddachaa sirriitti hordofuun barreessuu dhabuun himatamee balleessaa yoo jedhame, haala cimina balleessaa isaatiin gumiin bulchiinsa abbootii alangaa adabbii lamaan keessaa of eeggannoo afaaniitiin ykn barreeffamaatiin adabuu ni danda'a.

---

<sup>88</sup>Danbii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa lakk 161/2005 kwt 77

### **Gaaffilee Marii**

1. Danbiin lakk.161/2005 hanga adabbii badii salphaa tokkoof malu of-eeggannoo afaanii fi of-eegganoo barreeffamaa akka ta'ee tumee jira. Danbiin kun haala kanaan aangoo adabbii murteessuu bal'aa (wide discretion) ta'e Gumii abbootii alangaatiif kenuun dhiibbaa mirga Abbaa Alangaa fi itti gaafatamummaa naamusaa ogummaa mirkaneessuu irratti qabu maal jettu?
2. Abbaan Alangaa badii salphaa tokko yeroo lammafaaf yoo raawwate maaliin adabama jettanii yadduu?
3. Abbaan Alangaa badii salphaa tokko yeroo sadafkaaf yoo raawwate maaliin adabama jettanii yadduu?
4. Abbaan Alangaa yeroo tokkotti badiiwan naamusaa salphaa adda addaa kan raawwate yoo ta'e adabbiin haala kamiin murtaa?

### **Xiinxala dhimma 39<sup>ffaa</sup>**

Dhimmi kun garee Inispeekshinii naannoo BHO fi himatamtuu Abbaa Alangaa gidduutti geggeeffamaa turee Gumiin Bulchiinsa Abbootii Alangaa Waliigalaatiin gaafa 23/05/07 murtii kan argatee dha. Gareen Inispeekshinii naannoo himanna himatamtuu irratti dhiheesseen himatamtuuun kun Abbaa Alangaa Waajjira Haqaa Aanaa Horro ta'anii yeroo hojjetanitti Dambii Ittiin Bulmaata Abbotii Alangaa lakk-161/200 kwt. 78(1)(M) irra darbuudhaan laccoofsa galmeek bakka bu'ummaa 01523 B/B/2005 ta'e irratti bakka bu'ummaa bakka buuftuun bakka buutuuf gaafa 13/05/2005 L.W.A tti kenniteen bakka buutuun akka ishee ta'anii Kolleejjii Yuunivarsiitii Admaas irra ragaa barnootaa digirii Jeeneraal maanejimentii akka fuutuuf, sartikeetii dhaloota bakka barbaachisu baasanii karaa ministeera barnootaa, dhimma haajaa alaa fi bakka barbaachisaa ta'e hundatti mirkaneessanii akka erganiif kan bakka buusan yoo ta'u, bakka buutuun kun abukaatoo seeraa akka bakka buuftu aangoon bakka buustuu irra osoo hin kennaminiif Waajjira Haqaa Aanaa Horrootti gaafa 12/04/2005 dhihaattee bakka bakka buuftuun ta'uudhaan abukaatoo seeraa falmii Siivilii irratti yammuu bakka buuftu, A/Alangaa kun bakka buutuun aangoo hin kennamneef irratti nama yoo bakka buuftu ragaa jiru adda baasanii ilaalu osoo qabanii dagachuudhaan bakka bu'iinsa mirkaneessan kan jedhuu dha.

Gumiin Waliigalaa falmii bitaa mirga erga dhagahee booda, himatantuun of irraa waan hin ittifneef balleessaa taasisuun of-eeggannoo barreeffamaatiin adabee jira.

### **Gaaffilee Marii**

- 1) Gochi himatantuun kun raawwatte duudhaalee naamusa ogummaa abbaa alangummaa boqonnaa 2<sup>ffa</sup> keessatti ibsaman keessaa isa kamiin cabsuun raawwatame jettu?
- 2) Gochi himatantuun raawwatte ulaagaa aangoo seeraan ala fayyadamuu ni guuta jettu? Maaliif?
- 3) Himatantuun badii naamusaa cimaatiin kan himatamte ta'ee osoo jiruu gumiin akeekkachiisa barreeffamaatiin adabuun isaa sirriidha jettu?, haala gumiin waliigalaa murtii balleessummaa fi adabbiit ittiin kenne iftoomina qaba jettu? Maaliif?

### **B.Adabbii Naamusaa Cimaa**

Abbaan Alangaa balleessaawwaan naamusaa ciccimoo jedhamuun danbii lakk.161/2005 kwt.78(1)(a-v) tti jiran raawwatee balleessa kan jedhame yoo ta'e, adabbii miindaa ji'a lama hin caalleen, dhorka dabala miindaa gulantaa tokkoon, sadarkaa miindaa fi hojii irraa gadi buusuun ykn adabbiin hojii irraa geggeessuu irratti murtaa'uu ni danda'a.<sup>89</sup> Kun akkuma jirutti ta'ee, abbaan alangaa balleessaawwaan naamusaa ciccimoo jedhamuun qajeelfama lakk.9/2006 kwt.27(1-26) tti jiran raawwatee balleessaa kan jedhame yoo ta'e, adabbii maallaqaa hanga miindaa ji'a sadii ykn yeroo hanga wagga lama gahutti sadarkaa hojii fi miindaa irraa gadi buusuun ykn hojiiraa geggeessuun adabamuu danda'a.<sup>90</sup> Qabxii kanaan walqabatee, balleessaawan naamusaa danbii ittiin bulmaata lakk.161/2005 fi qajeelfama naamusaa lakk.9/2006 jalatti tarreffaman hedduun isaanii kan wal irra bu'anii fi walfakkaatanii dha. Erga akkas ta'ee danbii fi qajeelfamichaan adabbii gosa adda addaa fi wal faana raawwatamuun hin dandeenye tumuun maaliif barbaachise kan jedhu qabxii falmisiisaa dha.

Adabbii naamusaa cimaan walqabatee qabatama jiru dhimmoota Gumii waliigalaan murtii argatan akka fakkeenyaaatti fudhannee haa ilaalu. Dhimma falmii naamusaa garee Inispeekshinii naannoo fi abbaa alangaa aanaa gidduutti geggeeffamaa turee murtii argate tokko irratti abbaan

---

<sup>89</sup>. Danbii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa lakk 161/2005 kwt. 79/1 (c-f)

<sup>90</sup>. Qajeelfama Naamusaa Itti gaafatamtootaa fi Hojjetoota Biiroo Haqaa Oromiyaa lakk.9/2006 kwt.29(1)(a-c).

alangaa galmee qorannaq yakka ajjeechaa daguu gaafa 22/08/2005 raawwatameen shakkamaan ittiin himatame waajjiira poolsii Aanaa Dandiitti to'annaa jala jiru haadha manaa shakkamaatiin abbaan manaa kee mirga wabiitiin akka bahu siifan taasisa jechuun qarshii 25,000 (kuma digdamii shan) fidi jedhee Magaalaa Finfinnee bakka shagolee jedhamutti harkaa waan fudhateef naamusaaq himatamee hojii irraa geggeeffamee jira.<sup>91</sup>

Dhimma biraan tokko irratti immoo Abbaa Alangaa Aanaa Sokorruu tokko ragaa muuxannoo hojii dubartii tokkoof akka waan Waajjira Haqaa Aanichaa hojjetaa turtee fakkeessuudhaan maqaa fi mallattoo hojjetaa waajjira isaa tokko fakkeessuudhan mallatteessee chaappaa mata duree fi geengoo Waajjirichaa irratti rukutee waan kenneef badii naamusaa ragaa sobaa kenuutiin kan garee Inispeakshinii naannootiin himatamee jira. Himatamaan kunis badii isaa ta'u dursee hoggansa godinaatiif ibsuun of saaxiluu isaa fi badii kanaas sababa rakkoon hawaasummaa isa mudateef raawwachuu isaa amanee jira. Gumiin Waliigalaa galmee lakk. 10/04-2380 ta'e irratti gaafa 15/03/2008 danbii lakk. 161/2005 kwt. 78/1(c) jalatti balleessaa taasissee, adabbii ilaachisee himatamaan gaabbee of saaxiluu fi dhiifama gaafachuu isaa, haala hawaasummaa fi kanaan dura balleessaa naamusatiin hamatamuu dhabuu isaa hubannoo keessa galchuudhaan danbii lakk. 161/2005 kwt. 79(1-C) jalatti adabbii miindaa ji'a tokkoon akka adabamu murteessee jira.

### **Xiinxala dhimma 40<sup>ffaa</sup>**

Dhimmii kun falmii Garee Inispeakishiinii Naannoo BHO fi himatamaa Abbaa Alangaa Godinaa gidduutti geggeeffamaa turee gaafa 11/6/2006 Gumii Waliigalaa naannootiin murtii argatee dha. Gareen Inispeakishiinii Naannoo himannaq himatamaa irratti dhiheesseen, himatamaan kun Abbaa Alangaa Godinaa ta'anii yeroo hojjechaa turanitti danbii ittiin bulmaata Abbootii Alangaa Lakk. 161/2005, keewwata 78( 1 M fi S ) irra darbuun galmee shakkamtoota namoota 2 irratti qulqulla'ee dhihaateef Abbaan Alangaa biraan dhimmicha qoratee ture gal mee sana irratti dhimmii qulqulla'uu qabu waan jiruuf xalayaan lakk. AY 121-1-7, gaafa 22/07/2002 barreeffameen himata hundeessuudhaaf qabxiilee guutamuu qaban guutamanii akka dhihaataniif xalayaan Waajjira Haqaa Bulchiinsa Magaalaa Fiicheetiif barreeffamee qabxiin gaafatame

---

<sup>91</sup>. Dhimmii kun Barreeffama Naamusaa, Naamusaa Abbaa Alangaa fi Badiiwan Naamusaa irratti Leenji Kennuuf Qophaa'e Qopheessitootni Caaltuu Hasan , Yooseef Phaawuloos **fi** Akhiluu Abbabaa, Amajjii, 2007 irraa cuunfame kan fudhatmeedha.

qulqullaa'ee osoo hin deebi'in ykn akka ogeessa tokkootti ragaa jiru madaaluun himata hundeessuu osoo qabu, xalayaan lakk. DY 09085 GQ 55, gaafa 11/10/2002 barreeffameen ragaan quubsaan hin jiru jechuun bu'uura S/D/F/Y/ kwt. 42(1,A) tiin gal mee kan cufe yoo ta'u , Biiron gal mee cu fame kana fichiisiuudhaan keessa isaa erga ilaaleen booda murtii Abbaan Alangaa kun kenne diiguudhaan galmeen socho'ee himanni mana murtiitti dhihaateen, himatamaa irratti murtiin balleessummaa kennamuun hidhaa cimaa waggaa 12 fi Qarshii 30,000.00 tiin adabsiisee jira kan jedhuu dha.

Gumiin Bulchiinsa Abbootii Alangaa Waliigala falmii bitaa fi mirgaa erga dhagahee booda himatamaan gocha ittiin himatame raawwachuu isaa ragaan waan mirkaneessee fi himatamaan of irraa ittisuu waan hin dandeenyeef keewwatuma ittiin himatame jalatti balleessaa taasisuun himatamaan kana dura badii naamusatiin himatamee kan hin adabamne ta'u tilmaama keessa galchuudhaan bu'uura danbii lakk.161/2005 kew.79(1-C)tiin adabbii miindaa Ji'a lamaa(2)tiin akka adabamu murteessee jira.

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Gocha abbaan alangaa kun raawwate duudhaalee naamusa ogummaa abbaa alangummaa boqonnaa 2<sup>ffaa</sup> jalatti ibsaman keessa isa kamiin cabsuun raawwatame jettu?
- 2) Gochi Abbaa Alangaa kun raawwate ulaagaa aangoo Abbaa Alangummaa seeraan ala fayyadamuu ni guuta jettuu? Maaliif?
- 3) Adabbiin kennname hangam barsiisaadha jettanii yaaddu?

### **Xiinxala dhimma 41<sup>ffaa</sup>**

Dhimmi kun falmii garee Inispeakshinii Naannoo BHO fi Abbaa Alangaa giddutti geggeeffamaa turee gaafa 12/11/2009 Gumii waliigalaan murtii argatee dha. Gareen Inispeakshinii Naannoo himanna himatamaa kana irratti dhiheesseen himatamaan kun Abbaa Alangaa Waajjira Haqaa Aanaa Shirkaa ta'anii yeroo hojjechaa turanitti danbii lakk.161/2005 kwt.78/1(D fi P ) irraa darbuun lakk. G.A.A 1520 fi lakk G.M.M. 25015 ta'e keessatti himanna yakkaa miidhaa qaamaa cimaa S/Y kwt. 555(A) jalatti shakkamtoota lama irratti himanna saaqee, manni murtii keewwatuma kana jalatti murtii balleessummaa fi adabbii hidhaa waggaa lamaa fi walakkaa erga murteessee booda sababa gahaa malee raawwii adabbichaa yommuu daangessu, abbaan adeemsaa himatamaan kun ol-iyyata akka gaafatu ifatti ajajee ol-iyyataa gaafachuu didee yeroo

irra dabarseera kan jedhuu dha. Lammaffaa, Lakk.G.A.A 1550 fi Lakk. G.M.M. 28058 ta'e keessatti gal mee shakkamaa tokko irratti saaqee xumura falmii irratti Manni Murtii Aanichaa keewwatumaa kana jalatti murtii balleessummaa kennuun adabii hidhaa salphaa ji'a 6(jaha) yakkamaan akka adabamu erga murteesee booda raawwii hidhaa guyyaa 15 waan ajajeef ol-iyannoo gaafachuuun murtii kana akka sirreessu ajaja Abbaa Adeemsatiin kennameef fudhachuu diduudhaan akka yeroon irra darbu taasiseera kan jedhuudha. Himatamaan waan hin dhihaanneef akkasumas deebii waan hin diheeffanneef mirgi isaa bira darbameera.

Gumiinis himatamaan kun murtiin seera qabeessa hin taane mana murtiin yeroo kennamu akka Abbaa Alangaa tokkootti ofumaa ol-iyata gaafachuu osoo qabuu, abbaan adeemsaa ol-iyyatni akka itti gaafatamuu fi murtiin dogoggoraal sirreffamu qajeelfama kenne fudhachuu diduudhaan murtiwwan haqummaa hin qabne akka hojjira oolan taasiisuu fi quuqamaan falmii geggeesuu dhabuun mirkanaa'u ibsuun hojjiraa akka geggeeffamu murteesee jira.

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Abbaan Alangaa kun gocha kanaan duudhaa naamusa Abbaa Alangummaa boqonnaa 2<sup>ffa</sup>a keessatti ibsaman keessaa isa kamiin cabse jettanii yaaddu?
- 2) Abbaan Alangaa tokko dhimma manni murtii murteesse irratti ol-iyata akka gaafatu hogganaan isaa ajajuun bilisummaa ogummaa waliin akkamitti ilaalam?
- 3) Gocha raawwatamee fi adabbii kenname akkamitti ilaaltu? Madaalawaadha jettuu?

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Garaagarummaan badiwwan naamusaa danbii lakk.161/2005 fi qajeelfama lakk.9/2006 keessatti tarreffamaan maal jettanii yaaddu? Badiwwan naamusaa walfakkaataa danbii fi qajeelfamicha jalatti tumamaniif adabbii garaagaraa tumuun isaanii hangam seera qabeessa jettu? Danbichaa fi qajeelfama kana haala kamiin wal cina hojiirra oolchuun danda'ama jettu?
- 2) Danbii lakk. 161/2005 fi qajeelfamni lakk.9/2006 aangoo adabbii murteessuu bal'aa (wide discretion) ta'e Gumii Waliigalaaf kennuun isaa dhiibbaa mirga Abbaa Alangaa fi itti gaafatamummaa naamusaa mirkaneessuu irratti qabu maal jettanii yaaddu?
- 3) Abbaan Alangaa badii cimaa tokko yeroo lammaffaaf ykn 3<sup>ffa</sup>f yoo raawwate maaliin adabama jettanii yaaddu?

- 4) Abbaan Alangaa yeroo tokkotti badiiwan naamusaa ciccimoo adda addaa kan raawwate yoo ta'e hoo adabbiin haala kamiin murta'aa jettu?

### **3.8. Sirna Qorannaa fi Falmii Naamusa Ogummaa Abbaa Alangummaa**

Mata duree kana jalatti sirna qorannaa fi falmii badii naamusa Abbaa Alangummaa ittiin gaggeefamu fi raawwannaas isaa akka armaan gadiitti xinxalamee jira.

#### **A. Sirna Qorannoo fi Himannaa Naamusaa**

Danbiin lakk 161/005 sirna qorannoo fi himannaa hanqina naamusaa diriirsee jira. Mata duree xiqqaa kana jalatti haala eeruun badii naamusaa itti dhiyaatu, qoratamuu fi himannaan hundeffamu tokko Kan ilaallu ta'a.

Badii naamusaa Abbaa Alangaan yoo raawwatame eeruun haala kamiin dhihaata? gaaffii jedhu ilaachisee danbiin lakk 161/2005 deebii kenne hin qabu. Haa ta'u malee, eeruun eenyutti dhihaata gaaffii jedhu ilaachisee garee Inispeekshinii Godinaa fi Naannoo akka ta'e tumaa danbichaa irraa ni hubatama.<sup>92</sup> Qorannoo naamusaa ilaachisee qaamoleen kunniin odeeffannoon ykn iyyannoos yommuu isaan dhaqqabu ykn kaka'umsa ofii isaaniitiin qulqulleessuu ni danda'u.

Wixineen dambii naamusaa Abbaa Alangaa naaannoo oromiyaa qophiirra jiru immoo eeruun badii naamusaa haala kamiin akka dhiyaatu akeekaa jira. Innis namni kamiiyuu balleessaan naamusaa raawwatamuu isaa karaa kamuu beeke, qaamaan dhiyaatee yookiin osoo hin dhiyaatiin, eenyummaa isaa ibsee yookiin osoo hin ibsiin, iyyanna yookiin eeruu balleessaan naamusaa dhiyeessuu yookiin beeksisu ni danda'a.

Iyyanni yookiin eeruun balleessaan naamusaa afaaniin, barreeffamaan, bilbilaan, faaksiin, imeeliin yookiin karaa danda'amaa ta'e kamiinuu dhiyaachuu yookiin beeksifamuu ni danda'a. akkasumas iyyanni yookiin eeruun balleessaan naamusaa dhiyaatu yoo xiqaatee odeeffannoowwan dhimmicha qulqulleessuuf akka ka'umsaatti gargaaran kan of keessatti qabate ta'uu qaba.

Himannaa naamusaa Gumii aangoo qabutti dhihachuun duratti Abbaa Alangaa hojii irraa akka dhorkamu fi yeroo hojii irraa itti dhorkamee turu hundaaf miindaan isaa akka qabamu ni ta'a.<sup>93</sup> Abbaan Alangaa hojii irraa kan dhorkamu balleessaan naamusaa cimaa raawwateera jedhamee gabaasni irratti yoo dhihaatee fi yoo hin dhorkamin badii biro ykn ragaa ni balleessa

<sup>92</sup>. Danbii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Oromiyaa lakk 161/2005 kwt.75/1 fi 76/3

<sup>93</sup>. Danbii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaa Oromiyaa lakk 161/2005 kwt 81 fi 83

jedhamee yoo yaadamee qofaa dha. Kunis xalayaa Hogganaa Birootiin barreeffamuun hojii irraa guyyaa 30 hin caalleef dhorkamee akka turu ni taasifama. Sababni hojii irraa dhorkameef barreeffamaan akka ibsamuuf ni taasifama. Abbaan alangaa hojii irraa dhorkame yoo qaamaan argamuu ykn teessoon isaa beekamuu baate, xalayaan dhorkichaa gabatee beeksisaa bakka hojii isaatti argamu irratti guyyoota kudhaniif (10) maxxanfamee akka turuu ni ta'a.

Himanna ilaalchisee Abbaan Alangichaa hojii irraa dhorkame dhimmi isaa guyyoota shan (5) keessatti gumii aangoo qabutti dhihaachuu qaba. Gaaffiin biraa eenyutu himanna dhiheessa kan jedhu yoo ta'u, Gareen Inispeakshinii Naannoo qorannoo geggeeffameen dhimmichi kan himachiisuu fi aangoo Gumii Waliigala yoo ta'e himata dhiheessee ni falma, ol'iyyata gaafachuu ni danda'a.<sup>94</sup> Gareen kun himanna balleessaa naamusaa cimaa fi salphaa Abbootii Alangaa Naannoo fi itti gaafatamtoota Waajjira Haqaa godinaa kan ilaalu Gumii Waliigalaatiif dhiheessuu ni danda'a.<sup>95</sup> Gareen Inispeakshinii Godinaa immoo himanna balleessa naamusaa salphaa Abbootii Alangaa godinaa fi aanaatiin raawwatamu garee Gumii Godinaatti dhiheessuu ni danda'a.<sup>96</sup>

Qabxiin mata duree kana jalatti ka'uu qabu, himannaan naamusaa daangaa yeroo hangamii keessatti dhihaachuu qaba kan jedhuu dha. Qabxi kana ilaalchisee danbiin lakk.161/2005 deebii kennee jira. Bu'uruma kanaan, himannaan balleessaa naamusaa cimaa guyyaa balleessaan raawwatame irraa kaasee wagga lama keessatti, akkasumas, himannaan balleessaa naamusaa salphaan immoo guyyaa raawwatame irraa kaasee wagga tokko keessatti kan hin dhihaanne yoo ta'e, darbinsa yerootiin hafaa akka ta'u keewwata kwt. 88 jalatti tumameera.

#### **Xiinxala dhimma 42<sup>ffaa</sup>**

Dhimma kana irratti Gareen Inispeakshinii naannoo xalayaa lakk. 02/04-1914/1-4 gaafa 2/05/2004 barreeffameen danbii ittiin bulmaata Abbootii Alangaa lakk.31/95 kwt. 55(1-M) ibsuun, himatamaa Abbaa Alangaa Godina Jimmaa Aanaa X/Afataa kan ta'an tokko irratti himanna badii naamusaa cimaa aangoo seeraan ala fayyadamuu Gumii Bulchiinsaa Abbootii Alangaa Waliigala Oromiyaatiif dhiheessee jira. Himannaan dhihaate akkas jedha, "himatamaan yeroo Abbaa Alangaa Aanaa ta'ee hojjechaa turetti galmeec himatamaa tokko

<sup>94</sup>.Danbii lakk 161/2005 kwt.75/2

<sup>95</sup>.Danbii lakk 161/2005 kwt. 80/1fi 2b

<sup>96</sup>.Danbii lakk 161/2005 kwt.80/2a

aangoo seeraan ala fayyadamuun akkaataa hojimaata JBAH tiin faallaa ta'een qofa isaa galmee erga qoratee booda, himata xalayaa lakk.341/2003 guyyaa 5/12/2003 barreeffameen Mana Murtii Aanaa X/Afataatti dhiheessee, sababii himatamaan dhabameen ajajaa poolisii fi qorataa poolisii tokkoon tokkoon isaanii qarshii 950 (dhibba sagalii fi shantama) akka adabaman, himatamaan immoo hanga mana murtiitti dhihaatutti miindaan isaa akka qabamu murtiin akka itti kennamu waan taasiseef aangoo isaa seeraan ala fayyadameera kan jedhuu dha.

### **Gaaffiilee Marii**

- 1) Himanna Gareen Inspeekshinii Naannoo BHO Abbaa Alangaa kana irratti dhiheessee gocha abbaa alangaa Kun raawwate, hojimaata JBHA, seera idilee waa'ee aangoo abbaa alangaa tumuu fi danbii naamusaa abbootii alangaa bu'uura godhachuun madaalaa.
- 2) Ijoowwaan: Abbaan Alangaa Kun aangoon isaa seeraan ala fayyadamuuf moo Nama aangoo isa seeraan ala fayyadamee seeraaf dhiheesse? Abbaan Alangaa qofa isaa galmee qorachuu hin danda'uu? Yakki raawwatamee poolisiin qorachuu yoo dide aangoo abbaan alangaa qabu maali? Itti gaafatamaa poolisii fi qorataan poolisiii seeraan adabaman moo seera ala adabamanii? Kanneen jedhan irratti gadi fageenyaan mari'adhaa.

### **B. Sirna Falmii Naamusa Abbaa Alangummaa**

Himanna naamusaa dhiheessuun walqabatee qaamni himanna dhiheessuuf aangoo qabu gareen Inispeakshinii godinaa fi garee inispeakshii naannoo akka ta'e mata duree xiqqa sirna qorannoo fi himanna naamusaa jalatti ilaalleerra. Mata duree kana jalatti immoo himanni naamusaa erga dhihaatee booda qaamni himanna naamusaa ilaaluuf aangoo qabu adeemsa akkamii hordofuun ilaala kan jedhu kan xiinxalamu ta'a.

Qabxiin jalqabaa, himanna naamusaa eessatti dhihaata kan jedhu yoo ta'u, badiin naamusaa cimaan abbootii alangaa sadarkaa hundaan raawwataman, akkasumas badiiwan salphaa sadarkaa Biirootti raawwataman sadarkaa duraatiin fi badiiwan naamusaa salphaa sadarkaa gumii godinaatiin murtaa'an ol-iyyannoona ilaaLEE murteessuuf aangoo kan qabu gumii waliigalaati akka ta'e danbii lakk.161/2005 kwt.80(1) fi 90(1) jalatti ibsameera. Gumiin Godinaa aangoon haqina naamusaa salphaa miseensota Gumii godinaa walitti qabaatiin ala jiran, abbootii alangaa godinaa, miseensota garee insipeekshinii godinaa, abbootii alangaa aanaa fi itti gaafatamtoota waajjiraalee haqaa aanaaleetiin raawwataman ilaaLEE murtii kennuu akka danda'u danbii kana kwt.80(2)(a) fi 97(3) jalatti tumamee jira.

Qabxii lammafaan falmii himanna naamusa Abbaa Alangaa keessatti ilaalamuu qabu haala himannaan himatamaa itti qaqqabuu dha. Abbaan Alangaa himanna naamusaa irratti dhihaate irratti, deebii fi ragaa ittisaa akka dhiheeffatu himanna xalayaa waamichaatiin akka isa dhaqqabu ni taasifama. Kunis danbiin kun mirga dhagahamu himatamaan heeraa qabu kan kabaje ta'uu agarsiisa. Qabxii kanaan wal qabatee teessoon abbaa alangaa himatamee wallaalamuudhaan ykn sababa birotiin barreeffama himanna himatamaatti kennuun ykn poostaadhaan erguun yoo dadhabame abbaa alangichaa irratti himannaan naamusaa dhihaachuu isaa guyyaa, sa'atii fi bakka himannichi dhagahamutti beeksifni ibsu gabatee beeksiisa biirichaa irratti maxxanfamee guyyaaa 15 akka turu ni taasifama (danbii lakk.161/2005 kwt.85). Abbaan Alangaa himanni barreeffamaan erga isa dhaqqabee booda beellama duraatti guyyaa 10 keessatti dhihaatee deebii kennuun qaba. Akkataa keewwata 81(2) tiin beeksifni guyyaa maxxanfame irraa kaasee guyyaa 30 keessatti yoo dhihaachuu baate immoo gumichi bakka abbaan alangaa hin jirretti dhimmicha qoratee ni murteessa.<sup>97</sup> Haa ta'u malee, abbaan alangaa sababa humnaa ol ta'een beellama irraa kan hafe yoo ta'e, sababa isaa ibsuun dhimmichi irra deebi'amee akka ilaalamuuf gaafachuun danda'a.<sup>98</sup>

Dhimmi bira falmii himanna naamusaa keessatti ilaalamuu qabu murtii kennuun yoo ta'u, himatni naamusaa abbaa alangichaa irratti dhihaate Gumii aangoo qabuun erga qulqulla'ee booda abbaan alangichaa dhimmi ittiin himatame guutummaadhaan ykn gar-tokkeedhaan ragaadhaan kan mirkan'a'e yoo ta'e ulfina balleessichaa madaaluudhaan adabbiin naamusaa cimaan ykn salphaan irratti ni murtaa'a. Murtiin kennamus himataa fi himatamaa beeksifamuu qaba. Murteen iddo himatamaan hin jirretti kenname gabatee beeksisaa irratti maxxanfamee guyyaa 15 niif akka turu ni taasifama (kwt. 87/3).

Qabxiin inni dhumaa murtii booda deemsa jiru yoo ta'u, danbiin lakk 161/2005 deemsa sirna ol - iyyannoo fi murtii irra deebiin ilaaluu diriirsee jira. Ol-iyyannoo ilaachisee Abbaan Alangaa ykn gareen murtii gumii godinaa irratti mormii qabu, guyyaa murtiin kenname irraa kaasee guyyaa 30 keessatti ol'iyyannoo isaa Gumii waligalaatiif dhiheeffachuu akka danda'u fi guyyaa jedhame kana keessatti sababa humnaa ol ta'een gareen ol-iyyannoo dhiheeffachuu dadhabe hogganaaf iyyata dhiheessun akka hayyamamuuf gaafachuuf mirga qaba.<sup>99</sup> Murtii irra deebiin ilaaluun walqabatee danbiin lakk 161/2005 Gareen Qulqulleessaa Komii Murtii

<sup>97</sup> Danbii Ittiin Bulmaata Abbootii Alanagaa Oromiyaa lakk 161/ 2005 kwt. 86/3

<sup>98</sup> . Akkuma miiljalee olii, kwt.86(4)

<sup>99</sup> . Danbii lakk.161/2005 kwt.90

Naamusaa Gumii Waliigalaa hundeessee jira. Gareen kun komii iyyannoo adabbii naamusaa cimaa Gumii Waliigalaatiin kennname irratti dhihaatee fi hogganaan qajeelfameef akka qoratuu fi yaada murtii Gumii waliigalaatiif dhiheessuu aangoon kennnameefii jira<sup>100</sup> Kanaaf, Abbaan alangaa naamusaa cimaatiin himatamee adabbiin cimaan irratti murtaa'ee guyyaa murtiin kennname irraa kaasee guyyoota 30 keessatti gumii waliigalaatiin akka irra deebi'ame ilaalamuuf iyyannoo isaa hogganaaf dhiheeffachuu ni danda'a.

Akka waliigalaatti, badiiwan ciccimoon walqabatee qaamni himanna duraa ilaaluu sadarkaa naannootti jiraachuu dhabuun mirga ol-iyyannoo himatamaa kan dhiphisu ta'uun qoranno ni agarsiisa.<sup>101</sup>

### **Gaaffilee Marii**

- 1) Danbii lakk.161/2005 kwt. 87/1 himatni naamusaa abbaa alangichaa irratti dhiyaate Gumii aangoo qabuun erga qulqullaa'ee booda abbaan alangichaa dhimmi ittiin himatame **guutummaadhaan** ykn **gar-tokkeedhaan ragaadhaan kan mirkanaa'e yoo ta'e** ulfina balleessichaa madaaluudhaan adabbiin naamusaa cimaan ykn salphaan irratti ni murtaa'a jedha. Ciroon '**Gar-tokkeedhaan ragaan kan mirkanaa'e yoo ta'e**' jedhu maal ibsa jettanii yaaddu? Tumaan kun gita mirkaneessa ragaa hammatee jira jettanii yaadduu? Maaliif? Gitni mirkaneessa badii naamusaa Abbaa Alangaa maal ta'uu qaba jettu?
- 2) Danbii lakk. 161/2005 badiiwan ciccimoo ilaalcissee mirgi ol-iyyannoo tumuu dhabuun isaa mirga Abbootiin Alangaa fi itti gaafatatummaa naamusaa Abbaa Alangaa mirkaneessuu irratti dhiibbaan inni qabu maal? Haqinaa kana furuuf maaltu ta'uu qaba jettu?
- 3) Garaagarummaan ol-iyyannoo fi murtii irra deebiin ilaaluu gidduu jiru maali jettanii yaaddu?

### **Xiinxala dhimma 43<sup>ffa</sup>**

Dhimmi kun falmii garee Inspeekishii naannoo BHO fi Abbaa Alangaa gidduutti geggeeffamaa turee gumii waliigalaa gaafa 03/05/2002 murtii argatee dha. Gareen Inispeekishinii naannnoo himanna himatamaa irratti dhiheesseen, Abbaan Alangaa kun danbii lakk.32/95 kwt.55(1)(D,E fi F) irra darbuun 1<sup>ffa</sup>, gocha hir'ina naamusaa galmeek yakka malaammaltummaa ragaa quubsaan qulqullaa'ee dhihaate sababa gahaa malee tursiisuun, 2<sup>ffa</sup>, hojjetaa ragaa sobaatiin fayyadame qacaramuun isaa bira gahamee seeraatti dhiheessuu himachuu osoo qabuu namoota biro waliin qaboo yaa'iitiin seeraan ala galmeek irraa cufuu, 3<sup>ffa</sup>, yakka ajjeechaa dagannoo fi

<sup>100</sup>.Danbii lakk.161/2005 kwt. 99 fi 100

<sup>101</sup> ILQSO (2008), Naamusaa Ogeessota Qaamolee Haqaa: Sakatta'a Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa

miidhaa qaama keewwata tokko qofaan himate akka fooyyeffatu haala ifa ta'een yoo itti himamu fooyyeffachuu diduu, 4<sup>ffaa</sup>, dhimma walitti bu'iinsa amanta gal mee adda addaattiin himatamuu qabu bakka tokkotti dhiheessuu fi 5<sup>ffaa</sup>, nama gocha yakka keessatti adda duree(master mind criminal) ta'e keessaa hambisuun falmii laafiseera kan jedhuudha.

Himatamaan gochaa ittiin himatame waan haaleef, gumiin dhimmicha ragaan erga qulqulleesee booda balleessaa taasisuun danbii lakk 31/95 kwt. 56/2(bfi c) tiin of-eggannoon kennamee miindaa ji'a 1(tokkoo) tiin akka adabamu murteessuun, dabatalaan, himatamaan kun Waajjira Haqaa Godina Arsii Lixaa irra gara Waajjira Haqaa Godina Shawaa Lixaatti miindaa maqaa isaan qabamee jiru qabatee jijiiramuun akka hoijetu murteesee jira.

### **Gaaffilee Marii**

- 1) Dhimma kana irratti gumiin waliigalaa himatamaan kun godina Arsii Lixaa irraa gara godina Shawaa Lixaatti akka jijiiramu murteesseera. Abbootii alangaa naamusaa himatamaan iddo tokko gara iddo biraatti jijiiruun adabbii naamusaa jalatti hammatamaa jettanii yaadduu? Seera qabeessummaa tarkaanffii kanaa hoo akkamiitti madaaltu? Tarkaanfin akka kanaa hagam itti gaafatatummaa naamusa ogummaa Abbaa Alangummaa mirkaneessa jettanii yaaddu? Gocha raawwatamee fi adabbiin kennamee madaalawaadha jettuu? Maaliif?

## **Maddawwan Wabii**

### **I) Kitaabotaa fi Barruulee adda addaa**

1. Barreeffama Naamusaa, Naamusa Abbaa Alangaa fi Badiwwan Naamusaa irratti Leenjii kenuuf Biirroo Haqaa Oromiyaatti, Caaltuu Hasan, Yooseef Phaawuloos fi Akiliiluu Abbabaatiin Amajjii 2007qophaa'e(kan hin maxxanfamne),
2. Blacks Law Dictionary: Ninth Edition,
3. Ethical Principles for Judges by Canadian Judicial Council
4. Koodii Naamusa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Gumii Oromiyaa(2001)
5. Moojulii Leenjii 'Qajeeltowwan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin Qajeelfaman: Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti gaafatamummaa fi Iftoomina' jedhu ILQSO tti, Alamaayyoo Taganeen, leenjifamtoota Leenjii Hojiin Duraatiif Qophaa'e(kan hin hin maxxanfamne)
6. Moojulii Leenjii Naamusa Ogummaa Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa Leenjifamtoota Leenjii Hojiin Duraan Wiirtuu Leenjii federaalaatiin qophaa'e(kan hin maxxanfamne)
7. Moojulii Leenjii Naamusa Ogummaa Abbootii Seeraa fi Abbootii Alangaa Leenjifamtoota Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraatiif Wiirtuu Leenjii federaalaatiin qophaa'e(kan hin maxxanfamne)
8. Moojulii Leenjii Naamusa Ogummaa Abbootii Seeraa leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraatiif ILQSOTTI, Naggaa Garbaabaa fi Biraanuu Raggaasaa tiin qophaa'e(kan hin maxxanfamne),
9. Moojulii Leenjii Qabiyyee fi Raawwannaa Danbii Naamusa Abbootii Seeraa Oromiyaa jedhu, ILQSO tti Dasaa Bulchaa fi Alamaayyoo Taganeen qophaa'e(kan hin maxxanfamne),
10. Moojulii naamusaa abbootii seeraa mana murtii waliigala oromiyaatiin bara 2011 barreeffame.
11. Naamusa Ogummaa Ogeessota Qaamolee Haqaa: Sakatta'a Haala Qabatama Naannoo Oromiyaa, Qorannoo ILQSO tiin bara 2008 geggeeffame(kan hin maxxanfamne)

12. Oxford Dictionary,
13. Robert Martin: The Role Of Professionals in Human Life
14. Standards of professional Responsibility and Statement of the Essential Duties and Rights of Prosecutors, adopted by International Association of Prosecutors, 1999.
15. The Judicial Integrity Group, Commentary on the Bangalore Principles of Judicial Conduct, 2007
16. UN Bangalore Principles of Judicial Conduct, adopted by the Judicial Group on Strengthening Judicial Integrity, as revised at the Round Table Meeting of Chief Justices held at the Peace Palace, the Hague, November, 2002.
17. UN Code of Conduct for Law Enforcement Officials, 1979.
18. UN guidelines on the Role of Prosecutors 1990
19. Vicent Barry: Philosophy a text with Reading(2nd, 1983)

## **II. Seerota adda addaa**

1. *Dambii Sirna Itti Gaafatamummaa Naamusa Abbootii Seeraa Manneen Murtii Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Dambii Lakk. 03/2011*
2. Dambii naamusa abbootii seeraa manneen murtii oromiyaa lakk. 2./2011
3. Dambii Naamusa Abbootii Seeraa fi Muudamtoota Gumii Oromiyaa, dambii lakk. 2/2001
4. Danbii ittiin bulmaata Abbaa Alangaa Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuu Bahe dambii lakk. 161/2005
5. Danbii Sirna Qorannoo fi Falmii Hanqina Naamusaa Hawaasa Manneen Murtii Oromiyaa, dambii lakk. 3/2001
6. Heera Mootumaa Federaalawaa Dimokiraatawaa Itoophiyaa Labsii lakk. 1/87
7. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa fooyya'e labsii lakk. 46/94
8. International Convention on Civil and Political Right(ICCPR),
9. Labsii Gumii Bulchiinsa Abbootii Seeraa Federaalaa hundeessuuf ba'e labsii lakk. 24/88
10. Labsii Gumii Bulchiinsa abbootii seeraa oromiyaa irra deebiin hundeessuuf ba'e, labsii 217/2011
11. Labsii Gurmaa'ina, Aangoo fi Hojii Manneen Murtii Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Murteessuuf Bahe, Lak. 216 /2011

12. Labsii hundeessaa Bulchiinsota Naannoo Oromiyaa Yeroo Ce'umsaa labsii lakk.7/84,
13. Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak.214/2011
14. Labsii Manneen Murtii Federaalaa Hundeessuuf Bahe,Lab. Lak.25/88
15. Labsii manneen murtii oromiyaa irra deebiin hundeessuuf ba'e, labsii lakk.141/2000
16. Labsiilee Qaama Raawwachiiftu Mootummaa Naannoo Oromiyaa Irra deebiin hundeessuuf yeroo adda addaatti Caffee Oromiyaan bahan lakk.7/88, 87/97, 105/98, 132/200, 163/2003
17. Qajeelfama Naamusaa Itti gaafatamtoota Hojii fi Hojjetoota Biirroo Haqaa Oromiyaa, qajeelfama lakk.9/2006,
18. Sanada Qajeeltoowwan Bu'uuraa Abbaa Seerummaa Walgahii Waliigalaa Mootummoota Gamtoomaniin bara1985 ragga'e
19. Universal Declaration OF Human Right(UDHR,1948),
20. Waliigaltee gochaawwan al-namoomaa ta'an dhorku
21. Wixinee dambii bulchiinsa Abbaa Alangaa Naannoo oromiyaa bara 2011.

### **III. Dhimmoota**

- 1) Dhimma himataa Garee Inispeekshinii Naannoo MMWO fi himatamaa Abbaa Seeraa Tasfaayee Lammaa gidduutti ilaalamaa turee galmee lakk.00327 ta'e irratti gaafa 5/6/2007 kan murtaa'e.
- 2) Dhimma himataa Garee Inispeekshinii Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Bahaa fi Himatamaa Abbaa Seeraa Abdallaa Morkii gidduutti geeggeeffamaa turee galmee lakk.001/09 ta'e irratti gaafa 24/9/2006 kan murtaa'e.
- 3) Dhimma himataa Garee Inispeekshinii Naannoo MMWO fi Himatamaa Abbaa Seeraa Guutaa Nabii gidduutti ilaalamaa turee galmee lakk.00566 ta'e irratti gaafa 7/10/2009 murtaa'e.
- 4) Komii Garee Inispeekshinii Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Bahaaaf dhihaatee galmee lakk.158/08 ta'e irratti ilaalamee gaafa 15/11/2008 hin himachiisu jedhamee galmeen cufame.
- 5) Dhimma himataa Garee Inispeekshinii Naannoo MMWO fi Himatamaa Abbaa seeraa gidduutti geggeeffamaa turee galmee lakk.102/2004 ta'e irratti murtii argate.

- 6) Dhimma himataa Garee Inispeakshinii Mana Murtii Olaanaa Godina Addaa Naannawaa Finfinnee fi himatamaa abbaa seeraa Salamoon Mogos gidduutti geggeeffamaa turee galmee lakk.3038 ta'e irratti gaafa 30/12/2006 murtii argate.
- 7) Dhimma himataa Garee Inispeakshinii Naannoo MMWO fi Himatamaa abbaa seeraa gidduutti geggeeffamaa turee galmee Lakk. 14/2002 ta'e irratti murtii argate.
- 8) Dhimma himataa Garee Inispeakshinii Mana Murtii Olaanaa Godina Shawaa Lixaa fi Himatamaa abbaa seeraa Zarihuun Taaddasaa gidduutti geggeeffamee gaafa 20/1/2008 murtii argate.
- 9) Dhimma himataa Garee Inispeakshinii Naannoo MMWO fi Himatamaa abbaa seeraa Tewodiroos Qumbii gidduutti geggeeffamaa turee galmee lakk.00350 ta'e irratti gaafa 12/6/2007 murtii argate.
- 10) Dhimma himataa Garee Inispeakshinii Naannoo MMWO fi Himatamaa abbaa seeraa Issaa Amaan gidduutti geggeeffamee galmee lakk.00352 ta'e irratti gaafa 26/5/2007 murtii argate.
- 11) Dhimma himataa Garee Inispeakshinii Naannoo MMWO fi Himatamaa abbaa seeraa Baqqalaa Xibabuu gidduutti geggeeffamaa turee galmee lakk.232/2005 ta'e irratti murtii argate.
- 12) Dhimma himataa Garee Inispeakshinii Naannoo MMWO fi Abbaa Seeraa Rattaa Takkaa gidduutti geggeeffamaa turee galmee lakk.00342 ta'e irratti gaafa 21/4/2007 murtii argate.
- 13) Dhimma himataa Garee Inispeakshinii Naannoo MMWO fi himatamaa abbaa seeraa Dinqiisaa Katamaa gidduutti geggeefamaa turee galmee lakk.00291 ta'e irratti gaafa 5/9/2007 murtii argate.
- 14) Dhimma himataa Garee Inispeakshinii Naannoo MMWO fi himatamaa abbaa seeraa Radi'eetuu Danuu gidduutti geggeeffamaa turee galmee lakk.217/2005 gaafa 24/3/2006 murtii argate.
- 15) Dhimma himataa Garee Inispeakshinii Naannoo MMWO fi himatamaa abbaa seeraa Qaasim Bariisoo gidduutti geggeeffamaa turee galmee lakk.245/05 gaafa 29/1/2006 murtii argate.
- 16) Dhimma himataa Garee Inispeakshinii Naannoo MMWO fi himatamaa Abbaa Seeraa gidduu turee galmee lakk.102/04 ta'e irratti murtii argate.

- 17) Dhimma himataa garee Inispeekshinii naannoo BHO fi himatamaa Abbaa Alangaa Soolan Fiqaaduu Bacaraa gidduutti geggeeffamaa ture gaafa 03/03/2008 murtaa'e.
- 18) Dhimma himataa garee Inispeekshinii naannoo BHO fi himatamaa Abbaa Alangaa Hayileee Asfaaw gidduutti geggeefamee turee gaafa 08/03/2008 Gumii waliigalaatiin murtaa'e.
- 19) Dhimma himataa Garee Inispeekshinii Naannoo BHO fi himatamaa Abbaa Alangaa Faanoo Saddeebboo Boqkee gidduutti geggeeffamaa turee Gumii waliigalaatiin gaafa 03/05/2002 murtaa'e.
- 20) Dhimma himataa Garee Inispeekshinii Naannoo BHO fi himatamaa Abbaa Alangaa Shifarraa Kasayee gidduutti geggeeffamaa turee Gumii waliigalaatiin gaafa 02/10/2010 murtaa'e.
- 21) Dhimma himataa Garee Inispeekshinii Naannoo BHO fi himatamaa Abbaa Alangaa Gaashaawu Barisoo gidduutti geggeeffamaa turee Gumii waliigalaatiin gaafa 12/10/99 murtaa'e.
- 22) Dhimma himataa naamusa Garee Inispeekshinii Naannoo BHO tiin Abbaa Alangaa Kaasahun Shumii irratti gaafa 2/04-1914/1-3 ta'een gaafa 2/05/2004 dhiyaate.
- 23) Dhimma himataa Garee Inispeekshinii Naannoo BHO fi himatamaa Abbaa Alangaa Ayyaantuu Mangashaa gidduutti geggeeffamaa turee Gumii waliigalaatiin gaafa 23/05/07 murtaa'e.
- 24) Dhimma himataa Garee Inispeekshinii Naannoo BHO fi himatamaa Abbaa Alangaa Tasfayee Assagid gidduutti geggeeffamaa turee Gumii waliigalaatiin gaafa 11/06/2006 murtaa'e.
- 25) Dhimma himataa Garee Inispeekshinii Naannoo BHO fi himatamaa Abbaa Alangaa Shumii Margaa gidduutti geggeeffamaa turee Gumii waliigalaatiin gaafa 03/10/2007 murtaa'e.
- 26) Dhimma himataa Garee Inispeekshinii BHO fi himatamaa abbaa alangaa Tashoomaa Nageessoo gidduutti geggeeffamaa turee 23/5/2007 murtaa'e.
- 27) Dhimma himataa Garee Inispeekshinii Naannoo BHO fi himatamaa abbaa alangaa Aanaa gidduutti geggeeffamaa turee gaafa 21/02/2010 murtaa'e.
- 28) Dhimma himataa Garee Inispeekshinii Naannoo BHO fi Abbaa Alangaa Aanaa Shirkaa gidduutti geggeeffamaa turee, gaafa 12/11/2009 murtaa'e.

- 29) .Dhimma himannaa garee inispeekishinii Godina Arsii fi himatamaa Abbaa seeraa  
Amaraa mangistuu galmee lakk.00029
- 30) Dhimmaa himannaa garee inispeekishinii Godina shawaa kabaa fi Abbaa seeraa  
Isheetuu Tashoomaa jidduutti galmee lakk.05/2011 irratti gaggeeffame.
- 31) Dhimmaa himannaa garee inispeekishinii Godina Arsii fi Abbaa seeraa Bashir  
Tunnaa jidduutti galmee lakk.00028 irratti falmii gaggeeffame.

## Baafata

Seensa waliigalaa .....	1
BOQONNAA TOKKO .....	5
1. NAAMUSA OGUMMAA ABAA SEERUMMAA FI ABAA ALANGUMMAA:- DHIMMOOTA WALIIGALAA .5	
1.1.    Maalummaa Naamusaa .....	6
1.2.    Gocha tokkoon sirrii ykn dogoggora jechuuf safartuulee gargaaran .....	8
1.3.    Maalummaa fi Barbaachisummaa Naamusa Ogummaa .....	10
1.3.1.    Qajeeltowwan Naamusa Ogummaa Abbaa seerummaa fi Abbaa alangummaa Qopheessuu Ilaalchisee Muuxannoo Addunyaa fi Biyya keenyaa.....	11
BOQONNAA LAMA .....	19
DUUDHAALEE FI QAJEELTOWWAN NAAMUSA OGUMMAA ABAA SEERUMMAA FI ABBOOTIIN ALANGAA OROMIYAA ITTIIN HOGGANAMAN .....	19
2.1. Duudhaalee fi Qajeeltowwan Naamusa Ogummaa Abbaa Seerummaa .....	19
2.1.1. Bilisummaa fi Itti gaafatatumummaa abbaa seerummaa .....	20
2.1.1.1. Bilisummaa Abbaa Seerummaa. ....	21
2.1.1.2. Ittigaafatatumummaa Abbaa Seerummaa. ....	24
2.1.2. Gartu maleessummaa ykn Alloogummaa (Impartiality) .....	25
2.1.3. Sochii Siyaasaa Irraa of Qoqqobuu.....	32
2.1.4. Fayyaalummaa .....	33
2.1.5. Walqixxummaan Tajaajiluu.....	44
2.1.6. Gahumsa Hojii Abbaa Seerummaa. ....	47
2.1.7. Kaka'umsa fi Jabinaan Hojjachuu .....	50
2.2. Duudhaalee fi Qajeeltowwan Naamusa Ogummaa Abbaa Alangummaa.....	54
2.2.1. Ejjennoo Cimaa qabaachuu.....	54
2.2.2. Amanamummaa .....	58
2.2.3. Bilisummaa Ogummaa.....	59
2.2.4. Qajeelfama fudhachuu .....	62
2.2.5. Alloogummaa.....	66
2.2.6. Iccitii Eeguu .....	68
2.2.7. Gahumsa Ogummaa.....	70
2.2.8. Qindoomina (Co-operation) .....	71
BOQONNAA SADII .....	73

I. ITTI GAAFATAMUMMAA NAAMUSA OGUMMAA ABAA SEERUMMAA FI ABAA ALANGUMMAA CABSUUN DHUFU .....	73
3.1. Tarkaanfii Naamusaa .....	74
3.1.1. Tarkaanfii Naamusaa, Naamusa Ogummaa Abbaa Seerummaa Cabsuun Dhufu.....	74
3.1.1.1. Gosoota Badii Naamusaa .....	75
3.2 Adabbii Naamusaa .....	115
3.3.1. Kaayyoo Adabbii .....	115
3.3.2. Gosoota Adabbii Naamusaa.....	115
3.4. Sirna Qorannoo fi Falmii Badii Naamusa Abbaa Seerummaa.....	127
3.4.1. Iyyanna keessummeessuu yookiin fuudhuu .....	128
3.6. Tarkaanfii Naamusaa, Naamusa Ogummaa Abbaa Alangummaa Cabsuun Dhufu .....	135
3.6.1. Gosoota Dadii Naamusaa.....	135
3.7. Gosoota Adabbii Badii Naamusaa.....	138
3.8. Sirna Qoranna fi Falmii Naamusa Ogummaa Abbaa Alangummaa .....	144
Maddawan Wabii .....	150